

# Barnoota Lammummaa

Fi

Amala Gaarii

Kutaa

7



Kitaaba Barataa



Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippabilikii Itoophiyaa  
Ministeera Barnootaa



Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippabilikii Itoophiyaa  
Ministeera Barnootaa

ISBN 978-99944-2-062-9  
Gatii Qr. 21.10

Barnoota Lammummaa Fi Amala Gaarii Kitaaba Barataa Kutaa 7



## የኢትዮጵያ ከዘም መዝሙር

የነግድ ክብር በኢትዮጵያ ወንጀ:  
ቃድ ስበባዊነት የፌ ልስከናር በርቅ፡፡  
ለሰላም፡ ለፍትህ ለአገልግሎት ነገስ፡፡  
በኢትዮጵያ በፍቅር ቅመናል የንድነት፡፡  
መሠረት ወን ሰብዳሪን ያልሸጋን፡  
ሻጠባች ነን ለሥራ ለሥራ የጥርጋ፡፡  
ደንቅ የባህል መድረክ የኢትዮ ቅርቡ  
በለበት፡  
የተፈጥሩ ብቻ የቃጥና ስበብ ነገስ፡፡  
እንጠቀቹለን አለብን አደራ፡  
ኢትዮጵያ ነው እናም ባንቸ እንከራ፡፡

## Faaruu Alaabaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Oromiyaa, Oromiyaa haadha seenaa guddaa Handhuura Oromoottaa galma sirna Gadaa Dachee heeraa fi seeraa haadha Caffee Odaa Badhaatu, gabbattuu magarsituu hundaa; Xurii bara dhibbaa dhiigaan sirraa dhiqnee Wareegama qaaliin alaabaa kee ol qabnee Gammannee gammadii bokkuu deebifannee; Nagaaf dimokraasii tabaroo namummaa Misoomaa amansiisaa guddina hatattamaa Ummatootaa wajjiniis jaalalaafi tokkummaa Wabii jirenyaatiif goonee kaayyoo cimaa; Irree gamteeffannee kaanee nu abdadhuu Oromiyaa lalisii dagaagii jiraadhuu!

## KITAABA KANA HAALA GAARIIN QABUU QABDA



- ❑ Kitaaba kana haala gaarlin qabuu qabda.
- ❑ Kitaabni kun qabeenya mana barumsaa keetili.
- ❑ Kana gochuuf qabxilleen kurnan (10) armaan gaditti tarreefaman ilaa.

1. Kitaaba kana wantoota akka plastikii, gaazeexaa fi k,k,f niin ufisuu qabda.
2. Yeroo hunda kitaaba kana iddo gogaa kaauu qabda.
3. Yeroo kitaaba kanatti fayyadamtu harki kee qulquulluu ta'uu qaba.
4. Qola kitaaba kanaa irraattis ta'ee fuula irratti barreessu hin qabdu.
5. Kitaaba kana mallatoo itti godhachuu yoo barbaadde waraqaa xiqqoo ykn kaardii itti fayyadami.
6. Fikkii fuula kitaaba kanaa irra jiru hunda gonkumaa kutuu hin qabdu.
7. Kitaabni kun yoo akka tasaa tarsa'e battaluma sanatti hapheen ykn 'maastishiin' qabsiisuu qabda.
8. Kitaaba kana erga fayyadamteen booda haala gaariin teessoo kitaabaa irra kaa'uu qabda.
9. Kitaaba kana yeroo namaaf kennitus ta'ee; fudhattu eegganno gochuu qabda.
10. Kitaaba haaraa kana yeroo jalqabaaf yeroo fayyadamtu fuula jal qabaa suuta saaquo qaba. Erga saaqte booda suuta jedhii dugda isaa gadi qabi akka hin cinnetti. Kunis qola kitaaba kana haal gaariin qabuuf gargaara.



# BARNOOTA LAMMUMMAA



## FI AMALA GAARII

### KITAABA BARATAA

#### Kutaa 7

#### **Qopheessaan:**

Ministeera Barnootaa Federaalaa

#### **Afaan Oromootti Kan Hiikan:**

- ☞ Abdiisaa Baqqalaa
- ☞ Dasuu Roobaa

#### **Gulaalaan:**

- ☞ Darajjee Mokonnin
- ☞ Tsahaay Addunyaa
- ☞ Sirnaa Dabalaa



Mootummaa Dimookiraataawaa Federaalawaa  
Rippabilikii Itoophiyaa Ministeera Barnootaa

AG PRINTING & PUBLISHING LTD

## **Galata**

Fandiin Dizaayinii, maxxansaa fi raabsaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii kun deeggersa karaa **Piroojektii Fooyya’insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa** (GEQIP)n kan argame yommuu ta’u kaayyoon piroojeektii kanaas dhaabilee barnoota mootummaa kutaalee 1-12 keessatti qulqullina barnootaa fooyyessuudha.

Mootummaan Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippabilikii Itoophiyaa fandii **Fooyya’insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa(GEQIP)** kana dhaabilee gargaarsa **International Development Association (IDA), The Fast Track Initiative Catalytic Fund (FTICF)** fi dhaabilee deeggertoota misoomaa biroo kanneen akka **Mootummoota Fiinlaand, Niizerlaandii, UK fi Walta’insa Misoomaa Mootummaa Xaaliyaanii** irraa argate.

Ministeeri Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippabilikii Itoophiyaa qaamolii kallattiinis ta’e al kallattiin kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa BLAG maxxansiisuu keessatti qooda fudhatan hundaaf galata galchuu barbaada.

**© Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippabilikii**

**Itoophiyaa, bara 2003**

**ISBN 978-99944-2-062-9**

Dhaabbata Maxxansaa Alguuraarii

Lakk. Sanduuqa Poostaa 5613

Dubaayi, U.A.E

Wal ta’insa

[\*\*Dhaabbata Maxxansiisaa Kuraaz Internaashinalii\*\*](#)

[\*\*Lakk Sanduqa Poostaa 100767\*\*](#)

[\*\*Finfinnee,\*\*](#)

[\*\*Itoophiyaa\*\*](#)

Mirgi maxxansaa seeraan eegamaadha. Kutaan kitaaba kanaa kamiyyuu hayyama Ministeera Barnootaa ykn hayyama qaama labsii **Nagaarit gaazeexaa lakk 410/2004** qabeenya sammuu egisuuf angoon kennameefiin alatti baa’ysiun, haala addaatiin itti fayyadamuuf kuusuu fi tamsaasuun dhorkaaddha.

Kitaaba kana keessatti abbootii mirga maxxansaatiif haga danda’ametti beekamtii kenuun ragaalee adda addaa fedhanneerra. Akka tasaa ta’ee beekamtii osoo hin kenniin kan fudhanne yoo jiraate dhiifama gaafachaa, maxxansa fuula duraa keessatti galchuu akka barbaannu asumaan ibsina.

Qaanmi mirgi maxxanssaa koo sirriitti beekamtii osoo hin argatiin ragaan koo fudhatameera jedhu yoo jiraate karaa teessoo keenya armaan gadii nuuf barreessuu ni danda’a:

**Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa**

**Lakk. Sanduuqa Poostaa 1367**

[\*\*Finfinnee,\*\*](#)

[\*\*Itoophiyaa\*\*](#)

## Baafata

Qabiyyee	<i>Fuula</i>
<b>Boqonnaa 1. Sirna Dimookraasii .....</b>	<b>1</b>
<b>Boqonnaa 2. Olaantummaa Seeraa .....</b>	<b>20</b>
<b>Boqonnaa 3. Walqixxummaa .....</b>	<b>35</b>
<b>Boqonnaa 4. Haqummaa .....</b>	<b>50</b>
<b>Boqonnaa 5. Jaalala Biyyaa .....</b>	<b>67</b>
<b>Boqonnaa 6. Miira Itti Gaafatamummaa .....</b>	<b>83</b>
<b>Boqonnaa 7. Aadaa Hojii Cimaa .....</b>	<b>96</b>
<b>Boqonnaa 8. Of-Danda'u .....</b>	<b>111</b>
<b>Boqonnaa 9. Aadaa Qusannaa .....</b>	<b>124</b>
<b>Boqonnaa 10. Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa .....</b>	<b>141</b>
<b>Boqonnaa 11. Beekumsa Fedhuu .....</b>	<b>153</b>

# BOQONNAA TOKKO

## SIRNA DIMOOKIRAASII

**Kaayyolee Boqonnichaa:** Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Qajeelfamoota bu'uura sirna dimookiraasii ni beekta.
- Mirgoota namummaa fi mirgoota dimookiraasii dhuunfaa fi kan garee ni hubatta.
- Gahee Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naannolee ni beekta.
- Haala caaseffama qaamman aangoo mootummaa ni hubatta.
- Faayidaa garaagarummaa waldandeessisanii waliin jiraachuu ni beekta.
- Gumaacha Itoophiyaa biyyoota Afriikaatiif goote ni beekta.

### 1.1. Qajeelfamoota Sirna Dimookiraasii

#### 1.1.1 Walabummaa Waldorgommii Aangoo Siyaasaa

- Walabummaan waldorgoommii aangoo siyaasaa jechuun maal jechuudha? Faayidaan isaa hoo maal?

Qajeelfamoota/tumaataalee sirna dimookiraasii keessaa tokko walabummaan aangoo siyaasaaf waldorgommuun jiraachuu isaati. Walabummaan waldorgommii aangoo siyaasaa yoo jennu,

waldorgommii dhaabbileen siyaasaa lamaa fi lamaa ol ta'anii fi namoonni dhuunfaa miseensummaa dhaabbilee siyaasaa irraa walaba ta'an heera Mootummaa Itoophiyaa irratti hundaa'anii taasisan jechuu dha.

Kanis, uummanni dhaabbata siyaasaa jaallate filachuu kan isa dandeessisu haalli mijaa'aan jiraachuu isaa agarsiisa. Ummanni filannoo duras ta'ee yeroo filannoo dhaaba siyaasaa barbaade akka hin fille gufuu kan itti ta'an hunda irraa walaba ta'ee akka filatu of-eeggannoon barbaachisaa ta'e ni taasfamaaf jechuudha.

Dhaabbileen siyaasaas ta'anii namoonni dhuunfaa waldorgommiif ummata fuulduratti dhiyaatanii sagantaa siyaasa isaanii beeksifachuu ni danda'u. Haa ta'u malee, haasaa fi jecha nagaa booreessanii fi walitti bu'iinsa uuman kamirraa iyuu of eegun barbaachisaadha. Gocha akkasii raawwachuunis dhoorkaddha. Filattoonis ta'anii dorgomtoonni walkabajuu qabu. Inni tokko ilaalcha siyaasaa dhaabbata biro kabajuun waldanda'anii nagaadhaan socho'uu isaan barbaachisa.

**Gilgaala 1****Gaaffiilee Armaan Gadiif Deebii  
Gabaabaa Kenni.**

1. Walabummaan aangoo siyaasaatiif wal-dorgomuun maaliif qajeelfamoota sirna dimookiraasii kanneen bu'uuraa keessaa isa tokko ta'e?
2. Waldorgommiin aangoo siyaasaa maaliif walaba taasifama? Maaliif fayyadas?

**1.1.2 Olaantummaa Seeraa**

- Olaantummaa seeraa jechuun maal jechuudha?
- Sababni itti qajeelfamoota sirna dimookiraasii isaan bu'uuroo keessaa tokko olaantummaa seeraati jedhamuuf maaliif?

Qajeelfamoota/tumaataalee dimookiraasii kanneen bu'uuraa keessaa tokko olaantummaa seeraati. Qajeelfamoonni kunniin utubaa sirna dimookiraasiiti. Kunis kan ta'eeef, murtoon abbootii aangoo kam iyyuu kan seera irratti hunda'ee waan ta'ee fi abbaan aangoo kam iyyuu seeraan ala haala barbaadeen akka hin murteessine lamm-iwwaniif eegumsa gochuufidha. Dabalataan immoo, qajeelfamni kun namoonni hundi seera fuulduratti walqixxee ta'uu isaanii kan mirkaneessudha. Sirna dimookiraasii keessatti abbootii aangoo dabalatee namoonni hundi seeraaf bitamuu qabu.

**Gilgaala 2****Gaaffiilee Armaan Gadiif Deebii  
Kenni.**

1. Haallan olaantummaan seeraa ittiin ibsamuu danda'u lama tarreessii ibis.
2. Qajeelfamoota olaantummaa seeraa kana hojii irra oolchuun faayidaan isaa maal akka ta'e ibis.

**1.1.3 Iftoominaa fi Gaafatamummaa**

- Iftoomina jechuun maal jechuudha? Gaafatamummaa jechuunoo maal jechuudha?

Qajeelfamoota dimookiraasii isaan bu'uuroo keessaa inni sadaffaan, abbootii aangoo umataan filatamanis ta'anii kanneen mootummaan muudaman gaafatamummaa kan qabanii fi murtoo murteessanii fi hojii hoijetan uumataaf ifa gochuu qabu. Akka qajeelfama kanaattis:

**1<sup>ffaa</sup>** Murtiinii fi raawwiin abbootiin taayitaa murteessanii fi raawwatan uumataaf ifa ta'uu qaba. Tajaajiltoota ummataa waan ta'aniif, aangoo isaaniif kenname, faayidaa dhuunfaa isaaniif oolfachuu hin qaban. Aangoo isaanii seeraan ala fayyadamaniru yoo ta'e seeraan gaafatamu. Yakkaanis himatamuu fi adabamuu ni danda'u.

**2<sup>ffaa</sup>** Akka qajeelfama/tumaata iftoominaatti; dhimmoota nageenya biyyaattii rakkina irra buusuu danda'u jedhamanii icciidhaan qabatamanii fi seeraan murt'aaniin ala ummanni waan bulchiinsi mootummaa hoijetu; rawwatu; haala biyyattiin yeroo si'anaa

keessa jirtu irratti odeeffannoo argac-huu fi hubannoo qabaachuuf mirga qaba. Kanaafuu, abbootiin aangoos ta'ee tajaajiltoonni ummataa, wanti isaan hojjetan ummataaf ifa ta'uun qaba. Murtii murga'uus, eenu akka murteessee fi haala itti raawwataman hunda ummanni hubachuu fi beekuu qaba.

Mootummaan hojiiwwan raawwachaa jiru ummata beeksisu bannaan ummanni gochawan mootummaan rawwataa jiru issa fayyadaa fi issa hin fayyaduu hubachuu dhiisuu danda'a. Kanaafuu, ummanni mootummaan bakka bu'ummaa isaa sirriitti osoo baheellee iftoominne waan hin jirreef mootummaarraa amantaa dhaabuu danda'a. Walumaagalatti, lammiiwwan hundi abbootii aangoo dabalatee hojiiwwan raawwataniif ifaa fi gaafatamtoota ta'uun qabu.

### Gilgaala 3

#### **Gaaffiilee Armaan Gadii Gabaa-baatti Deebisi.**

1. Fakkeenyota qajeelfama iftoominaa fi gaafatamummaa keessaa lama barreessi.
2. Qajeelfamni iftoominaa fi gaafatamummaa hojii irra ooluun isaa faayidaa maaliif qaba?
3. Qajeelfamota bu'uuraa dimookiraasii keessaa tokko jiraachuu iftoominaa fi gaafatamummaatiif kan jedhamuuf maaliif? Yaada kana irratti mari'adhaa.

#### **1.1.4 Murteessummaa Sagalee**

##### **Wayyabaa fi Kabaja Mirgoota Hagoo**

- Murteessummaa wayyabaa jech-uun maal jechuudhaa?

Qajeelfamota dimookiraasii isaan bu'uuroo keessaa tokko murteessummaa sagalee wayyabaati. Mallattoolee dimookiraasii keessaa; ifaan ifatti mari'achuu; yaada wal jijiiruu, mormii, garaagarummaa uumamee fi rakkoo mudateef karaa nagaatiin fala barbaaduun kan ibsamudha. Rakkoolee, garaagarummaa, gaaffiilee fi kkf mariidhaan yaada wal-jijiiruudhaan mormii fi dhuma irratti immoo waliigal-teedhaan furuun kan dimookiraasiin ittiin beekamudha. Yeroo guutumaan guutuutti waliigaltee irra gahuun hin danda'amne immoo, sagaledhaan murteessuun dirqama ta'a. Garaagarummaa yaadaa fi rakkoolee irratti mariin gadi fageenyaan taasfama. Hunduu soda malee ilaalchaa fi yaada isaa ibsata. Yaada furmaataa fi deebii ni kenna. Itti deddeebi'ee mormuun amansiisuu yaala.

Haala kanaan yaanni namoota hundaaayyu erga dhiyaatee fi dhaggeffatamee booda, waliigalteen namoota hundaa hin jiru taanaan yaanni dhiyaatee filannoo sagaleetiif dhiyaatee, namoonni muraasni mormanii ykn osoo sagalee hin kenniin hafanii, bay'een immoo yoo deeggaran, yaanni sagalee caalmaatiin deeggarame fudha-

## SIRNA DIMOOKIRAASII

tamee mirkanaa'a. Egaa, adeemsi akkasii kun qajeelfama ykn tumaata sirna dimookiraasii jedhama.

Yaaddan haala kanaan murtaa'an hojii irra oolu. Yaanni tokko, irratti mari'atamee sagaleedhaan erga murtaa'ee booda, deegartoonnis, mormitoonnii fi warri sagalee hin kennines yoo ta'an yaada sagalee caalmaatiin murta'ee hojii irra oolchuun dirqama isaaniiti.

Murtiwwan dhimmoota mirga bu'uuraa irratti murteeffaman fakkeenyaaaf, eenyummaa, nageenya qaamaa, kabaja namummaa, walabummaa yaada ofii ibsachuu, amantii, barreessuu fi kkf daangeessan yookiin xiqqeessan hin fudhannuu, hojii irras hin ooshinu jechuun ni danda'ama. Sirna dimookiraasii keessatti kun eyyamamaadha. Haa ta'u malee, mirgooni hagoo namummaas ta'ee kan dimookiraasi sarbamuu hin qaban. Isaan kun hin kabajaman taanaan dimookiraasiin jirachuu waan hin dandeenyeef wayabni mirgoota kanneen kabajuu qaba. Kabajni mirgoota hagoo kun (the righ of minority) dimookiraasiif hundee waan ta'eef kabajamuu qaba.

### Gilgaala 4

#### **Gaaffiilee Armaan Gadiitiif Deebii Gabaabaa Kenni.**

1. Qajeelfama dimookiraaslii isa oggansa wayyabaa jedhuu fakkeenyaaan ibsi.
2. Qajeelfamni oggansa wayyabaa kun hojiirra ooluun maaliif barbaachise?

#### Boqonnaa takko

3. Qajeelfamoota dimookiraasii isaan bu'uuroo keessaa tokko oggansa wayyabaati kan jedhamu sababa maaliitiini?

#### **Dhimmoota Lakk. 1-4 jiran Dubbisuudhaan Gaaffiilee Tokkoon Tokkoon Isaanii Ilaalchisee Ka'an Hunda Irratti Mari'adhaa.**

- A) Qajeelfamoota sirna dimookiraasii bu'uuraa arfan (4) keessaa isa kamiin caalmaatti ilaala?
- B) Qajeelfamichi haalaan hojii irra ooleera moo ni cabe? Maaliif?
- C) Deebiin qajeelfamichi cabreira jedhu jira yoo ta'e maaltu taasifamuu qaba ture?

1. Dhaabbata Misooma mootummaa tokko keessatti malaanmaltummaa fi gochi seeraan alaa babal-dhateera haa jennu. Hojjettoota irra miidhaan bulchiinsaa gahee jiraa fi yaanni kana fakkaatu, komishinii Farra Malaammaltummaa fi Amala gaarii bira waan gaheef komishinichi qorachuu eegale. Qorannaagaggeeffameenis, abbaan adeemsa hojii waliigalaa dhaabbatichaa fi bulchiinsi balleessitoota (yaakkamtoota) ta'uu isaanii kan ibsu odeeffannoowwan gahoo waan argamaniif to'annoo poolisii jala akka oolan taasfaman.
2. Biiroo Bulchiinsa Mootummaa tokko keessatti odeeffannooggaontoonni mirga hojjettootaa sarbu jedhu gurra gaazexeessitootaa gahe. Galaalchitoonis odeeffannooggaontoonni kun hagam sirrii akka ta'e

addaan baafachuuf jecha qaamaa fi bilbilaan oggantoota biiroo kanaa gaafannaan, isaanis akka gaazex-eesaa/ssituu tokko iyyuu dubbisuu hin barbaannee fi wanti isaan galchus akka hin jirre ibsaniif.

3. Filannoo Caamsaa 5/2000 fi Caamsaa 12/2000 taasifame keessatti dhaabbileen siyaasaa adda addaa hirmaatanii jiru. Ummanni filataanis dhaabbata barbaadee fi kan itti amane walabaa fi nagaadhaan sagalee kennaa ooleera.
4. Jiraattoonni araddaa (ganda) tokkoo bishaan qulqulluu fi ibsaa galfachuuf qarshii walitti qaban. Maallaqni qabame garuu bishaan qulqulluu ykn ibsaa qofaa galchuuf kan gahu ture. Kanaafuu, tokko filatanii isa biro immoo waggaan dhufutti galfachuun akka irra jiru amanani. Haa ta'u malee, yaada kamtu haa dursu? Jedhu irratti waliigaluu hin dandeenye. Gareen tokko bishaan qulqulluu yoo jedhu, gareen biro immoo ibsaa jechuu isaatiin waliigaluu dadhaban. Kanaafuu, sagaleed-haan murteessuu filatan. Sagaleen erga kennamee booda namoota 520 keessaa kanneen bishaan qulqulluu jedhan 130 qofaa yoo ta'an, kan hafan 390 immoo ibsaan haa dursu waan jedhaniif, sagalee caalmaatiin waggaan jalqabaatti isbaan akka galuuf murtaa'e.

## 1.2 Mirgoota Namummaa fi Mirgoota Dimookiraasii

### 1.2.1 Mirgoota Namummaa Nama Dhuunfaa

- *Mirgoota namummaa nama dhuunfaa kan jedhaman keessaa lama himi.*

### A. Mirga Lubbuun Jiraachuu

Dhalli namaa mirgootaa fi walabummaa biro osoo hin gaafatiin dura lubbuun jiraachuu qaba. Mirgi lubbuun jiraachuuus mirga bu'uuraa fi isa ijoodha kan jedhamuufis kanaaf.

Lubbuun yeroo muraasaaf kan jiraannu malee, akka barbaadanitti du'anii deebi'uun hin jiru. Kanaafuu, lubbuun dhala namaa akka salphaatti ilaalamuu hin qabu. Eenyus ta'ee eenu iyuu lubbuu namaaf kennuu hin danda'u. Lubbuu namaaf kennuu ykn uumuu hin dandeenye immoo balleessuu yookiin fudhachuu hin qabu. Kana waan ta'eef, lubbuun dhala namaa kabajamaa fi iddoon guddaan kan kennamuufidha. Haa ta'u malee, gochaalee seeraan dhorkamanii fi yakka ol'aanaa ta'e dalaguun; fakkeenyaaf itti yaadanii lubbuu namaaballeessuu; gocha hawaasa rakkoo hamaaf saaxilu hojjechuun, nageenya biyyaa kan jeequu fi gocha birmadummaa biyyaa sarbu dalaguun mirga lubbuun jiraachuu keenya nu dhabisiisuu danda'a. Kunis kan ta'u, gochi raawwatame seeraan du'a kan irratti murteessisu ta'uwaan danda'uuf.

## B. Mirga Miidhama Qaama Irraa

### Walaba Ta'uu

Mirgi kun kan mirga lubbuun jiraachuu irraa maddudha. Mirgi lubbuun jiraachuu kabajamee, mirgi nageenya qaamaa hin kabajamu taanaan, lubbuun jiraachuun hiika hin qabu. Qaama isaa irratti gochi farra namummaa akka raawwatamu namni barbaadu tokko iyyuu hin jiru. Kanaafuu, dararamni qaamaa fi gochi suukanneessaan osoo qaama namaar irratti hin raawwatiin jiraachuun akkuma mirga lubbuun jiraachuutti barbaachisaadha.

## C. Mirga Seeraan Ala Qabamuu,

### Himatamuu fi Hidhamuu Irraa

### Walaba Ta'uu

Mirgi kun namni kamiyyuu sirna seeraan tumameen alatti osoo hin himatamiinii fi irratti seeraan hin murtaa'iin hidhamuu akka hin qabne kan agarsiisudha. Haaluma kanaan, namni tokko ragaa quubsaajaja mana murtiin deeggarameen ala, to'annoo poolisii jala oluu yookiin qabamee hidhamuu hin qabu.

## Gilgaala 5

### Gaaffiilee Armaan Gadiif Deebisi.

1. Kabajamuun mirga namummaa nama dhuunfaa hangam dhala namaaf barbaachisaa fi faayidaa qabeessa akka ta'e ibsi.
2. Mirgoonni namummaa akka siif kabajaman gochuuf shoorri sirraa eegamu maalidha?

## 1.2.2 Mirgoota Namummaa Garee

- Kanneen mirgoota namummaa garee jedhaman keessaa lama ibsi.

### A. Mirga Walqixxummaa

Mirgi walqixxummaa mirgoota bu'uuraa namootaa keessaa isa tokkodha. Mirgi walqixxummaa, mirga ija tokkoon seera fuulduratti ilaalamuuti. Biyya saboonnii fi sablammoonni hedduun keessa jiraatan keessatti mirgoota walqixxummaa lammiiwanii kabajuun, mirgoota namummaa kan garee akka kabajamuuf gargaara. Kun immoo nageenya mirkaneessuun ijaarsa sirna dimookiraasii arifachiisuuf gargaara.

### B. Mirga Walabummaa Amantii fi Ilaalchaa

Mirga walabummaa amantii fi ilaalchaa jechuun amantii barbaadan fudhachuu fi hordofuuf mirga walabummaa qabaachuu jechuudha. Mirga walabummaa ilaalchaa jechuun immoo deeggaruuf walabummaa qabaachuu jechuudha. Namni walabummaa ilaalcha barbaaduu tarkaanfachiisuu fi deeggaruu qabaachuu jechuudha. Namni kamiyyuu fedhii isaatiin ala amantii kamiyyuu fudhachuuuf hin dirqisiifamu. Fakkeenyaaf, daa'imman haaluma kamiiin iyyuu dirqisiifamanii mana barnootaa amantii galuu hin qaban.

Mirgi walabummaa amantii fi ilaachaa nageenya umataa fi mirgoota bu'uraa namoota biro kabachiisuu jecha seeraan daangeffamuu danda'a.

### Gilgaala 6

#### Gaaffiilee Armaan gadii Deebisi.

1. Faayidaa kabajamuun mirgoota namummaa kan garee qabu isbi.
2. Mirgoota namummaa garee seeraan daangessuun ni danda'amaa? Maaliif?

#### 1.2.3 Mirgoota Dimmokiraasii Nama Dhuunfaa

- Mirgoota dimookiraasii nama dhuunfaa jechuun maal jechuu-dha?

#### A. Mirga Ilaalchaa fi Yaada Ofii Walabummaan Ibsachuu

Ilaalchaa fi yaada ofii bilisummaan (walabummaan) ibsachuun mirgoota jireenya dhala namaa fi mirkan-eeffannaa eenyummaa keessaa isa tokkodha. Mirgi kun ilaalchaa fi yaada ofii ibsachuun qofaa osoo hin taane, odeeaffanno barbaannus argachuun fi bira ga'uuf mirga qabaachuu kan dabalatudha. Kanaafuu, namni kam iyyuu seera irratti hunda'uun biyya keessaa fi biyya alaatti daangaa malee, jechaanis ta'ee barreeffamaan raga (odeeffanno) kam iyyuu funaanchuu fi tamsasuuf mirga qaba.

Mirgi ilaalchaa fi yaada walabummaan ibsachuun, nageenya mootummaa, kabaja namummaa fi maqaa gaarii biyyaa kabachiisuu jecha seeraan daangeffamuu danda'a.

#### B. Mirga Walabummaan Socho'uu

Mirgo kun mirga biyya keessa socho'uu, biyya alaa deemanii deebi'uu, naannoo barbaadanii fi filatanii keessa jiraachuu kan dabalatudha. Namni, naannoo muraasaa fi tokko qofaa keessa akka jiraatu taasifame mirga socho'uu hin qabaatu. Namni haala kanaan jiraatu immoo hidhamaa fi hidhamaa kan hin caalle jechuudha.

### Gilgaala 7

#### Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.

1. Kabajamuun mirgoota dimookiraasii dhuu-nfaa hammam dhala namaatiif barbaac-hisaa fi faayidaa qabeessa akka ta'e ibsi.
2. Mirgoota kanneenitti haala gaariin fayyadamuuf maaltu sirraa eegama?
3. Mirgoota kanneen daangessuun ni danda'amaa? Maaliif?

#### 1.2.4 Mirgoota Dimookiraasii Kan Garee

- Mirgoota dimookiraasii garee kanneen jedhaman kam fa'a?

#### A. Mirgoota Ofiin Of Bulchuu Sabootaa, Sab-lammoontaa fi Ummatootaa

Mirgoota lammiiwanii ummatoota ilalu kanneen jedhaman keessaa tokko mirgoota sabootaa, sablammoontaa fi ummatoota kan dhimma ofii ofiin murteeffachuuti. Mirgi kun ummatoonni fedhii isaaniitiin akka waliin jiraataan kan isaan dandeessisudha. Mirgi kun sabooni, sablammooni fi ummatoonni mirga ofiin of bulchuu, mirga aadaa fi afaan isaanii guddifachu fi

yoo barbaadanis mirga bulchiinsa mataa isaanii hundeffachuu kan dabalatudha. Kana malees, mirgi ummataaf mirkana'e kan biro, mirga dimookiraasii isaatti fayyadamuun bakka bu'ota filatee aangoo qabsiifate to'achuu fi yeroo amantaa irraa dhabe immoo aangoo irraa buusee kan biroon bakka buufachuuti. Wanti ummanni biyyattii mirga kanatti akka hin fayyadamne dhoowwu jiraachuu hin danda'u.

### **B. Mirga Gurmaa'uu, Walga'uu, Hiriira Nagaa Bahuu fi Iyyannoo dhiyyeffachuu**

Mirgoonni dimookiraasii lammiiwwanii walga'uu, gurmaa'uu, hiriira nagaa bahuun deeggarsa gochuu yookiin balaaleffannaan ofii ibsachuu kan dabaltudha. Mirgoonni kunniin bu'ura dimookiraasii waan ta'aniif kann-een bakki guddaan kennamuufidha. Namoonni wantoota jirenya isaaniitiif isaan barbaachisan guuttachuuf haala adda addaatiin gurmaa'uun rakkoo-wwan isaanii waliin ta'anii furuu qabu.

Nama kamiinuu fedhii saatiin ala miseensa dhaabbata tokkoo akka ta'u dirqisiisuun hin danda'amu. Mirgoonni walga'uu, gurmaa'uu fi hiriira nagaa bahuu mirgootaa fi walabummaa lammiiwwan biro kanneen sarban ta'uu hin qaban. Mirgoota heeraa fi seerota biyyattii kanneen birootiin mirkana'an sarbuuf gurmaa'uun garuu fudhatama kan qabu miti.

### Mirgoota

gurmaa'uu, walga'uu, hiriira nagaa bahuu, nageenyaa fi kabaja lamm-iwwanii eegsisuuf, nageenya booreessuu, waranaaf ummata kakaasuu fi ibsa kabaja namummaa sarbuu fi hirdhisu dhorkuu fi hambisuuf jecha seeraan daangeessuun ni danda'ama.

### **C. Birmaddummaa Ummataa**

Birmadummaa ummataa jechuun, ummanni biyya tokko keessa jiraatu, madda aangoo fi abbaa aangooti jechuudha. Aangoon ummataa seeraan mirkana'ee kan ummataaf kennamu osoo hin ta'in ummata mataa isaa irraa kan maddudha. Birmadummaan jira jechuu kan dandeenyu, ummanni waa'ee mataa isaa mataa isaatiin murteeffachuu yoo danda'e, bakka bu'ota isa gaggeessaan filachuu yoo danda'ee fi yeroo barbaade immoo aangoo irraa buusuu yoo danda'a ta'edha. Birmadummaa ummataa mirkana'uun hundumaa caalaa, kabajama mirgoota namummaa fi mirgoota dimookiraasiitiif murteessaadha.

### **Gilgaala 8**

#### **Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.**

1. Kabajamni mirgoota dimookiraasii garee dhala namaaf hangam faayidaa qabeessa akka ta'e ibsi.
2. Mirgoota kanneenitti haalaan fayyadamuuf wanti sirraa eegamu maalidha?
3. Mirgoota kanneen irratti daangaan jiraachuu ni danda'aa? Maalif?

### **1.3 Garaagarummoota Keenya**

#### **Waldandeessisuu**

##### **1.3.1 Faayidaa Garaagarummoota Keenya Waldaneessisuun Waliin Jiraachuu**



Fakkii 1.1 Baratooti Kiristaanota fi Musilimooti waliin yoommuu qayyabatan

1. *Fakkii armaan olii haala gaariin doo'adhaa. Garaagarummaa daa'i-mman afran gidduu jiru keessaa yoo xiqlaate sadii adda baasi.*
2. *Fakkichi maal agarsiisaa? Maalis hubatte?*

#### **Hiriyoota Afran**

Waldagabreel amantii kiristaanummaa Oortoodoksii kan hordofu yoo ta'u, Helen immoo amantii kiristaanummaa Kaatolikii hordoofti. Hasanii fi Haawwaan immoo amantii Islaamummaa kanneen hordofanidha. Hiriyooni afran kanniin barattoota kutaa 7ffaa yoo ta'an kanneen baay'ee waljaallatanidha. Daree keessattis ta'ee alatti gonkumaa gargaar hin bahan. Waliin qo'atu; waliinis taphatu. Hiriyyummaan isaanii baay'ee cimaa waan ta'eef maatii isaaniis wal barsiisanii sadarkaa maatiittis walgaafatu.

*Kitaaba barataa kutaa 7ffaa*

Hiriyooni kunniin barnoota isaanii-tiin is qabxii gaarii fiduuf baay'ee carraaquu, tattaafatus. Guyyoota Sambataa fi dilbataa, dabareedhaan mana tokkoon isaanii deemuun waliin qo'atu. Maatiin isaaniis guyyaan qo'annaa gaafa mana isaanii ta'e ciree, laaqanaa fi shayee qopheessuun isaan keessummeessu.

Kana malees, guyyoota gaafa Ayyaana amantii Kiristaanaa fakkeenyaaaf gaafa Ganna, Cuuphaa fi Faasikaa; Haawwaa fi Hasan maatii isaanii waliin ta'uudhaan Helenii fi Waldagabreelin baga ittiin geessan jechuun gaafatu.

Haaluma walfakkaatuun guyyaa ayyaanaa amantii Islaamaa gaafa Idii, Mawaalidaa fi Arafaa, Helenii fi Waldagabreelis, maatii isaanii waliin ta'uun mana maatii Haawwaa fi Hasan deemuuun baga ittiin isin gahe jedhanii hawwii isaanii ibsuuf.

Jaalalli hiriyyummaa daa'imman kannenii baay'ee kan cime waan ta'eef guyyoota hunda osoo gargaar hin ba'iin waan waliin oolaniif maatii tokko fakkaatu. Maatiwwanis ijoollee hunda akkuma kan mataa isaaniitti ilaaluudhaan, jhaalala gaarii fi kunuunsa gahaa taasisuuf. Walitti dhufeenyi kunis guddachaa waan deemeef, maatiwwan isaanii kan yeroo rakkinaa fi gammachuu wal gaafatanii fi wal gargaaraan ta'an.

**Gilgaala 9****Dubbisa Armaan Olii Irratti Hun-da'uudhaan Gaaffilee Armaan Gadii Deebisi.**

1. Gochaalee hiriyoota afranii irraa maal baratte?
2. Maatii hiriyoota afrnii irraa hoo maal hubatte?
3. Hiriyoota kanneen akka hiriyoota afraniitti jaalala qaban beektaa? Yoo beekta ta'e gabaabaatti barreeffamaan dareef dhiyeessi.

Garaagarummaa waldandeessisuun tokkummaan waliin jiraachuu keessatti faayidaan inni qabu guddaadha. Kunis kan ta'uuf, waldaanda'uun yoomis ta'ee eessatti illee, nama dhuunfaafis ta'ee hawaasaaf nageenya, jaalalaan fi waliif yaaduu waan gabbisuufidha.

Matiin qaama xiqqaa hawaasaati. Miseensonni maatii tokkoo amantii garaagaraa, ilaalcha adda addaa fi fedhii garaagaraa qabaachuu danda'u. Garaagarummaan kun akkuma jiruun ta'ee miseensonni maatii nagaa fi jaalalaan jiraachuu kan danda'an garaagarummaa jiru waldandeessisuun yoo danda'anidha. Waldanda'uun, miseensonni maatii garaagarummaa isaan gidduu jiru obbolummaa fi walii-galteedhaan kabajanii akka fudhataniif gargaara. Miseensonni maatichaa garaagarummaa gama biraan jiru kaba-juun nagaa fi jaalalan akka waliin jiraatan isaan gargaara.

Hawaasa keessatti immoo garaagarummaa waldandeessisuun hariiroon waliinii akka gabbatuu fi tokkummaan hojjachuun akka jiraatu gargaara. Miseensota hawaasaa gidduutti waldhabiinsii fi jeequmsi akka hin uumamne walitti dhufanii mari'achuu fi jaarsummaa fi nagaadhaan hiikuun akka danda'amu gargaara. Waldanda'uun garaagarummaa haala kanaan waldandeessisuun immoo garaagarummaa keessatti tokkummaa umuudhaan nageenya fi jaalalaan waliin jiraachuuf gargaara. Tokkummaadh-aan, nageenya fi jaalalaan waliin jiraachuu immoo guddina diinagdee, hawaasummaa fi siyaasaaf faayidaa olaanaa qaba.

**Gilgaala 10****Gaaffilee Armaan Gadii Irratti Gareedhaan Mari'adhaa**

1. Garaagarummoota waldandessisuujech-uun maal jechuudha?
2. Namoota biroo waliin garaagarummaa hedduu osoo qabnuu nagaadhaan waliin jiraachuu kan dandeenyu haala kamiini?
3. Nagaa fi jaalalaan waliin jiraachuu faayidaalee maalii qaba?

## 1.4 Gahee Hojii Mootummaa

### 1.4.1 Gahee Hojii Mootummaa

#### Feederaala Itoophiyaa

- Ghee hojii mootummaa feederaalawaa Itoophiyaa keessaa sadii tarreessi.*

Mootummaan feederaalaa Itoophiyaa hojiwwan hedduu kan raawwatu gurguddoon kanneen armaan gadiiti. Isaan keessaas:

- A. Heera Mootummaa Feederaalaa kabachiisa, ni eegsisa.
- B. Imaammata, tarsiimoo fi karoora diinagdee, hawaasummaa fi misoomaa biyyattii ni baasaa, hojiirras ni oolcha.
- C. Humna ittisaa fi nageenyaa biyyaa fi ummataa akkasumas humna poolisii mootummaa feederaalaa ni ijaara, ni hoggana.
- D. Baankii biyyooleessa ni bulcha, maallaqa ni maxxansiisa, ni liqeeffata, jijiirraa maallaqa alaa fi sochii maallaqaa ni to'ata. Haala itti naannoleen madda maallaqaa biyya keessaa irraa liqeeffachuu danda'an irratti seeraa fi qajeelfama baasa.
- E. Imaammata quunnamtii alaa ni qopheessa, ni raawwachiisa, walii galteewwan addunyaa ni mallatteessa, ni mirkaneessa.
- F. Daandii qilleensaa, baaburaa, galaanaa, tajaajila poostaa, bilbilaa fi daandii naannolee lamaanii fi lamaa ol ta'an

walqunnamssiisan ni babaldhisa, ni bulcha, ni to'atas.

- G. Adeemsa biyya keessa galuu fi biyya alaa deemuu, dhimma godantootaa fi koolugatummaa siyaasaa ni murteessa, ni to'ata, ni gaggeessa, (Heera Mootummaa Feederaalawaa Dimookiraatawaa Rippaablika Itoophiyaa fuula 36-37 ti dubbisaa)

#### Gilgaala 11

### Gaaffiilee Armaan Gadii Irratti marii Gaggeessa

- Gahee hojii mootummaa feederaalaa keessaa yoo xiqqaate lama barreessuun maaliif gahee bulchiinsa mootummaa feederaalaa akka ta'ee fi maaliif gahee mootummoota naannolee ta'uun akka hin dandeeny'e irratti mari'adhaa.*

### 1.4.2 Gahee Hojii Mootummoota

#### Naannolee

- Gahee hojii mootummoota naa-nnolee keessaa yoo xiqqaate sadii tarreessi.*

Mootummooni naannolee gaheewan hojii baay'ee qabu. Isaan keessaas gurguddoon:

- A. Bulchiinsa naannolee kaayyoo ofin of bulchuu jiddugaleessa godhate hundeffatuu sirna dimookiraatawaa olaantumm-aan seeraa itti dhugoome ijaaru.
- B. Heera mootummaa naanno fi seerota biro ni tumu; ni raa-wwachiisu.

- C. Imaammata, tarsiimoo fi karoora diinagdee, hawaasummaa fi misooma naannoo ni tumu, ni raawwachiisu.
- D. Seera mootummaan feedeeraalaa tumu irratti hunda'uudhaan lafaa fi qabeenyoota uumamaa ni bulchu.
- E. Haala madda galii ramadameen naannichaaf sadarkaa naannootti gibiraa fi taaksii ni buusu, ni funaanu, baajata naannoos ni ramadu, ni raawwachiisu.
- F. Haallan bulchiinsaa fi hojii hojjettoota mootummaa naan-noo isaanii ilaachisee, seera tumuu, ni raawwachiisu. Haa ta'u malee, sadarkaa hojii tokk-oof sadarkaa barnootaa, leenjii fi muuxannoos sadarkaa hojiitiif barbaachisuuuf madaallii sadarkaa biyyoolessaatti jiru waliin kanneen walmadaalan ta'uu isaanii mirkaneeffachuuf itti gaafatamummaa qabu.
- G. Humna poolisii naannoo ni ijaaru, ni gaggeessu, nageenyaa fi tasgabbii naannoos ni kabachiisu.

### Gilgaala 12

#### *Gaaffiilee Armaan Gadii irratti*

#### *Marii Gaggeessaa*

1. *Gaheewan hojii mootummoota naanolee isaan ijoo keessa yhoo xiqlaate sadii filuudhaan maaliif gahee mootummoota naanolee akka ta'ee fi maaliif immoo gahee hojii mootummaa feedeeraalaa akka ta'uu hin dandeenyे irratti marii gaggeessaa.*

### 1.4.3 Bulchiinsa Magaalotaa fi Itti Waamama Isaanii

Mootummaa federaalaa keessaan naanolee salgan isa hundeessan malee, dabalataan bulchiinsonni magaalaas lama jiru. Isaanis, bulchiinsa magaalaas Finfinnee fi bulchiinsa magaalaas Dirree Dawaa ti. Bulchiinsa magaalaas Finfinnees ta'ee kan Dirree Dawaa itti waamamni isaanii mootummaa giddugaleessaa fi ummata isaan filateef ta'ee, aangoo ofin of-bulchuus ni qabu. Finfinneen magaalaas guddoo mootummaa giddu galeessaa/feederralaati.

#### **Hojii Garee**

Barsiisaa keessaan waliin ta'uudhaan garee hundeessadhaa. Carraadhaan kan isin gahu:


- A. Gahee hojii mootummaaf feedeeraalaa,
- B. Gahee hojii mootummoota naanolee fi
- C. Finfinnee fi Dirree Dawaan ittigafatamni isaanii mootummaa feedeeraalaaf kan ta'eef maaliif akka ta'e irratti ibsa qopheessuudhaan dhiyeessaa.

### 1.5 Qaamman Aangoo Mootummaa Federaalawaa Dimookiraata-waa Rippaabiliika Itoophiyaa (MFDR)

- *Fakkii armaan gadii dabtara kee irratti kaasuudhaan, haala fakk-eenyaa kennameen mallattoon gaaffii ammattuu kessa jiru maal bakka bu'uu akka danda'u*

qaammaan aangoo Mootummaa  
Federaalawaa Dimookiraatawaa  
Rippaabiliika Itoophiyaa guutaa.

ummataati. Kan naannoof seera tumu immoo mana mare naannooti. Haaluma kanaan, qaamni seera tumu, gaheen isaa sadarkaa biyyooleessaattis ta'e sadarkaa naannootti seera tumu-



Chaartii Qaamolii Aangoo Mootummaa Feederaalawaa Dimookiraatawaa Rippaabiliika Itoophiyaa

Mootummaan Feederaalawaa Dimookiraatawaa Rippaabiliika Itoophiyaa qaamman bulchiinsa sadii qaba. Isanis: Qaama seera tumu, Qaama raawwachiisuu fi Qaama seera hiikudha. Akkasumas, mootummoonni naannolee qaamman mootummaa naannolee kanneen akka qaama seera tumuu, qaama seera raawwachiisuu fi qaama seera hiiku qaba.

### 1.5.1 Kan Seera tumu

Qaamni seera tumu qaama mootummaa feederaalawaa aangoo olaanaa qabudha. Innis, manamaree bakka bu'oota ummataa (HPRs)ti. Naannoletti immoo qaamni mootummaa inni olaanaan mana mare naannoleeti. Sadarkaa feederaalaatti kan seera tumu, mana mare bakka bu'oota

udhaan, seeraas kabachiisuun nageenyaa fi tasgabbii ummatoota naannoolee fi biyyoolessaa mirkaneessuudha. Seeronnis, labsiwwan, qajeelfamoota, dambootaa fi kkf ta'uudanda'u.

### 1.5.2 Seera Raawwachiiftuu

Sadarkaa mootummaa Feederaalaatti qaamni seera raawwachiiftuu mana mare ministeerotaati. Sadarkaa naannootti immoo qaamni seera rawwachiiftuu bulchiinsa naannooleeti. Seera raawwachiiftuu gaheen isaanii inni olaanaan, seera sadarkaa naannootti tumame hojii irra oolchuudha. Haala kanaan, seeroonni qajeelinaa fi haala barbaadameen hojii irra akka oolan taasisu. Humni poolisii manneen

amala sirreessaa fi kkf ni hundeffamu. Sadarkaa mootummaa feederaalaatti Muummichi Ministeera dursaa (hayyuduree) seera raawwachiiftuuti.

### **1.5.3 Seera Hiiktuu**

Sadarkaa mootummaa feederaalaatti seera hiiktuun manneen murtiiti. Manneen murtii waliigalaa, manneen murtii kan biro of jalatti diriirsuudhaan itti gaafatatummaa isaa baha. Sadarkaa naannootti immoo qaamni seera hiiktu mana murtii waliigalaa kan naannoo ta'ee of jalattis manneen murtii kan biro ijaaruun akkuma sadarkaa isaaniitti adeemsa seera hiikuu galmaan gahu.

Qaamni kun seerota qaama seera tumuu fi qajeelfamoota qaama seera raawwachiisuun bahan biyyaattii keessatti kabachiisuun nageenyaa fi tasgabbiin akka jiraatu taasisu. Gah-een qaama mootummaa isaa seeraa hiikuu tajaajila mana murtii kan haqa kennuudha.

Haaluma armaan olitti ibsametti, sirna dimookiraasii keessatti, seera tumuun, seera raawwachiisuun fi seera hiikuun murtii seeraa, haqaa kennuun qaamman bulchiinsa mootummaa garaagaraatiin kan raawwatamudha. Kana malees, akka qajeelfama qood-ama aangootti, tokkoon tokkoon qaamman sadan kunniin osoo aangoo qaama isa biroo keessa hin galiin haala seerri daangesseen ittigaafatammu-mmaa isaanii buhu. Aangoon mootu-mmaa idoo sadiitti kan qoodameef, aangoon

qaama tokko irra tuulamee abbaa irrummaan akka hin jiraanne hirdhisuu fi ittisuufidha.

Oajeelfamni kun qaamni aangoo mootummaa aangoo isa biroo keessa galee akka guddina sirna dimookiraasii hin quucarsine, ittigaafatatummaa isaanii haalaan akka bahanii fi adeemsa raawwii hojii keessattis wal to'achuun gabbatee sirni bulchiinsa abbaa irrummaa akka hin uumamne kan ittisu ta'u isaa ilaallee jirra.

### **Gilgaala 13**

#### **Gaaffii Armaan Gadii Irratti Mari'adhaa.**

1. Sirna dimookiraasii keessatti qaamman bulchiinsa mootummaa aangoo adda addaa qaban sadii jiraachuun maaliif barbaachisee?

### **1.6 Quunnamtii Alaa Itoophiyaa**

#### **1.6.1 Gumaacha Itoophiyaan Biyyoota Afrikaatiif Goote**



Fakkii 1.2: Raayya Nagaa Kabachiisa Itoophiyaa

- Fakkii armaan olii irraa maal hubatte?

- *Gumaacha Itoophiyaan biyyoota Afrikaaf goote keessaa kan beektu ibsi.*

Biyyi keenya Itoophiyaan, biyyoonni Afriikaa koloneeffattoota jalaan akka bilisa bahan fakkeenya taateetti. Kee-ssumaa injifannoo Waraana Adduwaa irratti argatteen biyyi kamyuu bilisa bahuu akka danda'u agarsiifteetti. Nageenya kabachiisuu irrattis, looltoota ishee biyyoota Afrikaa waldhabiinsi keessatti hammaateetti eerguudhaan mallattoo nageenya ta'uun dandeesseetti. Qabsoo walabummaa Afriikaa keessatti humnoota walabummaaf qabsaa'aniif leenjii looltummaa qabsaa'otaaf kennuu fi deeggarsa looltummaa kennuudhaan baay'ee deeggarteetti. Ammas biyyoota Afriikaa gar-aagaraa keessatti nageenya kabachiisuu irratti baldhinaan hirmaachaa jirti.

Kana malees, loltoonni Itoophiyaa nagaa kabachiistota ta'uun, Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniin filatamanii biyyoota akka Koongoo, Burundi, Ruwaandaa, Laayibeeriyyaa fi Sumaalee keessatti gahee guddaa bahaa akka turanii fi ammas bahaa akka jiran beekamaadha.

Loltoonni Itoophiyaa nageenya kabaachiisuu qofaa osoo hin taane, ummata waranaan jireenya isaanii irraa buqqa'an deebisanii dhaabuu fi gargaarsa adda addaa taasisuufidhaan gum-

acha ol'aanaa taasisaa jiru. Kunis Itoophiyaan, humna loltuu muldhata nageenya fi misoomaa hidhatee fi boonsaa ta'e qabaachuu ishee agarsiisa.

Walumaagalatti immoo, bara 1950-keessa human nagaa eegduu Kooriyaatti eerguudhaan gocha Itoophiyaa-nota qofaa osoo hin taane Afrikaalee boonsuu raawwattee ture. Kun hundi Itoophiyaan ejjennoo cimaa nageenya fi tasgabbii, akkasumaas misoomaa Afrikaatiif qabdu kan mirkane-essudha.

### **Gilgaala 14**

***Gaaffiilee Armaan Gadii gareen Qooddachuuun Tokkoon Tokkoon Isaaniif Maddoota Adda Addaatti Fayyadamuun (mana kitaabaa, barsiisaa seenaa fi kkf) Barree-ffama Fuula Tokkoo Gadi Hin Taane Dhiyeessi.***

1. Loltoonni Itoophiyaa nageenya kabachiilstota ta'anii biyyoota kanaan dura itti duulan keessaa tokko filuudhaan gaaffiilee armaan gadiif deebii sirrii kenni.
  - a) Yeroon itti duullii gaggeeffame yoom akka ta'e,
  - b) Gochaawan gurguddoo raawwata-man maal maal fa'aa akka ta'an ibsi.

## Xumura Boqqonnichaa

Sirni dimookiraasii qajeelfamoota bu'uraa hedduu kan qabudha. Isaan keessaas ijoon: Walabummaan waldorgoommii aangoo siyaasaa, olaantummaa seeraa, iftoomnaa fi gaafatamummaadha.

Waldanda'uun tokkummaan waliin jiraachuuf baay'ee barbaachisaa dha. Waldanda'uun yoom iyuu fi eessattiyyuu dhalli namaa garaagarummaa keessatti tokkummaadhaan, nageenya fi jaalalaan waliin jiraachuuf baay'ee barbaachisaadha.

Mootummaan Feederaalawaa Dimookiraatawaa Rippaabiliika Itoophiyaa ghee ykn aangoo heera biyyattiitiin kennameef qaba. Isaan keessaas isaan ijoon: Heera biyyattii kabachiisuu, nageenya ummataa mirkaneessuu, humna ittisaa qindeessuu fi gaggeessuu, humna poolisii biyyooleessa ijaaruu fi qindeessuu, baankii biyyoollessa bulchuu, maallaqa maxxansiisuu, imaammata biyya alaa tumuu fi quunnamtii biyya alaa gaggeessuu, daandii qilleensaa, baaduraa, galaanaa fi babaldhina tajaajila bilbilaa, humna ibsaa fi adeemsa biyya alaa bahuu fi biyyatti deebi'uu ilaalchisee seera tumuu fi hordofuu, lammummaa kenuu fi kkf dha.

Mootummoonni naannolees gaheen isaan bahuu qaban bulchiinsa mootummaa naannoo kaayyoon isaa ofiin of bulchuu ta'e hundeessuu, sirna dimookiraasii dagaagsuu, olaantummaa seeorraa kabachiisuu, heera naannoo fi seerota biroo sadarkaa naannootti tumuu, human poolisii naannoo ijaaruu fi gaggeessuu, nageenya fi tasgabbii naannoo mirkaneessuu dha.

Bulchiinsi mootummaa dimookiraatwaa ta'e qaamman aangoo gurguddoo qaban sadii qaba. Isaanis: Qaama seera tumu, qaama seera raawwach-iisuu fi qaama seera hiiku sadarkaa sadarkaan qaba.

Itoophiyaan imaammata biyya alaa hordooftu irraa kan ka'e biyyoonni Afriikaa bittaa koolonii jalaa walaba akka ta'aniif gumaachu bira darbitee nageenya ardichaa eegsisuu keessattis cimnaan hirmaachuudhaan gumaacha baay'ee taasifteetti.

### Hiika Jechoota Ijoo

- **Sirna Feederaalaa:** Mootummaa Waliigaltee naannoolee, mirga ofin ofbulchuu qabaniin ijaarame
- **Dimookiraasii:** Sirna aangoon siyaasaa inni olaanaan harka ummataa galuu isaa mirkaneessuu fi aan-goon kunis kan hojii irra oolu bakka bu'oota ummanni ofin filateen kan itti ta'u.
- **Rippaabiliika:** Bulchiinsa mootummaa filannoo ummataatiin hundeffamuu isaa kan agarsiisudha.
- **Waliigaltee:** Pirootokoolii, waliigaltee biyyoota gidduutti dhimma barnootaa, aadaa, dinagdee, siyaasaa fi kkf irratti taasifamu.
- **Sakatta'insa:** Ergaawwan barreeffamaa fi meeshaalee elektirooniikisiitiin darban ummataaf osoo hin darbiin, gama siyaasaa fi safuu hawaasaatiin rakkoo qabaachuu fi dhiisuu isaa adda baafachuuf qo'annoo ykn to'annoo taasifamudha.

## Gaaffiilee Keessa Deebii

**I. Himoota Armaan Gadii Keessaa Kanneen Sirrii Ta'an "Dhugaa" Kanneen Dogoggora Ta'an Immoo "Soba" Jechuun Deebisi.**

- \_\_\_ 1. Sirna dimookiraasi keessatti abbootiin aangoo filannoodhaan moo'atamuu dalla-nsuu malee fudhatu.
- \_\_\_ 2. Sirna dimookiraasi keessatti mirgi lubbuun jiraachuu goonkumaa hin daangeffamu.
- \_\_\_ 3. Sirna dimookiraasi keessatti lammiiwan kaayyoo barbaadaniif walga'uu danda'u jechuun dhimmiisaan irratti mari'atan nagaa fi seera qabeessa ta'uu qaba jechuudha.
- \_\_\_ 4. Waldanda'uun namni tokko ilaalcha nama biroo kabajaan fudhachuu, waliif yaaduu fi walqaragaaruun akka jiraatuuf, nagaa fi tasgabbiin akka mirkana'uu fi jaalalli akka babaldhatuuf gargaara.
- \_\_\_ 5. Imaammata quunnamtii alaa tumuu fi raawwachiisuun, Waliigaltee addunyaa mallatteessuu fi hojii irra akka oolu murteessuu aangoo mootummoota naannoleeti.

**II. Kanneen "A" Jala Jiraniif "B" Jala Kanneen Jiran keessaa Filuun Walitti Firoomsi.**

- | A  | B                                   |
|--|-------------------------------------|
| ___ 1. Utubaa sirni di-mookiraasi irratti.                               | A. Olaantummaa seeraa ijaaramudha.  |
| ___ 2. Mirga gurmaa'uu.  | B. Mirgota namummaa kan dhuunfaa.   |
| ___ 3. Mirga karaa nagaan wal ga'uu                                      | C. Mirga namummaa kan garee         |
| ___ 4. Mirga Amantii   | D. Mirga dimookiraasi nama dhuunfaa |
| ___ 5. Mirga saboonni sablammoonni fi ummatoonni ofiin of bulchuuf qaban | E. Mirga dimookiraasi garee         |
| ___ 6. Mirga yaada ofii walabummaan ibsachuu                             |                                     |
| ___ 7. Mirga lubbuun jiraachuu   |                                     |

**III. Bakkeewwn Duwwaa Armaan gadii Irratti Jechoota ykn Gaaleewwan Sirrii Ta'an Guuti**

1. Qajeelfamoonni (tumaataaleen) dimookiraasiisaan ijoon \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ dha.
2. Qaanman bulchiinsa mootummaa isaan ijoon \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ dha.

**IV. Deebiiwan Gaaffilee Armaan Gadiitiif Kennaman Keessaa Kanneen Sirrii  
Ta'an Filadhu.**

- 1. Qajeelfamni murtoon abbootii aangoo fedhii ummataa malee kan fedha isaanii calaqisiisu ta'uu hin qabu jedhu isa kami?
  - A. Iftoomina
  - B. Gaafatamummaa
  - C. Olaantummaa seeraa
  - D. Hunduu deebiidha.
- 2. Aangoo fi gahee/itti gaafatamummaa Mootummaa Feederaalaawaa Dimookiraatawaa Rippaabiliika Itoophiyaa kan hin taane kamidha?
  - A. Maallaqa Maxxansiisuu
  - B. Humna ittisaa nageenyaa fi baankii biyyooleessa bulchuu
  - C. Tajaajila bilbilaa daandii fi poostaa babaldhisuu
  - D. Deebiin hin kennamne.
- 3. Garaagarummaa jiru waldanda'anii jiraachuun maaliif fayyada?
  - A. Hariiroon waliin waliinii akka cimuuf
  - B. Waliin hojii faayidaa qabeessa ta'e hojjechuuf
  - C. Garaagarummaa keessatti tokkummaadhaan jiraachuuf
  - D. Garaagarummaa jiru nagaan hiikuuf
  - E. Hunduu Deebii Sirriidha.

**V. Gaaffilee Armaan Gadiif Deebii Gabaabaa Kenni.**

1. Qaamman aangoo mootummaa sadan eenyuufati? Qaamman kunn-iin sadii ta'uun isaanii maaliif fayyadaa? Fakkeenyaan ibsi.
2. Qaamman aangoo mootummaa feederaalaa fi mootummoota naan-nolee waliin madaalaa.

# BOQONNAA LAMA

## OLAANTUMMAA SEERAAM


**Kaayyolee Boqonnichaa:** Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Maalummaa heeraa fi seeraa ni hubatta.
- Eegumsa seeraa jechuun maal jechuu akka ta'e faayidaa isaa fi akkamiin akka ibsamu beekta.
- Bakka bu'oонни ummataa fi qaamman aangoo mootummaa aangoon isaanii kan daangeeffame ta'uu isaa ni hubatta.

### 2.1 Heera

#### 2.1.1 Maalummaa Heera Mootummaa Feederaalawaa

- *Heerri Mootummaa Itoophiyaa maaliif heera feederaalawaa jedhama?*
- *Biyyoonni sirna feederaalaatiin bulan akaakuu heeraa meeqa qabu?*



Fakk.2.1. Heera Mootummaa Federaalaa

*Kitaaba barataa kutaa 7ffaa*

*Nuti Sabooni, Sablammooti fi Ummatooti Itoophiyaa:*

Biyya keenya Itoophiyaa keessatti nageenya itti fufinsa qabu fi dimookiraasii wabummaa qabu akka dagaagu, guddinni diinagdee fi hawaasummaa keenya akka saffisu, mirga hiree keenya ofiin murteeffachuuf qabnutti fayyadamnee olaantummaa see-raa fi fedhii keenya bilisaa irratti kan hundaa'e hawaasa siyaasaa tokko waliin ijaaruudhaaf kutannee ka'uun keenyaan;

Kaayyoo kana galmaan ga'uuf mir-goonni bu'uuraa nam tokkee fi Sabootaa fi Sablamm-oottaa kabajamuu isaanii, walqixxummaan saalaa mirkanaa'uun isaa, aadaawwanii fi amantiiwan garaa garummaa tokko malee akka tarkaanfatan goch-uun barbaachisaa fi amantaa keenya cimaa waan ta'eef; Biyya keenya Itoophiyaa keessatti, aadaa boonsaa mataa mataa keenyaa kan qabnu, haala teessuma lafaa fi qubsama mataa mataa keenyaa qabaachaa kan turree fi kan qabnu nuti Sabooni Sablammoonii fi ummatooti damee hojji adda addaa fi sadarkaa adda addaa irra waliin taanee biyya kana keessa jiraachaa kan turree fi keessa kan jiraannu waan ta'eef ilaalchaa fi faayidalee waliin horanne qabna jennee waan amannuuf;

Carraan waliinii keenya fuula duraa kan irratti bu'uureffamuu qabu dogoggora seenaa waliinii keenya darbe irraa dhaalle sirreessuu fi faayidaa waliinii keenya guddisuu irratti ta'uu isaa fudhachuu;

naannolee, seerotaa fi qajeelfamoota biyyattii keessatti bahanii fi kanneen hojii irra oolan hundaaf maddadha.

Heerri mootummaa feederaalawaa biyyoota sirna kanaan bulan hunda keessatti seera olaanaa fi madda seerota birooti. Biyyoota sirna kanaan bulan keessatti, heera tokkoo oltu jiraata. Kanas jechuun naannoleen mootummaa feederaalawaa hundeesan heera mataa mataa isaanii kan qabaatanii fi mootummaan gidduga-leessaas heera mataa isaa kan qabatu waan ta'eef. Heerri mootummaa feeder-alaa waliigaltee mootummoota naannoleetiin hundeffamee seera hunda caaluu fi tokkummaa isaaniis kan ibsudha. Kanaafuu, mootummoonni naannolee qaama mootummaa feeder-alaa waan ta'aniif seera olaanaa ta'eetu tajaajila.

Kanaafuu, heerichi mootummoota naannolee mootummaa feederaalawaa keessatti ammatamaniif, madda heeraa, qajeelfamootaa fi seerota ta'eetu tajaajila. Seeronnii fi heeronni heera mootummaa feederaalawaa waliin wal faallessaan fudhatama hin qaban.

Walumaagalatti heerri mootummaa feederaalaa biyya bulchiinsa sirna feederaalawaan gaggeeffamtuuf, seera ittiin bulmaataa isa ijoo fi olaanaadha. Kanaafuu, haaluma kanaan heeronni biyyootaa waa'ee siyaasaa, hawaas-ummaa, dinagdee fi aadaa irratti qaj-

eelfamoota kaayyoo fi adeemsi jiru ifaan ifatti ittiin ibsamu, dokumantii ittiin bulmaata biyyoolessaati. Heerri ka'umsa seerota biroo, qajeelfamootaa fi labsiwwan adda addaati. Biyyi keenya Itoophiyaan bara 1987 A.L.I. irraa kaasee heera fedhii sabootaa, sab-lamootaa fi ummatootaa isheetiin mir-kanaa'ee fi sirna feederaalawaa hojiirra oolchuuf barreeffamaan qind-aa'e qabdi. Heerri kun seera biyyattii isa olaanaa ta'ee kan tajaajiludha. Mootummoonni naannolees heerota hallan qabatamoonaan naannolee isaanii ibsanii fi kanneen heera mootummaa feederaalaa waliin wal hin falleessine qabu. Heerri mootummaa feederaalaa seera ol'aanaa biyyattiiti. Seerri, gochaaleen aadaa, murtiin abbootii aangoo heera kana waliin yoo wal faalleese kamiyyuu fudhatama hin qabu.

*(Heera Mootummaa Feederaalawaa dimookiraataawaa Rippaabiliika Itooph-iyaa, Keewwata 9, Lakk. 1)*

### Gilgaala 1

#### Gaaffilee Armaan Gadiif Deebii Sirrii Ta'e Kenni!

1. Biyya keenya keessa akaakuu heeraa meeqatu jira?
2. Biyya keenya keessa heera tokkoo oltu jira yoo ta'e maaliif jiraachuun isaanii akka barbaachise ibsi.
3. Heerota hunda keessaa seera ol'aanaa kan ta'e isa kami?
4. Heera mootummaa feederaalaa fi heerota mootummoota naannolee gidduutti yaanni wal faallessu yoo jiraate kan fudhatama argatu isa kami? Maaliif?

## 2.1.2 Barbaachisummaa Heera

### Mootummaa Federaalaa

- Faayidaan heerri mootummaa federaalaa kennu maal fa'a?
- Wantoota sirna bulchiinsa mootummaa federaalaa adda taasisan keessaa tokko qoodamina aangoo mootummaa giddugaleessaa fi mootummoota naannolee gidduu jirudha.

Heerri mootummaa federaalawaa gar-aagarummaa, tokkummaa fi walitti dhufeenya aangoo mootummaa federaalaa fi mootummoota naannolee ifaani fatti agarsiisa. Kana malees, heerri mootummaa feederaalaa barbaachisaa kan ta'e kaayyolee armaan gadii galmaan gahuufidha.

- Ummattooni dhimma mataa isaanii ofiin akka murteessanii fi ofiin akka of bulchaniif,
- Tajaajiloota dhaabbilee bulchiinsaa fi qaamman haqaa dhiyeenyatti akka argataniif,
- Mirgoota hirmaannaa ummattooni bulchiinsa kanneen garaagaraa, mirgootaa fi bakka buufachuu isaanii sadarkaalee garaagaraa irattti taasisan cimsuu; bakka bu'iinsaa fi hirmaannaa ummattooni sadarkaa naannolee fi feederaalaatti taasisan cimsuuf,
- Naannolee gidduutti guddinni wal-madaale akka jiraatu gochuuf,

- Ummattoota gidduutti tokkummaan fedhii fi wal qixxummaa irratti hunda'e akka jiraatu gochuuf,
- Mootummaa federaalawaa fi mootummoota naannolee gidduutti qoodinsa qabeenya fi aangoo haqa qabeessaa fi kan wal madaale akka ta'u murteessisuuf,
- Olaantummaa siyaasaa sabootaa, sablammootaa fi ummatoota Itoophiyaa mirkaneessuuf,
- Aangoo fi ittigaafatamummaa mootummaa, aangoo dabarsuu, mirgaa fi walabummaa lammiwwanii, bakka bu'iinsa ummattoo fi kkf---mirkaneessuuf.

### Gilgaala 2

#### Gaaffiilee Armaan Gadii Gabaabsii Deebisi.

1. Mootumoonni naannolee biyya keenyaa heera waliinii osoo hin qaban ta'ee rakkolee akkamiitu uumamuu danda'u ture?
2. Sadarkaa biyyooleessa fi naann-ootti heeri jiraachuun isaa faay-idaalee akkamii qaba?
3. Mootummaa Feederaalawaa Dimook-iraatawaa Rippaabiliika Itoophiyaa keessatti mootumoonni naannolee heera mataa isaanii qabaatanii, heera waliigalaa hin qaban osoo ta'e, haalli, akkamii uumamuu akka danda'u ibsi.

## 2.1.3 Faayidaa Dahoont Seeraa

### Lammiiwwaniif Qabu

- Namoonni yeroo wal-loolaniif fi yeroo miidhaan isaan irra gahu gara seeraatti nu geessaa jedhanii kan kadhatan maaliif?*

### Kadirii fi Caannee

Kadirii fi Caanneen mana barnootaa isaanii keessatti malaammaltummaan haala adda addaatiin akka raawwataamu bira gahanii jiru. Haa ta'u malee, lamaan isaaniyyuu malaammaltummaa kanasaaxiluuf erga murteessanii booda yaada waliinii tokko irra gahuu hin dandeenye. Kadir malaammaltum-maa saaxiluuf eegumsa seeraa nu barbaachisa yoo jedhu; Caanneen garuu malaammaltummaa saaxiluuf eegumsa seeraa gonkumaa hin barbaachisu jedha. Kanaafuu, dhimma kana irratti yaada akka kennituuf hiriyaan isaanii Shaggee gaafatan.

### Gilgaala 3

#### Dubbisa Armaan Olii Irratti Hundaa'uun Gaaffilee Armaan Gadii Deebisi.

- Ati Shaggee osoo taatee fala akkamii kennitaaf?
- Gochaa malaammaltummaa saxiluu isaaniitiin miidhamni akka isaan irra hin geenyu eegumsa seeraa kan kennuufii qabu eenyu?
- Barattoota malaammaltummaa mana barnootaa keessatti rawwatamu saxilaniif eenyutu eegumsa seeraa akka kennuuf gaafadhaatii daree keessatti gabaa-suun irratti mari'adhaa.

Dahoo seeraa jechuun lammiiwwan gidduutti garaagarummaan osoo hin taasifamiin lubbuu, qabeenyaa fi jireenyaa isaaniif eegumsa ykn wabii kennuu jechuudha. Eegumsa seeraa namoonni qabeenyaa fi humna qaban qarshiinis ta'ee humnaan lammiiwwan biro irra miidhaa akka hin geessifne wabii kenna. Lammiiwwan hundi walabummaan bakkaa bakkatti akka socho'an, akkasumaas, dhimmoota kaanneen akka siyaasaa, hawaasummaa, diinagdee fi aadaa keessatti akka fedhii isaaniitti akka hirmaatan mirga guutuu kennaaf. Haala kanaanis, olaantummaan seeraa, meeshaa mirgoota namummaa fi dimookiraasii heeraan raggaasifaman kabachiisu ta'eetu tajajila.

### Gilgaala 4

#### Gaaffilee Armaan gadiif Deebii Sirrii Ta'e Kenni.

- Eegumsa (dahoo) seeraa jechuun maal jechuudha?
- Lammiiwwaniif dahoo seeraa kan barbaachisu maaliifi?
- Dahoo seeraa heerri mootummaa feederaalawaa daa'immaniif kenu tarreessi.

## 2.2 Amala Gaarii

Amala Gaarii Hawaasni barattoota Irraa Eegu Gabatee armaan gadii dabtera keetti garagalchii isa keessatti kanneen tarreffaman keessaa amala gaarii hawaasni barattoota irraa eegu ibsa kan jettu fuulduratti maallattoo “√” kaa'i.

Lak.	Amaloota (Sonawwan)	Gaarii	Yaraa
1	Namoota dadhaboo gargaaruu		
2	Kaka'umsa ofiitiin naannoo qulqulleessuu		
3	Rakkoo naannoo waliin ta'anii furuuf yeroo waamichi taasifamu dursanii argamuu		
4	Hangaafosta kabajuu fi daa'imman (quxisuuwwan) kunuunsuu		
5	Nama rakkateef kan qaban irraa qooduu		
6	Konkoolaataa keessatti namoota dadhaboo fi manguddoowwaniif bakka gallakkisuu		
7	Yeroo boqonnaa hunda taphaan dabarsuu		
8	Barsiisota kabajuu		
9	Yakki yeroo dalagamu osoo arganii callisuu		
10	Gocha yakkaa balaaleeffachuu		
11	Qormaata barattoota irraa hatuu dhiisuu		
12	Mirga namootaa kabajuu		

**Amala Gaarii:** Amala namni tokko haala naannoo jirenya isaa irratti hunda'uun, gochawwan dalagamuu qabanii fi kanneen dalagamuu hin qabne, gaaiii fi gadhee, sirrii fi dabaan ittiin madaalamudha.

Hawaasa tokko keessatti yeroo amalli gaariin dhabamu ofittummaa, seera

dhabdummaa, hattummaa, kashalabummaa fi kkf babal'achaa deemu. Kana irraan kan ka'e hawaasni misooma dhabee gadaadoo fi rakkinaaf saaxilaamaa ta'a.

Aadaa hawaasa biyya keenyaa keessaa; waliin nyaachuun; rakkataa gargaaaruun; manguddootaa fi hangafoota kabajuun; yeroo rakkinaa fi gaddaa wal-gaargaaruun amaloota gaarii hawaasa keenya keessatti argamanidha. Hawaasni keenya barattooni boru kan biyya gaggeessan, bakka bu'oota isaa ta'uu isaanii waan beekuuf amala gaarii akka qabaatan barbaada. Fakk-eenyummaa namoota gaarii fudhataniis akka guddatan barbaada. Barattooni kan hojii kabajan, amanamtoota, kanneen haqaan hojetan, kanneen rakkolee naannoo furuuf carraaqan, kanneen ittigaafatamummaa fudhatanii fi kanneen dirqamotoota isaanii haala barbaachisaa ta'een bahan, ummataa fi biyya isaanii kanneen jaallataan, mirga namoota biroo kanneen kabajanii fi kkf akka ta'an barbaada. Walumaagallati; hawaasni ijollee amala gaarii qaban kunuunsanii guddisuun dhaloota isaanitti aanuufis dabaarsuu qabu. Kana yoo ta'e qofaadha biyyi keenya hiyyummaa fi gadadoo keessaa baatee kan guddachuu dandeesu. Kana kan gochuu danda'an immoo lammiiwwan ummatuma biyyattii malee nama biroo akka hin taane barattooni ciminaan hubachuu qabu.

**Gilgaala 5****Gaaffilee Armaan Gadiif Deebii  
Sirrii Ta'e Kenni.**

- Naannoo jiraattan keessatti yeroo ijoolleen amala gaarii qaban eebbifamanii fi kanneen amaloota yaraa qaban immoo abaaraman dhageessee beektaa? Mee waan dhageesse keessaaj jechoota eebaaf ta'anii fi abaarsaaf ta'an addaan baasuun sababa qubsaa waliin ibsi.

**Fakkeenyaa:**

Eebbaa	Sababa	Abaarsa	Sababa
Guddadhu	Yerooh angafoonni	hin guddatiin	

Ijoollee shamarraanii  
karaatti waan rakkisuuf

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

- Namoonni tokko tokko “maatiif ajajamuun”, “hangafa kaabajuun” dur hafe jedhu. Yaada kana ni fudhattaa? Maaliif akka ta'e ibsi.

**2.3 Daangaa Aango****2.3.1 Barbaachisummaa Aango****Qondaaltota Mootummaa****Daangeessuu**

- Namoonni qondaaltota mootummaa jedhaman kam fa'a?
- Aango qondaaltota mootummaa daangeessuun maaliif barbaachise?

**Obbo Tolasaa**

Obbo Tolasaan Ittigaafatamaa Waajjira Mootummaa tokkoo ti. Hojiawan hojjetaman hunda keessa harka galfa-chuudhaan kan beekamanidha. Dhimmi isaan keessa hin galle hin jiru. Hojjettooni haaraan akka mindeeffaman kan ajajan, qormaatas baasanii kan qoran ofuma isaaniitiin. Kana malees, koree badhaasa hojjettoota waajjirichaa cimoo ta'an madaalee badhaasu keessatti walitti qabaa ta'anii hojjetu.

Ofii isaaniis yeroo lama hojjetaa cimaa ta'anii badhaafamaniiru. Bakka meeshaaleen waajjirichaaf barbaachisan bitamanis kan murteessan; meeshaalee ga'umsaa fi qulqullina meeshaalee bitamaniis kan mirkaneessan ofumaaf. Kana irraa ka'uudhaan, Obbo Tolasaan irratti yaada lamatu ka'a. Isaanis: Tokkoffaan; Obbo Tolasaan qofaa isaanii hojii heedduu waan hojjetaniif badhaafamuu qabu kan jedhudha. Inni lammaffaan immoo, aangoon isaanii dangeeffamuu qabu. Hin daangeeffamu taanaan rakkoleen adda addaa umamuun isaanii hin hafu kan jedhudha.

**Gilgaala 6****Dubbisa Armaan Olii Irratti****Hundaa'uun Gaaffilee Armaan gadii Deebisi.**

- Yaadota ObboTolasaan irratti ken-naman keessa kamiin deeg-garta? Sababa qabdu ibsi.

2. Obbo Tolasaan balleessaa hojee-tan-iiruu? Akkamiin?
3. Adeemsa hojii akkasii hambisuuf maaltu ta'uu qaba? Ibsi.

Abbootiin adeemsa hojii waajjiraalee mootummaa keessatti hojjechuuf; hojii gaggeessummaa raawwachuu fi oogg-anuuf, mootummaan muudamanii fi ummataan filataman abbootii taayitaa mootummaa jedhamu.

Hoggantoonni kunniin gahee hojii isaaniif kenname sirriitti galmaan ga'-uu akka danda'an aangoon gahaan seeraan beekametu kennamaaf. Kan-aafuu, ooggantoonni, aangoo yoo qab-aataniyyuu, kan hojjechuu qaban daangaa aangoo seeraan murtaa'ee ykn daangeffamee isaaniif kenname keessatti qofaadha. Haata'u malee, daangaa aangoo seeraan isaaniif kenname cabsanii yoo argaman, seeraan gaa-fatamu. Fakkeenyaaf, abbaan taayitaa tokko, ajaja mana murtiitiin ala lammiiwan to'annoo jala akka oolanii fi akka adabaman gochuu hin danda'u. kana goonaan, daangaa aangoo isaa darbeera jechuudha. Aangoo qondaaltota mootummaa daangeessuun kan barbaachise:

- Mirgoonni namummaa fi mirgoonni dimookiraasii lammiiwwanii akka hin sarbamneef;
- Olaantummaan seeraa akka kabajamuuf;
- Mirga ittigaafatamummaa fi iftoominaa gabbisuuf;

- Hawaasni tajaajila barbaachisaa ta'e akka argatuuf;
- Gochawan loogummaa, malaa-mmaltummaa, seera dhabdu-mmaa fi jeequmsa ittisuu fi kkf dha.

## Gilgaala 7

**Gaaffiilee Armaan gadiif Deebiiwan Gaggabaaboo kenni.**

1. Ittigaafatamtonni mana barnootaa keetii kanneen hojii barnootaa raawwachuu fi raawwachiisuuf mootummaadhaan mudaman eenu fa'a?
2. Gaheewwan hojii isaanii keessaa 2 tarree-ssi.
3. Rakkoowwan osoo aangoon qondaala mootummaa tokko seeraan daangef-famuu baate gahuu danda'an keessaa sadii tarreessi.

## 2.4 Iccitií

### 2.4.1 Iccitií maatii

- “Iccitiin mana keenyaa akka hin baane” yoo jedhamu dhageessee beektaa? Yoo dhageesseetta ta'e fakkeenyaan ibsuu yaali.

**Dhimmoota Gabatee Armaan Gadii Keessatti Dhiyaatan Qaaccessuun Gaaffiilee Kennaman Deebisi.**

1. Dhimmoota afran dhiyaatan keessaa kanneen iccitiwwan maatii ta'an addaan baasi!
2. Sababa itti iccitiwwan maatii ta'aniif ibsi.
3. Rakkoowwan iccitiwwan kunniin yoo saaxilaman uumamuu danda'an tarreessi.
4. Dhimmoota dhiyaatan afran keessaa iccitii maatii ta'uu kan hin dandeenye addaan baasii dhiyeessi.

1	Osoo foddaarraan gara alaa ilaalaajirtuu, tasa dhagaan ijoolee isheetiin darbatame, foddaa konkolaataa nama biroo dhaabbachaa ture yeroo rukutee cabsu argite.  Gocha kana ishee malee namni arge hin turre.
2	Mucaan waggaa 14 fincaan isaa qabachuu waan hin dandeenyeef siree isaa irratti fincaa'a. Dhimmi kun maatii isaatiin iccitii ta'ee qabameera.
3	Maatii ishee gidduutti waldhabiinsi cimaan waan uumameef barnoota ishee hordofuu hin dandeenye; ni gadditi; darbee, darbee immoo ni boossi. Hiriyyoonnii fi barsiisonni ishee maal akka taate deddeebsanii gaafannaan dhimma ishee itti himte.
4	Maatii tokko carraan lootorii qarshii miiliyoona walakkaa isaan gaheera. Dhimmi kun iccitii ta'ee maatii sanaan qabameera/dhookfameera.

Maatiwwan hedduun waa'ee jirenya isaanii kan guyyaa; waa'ee guddinaa fi haala barnoota ijoolee isaanii, waa'ee hirmaannaa diinagdee, siyaasaa fi kkf irratti ni mari'atu. Darbee darbee, miseensota maatii abbaa manaa fi haadha manaa gidduutti, obboleeyyan gidduutti, ijooleee gidduutti waldhabiinsii fi walitti bu'iinsi uumamuu ni danda'u. kanaafuu, rakkolee kanaa fi kanneen maatii keenya mudataan biroo dabarsanii oodeessuun gocha qaaniiti. Iccitiin maatii dhimmoota miseensota maatii qofaadhaan eegamanii turuu qabanii fi dhimmoota nagaa fi tasgabbii maatii sanaaf jecha barbaachisoo ta'an hunda kan of keessatti ammatudha. Iccitiin maatii namoota biroo kan hin

fayyanne, maatii sanarra garuu rakkoo kan geessisuu fi kan miidhaa fidu ta'u danda'a. Iccitii maatii ofii eeguun amala lammii gaarii keessaa tokkodha. Amaloonni akkasii maatii keessatti guddachuu qabu. Lammiin ykn dargagoon iccitii maatii eeguu barate, gara fuula duraatti sadarkaa biyyooleessaa fi waajjiraatti, iccitii beekus ta'ee kan haala hojiitiin isa quunnamu eeguuf naamusa cimaa qabaata. Kanaafis, lammii cimaa fi amanamaa ta'a.

Haa ta'u malee, yeroo tokko tokko wantoota iccitii hin taane akka iccitiitti maatii gidduutti kan hafan jiru. Fakkeenyaaaf, dirqiin guudeedamuu, rakkoo sammuu fi miidhama qaamaa daaimmanii dhoksuu, daa'ima adabbii seeraan alaatiin miidhaman dhoksuu fi kkf akka iccitiitti qabamuu danda'u.

Gochaawanun kunniin iciitii maatii ta'uun isaanii hafee, yeroon itti yakka ta'u danda'an jira. Kanaafuu, miseensota maatii, iccitii maatii ta'anii kan qabatamuu qabanii fi kanneen qabatamuu hin qabne addaan baasanii beekuun barbaachisaadha.

### Gilgaala 8

**Gaaffiilee Armaan Gadiif Deebii  
Gabaabaa Kenni.**

1. Iccitii maatii jechuun maal jechuudha?
2. Iccitii maatii eeguu kan qabu eenyu?
3. Iccitii eeguun maaliif barbaachisa?

## 2.4.2 Miidhaa Iccitii maatii Eeguu Dhiisun Geessisu

- Iccitii maatii eeguu dhiisuun miidhaa akkamii geessisa?
- Maatii iccitii ofii eeguu dhiisuun irraa kan ka'e rakkoo keessa gale beektaa? Yoo beekte rakkoo sababa iccitii eegamuu dhiisuun maaticha mudatee ture hiriyyaa keetti himi.

### Furtuu

Miimmiin fa'a mana isaanii erga furtuu udhaan cufanii booda mooyee mana isaanii dura jiru jala kaa'aniitu deemu. Miseensi maatii dursee gale, furtuu manaa, mooyee sana jalaa argata. Yeroo dheeraaf iccitii kana miseensota maatii sanaa malee namni beeku hin jiru ture. Haata'u malee, guyyaa tokko Miimmiin waa'ee iccitii furtuu mana isaanii yeroo hiriyyoota isheetti himtu, hattoonni naannoo sanaa daga'an. Guyyaa itti aanu meeshaan mana isaanii hundi hatame. Kana irraanis kan ka'e, maatii kana irra miidhaan olaanaan gahe. Wanti isaan ittiin hojjechuuf karoorfatanis karaatti hafe. Miidhaan kun hundi gahuu kan danda'eefis, iccitiin "furtuu" waan beekameef ta'uu isaa poolisoonni dhimma kana hordofaa turan mirkan-eessaniiru.

### Gilgaala 9

*Dubbisa Armaan Olii Irratti  
Xiyyeeffachuuun Gaaffiilee Armaan  
Gadii Deebisi.*

- Iccitiin furtuu akkamiin bahuu danda'ee?
- Rakkoon kun akka mudatuuf sababa kan ta'e eenyudhaa?
- Gara fuula duraatti rakkoon iccitii furtuu waliin walfakkaatu akka hin mudanneef sadarkaa maatiitti maaltu taasifamuu qaba?

## 2.5 Malaammaltummaa

### 2.5.1 Malaammaltummaa Dhaabbilee Mootummaa fi Mit-Mootummaa Keessatti

- Gochawwan malaammaltummaa dhaabbilee mootummaa fi mitmootummaa naannoo kee jiran keessatti raawwatamuu danda'an ibsi.*
- Dhimma kee fi dhimma maatii keetii raawwachiisuuf gara mana hojii tokkoo deemtee bu'aa bahiin si quunnamee beektaa? Yoo si quunnameera ta'e hiriyyaa keetti himi.*

Waajirri mitimoottummaa tokko barattoota umuriin isaanii wagga 16 ol ta'an lamaaf yeroo boqonnaa gannaanisaanii yeroodhaaf mindeeffamanii akka hojjetaniif yaadee carraa isaas mana barnootaatiif kenne. Akka ulaagaa baheetti barattoonni hojjichaaf filataman baratoota kutaa 9ffaa ta'anii, waggaan sanati, qabxiin barnoota isaanii 85% ol kan ta'ee fi sadarkaa dareetiinis

1ffaa–3ffaa kanneen bahan ta'uu qabuu kan jedhudha. Manni barnootichaas, koree barattootaa dorgoomsisee, haala qabxii isaaniitiin addaan baasu dhaabe. Garuu, koreen kun osoo beeksisa baasee wal hin dorgomsiisin haala armaan gadiitiin barattoota shan qofa dorgommiif dhiyeesse.

Lak.	Maqaa Barataa	Kutaa	umurii	Sad ark aa	Qabxii Kutaa 8ffaa
1	Gizee Tamasgeen	9	16	1 ffaa	90%
2	Zarituu Mollaa	10	17	5 ffaa	88%
3	Caaltuu Aganyee	9	17	1 ffaa	92%
4	Hasan Daanchaa	10	15	1 ffaa	94%
5	Dandiir Gadaa	9	15	4 ffaa	86%

Koreenis barattoota dorgommiif dhiyatatan shaman keessaa mucaa miseensa koree barsiisaa tokkoo Zarituu Mollaa fi Mucaa obboleessa miseensa koree kan biroo Dandiir Gadaa dhaabbatichaaf dabarsan. Ijolleettiin qaxaramtee hojjechuu eegalte. Haata'u malee, bakk'a bu'aan barattoota mana barnootichaas cimee waan falmeef, dorgommiichi jalqaba irraa kaasee hanga

*Kitaaba barataa kutaa 7ffaa*

dhumatti rakkina kan qabu ta'uusaa waan hubachiiseef koreen dhimma kana qulqulleessu ijaarame. Koreen kunis dhimma kana qulqulleeffachuu irratti argama.

### Gilgaala 10

#### *Dubbisa Armaan Olitti Dhyaate Irratti Hunda'uun Gaaffiilee Arm-aan Gadii Deebisi.*

1. Akka dubbisaa kanaatti malaammaltummaan raawwatameeraa?
2. Malaammaltummaan raawwatameera yoo ta'e, malaammaltummaa akkamiiitu raawwatame?
3. Kanneen malaammaltummaa raawwatan eenyu fa'a?
4. Malaammaltummaa raawwatameen eenyutu miidhame?
5. Hojii sirriin maal ta'uu qaba jettee yaadda?

Malaammaltummaan gocha iddo adda addaatti raawwatamuu danda'udha. Malaammaltummaa jechuun immoo, hojii mootummaa itti ramadaman dag-aachuudhaan faayidaa dhuunfaaf ykn faayidaa garee ofiif matta'aa fudhac-huu, taayitaadhaan daldaluu, qabee-nya mootummaa faayidaa dhu-unfaaf oolchuu fi firoomaan hojjechuu fa'aa of keessatti ammata. Gochaaleen malaammaltummaa kanneenis gochaalee seera malee waajjiraalee miti-mootummaa keessatti illee raawwatamuu danda'anidha. Malaammaltummaaf, ka'umsa kan ta'uu danda'anis: See-

ronnii fi qajeelfamoonni hojiin ittiin hojjatamuu danda'u ifaan ifatti kaa'-amuu dhiisuu fa'a. Fakkeenyaaaf, tajaajilamaan tokko dhimma isaa raw-wachiifachuuf, haala hojii waajjirichaa, seeraa fi waajjira sana keessatti dhimma isaa kan ilaallatu kam akka ta'e wallaaluun isaa tajaajila brbaade haala barbaadeen argachuu akka hin dandeenye taasiseera. Kanaafuu, hamman rakkadhu jechuudhaan, tajaajila seeraa fi tolaan argachuu qabu, kaffaltii seeraan alaa raawwachuu-dhaan/matta'aa/ hojjettoota tajaajila kana kennaniif kennuudhaan dhimma isaa raawwachiifachuuf dirqama. Yeroo tokko tokko immoo, qajeelfamnii fi adeemsi hojii ifa ta'e yoo jiraateyyuu hojjettoonni abbaa dhimmaa itti yaadanii rakkisuudhaan ykn dhimma isaa lafa irra harkisuudhaan tajaajilamaan akka matta'aa kennuuf haala mijessu.

Yeroo tokko tokkoo konkolaataa hojiif kennameen daldaluun, waraqaa fi meeshaalee biiroo hojiif kennaman faayidaa dhuunfaa ofiif oolchuu, yeroo hojii mootummaa hojii dhuunfaa ofiif oolchuu fi kkf. Gochaawan malaammaltummaati. Kana malees, maallaqa ummataaf ramadamee fi maqaa ummataatiin walitti qabame, faayidaa fi guddina dhuunfaa ofiif oolchuun, gochawwan malaammaltummaa waajjiraalee adda addaa keessatti raawwataamanidha.

Firooma fi wal-beekumsaan hojjechuunis gocha malaammaltummaa kan birooti. Akaakuun malaammaltummaa kun, loogii hojjechuun hariiroo fuud-haa fi heerumaatiin, firooma dhiigaatiif fi kkf ---- nama abbaa mirgaa hin taane fayyaduuf, kan firummaa hin qabne miidhuun kan raawwatamudha. Fakk-eenyaaaf, hojii argachuu qormaata kennamu namoota qoraman keessaa isa fira ta'etti dursanii deebii himuudhaan namni darbuu hin qabne akka darbu taasisuun gocha nama darbuun irra jiru miidhuun bifaa malaammaltummaa isa tokkodha.

### Gilgaala 11

#### Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.

1. Gochaawan malaammaltummaa yeroo baay'ee raawwataman tarreessi.
2. Gareedhaan ta'uun waajjiraalee armaan gadii keessaa tokko filachuun malaammaltummaa waajjiricha keessatti yeroo raawwatamu diraamaan agarsiisi.
  - i. Hoospitaala
  - ii. mana Barnootaa
  - iii. Humna Ibsaa
  - iv. Ganda

### Xumura Boqonnichaa

Nageenyaa fi guddina biyya tokkootiif olaantummaan seeraa jiraachuun isaa baay'ee barbaachisaadha. Olaantummaa seeraa mirkaneessuuf immoo seera olaanaa kan ta'e heerri biyyattii kabajamuu qaba. Heerri seera olaanaa waan ta'eef, seerota biyyattii hundaaf ka'umsadha. Ummatoonni sirna feder-alawaatiin bulan kanneen garaagaraa mirgoonni isaanii sirnicha keessatti waan kabajameef heerri ittiin wald-anda'anii ittiin bulan isaan barbaachisa. Heerri Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippaabiliika Itoophiyaas kanuma mirkaneessa. Lammiwwan gidduutti garaagarummaan osoo hin jiraatiin lubbuun qabeenyi mirgooni fi nageenyi isaanii kabajamanii jiraachuuf eegumsa seeraa isaan barbaachisa. Kun immoo dahoo seeraa jedhama.

Hawaasni barattootaa fi dargaaggoota irraa amala (naamusa) gaarii barbaada. Isaan keessaas, hojii jaallachuu fi kabajuu, rakkolee naannootti mudataniif fala barbaaduuf adda durum-aan hiriiruu, naanno ofii kaka'umsa mataa ofiin qulqulleessuu, manguddootaa fi hangafoota kabajuu, rakkataa gargaaruu, amanamaa fi qajeelaa ta'u-tu barattootaa fi dargaggoota irraa eegama.

Ooggantoonni, ittigaafatamtoota, hojii-wwan waajjiraalee mootummaa kee-

ssatti hojjataman hojjachuu fi hojjachiisuuf, akkasumas qindeessuuf muudamanidha. Ooggantoonni kunniinis,

namoota murtii murteessan waan ta'aniif namoota biroo irra miidhaa akka hin geessifnee fi aangoo isaaniitti akka haala malee hin fayyadamne, aangoon isaanii seeraan kan daangeffamedha.

Iccitiin maatii tokko keessatti miseensota maatichaatiin eegamee jiraatu, iccitii maatii jedhamee beekama. Iccitiin kunis, maatiidhaan ala yoo bahe maatii sana ykn miseensota maatii sanaa irra miidhaa geessisuu danda'a. Kan biroo, olaantummaan seeeraa akka hin kabajamne sababa kan ta'u malaammaltummaadha. Hojii fi ittigaafatamummaa mootummaa itti ramadan seeraan ala itti fayyadamuun faayidaa ofiif, kan nama biroo fi faayidaa garee muraasaaf oolchuun, mat-ta'aa fudhachuun, aangoodhaan daldaluun, hatuun, firoomaan hojjechuun, yeroo hojii mootummaa hojii dhuunfaa ofiif oolchuu fi kkf ... gochaawan malaammaltummaati. Adeemsa hojii ifa gochuu dhiisuun, abbaa dhimmaa rakkisuun, deddeebisuun, iccitii baasuun, firoomaa fi walbeekumsaan hojjechuun gochoota malaammaltummaati.

### Jechoota Ijoo

- **Heera Mootummaa Federaalaa:** Heera sirna Mootummaa Feederaalaa keessatti ummatooni mootummoota mata mataa isaanii qaban waliin ta'anii ittiin buluuf tumanidha.
- **Dahoo Seeraa:** Eegumsa seeraa lammiiwan sirna dimookiraasii qabeenyi, mirgii fi nageenyi isaanii ittiin kabajamudha.
- **Abbaa Aangoo:** Qondaala waajjira mootummaa keessatti hojjechuuf, hojjechiisuu fi hojii gaggeessuuf, mootummaadhaan muudamu ykn ramadamudha.
- **Dhaabiblee Mootummaa:** Manneen hojii mootummaa hundeffamanii baajata mootummatiin hojiiwan mootummaa hojjatanidha.
- **Daangeeffama Aangoo:** Daangaa ittigaafatamummaa seeraan murteeffamee abbootii taayitaatiif kennamudha.
- **Iccitii Maatii:** Iccitii miseensota maatii qofaan beekamee, eegamudha.

## Gaaffiilee Keessa Deebii

**I. Tokkoon Tokkoon Gaaffiilee Armaan Gadii “Dhugaa” Yookiin “Soba” Jechuun Deebisi.**

1. Heeronni Mootummoota naannolee waanuma fedheyyuu yoo ta'e heera mootummaa federaalaa waliin wal fallessuu hin danda'an.
2. Abbootii aangoo mootummaa irra daangeffamni aangoo jiraannaan lammiiwwaniif dahoont seeraa hin barbaachisu.
3. Sirna dimookiraasi keessatti, abbootiin aangoo gocha seeraan alaa yoo rawwatan seeraan ittiqaafatamuun hin danda'an.

**II. Yaaddan “A” Jala Jiran Kenneen “B” Jala Jiran Waliin Walitti Firoomsi.**

**A**

1. Namoonni to'anno jala jiran
2. Aangoo hojji hojjechuu fi hojjechiisuu seeraan daangeffamee kennname
3. Wantoota barnoota, fayyaa fi nageenya isaanii irratti miidhaa fidan hojjechuf dirqisiifamuu dhabuu
4. Nagahee sobaa dhiyeessuudhaan, waajjira irraa kaffaltii fudhachuu ykn gaafachuu,
5. Seerota barteeewwanii dubartoota cunqursan ykn Qaamaa fi sammuu isaanii irra miidhaa geessisan.

**B**

- A. Eegumsa seeraa mirga daa'immaniif
- B. Eegumsa seeraa mirga dubartootaaf
- C. Mirga dahoo seeraa namoota to'anno jala jiranii
- D. Daangaa aangoo
- E. Malaammaltummaa

**III. Bakkeewwan Duwwaa Armaan Gadii Jechoota ykn Gaaleewwan Sirrii Ta'aniin Guuti.**

1. Lammileen qabeenya isaanii eegsifachuuf, mirgoota isaanii kabach-iifachuu fi nagaadhaan gara barbaadanitti socho'uuf \_\_\_\_\_ isaan barbaachisa.
2. Abbootiin aangoo mootummaa, aangoo isaaniif kennname cabsuudhaan akka hin hojenne \_\_\_\_\_ barbaachiisaadha.
3. \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_ fi amala gaarii hawaasni barattoota irraa eegudha.

**IV. Deebiiwan Gaaffiilee Armaan Gadiitiif Kennaman Keessaa Kanneen Sirrii Ta'an Filadhu.**

1. Tartiiba sirrii kan agarsiisu isakamidha?
  - a. Seera mana barnootaa → heera mootummaa federalaa → heera mootummaa naannoo → qajeelfama biiroo barnootaa
  - b. Qajeelfama biiroo barnootaa → heera mootummaa naannoo → dambii biiroo barnootaa → dambii mana barnootaa
  - c. Heera mootummaa federalaa → heera mootummaa naannoo → qajeelfama biiroo barnootaa → seera mana barnootaa
  - d. Seera mana barnootaa → heera mootummaa naannoo → qajeelfama biiroo barnootaa → heera mootummaa feederaalaa
  
2. Kanneen armaan gadii keessaa kan iccitii maatii hin taane kami?
  - a. Iccitii abbaa manaa fi haadha manaa
  - b. Iccitii obboleessaa fi obboleettii
  - c. Iccitii hiriyyaa fi dhuunfaa
  - d. Iccitii abbaa fi haadhaa
  
3. Naamusni (amalli) barattoota irraa hin eegamne kami?
  - a. Misooma naannoo irratti hirmaachuu,
  - b. Daandii cufaanii odeessuu,
  - c. Naannoo jireenyaa tokkummaan qulqulleessuu,
  - d. Ijoollee xixiqqoo gargaaruu,

**V. Gaaffiilee Armaan gadii Irratti Ibsa Gabaabaa Kenni.**

1. Hawasa sirna federaalawaan buluuf maaliif heerri sadarkaa federaalaa barbaachisee?
2. Heerri mootummoota naannolee fi mootummaa federaalaa hariiroo akkamii akka qaban ibsi.
3. Aangoo abbootii taayitaa daangessuun maaliif barbaachisa?
4. Iccitii maatii, kan iccitii hin taane irraa akkamii adda baasuun danda'ama?
5. Haala ittiin malaammaltummaan waajjira mootummaa keessatti raawwatamu keessaa lama ibsi.

# BOQONNAA SADII

## WALQIXXUMMAA

**Kaayolee Boqonnichaa:** Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Mirgoota walqixxummaa fi mirgoota walqixxummaan fayyadamuu saboota, sablammootaa fi ummattoota Itoophiyaa ni beekta.
- Dhiirrii fi dubartoonni haala kamiinuu walqixxee ta'uu isaanii ni hubatta.
- Mirgoota walqixxummaan fayyadamuu qaama miidhamtootaa ni qayyabatta.

### 3.1 Mirga Walqixxummaa fi Walqixxummaan Fayyadamuu

- Saboонни, sablammoonnii fi ummattoonni walqixxummaan waliin jiraachuun isaanii faayidaa maalii qaba?

Marii Yeshii'immabeetii fi Guleed Heerri Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippaabiliika Itoophiyaa, lammiiwaan hundi seera fuulduratti walqixxee ta'uu isaanii tumeera. Akksumas tumaataaleen kutaalee hawaasaa deeggarsa addaa barbaachisuuf deeggarsi akka taasifamuuf gochaa jiru. Dhimma kana ilaachisee barattooni kutaa 7ffaa Yeshii'immabeetii fi

Guleed daree keessatti haallan armaan gadii akka moormiitti kaasaniiru.

**Guleed:** Heerichi lammileen hundi walqixxee ta'uu isaanii waan mirkaneesseef, osoo wal hin caaliin ija tokkoon ilaalamuu qabna. Sababni isaas tokkoof deeggarsi addaa taasifamee fi inni biroo immoo deeggarsicha yoo dhabe loogiin jira jechuudha. Kun immoo, qajeelfama Heerichaa waliin kan walfaalleessudha. Kana irraan kan ka'e yaadicha hin fudhu jechuun ibseera.

**Yeeshii'immabeet:** Heerichaan mirgi walqixxummaan namoota hundaa tumamuun beekamaadha. Kun dhugaa ta'ee osoo jiruu; barmaatilee miidhaa fidaniin, seenaadhaan, saalaa fi sababoota biroo irraa kan ka'e miidhaawanii fi loogiiwan mul'atan sirreesuuf jecha deeggarsi addaa taasifam-un isaa barbaachisaa dha. Kun immoo, walqixxummaa fi mirgoota walqixxummaatti fayyadamuu caalmaatti hojii irra oolchuuf ni gargaara jechuun ibsite.

**Gilgaala 1**

**Marii Armaan Olitti Dhiyaate Irratti  
Hundaa'uun Gaaffiilee Armaan  
Gadii Deebisi.**

1. Yaada falmii Guleedii fi Yeshii'immabeet keessaa isa kam deeggarta? Sababa deeggarteef ibsi.
2. Keewwatoota Heera Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippaabiliika Itoophiyaa kanneen adda addaa keessatti qaama miidhamtootaaf, dubartootaa fi naannoolee guddinaan duubatti hafuu jedhamaniif gargarsi addaa akka barbaachisu tumameera. Yaada kana gama mirga walqixxummaatiin akkamiin hubatta?

Mirgoota walqixxummaa jechuun yaada mirgoonni namummaa hundi haala duree tokko malee kabajamuu akka qaban agarsiisudha. Kana malees, mirgoonni dimookiraasii nama dhuunfaas ta'ee kan garee, haala heeraan ragga'een osoo hin hirdhatiin hojii irra ooluu akka qaban kan agarsiisudha. Heera Mootummaa Federaalawaa keessatti, namni kam iyyuu mirgoonni namummaa fi dimookiraasii isaaf kabajamuu qaban, haala ifa ta'een barreffamanii jiru. Kun immoo, saboonni sablammoonnii fi ummattooni Itoophiyaa mirgoota walqixxummaa isaaniitti fayyadamaa kan jiran ta'uun isaanii agarsiisa.

Lammiin kam iyyuu mirga carraa fi faayidaa walfakkaatu yoo argatuu fi eegumsi walfakkaatu yoo taasifameef, mirgi walqixxummaan faayadamuu

isaa gochaan mirkanaa'aaf. Namni hundi seera fuulduratti walqixa yoo ilaalamree fi qabeenya biyya isaa walqixxummaan itti fayyadamuu yoo danda'e, mirgi walqixxummaan fayyadamuu qabeenya biyya isaa gochaan mirkanaa'aaf. Heerri MFDRI, mirgoota diinagdee, hawaasummaa fi siyaasaa; mirgoota dhuunfaa fi kan garee, akkasumas, mirgoota sabootaa, sablammootaa fi ummattootaa tokko tokkoon tumeera. Kun immoo, mirgi walqixxummaan fayyadamuu biyya keenya keessatti wabii argachuu isaa mirkaneessa.

**Gilgaala 2**

**Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.**

1. Naannoo keessanitti mirgoonni walqixxummaa hagam hojii irra oolaa jiru?
2. Keeyata 25ffaa heera MFDRI keessatti mirkanaa'e irratti hundaa'uun maalummaa Mirgoota walqixxummaa ibsi.

**3.1.1 Ibsitoota Mirgoota Walqixxummaa fi Walqixxummaa  
Fayyadamuu Sabootaa,  
Sablammootaa fi Ummattootaa**



Fakkii 3.1. Saboota, Sablammootaa fi Ummattoota Itoophiyaa

- *Fakkii armaan olii irraa maal hubatte?*
- *Biyyi keenya Itoophiyaan muuziyeemii ummatootaati jedhamuun ishee maal agarsiisa?*

### **“Ummata Heesee”**

Ummanni Heesee bulchiinsa godina tokkoo keessatti argama. Miseensooni sablammii Heesee godina sana keessatti aanaalee sadii walqabatanii jiran keessa jiraatu. Ummanni Heesee kun afaan, aadaa fi seenaa mataa isaa kan qabudha. Yeroo tokkotti miseensooni ummata Heeseef walga'anii of-danda'anii godina took hundeffachuuf gaaffii dhiyeesson. Gaaffii mana mare sana keessatti bakka buutuu sablammii sanaa kan taate Aadde Hawwaadeen “Nuti sirna feederaalawaa fi dimookiraasiitiin kan gaggeeffamnudha. Mirgi ofin of-bulchuu heera Mootummaa Feederaalawaatiin nuuf ragga'ee jira. Naannoo keenya keessattis misooma ariifataa fiduuf ijaaramnee socho'uu qabna” jechuudhaan yaada isaanii mana mareef dhiyeesson. Miseensa mana mare sanaa kan ta'an namni tokko garuu “Godina haarawaatiin yeroo hundooftan, kanneen biroo waliin addaan baatanii jiraachuun yoo isinitti ulfaate yookiin ummatoonni naannoo keessanii kanneen biroo yoo isinirratti waraana bananii isin miidhan maal gootu?” jedhanii gaafatan.

Bakka bu'aa ummata Heesee kan ta'an Obbo Huseen; “Dhimma ofii ofin murteeffachuun mirga sabootaa, sable-mmootaa fi ummattoota Itoophiyaati. Ummanni sadarkaa kamittuu argamu mirgi walqixxummaa isaanii yoo kabajamee fi yoo beekameef, walgarg-aaranii waliin jiraachuu filatu malee, diinota waliif ta'uu waan hin dand-eenyeeef, dhiibbaan akkanaa nu irra gaha jennee hin sodaannu” jechuudhaan yaada isaanii kennan. Gaaffiin sablammii Heesees Mana Maree Federeeshiniitti ergame. Manni Maree Federeeshiniis dhimma isaa gama heera MFDRItiin erga qo'atee booda, fudhatee murtii dhumaa kenne. Haaluma kanaan sablammii Heeseef mirgi ofin of bulchuu kabajameef.

### **Gilgaala 3**

#### **Dubbisa Armaan Olitti Dhiyaate Irratti Hunda'uun Gaaffiilee Armaan Gadii Irratti Mari'dhaa.**

1. Mirgi ofin ofbulchuu sabootaa, sablamootaa fi ummatootaa faayidaa akkamii argamsiisa?
2. Gaaffiin ummanni Heesee ofin ofbulchuu dhiyeeffate haala kamiin hojii irra oolee?
3. Walgargaaranii waliin jiraachuuf mirgooni kabajamuu qaban maalfaa akka ta'an tarreessi.

Mirgoota Heera MFDRi keessatti iddo ol'aanaan kennameef keessaa mirgooni sabootaa, sablammootaa fi ummatootaa isaan ijoodha. Mirgoota kannen keessaas, mirgi ofin ofbulchuu

hangaa mootummaa mataa ofii ijaarrachuutti deemu, isa guddaadha. Saboonti, sablammoonnii fi ummatooonni Itoophiyaa aangoo olaantummaa isaaniitti fayyadamuuun mootummaa federaalawaa ijaaran. Sirna federalawaa hojii irra oolchuunis tokkummaa walqixxummaa irratti hunda'e ijaaran-iiru. Kanaafis, heera waliigaltee tokkummaa uumuu isaanii mirkaneessuu fi waadaa fi waliigaltee isaanii ibsu raggasisaniiru. Mirgoonti walqixxummaa ummataas waan mirkana'aniif Itoophiyaan biyya ummattooni tokkummaa waliin keessa jiraatanii fi walqixxummaatti waliin fayyadaman taateetti.

Saboonti, sablammoonnii fi ummatooonni Itoophiyaa mirgi ofiin of-bulchuu isaanii ragga'uufii biratti, Mana Maree Bakka Bu'oota Ummattootaa fi Mana Maree Federeeshinii keessatti, bakka bu'iinsa wal madaalu argachuun isaanii haallan mirgi walqixxummaa isaanii mirkana'uu isaa dhugoomsan keessaa isa tokkodha.

#### Gilgaala 4

##### Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.

1. Saboonti, sablammoonnii fi ummattooni itoophiyaan mirga ofiin ofbulchuu qabaachuun isaanii faayidaa inni argamsiisuuf tarreessi.
2. Mirgoonti walqixxummaan faayidaa argachuu lammiiwwanii akkamii akka kabajamuu danda'u ibsi.

#### **3.2 Barbaachisummaa Kabajama Mirgoota Walqixxummaa Afaanii fi Ibsitoota Aadaa Sabootaa, Sablammootaa fi Ummattoota Itoophiyaa**


- *Wantoonni biyya tokko keessatti tasgabbiin akka hin jiraannee fi jeequmsi akka uumamu taasisan maal fa'a?*

Biyyi keenya baroota hedduu darban keessatti saboonti, sablammoonnii fi ummattooni Itoophiyaa cunqursaa sirnoota mootummoottaa darbaniin kan ka'e seenaan isaanii, afaanoni, ibsitooti aadawanisaanii tuffatamanii turaniiru. Sababa kanaanis, biyyi keenya Itoophiyaan nageenyi ishee boora'ee, misoomnii fi guddinni ishee duubatti harkifamee akka turu ta'eera. Dhiibbaawan garaagaraa irraa kan ka'es eenyummaan sabootaa dhitamee fi uuukkamamee tureera. Lammiiwwan hedduunis, mootummoottaa cunqurstootaan mirgoonti isaanii sarbamanii. Kanneen gochawaan kanaafakkeenya ta'an keessaa tokko seenaagocha ajjeechaa lubbuu bara bulchiinsa mootummaa Dargii keessa "Goolii Diimaa" jedhamee kan raawwata-medha.

Itoophiyaa keessa saboota, sablammootaa fi ummatootaa 80 ol ta'antu argamu. Akka heera MFDRIttis ummattooni kunniin hundi walqixxeedha. Biyya haala akkasiin baay'inni ummatootaa, afaanii, seenaagocha aadaa jirukeessatti mirgi walqixxummaa kabajamuun, nageenyaa fi misooma itti fufiinsa qabu dhugoomsuuf baay'ee barbaachisaadha.

**Gilgaala 5****Gaaffiilee Armaan gadiif Deebii  
Kenni.**

1. Faayidaa mirgoota sabootaa, sablammootaa fi ummatootaa guutummaa guutuuti kabajuu qabu tarreessi.
2. Kabajamu haf uun mirgootaa miidhaawa n akkamii qaba jettee yaadda?
3. Waa'ee gocha gara jabinaan lubbuu balleessuu "Goolii Diimaa" kitaaba dubbisuun ykn barsisaa seenaa keessan gaafachuun irratti mari'adhaa. Sanaan boodaas, yaada qabdan hiriyota kee waliin walii ibsaa.

**3.3 Walqixxummaa Saalaa****3.3.1 Mirga Walqixxummaa  
Dubartootaa**

- *Fakkii armaan olii irraa maal hubatte?*

Mata duree “Duuba hojiwwan gurguddoo dubartoonni gurguddoon jiru” jedhu irratti waltajiin marii tokko gaggeeffamee ture. Ijoon dubbii maric-haa gaazexaa Addis Zaman irraa argama. Yeroo mariin kun gaggeeffamu ogeessoonni sadii ibsa kennanii ture. Isaanis, kan mana maree bakka bu'ota ummataatti walitti qabduu dhimma dubartootaa turan ogeessa dhimma dubartootaa fi bulchiinsa irratti qo'annoq gaggeessanii turanii fi beekaa saayinsii hawaasaa, kanneen ta'an ibsa armaan gadii kennanii turani.

**Dubbataa Tokkoffaa:** “Addunyaan kun bareedduu akka taatuuf dubartoonni ka’umsa dha. Ifa bahee hin dubbatamu malee, gocha, hojii fi bu’aa argamu tokko duuba dubartoonni jiru. Dhiirota waliin deemneerra. Ammas waliin ejjeechaa/tarkanfachaa jirra” jechuudhaan dubartoonni hojii gurg-uddoo hojjechaa turuu if hojjechaa kan jiran ta’uu isaanii hubachiisianniiru.

**Dubbataa Lammaffaa:** “Dubartoonni dandeettii fi ga’umsa qabaachuun isaanii kan shakkisisu miti. Sadarkaa biyyooleessattis ta’ee sadarkaa addunyaaatti dandeettii fi ga’umsa qabaachuu isaanii agarsiisaniiru. Keessumaa iyuu, yeroo ammaa kanatti ga’umsii fi dandeettiin dubartootaa sadarkaa ol'a-

anatti ifaan beekamaa fi hubatamaa jira. Seeronnii fi immaammatooni adda addaa yeroodhaa yerootti bahan garaagarummaa dhiiraa fi dubartii gidduu jiru dhiphisaa dhufaniiru. Dubartoonni dandeettii fi ga'umsa isaanii baasanii muldhisuuf, muldhata qabachuu qabu. Kanas gabbifachuuf ta'ee, jijiirama fiduuf, barachu fi karaalee biroo isaan cimsuu fi daandii guddina gahoo isaan taasisan hordofuu qabu jechuun ibsaniiru.

**Dubbataa Sadaffaa:** “Dubartii guddoon muldhataa fi kaayyoo ishee kan beektu, kaayyoo ishee galmaan ga'uuf kutannoon kan hojettu, amala gaarii kan qabduu fi amanamtuu kan taatedha” jechuudhaan ibsaniiru.

**Maddi:** Gaazexaa Addis Zaman, Caamsaa 13, 2000, fuula 13 ta'ee haala barumsaaf ta'utti fooyya'ee kan dhiyaatedha.

## Gilgaala 6

### Gaaffilee Armaan Gadii Deebisi.

1. Yaada “Addunyaan kun miidhagduu akka taatu dubartoonni ka’umsadha” jedhu akkamiin hubatte? Ibsa kenni
2. Hirmaannaan dubartoona walqixxummaa irratti hunda'e osoo hin jiraatiin misoomni biyyaa fiixaan bahuu danda'aa? Maaliif?
3. Naannoo kee dubartoonni hojiwwan gurguddoo hojjachuun fakkeenyta'an jiruu? Hiriyoota keetti himi.

Dubartoonni haaluma hundaanuu, dhimmuma kam irratti iyyuu dhiira waliin walqixxeedha. Heera mootummaa feederaalaa fudhannee yoo ilaalle, dubartootaaf, mirgoonni walqixxummaa fuudhaa fi heerumaa, jirenya maatii, itti fayyadama qabee nyaaa fi haala hojitiin mirkanaa'efiira.

*Dubartiin dhiiraan walqixxee hojjechuu, waa umuu fi oogganuu ni dandeessi.*

## Gilgaala 7

### Gaaffilee Armaan Gadii irratti Mari'adhaa

1. Yaada “dubartoonni dhiiraan walqixxee dandeettii fi bilchiina sammuu ni qabdi” jedhu irratti yaada akkamii qabda?
2. Walqixxummaan dubartoona akka kabajamu gochuuf maal gochuutu sirraa eegama?

### 3.3.2 Ibsitoota Mirgoota Walqixxummaa Dubartoota

- Mirgoonni walqixxummaa dubartoota maal fa'aa? Maaliin ibsamu?

Dargaaggoon aanaa tokko keessa jiraatuu fi Birhaanuu Tagaanyi jedhamu shamarree bareedduu naannoo isaa jiraattu tokko fuudhuuf yaadee jaarsummaaf jaarsolii eergatee gaafach-iifate. Maatiin shamarree kanaa gaaffii kana fudhatanii fedhii kan agarsiisan yoo ta'e iyyuu shamarreen kun garuu heerumuuf fedhii hin qabdu turte. Haaluma kanaan, shamarreen kun

barnoota isheef xiyyeffannaa guddaa kennitee barnoota ishee itti fufuu malee heerumuun akka hin barbaanne eejennoo ishee ibsiteef. Maatiin ishees faayidaa barnootaa shamarree kana irraa waan baraniif yaada isaanii jijjiiran. Yaada ishees fudhatanii waliigalan. Jaarsolii dargaaggoo Birhaanuu-tiinis, fedhii shamarree kana heerumiisuu akka hin qabnee fi isaanis yaada kana akka dhiisan hubachiisan.

Dargaggoo Birhaanuun garuu, yaada maatii shamarree kanaa fudhachuu dhiisee hiriyota isaa shan waliin shamarree kana butee fudhate. Yeroo kanatti, poolisiinii dhimma kana hordofaa waan tureef dargaggoon kun hiriyota isaa waliin to'annoo pooliisii jala oole. Poolisiinis, odeeffannoo jiru qindeessee erga addaan baasee booda dhimma kana mana murtiitti dhiyesse.

Manni murtiis dargaaggoo yakka butii dalaguun himatame kana irratti ragaa erga dhaggeeffatee booda seera adaba yakkaa ibsuudhaan dargaggichi yakamaa ta'uun isaa mirkaneessee hidhaa waggaan kudha shaniitiin akka adabamu irratti murteese. Deeggartoonni isaas akkuma badii raawwataniitti adabaman. Shamarreen kunis, seerri mirga ishee waan isheef kabachiiseef, barnoota ishee xumuruu dandeessee jirti. Yeroo ammas Yuunivarsiitii galtee barnoota ol'aanaa hordofaa jirti.

## Gilgaala 8

### Gaaffiilee Armaan Gadii Irratti

### Hiriyota Kee Waliin mari'adhaa.

1. Dubbisa dhiyaate irraa maal hubatte?
2. Dargaggoo Birhaanuu irratti murtoon darbe sirriidha jettee yaaddaa? Maaliif?
3. Shamarreen badiin butii irratti yaalame tokko, gara barsiiftuu barnoota lammummaa fi amala gaarii dhuftee waa'ee mirga ishee yoo gaafatte, goorsa akkamiitu kennamuufii qaba jettee yaadda?
4. Mirgi barnootaa shamarranii akka barmaatilee miidhaa fidaniin hin gufanne maaltu ta'uun qaba jettee yaadda?

Baroota darban keessaa barmaatileen mirgoota walqixxummaa dubartootaa sarban hedduun waan babaldhatanii turaniif mirgi walqixxummaan saalaa kabajamee hin turre. Yeroo ammaa kanatti, haalli fooyya'aan yoo jiraatellee gara fuuld uraatti hojiwwan hedduun kan hojjetamuu qaban ta'uun isaanii hubachuu qabna. Hardhas yoo ta'e, gochaaleen dubartii gad qaban, mirga murtoo kennuu danda'uun ishee miidhanii fi dhiibbaa jalatti akka jiraattu taasisan kan jiranidha. Kana-afuu, gara fuula duraatti, yaadotaa fi gochaalee duubatti hafoo kana irratti qabsa'aun, walqixxummaa dubartootaa fi dhiiraa mirkaneessuun ittigaafatamummaa lammiiwwan hundaa ta'uun qaba. Akka heera MFDRItiin ragga'eetti dubartiin fuudhaa fi heeruma keessatti qabeenya horachuun, mirga abbummaa lafaa qabaachuun tajaajila kennituuuf kaffaltii walqixa argachuu fi kkf dhiira waliin mirg walqixxummaa qabu

jedha. Kana malees, gad aantummaan ilaalamuu irraa walaba ta'uuf, dhiibbaa barmaatilee miidhaa qaban irraa bilisa ta'uuf, seerotaa fi barmaatilee cunqrtsitoota ta'an irraa eegamuuf mirga guutuu qabu.

*Shamarran barsiisuun hawaasa barsiisuudha.*

### Gilgaala 9

#### Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.

1. Dubartooni dhimmoota isaan ittiin dhiira waliin walqixa ta'an tarreessuun ibsi.
2. Barmaatilee of tuuluu naannoo keessatti raawwataman miidhaa fidanii fi dubbataman dabtara kee keessatti barreessi.
3. Gochaalee dubartoota irratti miidhaa fidanii fi gochaalee akkasii ittisuuf maaltu sirraa eegama? Tarreessuun ibsi.

### 3.4 Mirgoota Qaama Miidhamtootaa



Fakkii 3.3: Qaama Miidhamtoota Oguummaa Adda Addaa Irratti Bobba'an

- *Fakkii armaan olii irraa maal hubatte?*

#### Kormee Xiqqicha

Kormeen mucaa wagga 12 yoo ta'u, kan jiraatu, haadha isaa waliini. Abbaa isaa du'aan kan dhabe daa'imummaa isaatti ture. Hiriyoonni isaa "Kormee xiqqicha" jedhaniitu waamu. Maqaan kun mucichi baay'ee gabaabaa fi qallaa waan ta'eef, haati isaa baasaniif. Kormeen xiqqichi barataa kutaa 1<sup>ffaa</sup> ta'ee osoo barachaa jiruu namoonni karaa deeman, yeroo mana barnootaatii galu gowwoomsanii hatuun gara naannoo fagoo ta'eetti fudhatan. Ija isaa lamaan jaamsuudhaanis kadhannaaf itti fayyadamuu eegalan. Innis, bakka fudhatametti naannoo adda addaa fi manneen amantii irra jooree kadhatee warra isa bulchaa turaniif galchaa ture.

Jireenyi inni jiraatus baay'ee kan hin mijofnee fi cinqisiisaa itti ta'e. Haaluma kanaan osoo jiraattuu, gaaf tokko badee karaa gaafatee, gargaarsa namoota gaariitiin mana haadha isaa gahe. Haadha isaas yeroo argatu, baay'ina gaddaa irraa kan ka'e dhibamtuu taatee miidhamtee ture. Jireenyi ishees kan hin mijannee fi jirenya gadaanaa ta'e. "Cittoo irratti fanxoo" akka jedhamu, rakkoon itti baay'atee ture. Kormeen garuu, rakkoo isaa fi haadha isaa irra gahee tureen osoo abdii hin kutiin barnoota isaa itti fufuuf murteesse. Haaluma kanaan,

gara mana barnootaa naannoo isaa jiru deemudhaan barachuun akka isaaaf eeyyamamuuf iyyannoo galfate. Manni barnootichaas Kormee fudhatee keessummeessuu akka hin dandeenye ibsee, dide. Kormeenis, itti fufuudhaan gara waajjira mirga qaama miidhamtootaa kabachiisuu deemuudhaan, rakkoo isaa beeksise. Dhaabbatichis qaama miidhamtoonni akkuma namoota biroo mirga guutuu kan qabaniif fi barachuus akka danda'an ibsuudhaan, mana barnootichaa galee barachuu akka danda'u deeggarsa barbaachisaa ta'e kan godhaniif ta'uu isaa ibsaniif.

Haaluma kanaan dhaabbatichi, waa-jjira barnoota naannichaa waliin ta'uudhaan mirgi Kormee akka kabajamuu fi haallis akka mijaa'uuf taa-sisan. Kormeenis, qormaataa fi miidhaa isa irra gahee ture hundaaf osoo hin jilbeeffatiin mirgi isaa akka kabajamuuf tattaaffii gochuun barnoota isaa haala gaariitiin hordofaa jira.

## Gilgaala 10

### Dubbisa Armaan Olii Irratti Hunda'uun Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.

1. "Kormeen xiqqichi" miidhaa wantoonni jirenya isaa keessatti isa mudhatan barnoota isaa fi jirenya isaa irratti geessisan maal fakkaata? Ibsi.
2. Kormeen barnoota isaa akka itti fufu dhaabbanni gargaaraa ture gahee isaa hangam baheera sitti fakkaata?

3. Manni barnootichaayaada Kormee hin fudhu" jedhu maaliif jijiiruu danda'e sitti fakkata?
4. Ati namoota miidhama qaamaa qabaniif gargaarsa akkamii gochuufiit sirraa eegama?

Lammiiwan qaama miidhamtoota ta'an biroo mirgoonni isaanii akka kabajamaniif gargaarsi barbaachisaa ta'e taasfamuufii qaba. Mirgoonni isaanis kabajameef jennaan wantoota biyya fayyadan hedduu hojjechuu danda'u.

### 3.4.1 Miidhaa Mirgoota Qaama Miidhamtootaa Kabajuu Dhiisuun Geessisu

- *Mirga qaama miidhamtootaa haala barbaachisaa ta'een kabajuu dhiisuun miidhawwan akkamii geessisa?*

Qaama miidhamtoonni akkuma nama qaama guutuu qabuu kabaja guutuu argachuu kan qabaniif fi dame hojii kam keessattuu taanaan hojii bu'aa qabu raawwachuu kanneen danda'anidha. Biyya keenya keessatti jijiiramni muldhachaa kan jiru yoo ta'e iyyuu, dhiibbaa fi qoodinsi hawaasummaa amma illee furmaata waliigalaahin arganne. Namoonni hubannoo gad-aanaa qaban baay'een, miidhama qaamaa, carraa gahee fi abaarsa waaqayoo waliin wal qabsiisu. Kana irraas kan ka'e, qaama miidhamtoonni rakkolee diinagdee fi dhiibbaa jirenya hawaasummaf saaxilamu. Yeroo tokko

tokko immoo maatiwwan isaanii illee, miidhaa isaan irraan gahu. Fakkeenyaaaf, mana barnootaa akka hin galle dhorkuuun namni biraan akka isaan hin argineef mana keessatti ukkaamsanii hambisu. Haala kanaanis, namoonni miidhamtoota qaamaa hedduun carraa barnootaa akka hin arganne taasifamaniiru. Namoota qaama miidhamtoota ta'an dhiibuu fi hariiroo hawaasummaa keessaa akka bahan/fagaatan gochuun maatiis ta'ee biyya haala malee miidha. Kunis beekumsa, dandeettii fi kennaq qabanitti fayyadamuu irra dandeettiin ooggansa isaanii, akkasumas beekumsi horatan akka hojji irra hin oolle taasisa. Kun immoo guddina biyyaa duubatti kan harkisudha. Hiyyummaanis akka babaldhatu gochuun ummata miidha. Mirga qaama miidhamtoota kabajuu dhiisuun, walumagalatti ummataa fi biyya irratti rakkolee walxaxoo ta'an geessisa. Kanaafuu, maatiwwanis ta'anii hawaasni deeggarsaa fi kunuunsa barbaachisaa ta'e gochuufii qabu. Lammileen hundi ittigaafatatummaa namoota qaama miidhamtoota ta'an gargaruu qabu.

### Gilgaala 11

#### *Gaaffiilee Armaan Gadiif Deebii sirrii Kenni.*

1. Raakkoowwan diinagdee fi hawaasummaa namoota qaama miidhamtoota ta'an jirenya hawaasummaa keessatti of-irraa fageessuun geessisu kam fa'a?

2. Deeggarsa qaama miidhamtootaaf taasifamuu qaban tarreessi.
3. Faayidaa mirga namoota qaama miidhamtootaa kabachiisuun qabu ibsi.
4. Mirga qaama miidhamtootaa kabachiisuu keessatti gaheen kee maal inni?

### 3.5 Faayidaa Kabajamuun

#### **Walqixxummaa Amantii**

- *Mirga walqixxummaa amantii kabajuun faayidaa maalii argamsiisa?*

Kabajni mirga walqixxummaa amantii biyya tokko keessatti sirna dimookiraasii cimsuuf, nageenya amansiisaa fiduuf, misoomaa fi guddina ariifachiisaa irra gahuuf fayyada. Kana malee, lammien tokko amantii barbaade hordofuuf, mirgii fi walabummaan isaa yoo kabajameef, jaalalli biyyaaf qabu, mirri jaalala biyyaa isaas dabala deema. Jaalalli biyyaa inni qabu yeroo dabala deemu immoo, biyya misoomsuu, nageenya fi tasgabbii ishee mirkaneessuu fi guddina waligalaa dhugoomsuu keessatti hirmaanna wal irraa hin cinne taasisa. Biyyi kan guddattuu fi misoomaan sadarkaa ol'aanaa irra kan gahuu dandeessu, mirgi walqixxummaa lammileen guutummaa guutuutti beekamanii yoo ni kabajamu ta'edha.

Namni kam iyyuu amantii isaa nageenyaan barsiifa chuu fi hordofootaa horachuu ni danda'a. Kana malees, namuma kamiyyuu amantii isaa humnaa fi dirqidhaan akka

## WALQIXXUMMAA

jijiirratu gochuun mirga walqixxummaa amantii dhiibuu dha. Gochi kun immoo heera biyyooleessaa faalleessuu fi hojii irra oolmaa isaa fashaleessuuf yaaduu ta'a. Gochi akkasii immoo nageenya hawaasaa booreessa. Hawwii fi abdii misoomaa fi guddina biyyattii dukkan-eessa. Ummata gidduuttis wal amanuu fi wal kabajuun akka hin jiraanne taasisa.

Mirgi walqixxummaa amantii kabajamuun guddinaa fi misooma biyyaatiif baay'ee murteessaadha. Mirgi walqixxummaa amantii hundaa seera fuulduattti yoo mirkanaa'e jireenyi nagaa fi nageenyi ni mirkanaa'a. Waliif yaaduu fi waldeegaruun ni jiraata, Faayidaa fi fedhii waliiniif yaaduu fi walgargaaruun ni jiraata, Faayidaa fi fedhii waliiniif waliin hojjechuuf haalli mijaa'an ni uumama. Haalli mijaa'an akkasii jiraannaan immoo, lammiiwwan tokkummaa cimaa walqixxummaa irratti hundaa'ee akka gabbifatan gochuun sonawwan waliinii akka dagaftatan dandeessisa.



Fakkii 3.4 Walqixxummaan amantii heera mootummaa FDRIn mirkanaa'eera

## Boqonnaa Sadii

Heerri MFDRI namni kam iyyuu amantii barbaade akka hordofu ni eeyyama. Walabummaa fi mirga kana humnaa fi haala birootiin dirqisiisanii daangeessuun akka hin danda'amnes raggaasifameera. Haata'u malee, akka keeyyata 27/5 fi 90/2tti heerra mootummaa federaalaatti haallan itti mirgoonni amantii daangeffamuu danda'an ni jiraatu. Isaanis, seeraan raggaasfamanii jiru. Haaluma kanaan, haalli nagaa fi nageenya fayyaa, barnoota, safuu ummataa fi mirgoota lammiiwwanii fi kanneen biroo miidhu ummamnaan yeroo amantii babaldhii-suun itti daangeffamu jira.

### Gilgaala 12

#### **Gaaffiilee Armaan gadii Irratti Hiriyoota Kee Waliin Mari'adhaa.**

1. Namni tokko amantii barbaade akka hordofu taasisuun faayidaa maalii qaba?
2. Akka heera MFDRItti sababban itti mirgi walabummaa amantii daangeffamuu danda'u maal fa'aa akka ta'an tarreessi.
3. Yaada dhaabbileen barnootaa ammayyaa barnoota dhiibbaa barnoota amantii irra walaba ta'uu qabu jedhu akkamitti hubatta?
4. Faayidaa kabaja mirga walqixxummaa amantii tarreessi.
5. Rakkoowwan haala mirgi walqixxummaa amantii itti hin kabajamne tokko keessatti uumamuu danda'an maal fa'a?

## Xumura Boqonnichaa

Mirgoonni namummaa fi dimookiraasii namoota osoo irraa hin hirdhatiin kabajamuu qabu. Saboonni, sablammoonnii fi ummatoonni Itoophiyaa, faayidaa fi mirga walfakkaatu argachuu qabu. Mirgi walqixxummaa isaanii yeroo kabajameef, qabeenya biyyooleessaa isaanii irraa faayidaa walmadaalu argachuu danda'u. Biyya keenya keessatti, heerri MFDR mirga sabootaa, sablammoottaa fi ummatoota Itoophiyaa wal qixxummaa fi faayidaa walqixxummaa mirkaneesseera.

Kanaanis, saboonni, sablammoonnii fi ummatoonni Itoophiyaa mirga ofiin of bulchuu hanga mootummaa mataa isaanii hundeffachuu danda'uutti isaaniif kabajameera. Sirnoota siyaasaar darban keessatti, saboonni, sablemmoonnii fi ummatoonni tuffatamanii, dhiitamaa, cunqurfamaa kanneen turan ta'uun isaanii ni beekama. Amma garuu mirgi walqixxummaa seenaa, amantii, aadaa fi siyaasaa heera MFDR Itiin ragaasifameefii jira. Kun immoo, guddina misoomaa fi badhaadhina biyyaaf gumaachi inni qabu olaanaa ta'uun isaa kan nama shakkisiisu miti.

Mirga kamiin iyyuu dubartiin dhiira waliin walqixa. Dubartoonni dandeettii /ga'umsa sammuu isaaniitiin dhiiraa gad miti. Qixxee dhiiraa barachu, hojjechuu fi hojji gaggeessuu danda'u. Kanaafuu, ilaalcha duubatti hafaa fi dogoggoraa irratti qabsaa'uun, mirgoota dubartootaa kabachiisuu fi kabajuun dhalootas ta'e biyyaa baay'ee fayyada.

Mirga qaama miidhamtootaa kabajuun faayidaa ol'aanaa qaba. Deeggarsi barbaachisaan yoo taasifameef, misooma ariifachiisaa fiduu keessatti hirmaachuuudhaan gahee isaan irraa eegamu bahuu ni danda'u. Kanaafuu, maatiwwanis ta'an hawaasni deeggarsa barbaachisaa ta'e taasisuufii qaba. Mootummaanis, haala dandeettiin biyyattii eeyyamuun qaama miidhamtootaaaf kunuunsaa fi deeggarsa barbaachisaa ta'e gochuu ciminaan itti fufuu qaba.

## Jechoota Ijoo

- **Olaantummaa:** Abbummaa aango ol'aanaa, aango siyaasaa kan seera tumuu/murtii murteessu. Itoophiyaa keessatti abbaan aango kanaa, saboota, sablammoottaa fi ummattoota biyyatti.
- **Mul'ata:** Kaayyoo namni tokko bara jirenya isaa keessatti qabu galmaan gahuuf
- yaaduu fi guddina irra gahuuf fedhu.
- **Jibbisiisaa:** Qaanessa, kan ta'uu hin qabne, kan hin fayyanne.
- **Murtii:** Murtii mana murtii, murtii seeraa, guduunfaa yaadaa,
- **Tumsitoota Yakkaa:** Yakka irratti kan waliin bobba'an, gocha yakkaa kan waliin dalage, gocha yakkaa kan deeggare.
- **Bulchaa Maatii:** Ittigaafatamummaa fudhatee maatii tokko kan bulchuu, kan jiraachisu ykn kan gaggeess-udha.
- **Dararamuu:** Hiyyummaa, rakkachu, daaru, gadadoof saax ilamu,

## Gaaffiilee Keessa Deebii

### **I. Tokkoon Tokkoon Himoota Arm-aan Gadii “Dhugaa” Yookiin: Soba” jedhi.**

1. Dokumentoota mirgoonni walqixxummaa ittiin mirkana'an keessaa tokko heera Mootummaa Feederaalawaa dimookiraatawaa Rippabiliika Itoophiyaati.
2. Mirgoota walqixxummaa heera Mootu-mmaa Feederaalawaa Rippabiliika Itoophiyaatiin rag-aasifaman keessaa mirgoonni sabootaa, sablammootaa fi ummatoota Itoophiyaa kanneen bu'u-uraati.
3. Seenaan bara dheeraa biyya keenya keessatti mirgoonni, aadaa, afaanii fi amantiin uumataa kabajamaa waan turaniif, biyyi keenya biyya sooromte ykn misoomte taateetti.
4. Adeemsa hirmaanna misooma Itoophiyaa keessatti sochiin dubartootaa kan dhiiraa Waliin yoo ilaalamu xiqqaa dha.
5. Miidhaamni/hirdhinni qaamaa fi sammuu abaarsaa fi carraa gadhee ta'een kan dhufu dha.

### **II. Kanneen “A” Jala Jiran Kanneen “b” Jala Jiraniin Walitti Firoomsi.**

#### **A**

1. Mirga Ofiin of-bulchuu
2. “Goolii Diimaa”
3. Butii, umurii malee heerumuun
4. Qaama miidhamtoota kunuunsuu

#### **B**

- A. Ittigaafatatummaa ummataa fi mootummaa
- B. Barmaatilee miidhaa fidanii fi boodatti hafuu
- C. Angoo olaantummaa umma-taa fuudhuu
- D. Ajjeechaa ol'aanaa fi sanyii balleessaa bara Dargii

### **III. Bakkeewwan Duwwaa Armaan Gadii Irratti Deebiiwwan Sirrii Ta'an Guuti**

1. Biyyi keenya Itoophiyaan \_\_\_\_\_ tokkummaan jiraatan dha.
2. Dokumaantiin ummatoonni Itoophiyaa hundi walqixxummaa isaanii ittiin mirkanoeffatn \_\_\_\_\_ jedhama.

### **IV. Hima Armaan Gadii Dubbisuun Deebii Sirrii ta'e filadhu.**

1. Mirga walqixxummaa kan hin taane kami?
  - a. Mirgoota Nammummaa fi Walabummaa
  - b. Mirgoota dimookiraasii heeraan mirkana'an
  - c. Qabeensa biyyattii keessatti argamutti haala walmadaaluun fayyadamuu
  - d. Deebiin hin kennamne.

2. Haala jirenya dubartii fi dhiirri itti walqixa ta'an keessaa tokko \_\_\_\_\_
  - a. Mirga fuudhaaf heerumaa fi jirenya maatii
  - b. Hojii fi qabeenyatti fayya-damuu
  - c. Qabeenya dhaalchisuu fi nama biroof dabarsuu
  - d. Hunduu deebii dha.
  
3. Kan armaan gadii keessaa waa'ee dandeettii fi cimina dubartii ilaachisee kan sirii hin taane kami?
  - a. Hanga ammaatti hojiiwan hojjetaman gurguddoon dhiirota qofaan kan hojjetamani dha.
  - b. Dubartoonni, murtii murteessuu fi gaggeessummaa irratti gahummsa mirga walqixa qabu.
  - c. Hojii walfakkaatuuf kaffaltii walfakkaatu argachuuf mirga qabu.
  - d. Dubartoonni dandeetii barnootaan dhiiraa gadi miti.
  
4. Qaama miidhamtoonni ltoophiyaa keessa jiraatan:
  - a. Kabajaa fi kunuunsa barbaachisaa ta'e argachaa jiru.
  - b. Irraa qoollifachuu fi dhiibbaan hawaasummaa yeroo dheeraaf irra gahaah tureera.
  - c. Lakkofsi isaanii xiqqaan waan ta'eef, gargaarsi isaan hin barbaachisu.
  - d. Carraa barnootaa haala ol'aanaan argachaa jiru.

#### **V. Gaaffiilee armaan Gadiif Deebii Gabaabaa Kenni.**

1. Barbaachisummaa kabaja mirgoota walqixxummaa ibsi.
2. "Hirmaanna dubartootaa malee misooma dhugoomsuun hin danda'amu" jechuun maal jechuu akka ta'e ibsi.
3. Kunuunsa qaama miidhamtootaaf taasifamuu qaban tarreessuun ibsi.

# BOQONNAA AFUR

## HAQUMMAA

**Kaayyoo Boqonnaa:** Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Lammiiwan gidduu adeemsi hojii loogii irraa bilisa ta'ee haqa irratti hundaa'e jiraachuu akka qabu ni beekta.
- Adeemsa qaamman haqaa ittiin murtii kennan nii hubatta.
- Haqummaan faca'iinsa tajaajila hawaasummaa jechuun maal jechuu akka ta'e ni hubatta.

### 4.1 Jiraachuun Adeemsa Hojii Haqawaa Loogii Irraa Walaba Ta'ee

- Adeemsa hojii loogii irraa walaba ta'e jechuun maal jechuudha?
- Gochaawwan loogummaa agars-iisu jettee yaaddu barattoota daree keetiif tarreessi.

#### Gandoota Wanciitii

Wayitii tokko gandoonni Wanciitii ummata naannootiin jaalatamoo turan. Gandoonni kunniin maqaa gaarii kana argachuu ann danda'anis hawaasa naannoof tajaajila daldalaa, artii fi barnootaa kennaa waan turaniif. Maanguddoонни baay'een gandoota olla,

gandoota hanga sanaa keessatti jiratan, gandoota sanaaf yaadannoo

gaarii qabu. Kana irraas kan ka'e hanga 'Jiraachuun Wanciitii Keessa' jedhamutti ga'amee ture. Haata'u malee, waggoota kurnan darbaniif, gandoonni kunniin gama diinagdee, aadaa, artii fi hawaasummaatiin maqaa gaarii qaban dhabanii jiru. Hojetanii jiraachuuf illee naannoo sodaachisaa ta'eera jedhamuu irra gahaniiru.

Waggaa lamaan asitti garuu, gandoonni kunniin deebi'anii guddachaa/fooyya'aa jiru. Kanaafis, sababa kan jedhamu, waltajjii marii ummatoota gandoota muraasa keessatti tattaaffii jiraattotaatiin eegalamee turee fi booda babaldhatedha jedhu. Ummanni dhimmoota dadhabina gandoota isaanii fi boora'uu nageenyaatis sababani maal akka ta'ee fi rakkolee turaaniif ka'u-msi maal akka ta'e addaan baafachuu danda'an. Kanaafis, sababoota kan ta'an gochawwan loogii osoo hin beekamiin hawaasa keessatti baroota dheeraaf hundee jabeffatanii turan babal'achuu fi haqummaan dhabamuu akka ta'e mirkanaa'e.

Marii tasfameen, rakkoleen muldhantani turan deebi'anii akka hin uumamne gochawwan furmaata ta'an kanneen adda addaa raawwachuuuf waliigalan. Nageenya buusuuf, mala ijoo ta'ee kan fudhatame, maatii irraa kaasee hanga waajjira mootummaatti hojiwwan ykn raawwiwwan haqummaa gabbisan guddisuuf ture. Kanas hojii irra oolchuuf, koreen manguddoota, dubartoota, dargaggoota, hojjettoota mootummaa, waldaalee amantii fi hoggantoota gosootaa irraa ijaarame. Gahee fi ittigaafatamummaa koree kanaa keessaa; waltajjii araaraa, dhifama walgaafachuu fi hawaasa keessatti barnoota faayidaa nageenya fi haqummaa irratti xiyyeffatee fi maatii qoqoddii lafaa, itti fayyadama qabeenyaa fi kkf keessattis loogii balleessuun haallan itti haqummaa mirkaneessuun danda'amu uumuu fa'a.

Akkuma karoorran kunniin hojiirra ooluu eegalaniin, gandoota Wanciitii keessatti, haalli nageenya fooyya'iinsa olaanaa agarsiisaa dhufe. Sababa kanaanis, tajaajila daldalaa, kan artii fi hogbarruu, akkasumas, barnoota duraan addaan citee ture deebisanii argachuu fi to'achuu danda'an. Nageenya fi tasgabbii uumame irraas kan ka'e, jiraattota gandoota kanaa qofaa osoo hin taane, jiraattooni gandoota ollaa illee fayyadamtota ta'uu eegalani. Kana irraas kan ka'e, ummanni Wanciitii fi ummanni ollaasaanii,

faayidaa haqaa adeemsa loogiirraa walaba ta'e jiraachuun, nageenya fi misoomaaf qabu hubatan.

### Gilgaala 1

#### *Dubbisa Armaan Olii Irratti Hunda'uun, Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.*

1. Rakkolee gandoota Wanciitii kufaatiif saaxilan tarreessi.
2. Hojiwwan loogii irraa bilisa ta'anii fi haqummaa qaban jiraattoota gandoota Wanciitiin hojjetaman tarreessi.
3. Faayidaa gochawwan haqaa loogiirraa bilisa ta'an jiraachuun guutuu biyyatiif qabu ibsi.

Jiraachuun hojii loogii irraa walaba ta'ee fi haqummaa haala adda addaatiin ibsamuu danda'a. Lammiiwwan walqixxummaan tajaajiluu fi mirgoota namootaa kabajuun ibsituu adeemsa hojii haqaa isa guddaadha. Abbootiin aangoo bulchiinsa mootummaa fi hojjettooni mootummaa ittigaafatamummaa isaanii haqummaan, amanamummaa fi haala loogii irraa walaba ta'een hawaasa yoo tajaajilan, adeemsi hojii haqaa ni mirkanaa'a jechuudha.

Jiraachuun hojii haqaa immoo faayidaa adda addaa qaba. Isaan keessas, kan-neen armaan gadii isaan ijoodha.

**Ijaarsa Sirna Dimookiraasii Cimsa.** Adeemsa hojii loogii irraa walaba ta'ee fi haqummaan jiraachuun, mirgoota walqixxummaa lammiiwwanii mirkane-

essuun sirni dimookiraasii akka cimu taasisa. Adeemsa hojii loogii irraa walaba ta'ee fi haqummaan yaaddan dimookiraasii waliin hariiroo cimaa qabanidha. Dhimmoota biyya tokkos dimookiraata waadha jechisiisan keessa tokko, bulchiinsi mootummaa hojii loogumm-aa hin qabnee fi haqawaa ta'een hojiirra yoo olchedha.

### **Nagaa Ittifufiinsa Qabu Mirkaneessa.**

Jiraachuun adeemsa hojii loogii irraa walaba ta'ee fi haqummaa qabuu wantoota waldhabiinsaa fi walitti bu'iinsaaf ka'umsa ta'u danda'an dhabamsiisuudhaan walitti dhufeenyi hawaasummaa faayyaalessa akka ta'u fi itti fufiinsa akka qabaatu taasisa. Haala kanaanis, lammiiwwan seeraan akka bulanii fi gochaalee farra nageenyaa ta'an akka hin raawwanneef meeshaa ittisaa ta'eetu tajaajila. Kunis, biyya keessatti nageenyi itti fufiinsa qabu akka jiraatu shoora olaanaa taphata.

### **Misooma Ariifachiisaa Mirkaneessa.**

Hojiin loogii irraa walaba ta'ee fi haqawaa ta'e lammiiwwan akka dandeettii fi fedhii isaaniitti akka hirmaatan gum-aacha taasisuudhaan mirgi isaanii akka kabajamuuf taasisa. Haala kanaanis, mirga lammiiwwan misooma biyya isaanii keessatti dammaqinaan hirmaachuuf qaban misooma biyyatiif

gumaachuuf taaisuuf hamilee olaanaa akka qabaatan taasisa.

### **Gilgaala 2**

#### **Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.**

1. Gumaachi hojiiwwan haqawaa loogiirraa bilisa ta'an misooma arifachiisaatiif qaban maal fa'a?
2. Walitti dhufeenyi sirni dimookiraasii fi hojiin loogirraa bilisa ta'e qaban tarreessi.
3. Walitti dhufeenyi gochi loogirraa bilisa ta'ee fi nagaan qaban ibsi.

### **4.2 Rakkoolee Gochawwan**

#### **Loogummaa Geessisan**

- *Rakkoolee gochawwan loogummaan fiduu danda'u jettee yaaddu tarreessi.*

#### **“Gocha Loogummaa fi Rakkoowwan Geessisu”**

Saboонни shan baroota dheeraaf biyya tokko keessa jiraataa turan. Isaanis bulchiinsa tokkoon haa gaggeeffaman iyyuu malee, gidduu isaanii jaalallii fi nagaan hin turre. Keessumaa, saboota shanan keessaa lama irra miidhaa fi dhiibbaa hangas jechuu hin dandeen-yetu gahaa ture. Kana malees, dhimmoota adda addaatiin cunqurfamaa fi dhiibamaa turan. Rakkoon uummamaas ta'ee kan namtolchee biyyatti yeroo mudatu sababonni sabootuma kana lamaan jedhameetu yaadamaa ture. Fakkeenyaaf, hanqinni roobaa yoo jiraatee fi hongeen yoo bu'e, dhibeen daddarbaa yoo ka'a ta'ee fi

k.k.f. "Cubuu jarreen cubbamoo fi abaaramoon kunii hojjetaniin dheekamsa waaqayyootu nutti dhufe" jechuudhaan isaaniin sababoota rakkoo taasisuutu ture. Kanarraa ka'uunis, rakkoleen akkasii yeroo mudatan jedhanitii dhiibbaan saboota kanneen irra gahaa ture baay'ee suukanees- saadha. Manni isaanii ni gubata. Qabeenyi isaaniis ni saamama ture. Naannoo jirenya isaanii irraas ni buqqa'u turan. Ummatoota kanneen waliin wal fuudhuun akkasumas isaan waliin nyaataaf dhiyaachuun akka gocha cubbuutti ilaalamta ture.

Dhiibbaa fi miidhaan ykn cunqursaan ummatoota kanneen irra gahaa ture hir'isaa dhufuyyuu hirmanna dinagdee fi siyaasaa irraa dhiibamanii qooda akka hin fudhanne taasifamaa turan. Naannoo isaan jiraatanitti tajaajilli hawaasummaa fi bu'urri misoomaa tokko illee hin diriirre ture.

Ummatoonni kunniin miidhaa isaan irra gahaa ture balaaleffachuuuf maloota adda addaatti fayyadamaa turaniiru. Fakkeenyaaaf, qabeenyi uumamaa naannoo isaanitti argaman hin kunuunsan. Naannoo jirenya isaaniifis ta'ee biyyaaf quuqamuunii fi jaalalli hin turre. Bosona ciruu fi gubuudhaan beekamu. Bineensota bosonaas fixuudhaan kan isaaniin dorgomu hin turre. Yeroo adda addaattis, humna weera-

rtuu biyya alaatii dhufe deeggarraa fi gargaaraa turaniiru.

Yeroo dhiyon booda immoo fincilli gosoota kanneeniin taasifamu baay'ee cimaa fi suukaneessoo ta'aa dhufe. Mootummaa irratti finciliu bira darbanii, qabsoo hidhannoo gurmaa'ee taasisuu eegalan. Qaamni aangoo irra jirus, tarkaanfiin inni fudhatu bu'aa qabeessa ta'uu hin dandeenye. Yeroodhaa gara yerootti naannoo irraa naannooti socho'uun rakkisaa ta'aa dhufe.

Sochiin daldalaas rakkooft waan saaxilameef, jeequmsi dinagdees mudachuu fi mul'achuu eegale. Duraanis rakkisaa kan ture, nageenyii fi tasgabbiin naannoo waan boora'eef buqqa'u fi godaansi namootaa guyyaa irraa guyyaatti dabalaa dhufe.

### Gilgaala 3

#### *Dubbisa Armaan Olii Irratti Hunda'uun Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.*

1. Gochawwan dubbisa kana keessaa kanneen oogummaa mul'isan ibsi.
2. Ummatoonni kanneen lamaan humnoota weerartuu biyya alaaf gargarsa gochuu fi deegaruun sirriidha jettaa? Maaliif? Gocha kana raawwachuuuf sababni isaanii maal ture?
3. Ummatoonni lamaan naannoo isaaniifis ta'ee biyya isaaniif kan hin yaannee fi abbaan biyyummaa kan itti hin dhaga'amne akka ta'an maaltu isaan taasise?

Rakkoolee loogummaan geessisu kees-saa kan armaan gadii hangafoota dha.

### Miirri Kaka'umsa Hojii

### Lammiiwanii Baduu Isaa fi maal

### Nadhibeen Babal'achuu Isaa

Naannoo kamii fi sadarkaad huma ka-mittuu loogiin hojjetamuun rakkoolee adda addaa geessisa. Fakkeenyaaaf, mirga jaalala biyyaa lammiiwanii hirdhisaa. Qabeenya uummataatiif yaa-duun, kunuunsuun waan dhibuuf, miidhaa gahuu fi rakkoo uumamuuf dhimma hin qaban. Loogiin hamilee fi miira jaalala hojii lammiiwanii miidh-uudhaan, yaadaa fi ilaalcha dhibaa'u-mmaa fi maaltu nagalchee babaldhisaa.

Fincilli baay'achuu fi nagaa fi tasgabbiin boora'uun, rakkoolee loogummaan geessisuu keessaa tokko. Umma-nni mootummaa irratti akka kaka'uufis ka'umsa ta'a. Fincila babal'isudhaan heerrii fi seerri akka hin kabajamne gochuun, nagaa fi tasgabbiin akka hin jiraanne taasisa. Bulee, oolee immoo dhiibbaa fi rakkoo biyya bittinsu fiduu danda'a.

### Gilgaala 4

#### Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.

1. Naanno keessanittis ta'e sadarkaa biyoyoleessaatti tarkaanfiiwan adeemsaa hojii loogummaa hambisuuf fudhatamuu qabu jettu tarreessi.
2. Rakkoolee bu'uuraa gochawwan loogummaa geessisan keessaa kanneen armaan olitti tarreffamaniin ala sadarkaa biyyaatti quunnamuu ni danda'u jettu tarreessi.

### 4.3 Dhaabbilee Tajaajila

#### Hawaasummaa Kennan

##### 4.3.1 Haqummaa Facaatii

##### Dhaabbilee Hawaasummaa

- *Dhaabbileen kennitoota tajaajila hawaasummaa jedhaman isaan kamidha?*
- *Faca'iinsa haqawaa dhaabbilee kennitoota tajaajila hawaasummaa jechuun maal jechuu dha?*

### Bulchiinsa Kaanno

Korabtittii fi Warkambiiti, naannolee ollaa walitti ta'anii biyya xiqqoo Ka-annoo jedhamtu tokko keessatti argamanidha. Naannoleen lamaan kunniin haallan hedduutiin kanneen wal fakkaatanidha. Haala teessuma lafaa fi qilleensa jirenyaaaf mijataa qabaachuun walfakkaatu. Kana malees, baay'ina ummataatiin walmadaalu. Walfakkeenyi naannolee kanneenii hedduu waan ta'eef, namoonni baay'-een isa tokko kan biroo irraa adda baasuuf ni rakkatu ture. Haata'u malee, waggoota muraasaan asitti garaagarummaan nannoolee lamaan gidduu jiru babal'achaa dhufeera. Garaagarummaa isaanii kanaafis sababa kan ta'e immoo, faca'iinsi tajaajila hawaasummaa adda addaa walma-daaluu dhabuu isaa irratti namoonni baay'een waliigalu. Garaagarummaa kanas gabatee armaan gadiirraa huba-chuun ni danda'ama.

Maqaan Naanno	Koreebtiit	Warkaambii
Baay'ina Ummataa	80,000	75,000
Waajjira Gandoottaa	25	12
Manneen barnootaa	46	14
Dhaabbilee Fayyaa	26	10
Dhaabbilee Qonnaa	18	2

**Gilgaala 5**

**Gabatee fi Ragaa Armaan Olii  
Irratti Hunda'uun Gaaffiilee  
Armaan Gadii Deebisi.**

1. Haallan garaagarummaa faca'iinsa tajaajila hawaasummaa kana fakkaatuuf sababoota jettu tarreessi.
2. Faca'iinsi dhaabbilee tajaajila hawaasummaa wal hin madaalle/haqummaa hin qabnee haala kamiin sirrachuu akka danda'u irratti hiriyoota kee waliin mari'adhaa.
3. Rakkoowwan sababa wal madaaluu dhabuu faca'iinsa dhaabbilee kennitoota tajaajila hawaasummaatiin umaman tarreessi.

Dhaabbileen hawaasummaa wantoota jirenya hawaasa tokkoof barbaachisoodha jedhaman keessaa sadarkaa ol'aanaatti kanneen ibsamnidha. Kanaafuu, lammiiwwan dhaabbilee kanneen irraa tajaajila barbaadamu akka argachuu danda'an faca'iinsa tajaajila hawaasummaa adda addaa loogii irraa walaba taaisuun barbaachisaadha.

Haqummaan faca'iinsa dhaabbilee tajaajila hawaasummaa jechuun, naannoo-

dhaa naannootti garaagarummaan faca'iinsa isaanii osoo hin jiraatiin naanno hunda keessatti haala walfakkatuun jiraachuu jechuudha. Kana jechuun, faca'iinsi isaanii naanno isatokkotti guutuu, naanno tokkotti immoo xiqqaa, naanno kan birootti immoo daran hedduu ta'uu hin qabu.

Baroota darban keessatti, faca'iinsi dhaabbilee kennitoota tajaajila hawaasummaa naanno irraa naannootti, magaalaa irraa baadiyyaatti, garaagarummaa guddaa kan qabu ture. Yeroo ammaa garuu, faca'iinsa wal hin madaalle kana sirreessuuf tattaaffi cimaan taasfamaa jira. Haata'u malee, faca'iinsi dhaabbilee kennitoota tajaajila hawaasummaa kana guutumaan guutuutti haqummaa irratti kan hundaa'e gochuuf lammiiwwan deeggarsaa fi hirmaannaa barbaachisaa ta'e taasisuu qabu.

**Gilgaala 6**

**Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.**

1. Sababa wal madaaluu dhabuu faca'iinsa dhaabbilee tajaajila kennitootaatiin biyya tokko keessatti uumamuu danda'an tarreessi.
2. Faca'iinsa dhaabbiilee tajaajila hawaasummaa wal hin madaalle sirreessuun ittigaafatamummaa eenyuuti?
3. Dhimmoota faca'iinsa dhaabbilee kennitoota tajaajila hawaasummaa kan haqaa taaisuuf raawwatamuu qaban jettu ibsi.

#### **4.4 Qaamman Haqaa sadarkaalee Adda Addaa Irratti Argamman**

##### **4.4.1 Barbaachisummaa Haqummaan Hojjachuu Qaamman Haqaa Naannoo**

- *Maqaa qaamman haqaa naannoo keetti argamanii tarreessi.*
- *Haqummaan hojjechuun qaamman haqaa maaliif barbaachisa?*

#### **Faayidaa Qaamman haqaa Aadaa**

Tokkoon tokkoon dhaabbilee qaamman ittiin haqummaan hojii irra oolu qab-aachuu ni danda'a. Dhaabbileen kunniinis kan aadaa fi ammayyaa jechuun qooduun ni danda'ama. Fakkeenyaaaf, biyya keenya keessa saboota, sablammootaa fi ummatoota adda addaatu jiraata. Saboonti, sablam-moonnii fi ummatoonni kunniinis maloota dhaabbilee haqaa ittiin waldh-abiiinsaa hiiku seenaa qabeessa ta'an durii qabanii qabu turan.

Maqaan dhaabbilee kanneenii bakka bakkatti garaagarummaa haa qabaatu malee rakkolee hawaasaa kanneen akka mirgoota sarbuu fi miidhaawan gahaniif furmaata kenuudhaan, naga-aa fi tasgabbii mirkaneessuuf kanneen shoora olaanaa taphachaa turan jiru. Akkuma "waan ofitti waa hin dhufiin" jedhamu dhaabbileen addaa kan haqaa, aadaa fi duudhaa hawaasaa irratti hunda'uudhaan hawaasichaaf tajaajila haqummaa kennaa turan.

Hawaasni seeraa fi namoota beekuun, kan hubachuu danda'u fi namoota isa

hubataniin murtii fi tajaajila haqaa argachuun faayidaa guddaa qaba. Kana irraan kan ka'e, yeroo si'anaa kanatti qaamman haqaa aadaa fudhatamni isaan hawaasa biratti argachaa jiran yeroodhaa gara yerootti guddachaa jira.



Fakkii 4.1 Dhaabillee haqaa aadawaan hojii irratti yoommuu argaman

Haata'u malee, adeemsa hojii dhaab-bilee haqaa aadaa tokko tokko keessa jiru; adeemsa hojii dhaabbilee haqaa kan ammayyaa waliin wal-simsiisuun baay'ee barbaachisaadha. Fakkeenyaaaf, gama saalaatiin dhimmoota fud-haa fi heerumaan walqabataeen miid-haawan dubartotarra gahaa turan akka fakkeenyaaatti kan ibsamanidha. Fakkeenyaaaf; murtoo haqaa kennuu dhabuu, darbee darbee qabeenya, nama jalala qabu, beekamaa ta'ee fi dhiiraaf looguudhaan, hiyyeessaa fi dubartii miidhuun dhaabbilee haqaa kan aadaa tokko tokkoo irraa kan calaqqisudha. Kana malees, nama mii-dhamee jiru tokko akka sadarkaa miidhama irra gaheetti murtii miidhaa sanaan wal madaalu kennuu dhiisuun sirraa'u qaba.

**Gilgaala 7****Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.**

1. Qaamman haqaa hawaasaa keessa jiraattu keessa jiran tarreessi.
2. Ciminaa fi dadhabina qaamman haqaa aadaa addaan baasuun gabaasi.

Dhaabbiileen haqummaa biyya tokko keessatti argaman bakka gurguddoo lamatti qoodamu. Isaanis:-

**Dhaabbilee Haqaa kan Aadaa:** Dhaabbilee miidhaawwanii fi waldhabiinsa hawaasa naannoo tokko keessa waliin jiraatu gidduutti uumamu furuu fi nagaa buusuuf gahee guddaa qaban ilaala. Jaarsummaan, afooshini, ollaan, abbootiin amantii fi k.k.f. fakkeenya gaariidha.

**Qaamman Haqaa Ammayyaa:** Qaamman haqaa kunniin dhaabbilee haqaa bulchiinsa mootummaatiin ijaaraman ittigaafatamummaa nageenyaa fi tasgabbii hawaasaa mirkaneessuun tajaajilanidha. Fakkeenyaaf, ,mana murtii, waajjira poolisii fi gandoonni fa'aan qaamman haqaa ammayyaati.

**Dhimma Tokkoffaa:** Jiraattoota ganda tokko keessa jiraatan keessaa murasni rakkoo hanqina bishaanii isaan mudate furuuf jecha ittisa bishaanii kan bishaan baay'ee qabachuu danda'u ijaaran. Yeroo ittisichi bishaanii tajaajila kennuu eegalu, namoonni ijaarsa irratti hin hirmaanne tajaajila argachuu akka hin dandeenye kanneen hojii kana irratti hirmaatan morman. Kana irraan kan ka'e, ganda kana keessatti waldhabiinsi uumame. Kan-

neen hojii kana irratti hirmaatanii fi kanneen hin hirmaanne gidduutti garaa wal hanqachuu bira darbee, wal jibbuun, walsodaachisuu fi miidhaa wal irraan gahuuf wal eeggachuuf qophii gochuun eegalame. Haalli kunis jiraattota gandichaa qofa osoo hin taane, hawaasa naannoo sana jiraatu biroo illee yaaddoo cimaa keessa galche.

**Dhimma Lammaffaa:** Obbo Kabbaadaan baankii keessaa gowwomsee qarshii baay'ee fudhachuun badee jira. Yakkamaa kana to'annoo jala oolchuuf ragaa funaanoon itti fufee jira. Himannaanis irratti banameera. Manni murtiis ajaja iddo argametti haa qabamu jedhu dabarseera. Hordoeffii yeroo dheeraa boodas Obbo Kabbadaan to'annaa jala ooluun, murtiif dhiyaatee balleessaa ta'uun isaa itti mirkana'e. Dalagaa yakkaa fi gowwomsuu hojjateefis manni murtii hidhaa wagga 20 itti murteesse.

**Gilgaala 8****Dubbisa Armaan Olii Lamaan Irratti Hundaa'uun Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.**

1. Dhimmoota armaan olitti dhiyaatan lamaan qaamman haqaa isaan kam yoo ilaalan gaarii ta'a jetta? Maaliif?
2. Qaamman dhimmoota armaan olii lamaan irratti hirmaachuu qabu jettee yaaddu kam fa'aa? Ittigaafatamummaan isaan bahuu qaban hoo maal maalfa'a? Addaan baasii ibsi.
3. Faayidaa rakkowwan uumamaniif fala barbaadu tarreessi.

Dhaabbileen haqaa naannoo keenya jiran haqa mirkaneessuu keessatti faayidaa olaanaa qabu. Kannneen keessaas:-

**Murtiin sirrii gartummaa irraa wala-ba ta'e akka jiraatu gochuu:** Hojii dursaa qaamman haqaa isaan ijoon dhimma haqaa irratti mrutii haqaa dabarsuudha. Kana gochuun kan danda'amu immoo, murtii sirrii gartummaa irraa bilisa ta'e kennuun yoo danda'ame qofaadha. Adeemsa murtii kennuu keessatti abbootiin seeraa yeroo murtii dabarsan sammuu qulqluudhaan seeraa fi dambii hordofuu qabu.

**Nagaa amansiisaa fi misooma ariifa-chiisuu mirkaneessuu:** Adeemsi hojii haqummaa meeshaa mirgoonni walqixxummaa ittiin mirkanaa'udha. Hojiin haqummaa, sarbama mirgootaa hambisuu fi sirreessuun nagaa fi tasgabbii mirkaneessa. Mirkanaa'uun nagaa fi tasgabbii akka misoomni biyyaa saffisu gumaacha olaanaa taasisa. Adeemsi hojii haqaa lubbuu fi qabeenya kabachiisun lammiiwwan misooma keessatti damaqinaan akka hirmaatan taasisa. Sababa kanaanis, guddinni akka saffisu gumaacha godha. Raawwiin hojii qabeenya biyyaa qisaasa'ummaa fi sammicha irraa eeguu fi dhaabbileen hawaasummaa fi bu'uuronni misoomaa akka babaldhatan gumaachi inni taasisu olaanaadha.

## Gilgaala 9

### Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi

1. Sadarkaa adda addaa irratti hundeeffamuun qaamman haqaa faayidaa maalii qaba?
2. Sababban itti dhaabbileen haqaa gochawwan haqaa raawwachuu dadhaban tarreessi.

### 4.5 Mirgaa fi Haqa Kabaohiisuuf Tarkaanfiwwan Fudhatamuu Qaban

#### 4.5.1 Tarkaanfiwwan Mirgoota Kabachiisuu fi Haqa Mirkaneessuuf Fudhataman

- *Yeroo mirgoonni sarbamanii fi haqni dabu mirga kabachiisuu fi haqummaa mirkaneessuuf tarkaanfiwwan akkamii fudhatamuu qabu?*

#### Mirgoota Kabachiisuu fi Haqummaa Mirkaneessuuf Gahee Lmmiiwwanii

Mirgoonni yeroo adda addaa bakkeewwan adda addaatti sarbamuu ni danda'u. Haqummaa dhugoomsuuf dh-aabbileen haqaa sadarkaa adda addaatti caaseffamuu isaanii fi seerrii fi dambiin jiraachuun qofaan gahaa miti. Haata'u yuu malee, haqummaa dhugoomsuuf qaamman haqaa hundeessuun dhimma bu'uuraati. Haata'u malee hanguma mirgi isaanii akka kabajamu barbaadan mirga nama biroos kabajuuun dirqamadha. Qajeelfama gaarii "Waan akka sirra gahuu hin barbaanne nama biraan irraan hin gahiin" jedhu yaadachuun barbaachisaadha.

Haata'u malee, sababoota garaagar-aatiin sarbamni mirgootaa fi dabuun haqaa mudachuu danda'a. Yeroo akkasii, lammiiwan dhimmicha qaama haqaa dhimmi ilaaluuf dhiyeessuu qabu. Kanas haala lamaan ibsuun ni danda'ama.

Tokkoffaan; sarbama mirgaa nurra gahe, qaama haqaa dhimmi ilaaluuf beeksisuudha. Akkuma "Namni dhibee isaa dhokse dawaa hin argatu" jedhamu, lammiiwan waajjiroota mootummaa keessattii fi kan dhuunfaa, sarbama mirgaa isaan mudeate jedhe, qaama haqummaa naannoo isaanitti hin dhiyeessan taanaan fala hin argatan. Kan nu qofaa irra gahee osoo hin ta'iin, sarbama mirgoota namoota biroo irras gahan, adeemsa murtii loogii, mana murtii dhimmi ilaaluuf fi furmaata fiduu danda'uuf akka dhiyeessan barbaachisa. Muuxannoo akkasiis gabbifachuu qabna.

### Gilgaala 10

#### **Barreffama Armaan Olii Irratti Hunda'uun Gaaffilee Armaan Gadii Deebisi.**

1. Akka barreffama kanaatti, gahee lammiiwan haqummaa mirkaneessuuf qaban tarreessi.
2. Haqummaa mirkaneessuuf gaheen dargagootaa maal ta'uun qaba?

Yeroo mirgoonni sarbamanii fi haqni dabu, tarkaanfii seeraa armaan gadii fudhachuun, hordofuun barbaachis-adha.

#### **A. Bilisummaa Mirga Kabachiifachu-utti fayyadamuu:**

Lammiin kam iyyuu gochawan loogii isa irratti hojjetaman balaaleffachuu fi qaama dhimmi ilaaluuf dabarsee kenn-uudhaan akka sirraatu gochuuf mirga guutuu qaba. Eenyu iyyuu mirga mataa isaa hin kabachiifatu taanaan namni mirga isaa kabachiisufii hin danda'u.

#### **B. Himanna Dhiyeessuu:**

Lammiiwan mirgi isaanii sarbame qaamman haqaa dhimmi ilaaluuf dabarsanii dhiyeessuu qabu. Dhuguma sadarkaa fi gosti qaama haqaa dhimmichi dhiyaatuuf akkauma haala dhimmoota raawwataniitti garaagarummaa qabachuu danda'a. Kana malees dhimmoota hunda, qaama bulchiinsa mootummaa isa ol'aanaaf osoo hin dhiyeessiin dura, qaamman haqaa naannoo jiranitti fayyadamuun fala barbaaduun faayidaa qaba.

#### **C. Mirga Ol Iyyannoo Ofiitti Fayyadamuu:**

Yeroo baay'ee murtii manni murtii dabarsutti hin gammanne taanaan mirga ol iyyannoo ofiitti fayyadamuun adeemsa hojji baramedha. Manni murtii gadaanaan tokko, fakkeenyaaaf, manni murtii aanaa tokko murtii kenne irratti abbaan dhimmaa hin gammanne dhimmicha mana murtii ol'aanaa itti aanuuf dhiyeessuu qaba. Kunis, mirga ol iyyannoo jedhama. Kanaafuu, ol iyyannoona abbaan dhimmaa tokko, murtii manni murtii gadaanaan daba-

rse tokko balaaleffachuudhaan dhimmi isaa mana murtii olaanaatiin akka ilaalamuu gaafachuuf mirgatti fayyada-maa ta'uu siaa kan ibsu ta'uu qaba. Namni ol iyyannaatti fayyadamu, nama murtiin itti murtaa'e qofaa miti. Namni murtaa'eefis murtiin murtaa'e xiqaadha, badii narra gaheen wal hin madaalu jechuudhaan murtii kennname irrattis ol iyyannoo dhiyeessuun ni danda'ama. Manni murtii ol iyyannoonti itti dhiyaates dhimma isaa gadfageeyaa erga qoratee booda, murtii dur-aan kennname irra deebi'ee mirkanee-ssuu, dhiibbaa hambisuu fi fooyessuu ni danda'a.

## Gilgaala 11

### **Gaaffiilee Armaan Gadii Irratti Hiriyyoota Kee Waliin Mari'adhaa.**

1. Namoonni maaliif sirna ol iyyannoottii fayyadamuu?
2. Dhaabbilee haqummaa naannoo keetti argaman do'achuudhaan ykn gaafachuudhaan, mirgi ol iyyannoo ofii kabachiisuu fi haqummaa mirkaneessuu faayidaa maalii akka qabu gareedhaan mari'adhaatii gabaasa dhiyeessaa.

## 4.6 Gibira (Ashuuraa)

### **4.6.1 Mirgootaa fi Dirqamoota kaffaltoota Gibiraa fi Ittigaafatamummaa Hawaasaa**

- *Faayidaa yookiin barbaachisummaa ashuuraa ibsi.*
- *Kaffaltooni ashuuraa mirgoota akkamii qabu?*



Fakkii 4.2 Lammiiin kamyuu galii argatu irraa gibira kafaluu qaba.

### **Marii Hawaasaa**

Mariin jiraattonni gandoota Aaddis katamaa adeemsisan har'a waa'ee ashuuraa fuunanuu irratti kan xiyyeffate ture. Ibsas kan kennan bakka buutota waajjira galiiwwanii Adde Faaxumaa fi Obbo Magarsaa dha. Bulchaan gandaas keessummoota erga beeksisee booda, mariin ibsa keessummootaatiin eegale. Adeemsa marii kana keessattis gabaabnaan kan arm-aan gadii dhiyaatee ture.

**Obbo Magarsaa:** “Akkam bultan firottan koo? Nuti har'a kan asitti argamneef, waa'ee ashuuraa irratti marii yeroo si'anaa ta'uu qabu gaggeessuuf. Yeroo darbe keessatti waa'ee maalummaa ashuuraa fi faayidaa isaa ilaalle akka turre ni yaadattu. Akkuma beekamu ashuuraan kaffaltii seenaa bara dheeraa qabu, dhaloota irraa dhalootatti daddarbaa dhufee fi lammiiwwan galii argatan irraa haala seeraan murtaa'een mootummaa isaaniif raawwatanidha. Yeroo irraa

gara yerootti hawaasni ashuraan kaffaltii misoomaa fi guddina biyyaaf, galii argannu irraa raawwatamaa dhufeera. Nitis hundi keenya faayidaa isaa beeknee gibira nu irraa eegamu kaffaluuf ittigaafatamummaa fedha irratti hunda'e qabna" jechuudhaan ibsa seensaaf ta'u erga kennanii booda, mariin har'a immoo baay'inaan kan xiyyeffatu ittigaafatamummaa adeemsaa gibira kaffaluu keessatti namoota ashuraa kaffalanii fi hawaasa irratti akka ta'e ibsan.

**Gaaffii Hirmaattotaa:** "ibsa amma nuuf kenname ifaan hubadheen jira. Garuu, ashuraa kaffaluu keessatti ittigaafatamummaa fi mirgoonni lammiiwwanii maal maal fa'aa akka ta'an osoo nuuf ibsamee?

Gaaffilee armaan olii fi kanneen biroo irratti dhimma mirga fi ittigaafatamummaa lammiiwwanii irratti mariin bal'inaan dhiyaate. Ibsa kennaman keessaa Adde Faaxumaan mirgoota lammiiwwanii fi ittigaafatamummaa ashuraa kaffaluuf qaban irratti haala armaan gadiitiin dhiyaatee ture.

#### A. Ittigaafatamummaa namoota Ashuraa Kaffalanii:

- Lammiiwan dirqamoota qaban keessaa ashuraa kaffaluun isa tokko ta'u isaa beekanii yeroodhaan kaffaluu qabu;

- Ragaa ashuraa funaanuuf fayy-adu kam iyyuu haqummaan kennuu;
- Meeshaa ykn qabeenya ashuraa (gibirri) itti hin kaffalamne, gurguruu dhiisuu fi adeemsa ashuraa kaffaluu gufachiisuu irraa of quusachuun sadarkaa ol'aanaatti kann-een beekamanidha.

#### B. Mirgoota Ashuraa Kaffalootaa:

- Baay'ina hamma gibiraa isaan irratti ramadamee gaafachuun komiin jira taanaan komii ofii dhiyeeffachuu,
- Dhaabbilee tajaajila kennanitti walqixxummaan fayyadamuu,
- Mirga qarshiiin ashuraa irraa argamu maaliif akka oolu gaafachuun baruu kan qaban ta'u isaanii ibsameera.

#### C. Ittigaafatamummaa Hawaasaa

- Ittigaafatamummaa hawaasaa keessaa gibira seeraan kaffaluu,
- Meeshaalee seeraan ala biyya keessa galanii fi gibirri itti hin kaffalamne gurguguruu fi bituu dhiisuu,
- Gibira kan jallisanii fi kan hin kaffalle dabarsanii kennuu, balaaleffachuu, gibira funanuuf ragaa oolu kennuu. Qabxiilee Adde Faaxummaan kaasan keessaa kanneen ijoo ta'aniidha.

Haaluma kanaan, jiraattonni gandaan, ashuuraan bu'uura guddina hawaasaa fi biyyaa ta'uu isaa irratti hubannoo qaban cimsachuun gahee isaaniis haala barbaadameen bahuu eegalan. Gocha isaanii gaarii kanaanis, badhaafamuun kanneen birootiifis fakkeenyota ta'uu danda'aniiru.

### **Hojii Garee**

Yaada "Mootumaan akkuma galii ashura ummata irraa argateetti deebiseetu tajaajila ummataatiif oolchuun haala waliigalaatiin lammilee fayyadamtoota itaasisa" jedhu irratti hiriyoota waliin waliigaltuu? Haala kamiin? Gareedhaan mari'achuun dareef dhiyeessaa?

Adde Qananiin waggaatti qarshii kuma afurtama gibira kaffalu. Obbo sikur immoo waggaatti ashuuraan kaffalan qarshii kuma sadii yoo ta'u, Obbo Dachaasaan immoo kuma tokko kaffalan. Obbo Gaaddisaan garuu qarshii tokko illee hin kaffalle. Kanumaan immoo, deeggarsa mootummaan jiraatu. Adeemsi gibira funaanuu kun sirriidha jechuudhaan ogeeyyiin yaada kennanii jiru.

- A. Haala funaanna gibiraa irratti yaanni ogeeyyiin kennan sirriidhaa? Maaliif?
- B. Tajaajilli lammiiwwan mootummaa irraa argatan haaluma baay'ina ashuuraa kaffalaniin ta'uu qabaa? Maaliif

## Xumura Boqonnaa

Yeroo adda addaa fi iddo addaatti gochawwan loogummaa hojjetaman guddina biyyaa fi nagaa ishee irratti miidhaa ol'aanaa geessisu. Kanaafuu, gochawwan hawaasa keessatti adeemsaa hojii loogii irraa walaba ta'ee fi sirna haqummaa mirkaneessuu dandessisan raawwachuun barbaachisaadha. Adeemsi hojii loogii irraa walaba ta'e, guddina ykn dagaagina sirna dimookiraasiitiif nagaa amansiisaa fi misooma saffisa mirkaneessuuf gahee ol'aanaa qaba. Sirna loogii irraa bilisa ta'ee fi haqummaa faca'iinsi tajaajila hawaasummaa walmadaalee akka ta'uuf gargaaru. Hawaasa keessatti nagaan

amansiisaan akka jiraatuu fi adeemsi mana murtiis gartummaan hojjechurraa bilisa akka ta'an sadarkaa jiranitti cimsuun barbaachisaadha. Kana malees, hojiin loogii irraa walaba ta'ee fi haqummaan akka dagaaguuf, lammiileen, adeemsa haqummaa seera qabeessa ta'e hordofuu qabu. Lammiiwan sirna loogii irraa walaba ta'ee fi haqaa, hawaasni maaliif akka gibira kaffalan haala gaariin beeku. Haala kanaanis, gahee isaanii gibira waliin walqabatan yeroon ni bahu. Gumaacha isaanii kanaanis, misooma biyyaaf gahee ol'aanaa taphatu.

### Jechoota Ijoo

- **Gibira (Ashuuraa):** Galii qarshii sochii daldalaa qonnaa fi kkf irraa funaanamu
- **Gargaarsa:** Deeggarsa qarshii hanqina baajataa sirreessuuf kennamu
- **Walga'ii:** Waltajjii marii namoonni baay'een itti hirmaatan
- **Mufannaa:** Waan hojjetametti, raawwatee fi murtii murta'etti gammaduu dhiisuu
- **Seeraan Buluu:** Seerota hojii irra oolan qajeelfamootaa fi adeemsa hojii hawaasni fudhatee kabajanii jiraachuu

## Gaaffiilee Keessa Deebii

### **I. Gaaffiilee Armaan Gadii Keessaa Kanneen Sirrii Ta'an "Dhugaa" Kanneen Dogoggora Ta'an Immoo "Soba" Jechuun Deebisi.**

1. Faca'iinsa tajaajila hawaasummaa haqa qabeessa taasisuun hin danda'amu.
2. Biyya keenya keessa, sirnoota darban keessa haalli faca'iinsa dhaabbilee hawaasummaa haqummaa irratti kan hunda'e hin turre.
3. Dhimmooni adeemsa hojji loogiitiin mudatan miidhaa kanneen qaban miti.
4. Dhaabbileen haqaa sadarkaa adda addaatti hunda'uun isaanii faayidaalee adda addaa kan qabudha.
5. Gibira/ashuuraa kaffaluun mirgaa fi dirqama lammileeti.

### **II. Yaaddan"A" Jala Jiran Kanneen "B" Jala Jiran Waliin Walitti Firoomsi**

#### A

1. Miira kaka'umsaa dhabuu
2. Dirqama namoota gibira kaffalanii
3. Murtii Mana Murtii irratti komii dhiyeessuu
4. Hundee guddinaa
5. Qaama haqaa ol'aanaa

#### B

- A. Gibira yeroon kaffaluu
- B. Mana Murtii waliigalaa
- C. Ol iyyannoo
- D. Hanqina haqummaa
- E. Ganda
- F. Gibira/ashuuraa

### **III. Bakkeewwan Duwwaa Armaan Gadii Jechoota Mijaa'oo Ta'aniin Guuti.**

1. Tooftaaleen kabachiisa mirgoota lammilee \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ dha.
2. Biyya tokko keessa faca'iinsi tajaajila hawaasummaa \_\_\_\_\_ ta'uu qaba.
3. Rakkoolee haqaa hawaasa keessa jiraniif fala/deebii kan kennan qaamolee haqaa \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ jedhamuun bakka lamatti goodamu.

### **IV. Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.**

1. Haqummaan dhaabbilee hawaasummaa ittiin ibsamu keessaa tokko:

- a. Faca'iinsa bakkaa bakkatti jiru sirreessuun
- b. Mirga walqixxummaan tajaajila argachuu kabachiisuu
- c. Ittigaafatamtootaa fi abbootii qabeenyaaaf dursa kennuun
- d. "A" fi "B"n deebiwwan sirriidha.

2. Gochi lammiiwan yeroo haqummaa kabachiisan keessatti raawwachuu hin qabne kamidha?
  - a. Himannaa banuu
  - b. OI iyyannoo dhiyeessuu
  - c. Hunduu deebii sirriidha
  - d. Humnaan fayyadamuu
3. Qaamman armaan gadii keessaa tokko murtii haqummaa kenuun gahee hojii  
Isaa kan duraa miti.
  - a. Ganda
  - b. Waajjira Poolisii
  - c. Mana murtii
  - d. Dhaabbata Barnootaa
4. Dhaabbileen haqummaa sadarkaa adda addaatti jiraachuun isaanii faayidaalee akkamii qaba?
  - a. Qarshii fi humna quidata
  - b. Murtii haqaa dhiyeenyatti argamsiisa
  - c. Yeroo quidata
  - d. Hunduu deebii dha.
5. Kanneen armaan gadii keessaa tokko firii loogummaa miti.
  - a. Miirri kaka'umsaa hir'achuu
  - b. Abdii kutuu
  - c. Nagaa fi tasgabbiin mirkana'u
  - d. Hariiroon hawaasummaa laafuu

## **V. Gaaffiilee Armaan Gadiif Deebii Gabaabaa Kenni**

1. Adeemsa hojii loogii irraa walaba ta'ee fi kan haqaa akka jiraatuuf ittigaafatamummaan lammileen bahuu qaban maal fa'aa akka ta'an tarreessi.
2. Rakkoowwan loogummaa naannolee armaan gadii keessatti uumuu danda'u tarreessi.
  - i. Mana Barnootaa
  - ii. Maatii
  - iii. Ganda
  - iv. Mana Murtii

# BOQONNAA SHAN

## JAALALA BIYYAA

**Kaayyoo Boqonnaa:** Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Seenaa fi aadaa ummataa fi biyyaa sirrii ta'ee haala barbaadameen beekudhaan, miira jaalala biyyaa haaraa ni gabbifatta.
- Gochaalee nageenyaa fi tokkummaan waliin jirenya hawaasa diigan irratti ni qabsoofa.

### 5.1 Jaalala Biyyaa

#### 5.1.1 Ibsitoota Miira Jaalala Biyyaa

##### Isa Haaraa

- *Ibsitooni miira jaalala biyyaa isa haaraa keessaa shan tarreessi.*

##### Seenaa Biyyaa

Barattoonni kutaa 7ffaa mana barnoota "Abdii Jirenyaa" beekaa seenaa tokko afeeruudhaan akka ibsa seenaa biyya isaanii irratti kennaniif taasisan. Beekaan seenaa kunis mata dureen irratti ibsa kenuuf afeeraman "Miira Jaalala Biyyaa Haaraa Gabbisuu" kan jedhudha. Beekaan kunis ibsa isaanii erga xumuranii booda, barattoonnis gaaffilee adda addaa dhiyeessaniif.

**Gaaffii:** "Carraan naaf kennameef galatoomaa, jaalala biyyaa haaraa fi dulloomaa jennee" akkamiin qooduu dandeenyaa?

**Deebii:** Gaaffichi gaaffii ijooti. Sirnoota darban keessatti jaalalli biyyaa lamm-iin tokko akka gabbifatu barbaadamaa ture. Caalmaatti seenaa ummataa, aadaa, afaan, ilaalchaa fi xinsammuu giddugaleessa kan godhate hin turre. Kana malees, carraa adda addaatiin miirri jaalala biyyaa ibsamaa kan ture qabeenyaa fi teessuma lafaa kan uumamaa, kanneen akka laggeenii, bosona, tulluu, biyyee fi kkf turan. Miirri jaalala biyyaa haaraan haa gabbatu yoo jedhamu garuu, adeemsa gartokkee dur ture sana qajeelchuun saboota, sablammootaa fi ummatoota Itoophiyaa irratti xiyeeffatee akka gabbatu taasisuun waan barbaachiseef.

**Gaaffii:** Lammiiin hundi jaalala biyya isa haaraa kana hojii irra oolchuu kan qabu hoo akkamitti?

**Deebii:** Miirri jaalala biyyaa inni haaraan kan gabbachuu qabu maatii ofii jaalachuu fi kabajuu irraa eegaleetu. Sana bira darbees, jaalala naannoo fi kan biyyaa, seenaa naannoo fi biyyaa beekuu fi kabajuun lammiiwan hunda irraa kan eegamudha. Seenaan biyyatti seenaa sabootaa, sablammootaa fi ummatoota Itoophiyaati. Jalla-

Illi biyyaa kan ibsamu, lammiin hundi akkuma dandeettii isaatti/isheetti hojii faayidaa ummataatiif ooluu fi faakkeenyaa gaarii ta'uu danda'u adda addaa raawwachuudhaan ta'a. lammiin seenaa fi aadaa isaa kabaju seenaa fi aadaa lammiiwwan biroos ni kabaja.

**Gaaffii:** Seenaan hawaasaa baroota dheeraaf dabee ture haala kamiin sirreessuu dandeenya?

**Deebii:** Sirnoonni mootummaa baroota dheeraaf turan dursa kan kennaa turan kabaja mataa isaaniif; aangoo fi beekamtummaa ofiif malee ummataaf hin turre. Baroota sirna bulchiinsa mootii (monarchy) keessa, maddi aango ummata osoo hin taane sanyii fi dhiigaan akka ta'etti fudhatamaa ture. Boodas kan dhufe bulchiinsa abbaa irree xiyyeffannaa guddaa lafaaf, lageen, tulluu fi kkf qofaaf kenne ture. Kanaafuu, seenaan baroota kanneen keessaa barreeffamaa turanis ummatoota biyyattii giddugaleessa kan godhatan hin turre. Rakkoon kun mul'achaa kan tures; seenaan barreeffaman dhiyaachaa ture qofaa irratti osoo hin taane, seenaan afaaniin himamaa turan keessattis ture. Sirna dimookiraasiit haaraa amma ijaaraa jirru keessatti garuu, seenaan ummataa inni sirriin kan dogoggoraan duraan ture dhabam-siisu ni barreeffama.

Haala kanaanis, miirri jaalala biyyaa inni haaraan saboota, sablammootaa fi ummatoota Itoophiyaa eenyummaa, aadaa fi seenaa isaanii waliin kan bu'uureeffatudha.

### Gilgaala 1

*Ibsa Armaan Olii Irratti*

*Hundaa'uun Gaaffiilee Armaan  
Gadii Deebisi.*

1. Hayyuun seenaa kun akka ibsanitti miirri jaalala biyyaa haaraan kan ibsamu gochaalee akkamiitiini?
2. Seenaan dhugaa sabootaa, sablammootaa fi ummatoota loogii malee kan barreeffamu haala kamiini? Kanneen ibsitoota miira jaalala biyyaa jedhamanoo?

Seeraa fi heeraan buluu, mirgoota lammiiwwanii kabajuu, ittigaafatamummaa ofii gahumsaan bahuu fi gochaalee fakkeenyaa gaarii ta'an raawwach-uun ibsitoota miira jaalala biyyaa isaan ijoo ti.

Saboonni, sablammoonnii fi ummatootanni Itoophiyaa seenaa, aadaa, afaan, amantii, xin-sammuu fi ilaalcha mata mataa isaanii kanneen qabanidha. Seenaan ummataa keessatti guddatee mul'achuu kan qabu, seenaan gaggeessitootaa fi dhaaba siyaasaa biyya hogganaa turee osoo hin taane, seenaan ummataa ta'uu qaba. Seenaan hawaasaa yeroo karaarraa maqee barreeffamu callifnee ilaaluu hin qabnu. Seenaan dabee yeroo dubbatumu dogoggora isaa ifaan ifatti himuudha. Akkasumas, ragaadhaan qabsiifnee,

barreeffamaan dhiyeessuudhaan siresuun lammiiwwan biyya keenya jaallanna jedhan hunda irraa kan eegamudha. Kunis haallan jaalala biyyaa isa haaraa mul'isan keessaa isa tokkodha.

## Gilgaala 2

### Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.

1. Waa'een miira jaalala biyyaa yeroo himamu dhimmoonni bu'uuraa yaadamuu qaban maal fa'a?
2. Seenaan jallatee/dabee yeroo barreeffamuu fi dubbatamu yeroo argine ykn dhageenyne akka lammii miira jaalala biyyaa qabuutti maal gochuutu nurraa eegama?

## 5.2 Gochawwan Diigoo fi Miidhoo

### 5.2.1 Gochawwan Diigoo fi Miidhoo Naannoo Keenyatti Muldhatan

- Fakkiiwwan kunniin ergaa akkamii dabarsuu?
- Dargaggoota fakkiiwwan kanneen irratti mul'atan waliin gocha wal fakkaatu kanneen dalagan naannoo keessan jiruu? Yoo jiru ta'e gochawwan miidhaa fidan akkamii irratti bobba'anii jiru?



Fakkii 5.1. Gochawwan diigoo fi miidhoo

### Afarsaataa

Naannoo tokko keessatti ummata kan rakkisan hattoota sadiitu turan. Hattoonni kunniin mana nاما saamuudhaan, qabeenya hawaasa naannoo balleessuudhaan, konkolaataa ummataa dirqisiisanii dhaabsiisanii qabeenya namootaa saamuudhaan, dubartoota dirqisiisanii gudeeduudhaan, balleessa biroo hedduu ta'an geessisanii jiru. Fakkeenyaaf, hujummoo bishaan boombaa lafa keessaa qotanii baasuun fudhatanii gurguru. Shiboo ibsaa fi bilbilli ittiin diriirfame cicciranii fudhachuudhaan qabeenya biyyoolessaa fi ummataa irratti dhiibbaa ol'aanaa ta'e uumanii jiru. Gochi balleessaan hattoota kanaan ummata irra gahe kun hawaasa naannoo waan gaddisisee fi aarseef, walga'ii marii iccitiidhaan yeroo dheeraaf taasisuudhaan, hattoota of keessaa baasanii saaxiluuf murteessan. Iccitiin kunis akka eegamuuf, ummannis waadaa waliif gale. Nama iccitii kana dabarsee kenes adabbiin cimaan akka eeggatu sagalee tokkoon murtaa'eera.

Guuyaa walga'in kun taasifamutti immoo yaada hattooni kunniin haa waamaman moo hin waamamiin jedhu irratti hawaasni iftoominaan marii gaggeesseera. Jiraattota keessaa tokko tokko "Hattooni kunniin qaamaan argamanii yoo nu waliin walga'ii hirmaatan, boru eenu akka isaan saaxile addaan baasanii waan beekaniif

miidhaa nu irraan gahuu danda'u. Kanaafuu, isaan osoo hin hirmaachiisiin iccitiidhaan saaxiluu qabna" jedhu dhiyeessan. Jiraattonni tokko tokko garuu murtoo fi ejjennoo cimaa-dhaan "Hattoonni kunniiin walga"ii kana irratti argamanii balleessaan isaanii ifatti haa ibsamuuf. Badii hojjetan yoo amananii fi hawaasa miidhan dhiifama yoo gaafatan, dhiifamni godhameefii gara jirenya nagaatti deebi'uu ni danda'u. Murtoo farra nagaa fudhatanii, gara gocha hammeenyaa fi gadhummaatti deebina yoo jedhan immoo, seeraaf dabarsinee kennina" jechuudhaan yaada dhiyeessan. Jiraattota keessaa muraasni immoo hattoota ummanni "qabeenya waliin itti tajaajilamu mancaasaa turan, namoota ummata saamaa turan waliin mariin/jaarsummaan hin barbachisu. Kanaafuu, hattoota kanneen walga"ii keenya irratti akka argaman erga gooneen booda harka dugda duubatti hineetu seera duratti dhiyeessina jechuun ejjennoo isaanii dhiyeessan.

### Gilgaala 3

**Dubbisa Armaan Olii Irratti  
Hundaa'uun Gaaffiilee Armaan  
gadii deebisi.**

1. Gocha hanna hattoonni kunniiin tajaajiloota hawaasummaa irratti raawwatan ummataa fi mootummaa haala kamiin miidhuu danda'aa?
2. Hawaasni naannoo yaaddan hattoota saaxiluuf dhiyaatan sadan irratti gareedhaan mari'adhaa. Yaada furmaataa

namoota kamiin dhiyaatetu irra filatamaadha?

3. Badii hattoonni tajaajila hawaasummaa adda addaa irra geessisan osoo ilaaluu "Anaan nan ilaalu" jedhanii darbuun furmaata akkamii fiduu danda'a?  
Hiriyoota kee waliin garee uumaatii irratti mari'adhaa.

Gochawwan diigoo fi miidhoo naannoo keenya keessatti miidhaa fidan, jirenya hawaasaa jeeqan balaaleffachuu fi tokko ta'uun dhabamsiisuun lammiiwwan hunda irraa kan eegamudha. Dhaabbileen tajaajila hawaasummaa, yeroo namoota balleesitootaan miidhamanii badiin irra gahu osoo arginuu maaltu na galche jedhanii callisuun badichi akka hundumaa miidhu carraa kennuufii akka ta'e beekuu qabna.

Kunis kan ta'u, tajaajila hawaasummaati fayyadamtoonni lammiiwwan hunda waan ta'aniif, naanna'ee hunda miidhuun isaa kan hafu miti. Gochaalee akkasii miidhaa qabanii fi hawaasa jeeqan tokko ta'anii ittisuun lammiiwwan hunda irraa kan eegamudha.

### Gilgaala 4


**Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.**

1. Naannoo gochaalee miidhoo fi diigoo irraa walaba ta'e akkamiiin uumuu dandeena? Hiriyoota kee waliin irratti mari'adhaa!
2. Barreffama gabaabaa gochawwan diigoo fi miidhoo naannoo kiyatti mul'atan hambisuuf "gaheen kiyya maal" jedhu qopheessuun barattoota daree keetiif dubbisi.

### 5.3 Imaammatootaa fi Tarsiimoowwan Misoomaa

#### 5.3.1 Misooma Safisiisuu Keessatti Gahee Imaammatootaa fi Tarsiimoowwan Misoomaa


- Ergaan fakkiiuwwan kun tokkummaan akka dabarsan barbaadame maalidha?
- Biyya tokko keessatti wantoonni ibsitoota hiyyummaa ta'uu danda'an maal fa'a?



Fakkii 5.2 Jabaatanii hojjechuun kabaja



Fakkii 5.3 Jabaatanii hojjechuun hiyyummaa dhabamsiisuu



Fakkii 5.4 Guddina biyyaaf lammiiin hunduu gumaachuu qaba

### Dargaggoota Araddaa Aaddis

Dargaggooni araddaa Aaddis waggo-ota dheeraaf hojii maleeyyii turan. Hojii malee taa'uudhaan uumurii dargagg-oonni dargaggummaa isaanii balleessa-aa kan turan kunniin carraa mootum-maa dargaaggonni akka ofdanda'an uumeefitti fayyadamuudhaan, hojii dhabdummaa keessaa bahuuf waldaan gurmaa'uu akka qaban waliigaltee irra gahan. Akkuma waliigaltee isaanitti waldaa tokko hundeessan. Maqaa waldaa isaaniis "Hiyyummaa Hin Baannu" jechuun moggaasan.

Maqaa waldaa isaaniitiinis dhaabbata liqii naannoo isaanii irraa maallaqa liqeeffachuun miseensota isaaniis akaakuu hojii sadiitti quoduudhaan, hojii wal ramadanii sochii isaanii hamileen eegalan.

Gareen jalqabaa akka hojjetuuf kan itti ramadame kaffaltii ji'aa hawaasa naannoo kan bilbilaa, bishaanii fi ibsaa funaanuudhaan kaffaluudhaan kaffaltii sana irraas kaffaltii tajaajila muraasa argachuudha.

Miseensonni garee lammaffaa immoo kosii manaa hawaasa naannoo sanaa walitti qabuu fi gatuun kaffaltii tajaajilaa akka argatan taasifame.

Miseensonni waldaa "Hiyyummaa hin baannuu" fi araddaa Aaddis yeroo gabaabaa keessatti sochii ol'aanaa taasisaniin bu'aa guddaa galmeessuun waldaalee kanneen biroo sadii waliin

dorgomanii bulchiinsa gandaa naannoo isaaniitiin badhaafamtoota ta'an. Jirenya dargaggoota kanneenii irrattis jijiiramni ol'aanaan mul'achuu danda'eera.

**Gilgaala 5****Dubbisa Armaan Olii Irratti****Hundaa'ii Gaaffiilee Armaan gadii Deebisi.**

1. Dargaggooni kunniin haala duraan jraachaa turaniin itti fufu osoo ta'ee firiin isaa maal ta'a ture?
2. Adeemsa hojii uumuu fi kaka'umsa hojii dargaggooni kunniin qaban akkamiin hubatta? Naannoo keessan keessa dargaggooni hojii akkas firii gaarii qabu hoijetan jiruu? Yoo jiraatan hojii akkamii irratti bobba'aniitu?
3. Dargaaggooni baay'een hojii argachuun akka hin danda'amne yaaduun yeroo jirenya balaaleffatan dhageenya. Osoo dargaggooni akkasii kunniin si qunnamanii deebii akkamii kennitaaf? Gareen mari'adhaa?

Biyyi keenya Itoophiyaan biyyoota baay'ee hiyyeyyii jedhaman keessaas tokkodha. Hiyyummaa kana keessaas bahuuf dhaloota jaalala biyyaa isa qabuu fi hojitti amanu horachuu qabna.

Seenaa hiyyummaa biyyattiis jijiiruuuf bulchiinsa gaarii imaammataa fi tarsiimoo misooma adda addaa qopheessuun sochiin eegale jira. Imaammannii fi tarsiimoon adda addaa qopha'anii isaanis hojiirra oolchuuf sochiin

misoomaa osoo walirraa hin citiin waan itti fufef misooma dinagdee fooyya'aa ta'e galmeessuun danda'a-meera. Keessumaa iyuu, jijiiramni gama qonnaatiin argamee qaama imaammataa fi tarsiimoo mootummaa ta'e akka fakkeenyaatti ibsamuu kan qabudha.

**Ani Dursituudha.**

Gaddaa fi rakkoo hawaasa koo irraa dhabamsiisuuf; Dursituudha ani gahee kiyya bahuuf; Nagaa naannoo kiyyaatiif waardiyyummaa dhaaphee; Saba kootti haa tolu beekumsaaf dandeettiin nan hojjedhaaf dhaaphee, Misoomni akka dhugoomu rakkoon nu irraa fagaatee; Ani jira lammiif haa na cimsu ebbifatee; Kunoo fedhii kootiin ofiif dhiyaadheera; Rakkoolee waliinii irratti duuluufis kutadhee ka'eera.

Qonnaan bultoonni biyyattii, inveestaroonnii fi kkf hojii qonnaa fi biroo irratti bobba'an firii gaarii galmeessuun badhaafamaniiru.

Akka imaammataa fi tarsiimoo misooma ammaa qabannee jirrutti, hiyyummaa hanga dhummaatti dhabamsiisuuf gahee nurraa eegamu gumaachuu

qabna. Kanneen keessaas, tokko, imammataa fi tarsiimoo mootummaa qaaceessinee hubachuudhaan, hojii irra oolmaa isaaniitiifis cimanii hojjechuun akka durummaan kan ibsamudha. Imaammataa fi tarsiimoowwan kunniin dadhabina yoo qabaatanis akka fooyya'anii fi sirreeffaman yaada kennuun dirqama lammiiwwaniiti.

### Gilgaala 6

#### **Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.**

1. Imaammattootaa fi tarsiimoowwan misoomaa gurguddoo mootummaan baase keessaas muraasa tarreessuun, firii qabatamaa argamsiisan irratti gareen mari'adhaa?
2. Hiyyummaa biyya keenya keessaas dhabamsiisuuf, tokkoon tokkoon lammii irraa maaltu eegama.

#### **5.3.2 Rakkoolee Waliinii Hiikuuf**

##### **Ganee Gocha Gaarii**

- Kanneen rakkoowwan waliinii jedhaman maal maal fa'a?

### Gilgaala 7

#### **Walaloo Armaan Olii Irratti Hundaa'uun Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.**

1. Ergaa ijoo walaloon kun dabarsuuf yaade maali?
2. Namni walaloo kana keessatti "Ani" jechuun dubbatu gochawwan gaarii akkamii ooluuf waadaa galee jira?
3. Mana barnootaa keessan keessatti gumiin gocha gaarii kan wal gargaarsaa yoo jiraate tajaajila maalii kennaa jira? Ciminnii fi dadhabbinni isaa maal fa'a?

Imaammatoonnii fi tarsiimoowwan mootummaan misoomaa saffisiisuuf baasu lammiiwwaniin deeggaramuu qaba. Rakkoolee hawaasaa jiranis furuun kan danda'amu sochii mootummaa qofaan taasisuun osoo hin taane, ummanni kaka'umsa isaatiin humna, beekumsa, maallaqaa fi yeroo isaa misoomaaaf gumaachuu yoo danda'e dha. Fakkeenyaaaf, naannoo jirenyaa hawaasaa tokko keessatti ibiddi yoo ka'e dirqama, konkolaataan ibidda dhaamsu hin eegamu. Ummanni naannoo haaluma isaaf danda'ameen malaa fi tooftaa qabutti fayyadamee ibiddicha dhaamsuu qaba. Badii ibiddi kun geessiseen hawaasni miidhame yoo jiraates, namoota miidhamaniif hanga jirenyi isaanii iddootti deebi'uutti kan kunuunsee jiraachisuu qabuu fi gargaaruun kan irra jiru, hawaasa naannooti. Rakkoolee kanaa fi kanneen kana fakkaatan hawaasichi walii tumsee tokkummaan hambisuu hin dandeenye taanan gargaarsa mootummaa qofa yeroo hunda eeggachuun qofti fala ta'uu hin danda'u. Sadarkaa nama dhuunfaatti gargaarsa gocha gaarii gochuun kan lammilee irraa eegamudha. Haala cimeenis dhaabbata naannoo keenyatti hojjetu waliin ta'anii hojjechuun ni dand'ama. Fakkeenyaaaf, miseensa Waldaa Qaxxaamura Diimaa ta'uun tajaajila waldaan kennaa jiru keessatti haqummaa fi amanamummaadhaan tajaajiluun gocha hawaasaaf faayidaa ol'aanaa qabu raawwachuun ni danda'ama.

**Gilgaala 8****Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.**

1. Naannoo keessan keessatti dhaabbileen gochawwan gaarii gargaarsa kennan yoo jiraatan maqaa isaanii tarreessuudhaan, tajaajila isaan kennanis ibsi.
2. Hawasni naannoo keessanii gochawwan gaarii ilaachisee hojiwwan inni raawwate yoo jiraatan hiriyoota keetiif ibsi.
3. Ati naannoo kee keessatti hojiwwan gocha gaarii keessatti hirmaattee beektaa? Yoo hin hirmaanne taate maaliif?

**5.4 Lammummaa****5.4.1 Mirgaa fi Dirqama Lammiiwwanii**

“Biyyi koo anaaf maal goote jechuun qofaa osoo hin ta’iin; ani biyya kootiif maalan godhe jedhaa gaafadhaa”.

(Pirezedantii Ameerikaa Durii  
**Joon F. Keenedii**)

- *Yaanni armaan olitti dhiyaate ergaa akkamii dabarsa?*

**Yaada Hirmaattotaa**

Abeel, Fullaas, Haragootii fi Zinnaash koree qindeessitoota gumii barnoota lammummaa fi amala gaarii mana barnootaa issaaniiti. Guyyoota lamaan dura mata duree “mirgaa fi dirqama lammiilee” jedhu irratti sagantaa mormii dhiyeessanii ture. Mormii guyyaa sanaa ilaachisee yaaddan gar-

aagaraa hirmaattotaan dhiyaate gareedhaan waliin dubbisaa turan.

Yaanni barataan eergame kan akkas jedhudha. “Mormii kana baay’ee jaalladheera. Dirqamoota lammummaa keenya kan bahuu qabnu yeroo haallan mijaa’oon jiran qofaa osoo hin ta’iin yeroo biyyattiin rakkoo keessa jirtus ta’uu qaba.

Lammileen hundi mirga isaa gaafachuu qofaa osoo hin ta’iin dirqama isas bahuu qaba. Fakkeenyaaaf, rakkoon tokko yoo mudate tokko taanee dhabamsiisuu qabna. Yaada kana kanaan barreesseef, qabxiileen kunniin mormicha irratti waan hin kaaneef, **Galatoomaa!**”.

Xalayaan lammafaan akkas jedha, “Mormiin olaanaan kaleessa jalqabne isa gaarii waan ta’ef kan jajjabeffamuu qabudha. Haata’u malee, qabxiileen ka’uu qaban osoo hin ka’iin hafaniiru ykn qabxiilee hedduu osoo hin kaasiin irra tarameera. Fakkeenyaaaf, namoonni tokko tokko haala seera alaatiin osoo sooromaa jiruu ani qofaan gahee lammummaa koon baha jedhee yoon yaade hiika maalii qabaata?

Kanaafuu, nama haala seeraan ala sooromuuf yaalu iftoominaan saaxiluu fi dogoggora isaa irraa akka baratu gochuun ni danda’ama. Kana gochu-

unis, ittigaafatamummaa hunda keen-yaati.

Yaanni sadaffaan kan armaan gadiiti. "Namni tokko hojii gaarii hojjetee, gahee lammummaa isaa yeroo bahu hin argine. Dogoggora hojjetee yoo argame immoo, dirqama isaa hin baane jedhameetu balaaleffatama. Kun maa-liif ta'a? **Galatoomaa!**

Qindeessitooni mormicha qindeessan yaaddan armaan olii fi kanneen biroo erga dubbisaniibooda, sagantaa mormii itti aanutti yaaddan isaanii xumuranii akka dhiyeessan waliigalanii gargar bahaniiru.

### Gilgaala 9

#### *Dubbisa Armaan Olii Irratti Hundaa'uun Gaaffiilee Armaan Gadii Irratti Mari'adhaa.*

1. Akka namni jalqaba yaada kenne jedhetti dirqama lammummaa namni tokko bahuu kan qabu, yeroo haalli mijatee fi tasgabbiin jiru qofaadhaa? Yoo miti ta'e akkamiin? Fakkeenyaa dabalataa kennuun gareedhaan irratti mari'adhaa.
2. Akka yaada nama lammafaatti, namoonni tokko tokko gocha seeraan alaa dalaguudhaan yeroo jirenya gaarii jiraatan argina. Yeroo gabaabaa keessattis, sadarkaa ol'aanaa irra gahu. Namoonni kunniiin garuu seera kabajuudhaan dirqama lammummaa isaanii osoo bahanii kanneen biroo immoo osoo hin bahiin sirrachuun sirriidhaa? Gaarii hojjetanii sooromuun hin jiruu?
3. Namni mirgaa fi dirqama lammummaa isaa maaliif hin bahu? Akkamiin galateeffatamuu

akka qabuu fi gahee isaa kan hin baane yoo ta'e immoo akkamiin akka dogoggora irraa deebi'uu qabu, fakkeenyaa waliiin kaasuudhaan gareen irratti mari'adhaa.

Tokkoon tokkoon lammii dhala nاما waan ta'eef qofa mirgoota kabajamuufii qaban qaba. Fakkeenyaaaf, lammiiwan hundi biyya isaanii keessa bilisummaan jiraachuuf mirga qabu. Lammiin kam iyyuu seeraan ala himatamuu fi hidhamuu hin qabu. Walabummaan amantii fi ilaachaa ni kabajamaaf. Kun akkuma jirutti ta'ee, biyyi keenyaa sirna dimookiraasii gaggeessaa jirtu keessatti, mirgoonni namummaa fi dimookiraasii lammiiwanii kabajamaa jiru. Fakkeenyaaaf, mirga yaada ofii walabummaan ibsachuu, ilaachaa adda addaa walabummaan gaggeessuu, walga'ii taasisuu, hiriira nagaa bahuu, iyyaannoo dhiyeeffachuu, mirga ofin of bulchuu fi kkf adda durummaan kanneen ibsamanidha. Lammileen mirgoonni namummaa fi dimookiraasii isaanii kabajamuu qofaa osoo hin taane, dirqama isaanis bahuun kan irraa eegamudha. Lammiin kam iyyuu akkuma mirgoonni namummaa fi dimookiraasii isaa akka kabajamaniif barbaadu mirga nama biroos kabajuun dirqama isaati. Fakkeenyaaaf, mucaan tokko maatiin isaa/ishee, guddistoonni ykn gargaarttonni hanga humni isaanii danda'e, fedhii bu'uraa isaa akka guutaniif gaafachuun mirga isaa yoo ta'u, inni immoo maatii sana keessatti ittigaafatam-

ummaa kennamuuf galmaan gahuun dirqama isaati. Lammiiwwan hundi, mirga isaaniitti fayyadamuun dhimmoota hawaasummaa naannoo jirenyaa isaanitti taasisamu keessatti dammaqinaan hirmaachuun kan irraa eegamudha.

Qabeenya waliif ofeeggannoo barbaachisaa ta'e taasisuu fi biyyattiin kan irraa eegdu hunda guutuun bifoota miira ittigaafatatummaa isaa keessaa tokkodha.

Haaluma kanaan, karoora misooma naannootiif deeggarsa mootummaa gaafachuun mirga lammiiwwanii yoo ta'u, lammiiwwanis gahee isaanii bahuun kan irraa eegamudha. Fakkeenyaaaf, humnoota nageenyaa cinaa dhaabachuu, nageenyaa fi tasgabbii naannoo haala amansiisaa ta'een akka eegamu gochuun gahee fi ittigaafatatummaa tokkoon tokkoon lammiiiti.

### Gilgaala 10

#### **Gaaffiilee armaan gadii deebisi.**

1. Lammiiwwan mirgoota isaanii qofaaf xiyyeffanna kennanii ittigaafatatummaa isaanii yoo bahuu baatan haala akkamiitu mudachuu danda'a?
2. Mirgoota lammummaa keetiin gaafachuu

#### **5.5 Alaabaa Biyyooleessa**

##### **5.5.1 Adeemsota Seenaan Alaabaan Itoophiyaa keessa Darbe**

- Ergaan fakkiin kun siif dabarsu maal inni?



Fakkii 5.5 Alaabaan Biyyooleessa Itoophiyaa ibsituu Birmaddummaa keenyaa ti.

#### **Kumarraa Afincoo fi Abbabbaa Goodaa**

Abbabbaan Goodaa nama magaalaa Finfinnee naannoo kolfee jedhamee beekamu keessa jiraatan yoo ta'an, beekumsa seenaa qabaniin jiraattooni naannoo sanaa hunduu baay'ee isaan jaallatu. Kumarraa Afincoo fi Abbabbaa Goodaan ollaa waan ta'aniif Abbabbaa Goodaan yeroo mara Kumarraa Afincoo waliin carraa wal argachuu ni qabu. Lameenuu yeroo wal argan waa'ee dhimmoota ijoo ta'anii dubbatu. Marii Kumarraa Afincoo fi Abbabbaa Goodaa waa'ee alaabaa irratti taasisan akka armaan gadiitti dhiyaateera.

**Kumarraa Afincoo:** Abbabbaa Goodaa, halluun alaabaa biyya keenyaa durumaa kaaseetu magariisa, keeloo fi diimaa turee?

**Abbabbaa Goodaa:** Halluuwan magar iisa, keeloo fi diimaa kunnin seenaa bara dheeraa kan qaban yoo ta'u iyyuu, adeemsa seenaa bara dheeraa

kana keessatti yeroo tokko tokko haalli taa'umsa isaanii jijiirameera.

**Kumarraa Afincoo:** Waljijiirraan hall-wwaanii alaabaa qofaa moo faajjiis ni dabala?

**Abbabaa Goodaa:** Eeyyee, faajjiin jijiiramaa tureera. Fakkeenyaaf, kanuma bara dhiyoo illee yoo kaasne, bara Mootiii haayila-sillaasee keessa, faajjiin alaabaa irra ture, leenca gateettii isaa irratti alaabaa baatudha. Hiikni faajji kanaas, Mootiin Haayila-sillaasee Sanyii Salamoon irraa kan dhufe ta'uu isaa fi aangoo isaaniis, kan sanyii Salamoonii fi dhiigaan kan darbu ta'uu isaa kan calaqisiisu dha. Bara sirna bittaa Dargii keessa immoo, faajjiin Leencaa sun ka'eetu, faajjiin falaasama sirna Soshaaliizimii agarsiisu alaabicha irratti maxxanfamee ture. Yeroo Darginn aangoo irraa bu'ee bulchiinsi MFdRI dhufe immoo, mallattoo tokkummaa fi walqixxummaa sabootaa, sablammoottaa fi ummattoota Itoophiyaa kan ibsu faajjiin fakkii bakkalchaa ta'ee ragga'e.

**Kumarraa Afincoo:** Abbabbaa Goodaa, waan hunda waan naaf ibsitaniif baay'een isin galateeffadha.

**Abbabaa Goodaa:** Gaariidha, Afincoo ibsa dabalataa yoo barbaadde, barsiisaa barnoota lammummaa fi amala gaarii kee yoo gaafatte haala kana caalaa quubsaa ta'een siif ibsuu ni danda'a.

## Gilgaala 11

### Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisi.

1. Marii Ababbaa Goodaa fi Kumarraa Afincoo irraa maal hubattee?
2. Halluu fi faajjiin alaabaa Itoophiyaa yeroodhaa yerootti akka jijiiramu kan taasise maalidhaa?
3. Alaabaa fi faajjiin maaliif akka addaan hin baane barattoota daree keetii waliin irratti mari'adhaa.

Alaabaan biyya keenyaa halluun isaa sadan hardha beeknu kun, magariisa, keeloo fi diimaa qofaa hin turre. Ogeessonni seenaa akka mirkaneesanitti hoggantoonni adda addaa baroota adda addaa keessa yeroo aangoo qabatan, alaabaa halluu adda addaatu fannifamaa ture.

Fakkeenyaaf, bara mootii Atsee Tewodiroos 2ffaa halluuwan alaabaa Itoophiyaa ture; diimaa ifaa, adii fi cuqliisa turan. Bara Atsee Yoohaannis illee yoo ilaallu, alaabaa halluu magariisaa, keeloo fi diimaa qabutu hojii irra oolaa fi fannifamaa kan ture ta'uu isaa beektonni seenaa ni hubachiisu.

Atsee Minilik 2ffaa Onkoloolessa 25, 1882 A.L. Itti Mootii moototaa jedhamanii gonfoo erga uffatanii booda, haalli taa'umsa isaa wal darbee iddoon yoo jijiirame iyyuu, alaabaaan kun haaluma tureen itti fufeera.

Alaabaaan olaantummaa Itoophiyaa ibsu, kan halluuwwan dursiitoota ta'anii maal fakkaachuu akka qabaniii Hagayyaa 23,1923 A.L.Itti yeroo jalqabaaf mirkana'ee bahuu kan danda'e bara mootii Atsee Haayile Sillaasee ture.

Mootonni armaan olitti maqaan isaanii ibsamee jiru, alaabaa biyyattii irratti "Mooticha Leenca Sanyii Yihudaa" kan jedhuu fi faajjii sanyii isaanii bakka isaanii bu'u qaba ture. Jabana Dargii keessas, haaluma kanaan halluun alaabaa keenyaa magariisa, keeloo fi diimaa ta'ee yoo itti fufe iyyuu, faajjiin isaa garuu kan sirna Sooshaalizimii ibsuu fi falaasama kana bakka bu'uu kan danda'u ture.

Bara sirna dimookiraasii ijaaraa fi guddisaa jirru kanatti immoo halluuwwan magariisaa, keeloo fi diimaan akkuma jiranitti ta'ee, sararoota dheerina walqixa ta'e qabaniin kan

sararameen hojjetan faajjii bakkalchaa walqixxummaa sabootaa, sablammootaa fi ummattoota Itoophiyaa agarsiisuu danda'utti kan qophaa'e carallaa biiftuu bahaa jirtuu kan qabudha.

**Gilgaala 12*****Gaaffiilee Armaan gadii Irratti  
Hiriyoota Kee Waliin Mari'adhaa.***

1. Bara aangoo Mootii Haayila Sillaasee irraa kaasee, hanga sirna dimmokiraasii isa har'aatti faajjiin alaabaa olaantummaa biyya keenyaa ibsu baroota mootota sadii haalaakkamii waljijiiraa akka ture barsiisaa keessan waliin mari'adhaa.
2. Namni Alaabaa Itoophiyaa birmadummaa ishee ibsu, bara durii irraa kaasee halluu magariisa, keeloo fi diimaa kan qabu hin turre jedhee falmuuf deebii akkamii kennituuf?

## Xumura Boqonnaa

Miirri jaalala biyyaa inni haaraan jiraachuu isaa kan mul'isu seenaa, aadaa fi afaan sabootaa, sablammoottaa fi ummatoota Itoophiyaa kabajuu fi kabachiisuudha. Biyya jaallachuu fi ummata kabajuun immoo kan ibsamu seeraa fi heeraan buluudha. Akkuma mirgi keenya akka nuuf kabajamu barbaannu, mirgoota nama biroos kabajuu qabna.

Namni biyya isaa jaallatu ittigaafatamummaa kennameef si'aayinaa fi cimin-an baha. Hawaasichaafis gochaalee fakkeenya gaarii ta'an raawwata. Seenaa fi aadaa ummata isaa kan sirrii ta'an hubachuu, seenaa waliin dhahamee fi sirrii addaan baasuun sirreessuun gahee lammii hundaati. Miirri jaalala biyyaa inni haaraan kan eegalu naannoo ofii sirriitti beekuu fi

qabeenyota tajaajila hawaasummaatiif oolan kunuunsuunidha. Kana malees, misoomni biyya keenyaa akka saffisuu imaammatootaa fi tarsiimoowan misoomaa bahan shoorri isaan hiyyummaa dhabamsiisuuf taphatan guddaa yoo ta'eyyuu hirmaanna gocha gaariitiin deeggaramuu baannaan firiin eegamu galmaa'u dhiisuu danda'a.

Gocha firi gaarii fidu akkasii raw-wachuuf immoo lammiiwan hundi mirgaa fi dirqama sirriitti hubachuu qabu.

Alaabaa biyyolessaa keenya jaalala fi kabaja biyyaa fi ummatoota keenyaaq qabnu kan calaqqisiisu qofaa osoo hin taane ragaa fi mallattoo seenaa tokkummaa keenyaa isa bara dheeraati.

**Jechoota Ijoo**

- **Imaammataa fi tarsiimoo:** Qajeelfama mootummaan adeemsa raawwii hojii saffisaa fi bu'aa qabeessa taasisuuf baasuun hojiirra oolchudha.
- **Wal Saaxiluu:** Gocha itti yakkamtoota hawaasa keessa dhokatanii balleessaa raawatan addaan baasuun dabarsanii qaama dhimmi ilaalutti beeksisan.

## Gaaffiilee Keessa Deebii

**I. Himoota Armaan gadii Keessaa Kanneen Sirrii Ta'an "Dhugaa" Kanneen Sirrii Hin Taane Immoo "Soba" jedhi.**

1. Seenaan sabootaa, sablammootaa fi ummatootaa Itoophiyaa akka hin dabne gochuun gahee lammiiwwan hundaati.
2. Seeraan buluuf beekumsi seeraa lammiiwwaniif barbaachisaa miti.
3. Mirgoota keenya osoo hin gaafatiin dura, ittigaafatatummaa keenya bahuun kan ta'uu qabudha.
4. Alaabaan biyyoolessa keenyaa mallattoo bilisummaa fi ragaa seenaa keenyaa isa bara dheeraati.
5. Tokkoon tokkoon lammii akkuma beekumsaa fi dandeettii isaatti, hawaasaaf gocha fakkeenyummaa gaarii ta'e raawwachuu qaba.
6. Biyya keenya keessatti odeeffannoo seenaa dogoggora ta'e sirreessuun gahee beektota seenaa qofaa ta'uu qaba.

**II. Kanneen "A" Jalatti Tarreffaman, Kanneen "B" Jala Jiraaniin Walitti Firoomsi.**

**A**

1. Walabummaan yaada ibsachuu
2. Mirgaa fi ittigaafatatummaa ofii beekuu
3. Imaammattootaa fi tarsiimoowwan misoomaa
4. Ibsituu amanamummaa
5. Mataa ofii araada gadheef saaxiluu
6. Maqaa biyyaa xureessuu
7. Meeshaalee tajaajiiia Walee kunuunsuu

**B**

- A. Iccitii eeguu
- B. Gocha miidhaa fidu
- C. Gocha diigaa
- D. Gocha fakkeenyummaa gaarii qabu
- E. Tooftaa hiyyummaa balleessuu
- F. Mirga siyasaa
- G. Ittigaafatatummaa lammiiwwanii

**III. Bakkeewwan Duwwaa Armaan Gadii Jechoota Sirriin Guuti.**

1. Biyya keenya keessaa hiyyummaan akka baduuf, lammiileen hundi \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ raawwachiisuuf dirqama gahee isaanii bahuu qabu.
2. Gochi kaka'umsa mataa ofiitiin raawwatamu \_\_\_\_\_ jedhamee beekama.

**IV. Gaaffiilee Armaan Gadiitiif deebbii Sirrii Ta'e Filadhu.**

1. Ibsitoota jaalala biyyaa haaraa kan ta'an:

- a. Seena sirrii fi dogoggoraa addaan baasanii beekuu
- b. Seeraa fi dambiif bitamuu (seeraan buluu)
- c. Gocha gaarii raawwachuu
- d. Hunduu deebii sirrii dha.

2. Gochaawan miidhaa qabanii fi gufuu guddinaa ta'an ittisuun;

- a. Ittigaafatatummaa dhuunfaa tokkoon tokkoon lammiiwwan hundaati.
- b. Ittigaafatatummaa hawaasni waliin qabu
- c. Gahee qaama mootummaa seera raawwachistuuti
- d. Hunduu deebii sirriidha.

3. Imaammatoonnii fi tarsiimoowwan misooma biyya keenyaaf qophaa'an;

- a. kan hojii irra oolan tattaaffii bulchiinsa mootummaa qofaadhaan
- b. Qophaa'uun isaanii qofti gahaadha.
- c. Fooyya'uun isaan hin barbaachisu
- d. Hojii irra oolmaa isaanitiif tattaaffiin mootummaa fi lammiiwwanii barbaachisaadha.

4. Mirgaa fi dirqamni lammiiwwanii;

- a. Heera Mootummaatiin ragga'eera.
- b. Gochaan madaalamuu qaba.
- c. Hunduu akka beeku taasifamuu qaba.
- d. Hunduu deebii sirrii ta'uu danda'a.

**V. Gaaffiilee Armaan Gatiif Deebii Gaggabaabaa Kenni.**

1. Meeshaaleen tajaajila hawaasummaaf oolan kunuunsa dhabuun yoo miidhaman hawaasa irra rakkolee akkamiitu gahuu danda'u? Fakkeenyaa waliin ibsi.
2. Hojiwwan misooma mootummaan qopheessuuf tajaajiloonni gochawwan gaarii deeggarsa gochuu danda'u?

# BOQONNAA JA'A

## MIIRÄ ITTIGAAFATAMUMMAA

**Kaayyoolee Boqonnichaa:** Boqonnaa

kana barattee erga xumurtee booda:

- Gosootaa fi sadarkaalee ittigaafatamummaa gara garaa ni beekta.
- Qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa kunuunsuu keessatti itti gaafatamummaa qabdu ni hubatta.
- Dhibee HIV/EEDSII irraa attamittiin akka of eegdu ni hubatta.

### 6.1 Ittigaafatamummaa Bahuu

#### 6.1.1 Gosootaa fi Sadarkaalee IttiGaafatamummaa



Fakkii 6.1 Sadaasa 12, guyyaa duula qulqullina aadaawaa yommuu ummati waliin kosii gubu.

- Fakkii kana irraa maal hubattan?

### Mudannoo

An kanan hojjedhu Mana Hojii Abbaa Taayitaa Gumuruk keessa ture. Yeroo tokko namtichi lammii Xaaliyaanii ta`e tokko ashuraa hin kaffaliin qarshii miiliyoona 30 akkan haquuf na bira dhufee. Gochaa koo kanaafis qarshii miliyoona sadii, konkolaataa fe`umsaa tokkoo fi mana viillaa siif keennuuf qophaa`een jira naan jedha. Anis galii ashuraa irraa argamu guddina dinagdee biyya keenyaatiif gahee guddaa waan taphatuuf gonkumaa ilaalchi siif godhamu hin jiru; kun ammoo seera biyya keenyaatin jedheen.

Dhimma kana ilaachisee namni kun bifa jaarsummaatiin nama taayitaa guddaa qabu tokkonatti erge. Deebiin ani nama kanaaf deebises "Barannee barannee biyya haa gurgurru jettaa?" kan jedhu ture. Innis "Akka goggogdetti hafta, mootummaa yoo ta`e akka suphee cabdeetti darbatee si gata," naan jedhe. Aariidhaan deebiin koos "Homaa miti badhaadhinnii koo na gahaa" kan jedhu ture.

Dhimmichi cimaa waan deemeef ittigaafatamaan kun michuu kaampaanichaa kan taate giiftii Tanaanyewarqitti iyyata. Isheenis “na dhukkube jedhii Hospitaala ciisi; Jaanooyi akka si ilaalan nan godhaa,” jettee gorsite. Baratolom akka jedhametti hospitaala gale. Giiftii Tanaanyewarqiinis Jaanooyii akka ilaalan taasifte. Jaanooyis, “Konkolaataatu si dhahee kanakkana taate?” jechuun gaafatan. Baratolomiin “Jaanooyi anaan kan na dhahe konkolaataa osoo hin taanee galii biyya keessaati;” jedhee deebise. Jaanooyis “Ati dhimma isaa nuuf dhiisi; amma yaalamii ba`i;” jedhanii deeman. Bara 1965 walakkaa irratti “Iccitii cimaa” kan jedhu Xalayaan na ga`e. Xalayichis, “Gibirri hanga ammaa Baratolom irra jiru haqamee jira;” jedha.

Yeroo gabaabduu booda, Fulbaana lama Jaanooyi aangoo irraa bu'an. Waajjira yeroon dhaqu Baratolon na argee, “Xalayaan si hin geenyee?” naan jedhe. Akka na hin ga`in itti hime. Haala kanaan Abbaan Taayitaa Ministera Maallaqaa biyya isaa jaallatu tokkotti dhimma na dhiphise kanan hime. Innis yaada koo dhaga`eera. Kana booda himannaan akka irratti banamu ta`e. Bu`aa ba`ii mana murtii yeroo dheeraa booda abbaan kaampaanii lammii biyya Xaaliyaanii kun ashuuraa yeroo dheeraaf hin kaffalin ture hunda akka kaffalu itti murtaa`e.

*Madda: baruullee “Gebii le limaat” Lakk.4, guca 4  
bara 2000 irraa kan fudhatame*

## Gilgaala 1

### Akkaataa Dubbisa Armaan Olitiin Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisaa.

1. Kadhaa fi matta`aa Baratoolon diduun ittigaafatama kanaa gchaa maalii agarsiisa?
2. Guddina biyyaa fi badhaadhina lammii isaatiif namni hojjetu tokko seenaa kana irraa maal barata?
3. Matta`aa fi kadhaan matta`aaf godhamu faayidaa walii keenyaa irratti rakkoo inni fidu ibsaa.

Galmi itti gaafatamummaa bahuu inni bu'uraa guddinaa fi badhaadhina biyyaa ti. Jirenya hawaasummaa keessatti hojiin hundee nageenyaa fi guddinaati. Kana keessatti hawaasnisi itti gaafatamummaa hojii fudhachuu fi karaa bu`aa qabeessa raawwachiisuuf dirqama lammummaa qaba.

Ittigaafatamummaa fudhachuu waan tokko hojjechuuf yaaduu yeroo ta`u, itti gaafatamummaa bahuun ammo bu`aa qabeessa ta`u. Itti gaafatamummaan gochaalee dhuunfaa fi waliin raawwataman dha. Itti gaafatamummaan dhuunfaa namni kam iyyuu dhuunfaa isaatti gahee inni bahuu qabu agarsiisa. Ittigaafatamummaan dhuunfaa tokkoon tokkoon namaa akka umurii, dandeettii, beekumsa, taayitaa fi kkf dirqama namummaa fi seeraa irraa egamu dha. Namoonni dhuunfaadhaan ittigaafatamummaa isaanii seeraan hin bahan yoo ta`e

## MIIRA ITTI GAAFATAMUMMAA

rakkoon uumamuu danda`u nama dhuunfaa irra darbee biyyaa fi hawaasa biyyatti miidhuu danda`a.

Karaa biraatiin ammo namoonni dhimmoota waliin tajaajilaman irratti tarkaanfiwwan isaan fudhatan itti gaafatamummaa waliinii jedhama. Fakkeenyaaaf birmadummaa biyyatti eeguu, qabeenya mootummaa fi uum-mataa badii fi qisaasa'ummaa irraa eeguu, gooltummaa irratti duuluu, yakki akka hin raawwatamne ittisuu fi kkf itti gaafatamummaa nama dhuu-nfaa otoo hin taane itti gaafatamu-mmaa waliinii agarsiisu.

Ittigaafatamummaan gocha seera qabeessa ta`e tokko karaa sirrii ta`een dirqama raawwachuu yoo ta`u, akaakuu fi sadarkaa qaba. Akkuma armaan olitti ibsamuu yaalametti namoonni akkuma gosa ogummaa isaanii fi sadarkaa barumsa isaaniitiin iddoor itti gaafatamummaa garaagaraa irratti bobba'u. Akkuma gosa ogummaa ramadamanittis ittigaafatamummaan isaanii garaagaradha. Fakkeenyaaaf waa`een birmadummaa figuddinni biyyattii dhimma lammii hundaa ilaallatuu dha. Haata`u malee karoorrii fi seeronni biyyattii sirriitti akka hojii irra oolan gochuu fi nageenyi fi guddinni biyyaa akka mirkanaa'u gochuudhaaf mumichi ministeera biyya keenyaa itti gaafatamummaa olaanaa qaba. Karaa biraatiin dooktoriin tokko akkaataa

## Boqonnaa Jaha

ogummaa fi naamusa ogummaa isaa-tiin dhukkubsattoota gargaaruu irratti gargaaraa fayyaa tokko caalaa itti gaafatamummaa qaba. Milkaa`ina adeemsa baruu barsiisuu mana barnootaa keessatti itti gaafatamummaan hogganaan mana barumsaa qabu kan barreessaa bulchiinsa mana barumsaa ni caala. Haata`u malee hojii kam keessatti iyyuu bu`aa gaarii argisiisuuf itti gaafatamummaan hojii garaagaraa akkuma gosaa fi sadarkaa isaatti bay`ee barbaachisaa dha.

### Gilgaala 2

#### Gaaffiilee armaan gadii deebisaa.

1. Ittigaafatamummaa jechuun maal jechuu dha?
2. Dhimmoota faayidaa waliinii ta`an irratti waliin hojjechuun ittigaafatamummaa attamii agarsiisa?
3. Akaakuu fi sadarkaalee ittigaafatamummaa yeroo jedhamu maal agarsiisuuf dha?
4. Ittigaafatamummaa fudhachuu fi ittigaafatamummaa bahuu gidduu garaagarummaan jiru maal?
5. Namni ittigaafatamummaa dhuunfaa isaa hin baane eenyuu miidhuu danda`a?

#### 6.2. Waadaa

- *Waadaan maali?*

#### Waadaa Mul`ata Gaarii

Ji`i Fulbaanaa yeroo hunda ji`a mul`ata gaarii namatti mul`isuu dha. Manneen barumsaa hundinuu humna

guutuu fi qophaa`ummaa cimaan hojii isaanii kan jalqabaan jalqabuma ji`a kanaa yoo ta`u, sirni jalqabbii mana barumsaa Misiraaq Corraa jedhamutti akkaataan sirna jalqabbii isaanii miidhagina addaa qaba. Barattoot hundumtuu kutaalee keessa darbanii dhufaniif dungoo imaanaa qabsiisuun waliif dabarsu; isaanis akkuma kana kutaalee isaan dura jiran irraa ni fudhatu. Kaawunsilii barattootaa fi bulchiinsa mana barnootaatiin qoranno fi waliigaltee godhame irraa ka`uun kutaalee hundumaaf bara barnootaa sana keessatti wantootni hojjetamuu qaban murtaa`ee jira. Wantootni hojjetamuu qaban akka sadarkaa kutaalee isaaniitiin akka armaan gadiitti ibsam-anii jiru.

**Kutaa 7<sup>ffaa</sup>:** Waggaa guutuu dallaa mana barumsaa qulqulleessu.

**Kutaa 8<sup>ffaa</sup>:** Ilillii fi marga kunuunsu.

**Kutaa 9<sup>ffaa</sup>:** Akkaataa itti fayyadama bishaanii fi qulqullina naannoo mana fincaanii to`atu.

**Kutaa 10<sup>ffaa</sup>:** Gumiwwan fanno diim-aatii fi gochaa gaariif madda galii argachuu (kuduraa fi fuduraa adda addaa mooraa mana barumsaa keessa dhaabuudhaan, gosa ispoortii adda addaa agarsiisuu dhaan galii argachuu fi KKF)

**Kutaa 11<sup>ffaa</sup>:** Mooraa mana barumsaa keessatti dirree Ispoortii fi iddo bashannanaa daangessuu, bakka kabaja sirna alaabaa fi karaalee mana barumsaa keessa jiran qalama dibuu.

**Kutaa 12<sup>ffaa</sup>:** Teessumaa fi minjaalota mana barumsaa kan caccabe ogeessota wajjin ta`uu dhaan suphuu, kitaabilee cicitan hodhuu, mukeen yaadannoof ta`an dhaabuu fi wagga guutuu kunuunsuu dha.

Kutaaleen hundumti iyyuu imaanaa fudhatan injifannoo dhaan keessa bahuuf waadaa galan. Ji`a Fulbaanaa irraa eegalee baruu-barsiisuu cinatti waadaa galan galmaan ga`uuf barat-oota mana barumsaa kanaa gidduutti wal-dorgommii fi sochii gaariin ni jalqaba. Imaanaa itti kennname akkaataa waada galaniin bu`aa gaarii daree argamsiiseef immoo badhaasa gaachanaa fi geebatu kennamaaf.

Qilleensi mana barumsaa Misiraaq Corraa keessa jiru qulqulluu fi kan nama bashannansiisuu dha. Sababni isaa mooraan isaa magariisaa fi qulqullinni isaa kan eegame waan ta`eedhaaf. Minjaaloti caccaboon, gabateen beeksisaa tatarsa`an, keeyyanni mana halluun isaa fofolloqe hin mul`atu. Kutaaleen hundinuu akkaataa imaanaa seenaaniin “qabeenya kooti” jechuudhan miira itti gaafatamummaatiin waadaa isaanii eeguudhaaf of-eeggannoo fi haala gaariidhaan hojjetu. Muken dallaa mana

barumsaa keessatti tarreedhaan dhabbatanii jiranis gaaddisa ta`uu fi qilleensa naannoo sanaa mijawaa taasisuudhaan mana barumsichaatiif miidhagina addaa laataniifii jiru.

Mana barumsaa Misiraaq Corraatti wanti guddaan hojjetame kan biroonis ni jira. Karaa gumii fannoo diimaa fi gumii gocha gaarii waggaatti yeroo lama namoota naannoo mana barnootaa isaanii jiran humna dhabeeyyii fi maanguddootaaf manni isaanii kan jalaa caccabeef mana jajjabeessuuf, naannoo mana jirenya isaaniis ni qulqulleessuuf warra harka qalleeyyii ta`aniifis gargaarsi ni godhamaaf. Kana irraa ka`uudhaan namoonni naannoo mana barumsaa jiran tokko tokko gargaarsii fi ilaalchi akka godhamuufiif gumii barattootaa kanaaf yeroo iyyataa dhiyeeffatan ni jira. Karaa daangaa mana barumsaa jiru irrattis aramaan, baalli garaagaraa fi kosiin hin mul`atu. Barattootni hundinuu ilaalcha gaarii fi amantaa cimaadhaan hojiin isaan hojjetan walitti dabalamEE bu`aa isaa ciminaan eeguuf waadaa galan raawwachuun gocha kabajamaa akka ta`e baramee akka galateeffataman taasissee jira. Waan kana ta`eef manni barumsaa Misiraaq Corraa jijiiramnii fi bu`aan gaariin kan keessatti mul`ate waan ta`eef mana barumsaa mul`ata gaarii jedhamtee waamamti.

### Gilgaal 3

#### *Akkaataa Dubbisa Armaan Oliitiin Gaaffiilee Armaan Gadii Deebisaa.*

1. Imaanaa fi waadaan hariiroo isaan qaban ibsi?
2. Barattootni mana barumsaa Misiraaq Corraa ittigaafatamummaa dhuunfaa fi garee attamitti bahani?
3. Ilaalcha gaarii fi miira ittigaafatamumm-aatiin bu`aa hojiwwan barattootaan hojjetaman tarreessi.

Waadaa jechuun ittigaafatamummaa ba`huu fi imaanaa eeguu jechuudha. Waadaa galan raawwachuun kabajni dhuunfaa fi bilchinni sammuu kan ittiin madaalamudha.

Mana barumsaatti waadaa barattootni galan keessaa muraasi yeroon mana barnootaatti argamanii barachuu, hojiwwan manaa hojjetanii argamuu, seeraa fi dambiilee mana barnootaaf bitamuu , akkasumas mana barnootaa keessatti hirmaannaa hojii gochuu eeruun ni danda'ama.

Barumsa ilaalchisee barattooti mataa isaaniitiif, warra isaaniitiif fi mana barumsaa isaaniif bu`aa gaarii galmeessuuf waadaa galan kutannoo fi miira ittigaafatamummaan baratu. Dhuma waggaai irrattis naamusaa fi qabxii isaaniitiif galateeffamoo fi badhaafamoo ta`u. kanaafis fakkeenyaa gaarii ta`uun himamu. Dargaggoon waadaa isaanii kabajan waldaalee adda addaa naanno Isaanii jiran keessatti hirmaachuduhan akkuma dandeetti isaaniitti

rakkoo hawaasaa hiikuuf waadaa galu. Kunis imaanaa fi ittigaafatamummaa fudhachuudha. Haaluma kanaan hojiiwwan misoomaa garagaraa, qulqullinaa fi sosochii barumsaa keessatti himaachuudhaan bu`aa faayidaa waliif oolu galmeessisu. kunis kan agarsiisu, waadaa galan kabajuu fi hojiidhaan dhugoomsuu isaaniiti.

Dargaggoon ittigaafatamummaa biyya bulchuu humna fudhatu waan ta`aniif imaanaan barattootatti kennamu akkuma dandeettii isaaniitti ilaalcha gaarii fi amanamummaadhaan hojjechuudhaan ittigaafatamummaa bahuu danda`uu isaanii kan ittiin mirkane-effatan hirmaannaa naannoo isaaniitti taasisan iinii dha. Shaakalli naannootti taasisan kunis sadarkaa isaa eeggatee guddachuudhaan ittigaafatamummaa guddaa fi imaanaa bahuuf gahumsa qabaachuutti ceesisa. Kanaaf atis faayidaa waliin jirenyaa uummataaf wantoota oolan guutuuf gaaffii fi waamicha godhamu hund-aafuu deebii lammummaa kennuud-haan hirmaannaa kallattiin gochuun si irraa eegama.

#### **Gilgaala 4**

##### **Gaaffiilee armaan gadii deebisaa.**

1. Ciminni kaayyoo ofii fi bilchinni sammuu namootaa kan ittiin madaalamu maaliin?
2. Dargaggeessi tokko guddina naannoo isaatiif haala gaarii ta`een hirmaannaan inni taasisuu qabu maal ta`uu qaba jetta?
3. Barataan tokko ofii isaatiif waadaa inni ofiif galuu qabu maali?

#### **6.3. Qabeenya Umamaa fi Dabareewwan Seenaa**

- *Qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa naannoo keessanitti argaman tarreessaa.*



Fakkii 6.2 Qabeenyaa umamaa fi dabareewwan seenaa kunuunsi taasifamuu qaba

Qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa jechuun uumamaan kan argamanii fi hawaasni jiruuf jirenya isaa keessatti kan uume mallatoo enyummamaa isaati.

Qabeenyi uumamaa fi dabareewwan seenaa eenyummaa saba tokkoo ibsan kun miidhaa fi qisaasa`ummaaf saaxilamaa jiru. Qabeenyaa fi dabareewwan seenaa kun badii fi qisaasa`uu irraa eegamuu qabu. lakkooftsi uummataa yeroodhaa yerootti dabaluu fi babal`ina

magaalotaa irraa kan ka`e ijaarsa manaaf, wantoota garaagaraatii fi qoraaniif jedhamee bosonni ciramuudhaan wanta bay`ee yaaddessaa ta`ee jira. Ittidabalees, faayidaa fi guddina dhuunfaatiif jecha karaa seera qabeessa hin taaneen bineensota ajjeesuun, qabeenya uumamaa mancaasuuun, haftee seenaa hatuu fi gurguruun rakkooowwan bay`inaan mul`atani dha. Manca`uu, miidhamuu fi hatamuu qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaatiif sababoota gurguddoo kan ta`an:

1. barumsaa fi hubannoo dhabuu,
2. hiyyummaa fi jirenya booddeetti hafaa jiraachuu,
3. miira biyyummaa dhabuu fi guddina dhuunfaatiif dursa kennuu fa`i.

Gochaalee badii akkasii dhabamsiis-un kan danda`amu irra caalaa karaa barumsaa jijiiramni amalaa yoo umame dha. Kanaafuu manneen barnootaa hubannoo gabbisuu irratti hojii guddaatu isaan eggata. Kana cinaattis, dhabaleen sab-quunnamtii uummataa dhimmi kun bay`ee yaaddessaa ta`uu isaa uummataa beeksisuu fi dhaabbileen dhimmichi kallattiidhaan ilaallatus dirqama biyyummaa bahuu dhaan gahee isaanii gumaa-chuu qabu.

Eegumsii fi kunuuns qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaatiif

ta`uu malu kan mootummaa yookiin kan qaama tokko duwwaa ta`uu hin qabu. Dhimmichi dhimma biyyaa waan ta`eef hirmaannaa lammii hundaa barbaada. Qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa badii irraa ittisuun faayidaa fi kabaja ofii akkasumas seenaa eeguu akka ta`e hubachuu-dhaan, qabeenya fi dabareewwan seenaa eeguuun dirqama lammummaa ta`uun hubatamuu qaba.

Quunnamtii uummataa dhimmi kun bay`ee yaaddessaa ta`uu isaa uummataa beeksisuu fi dhaabbileen dhimmichi kallattiidhaan ilaallatus dirqama biyyummaa bahuu dhaan gahee isaanii gumaachuu qabu.

Eegumsii fi kunuuns qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaatiif ta`uu malu kan mootummaa yookiin kan qaama tokko duwwaa ta`uu hin qabu. Dhimmichi dhimma biyyaa waan ta`eef hirmaannaa lammii hundaa barbaada. Qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa badii irraa ittisuun faayidaa fi kabaja ofii akkasumas seenaa eeguu akka ta`e hubachuu-dhaan, qabeenya fi dabareewwan seenaa eeguuun dirqama lammummaa ta`uun hubatamuu qaba.

**Gilgaala 5**

**Gaaffilee Armaan Gadii Irratti  
Mari`adhaa.**

1. Qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa eeguu ilaachisee dhabileen sab-qunnamtii ummataa maal gochuu qabu?
2. Sababni manca`iinsa qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa maali?
3. Qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa egoo ilaachisee gaheen lammilee irraa eegamu maali?

**6.4. HIV/EEDSII**

- *Dhiben HIV/EEDSII maanguddoo fakkii irratti argitan kana attamittiin miidhe?*
- *Carraan fuulduraa mucaa baatamee jiruu maal ta`a?*
- *Dhibee HIV/EEDSII irraa of eeguun eenyuun fayyada?*

Fakkii 6.3 Mucaan isaanii HIV/EEDSn waan duuteef

Dhibeen HIV/EEDSii umurii fi saala, sanyii fi bifa akkasumas sadarkaa barnootaa addaan osoo hin baasiin kan nama miidhu dha. Babal`inni dhibee kanaa lammilee irrattis ta`e biyya irratti rakkoo guddaa fidaa jira. Waan kana ta`eef namni hundinuu dhibee daawaan hin argamneef kana ittisuu fi dhabamsiisuuf sochii godhamu hunda keessatti hirmaachuudhaan ittigaafata-mummaa isaa bahuu qaba.

Dhibeen kun da`imman maatii malee, maanguddoota ammoo gargaarsa malee hambisaa jira. Kun ammoo jirenya

nagaa fi tasgabbii hawaasummaa irratti rakkoo guddaa uumee jira. Daa-imman warra dhabuun bittinaa`anii fi



maanguddoota gargaarsa ijoollee isaanii dhabuudhaan kadhaaf daandiitti ba`an arguun yeroodhaa yerootti bay`achaa dhufee jira.

Dhibeen HIV/EEDSii yeroo ammaatti bay`inaan kan inni miidhaa jiru dargaggoo dha.

Geggeessummaa biyya isaa fudhachuuf qaamni ittigaafatamummaa qabu kun dhibee kanaan miidhamuun isaa humna omishtummaa xiqqeessuudhaan diinagdeen biyyaa akka quucaruu fi hiyyummaan akka babal`atu taasisa. Rakkoon nama rifaasisu akkasii kunis biyya keenya keessatti babal`achaa jira. Ogummaa fi dand-eettiin garaagaraa namootni qaban dhibee kanaan miidhamuun akka biyyaattis rakkoo miidhaa guddaa qabu dha.

Ittisa dhibee kanaatiif malli amans-iisaan fuudhaa fi heeruma dura gonkumaa wal-quunnamtii saalaa gochuu irraa of qusachuu dha. Fuudhaa fi heerumnis dhiiga walii sakattaasisuu dhaan fayyummaa irratti kan hundaa`e ta`uu qaba. Inni lammafaan ammo haala kamiin iyyuu taanaan dhiiga namoota biroo tuquu irraa of eeguudha. Kanaafuu sibiila namootni biroon ittiin fayyadaman kamiyyuu kan akka qarabaa, meeshaalee qeensa qoran, lilmoo qorichaa, rigaa ilkaanii fi wantoota qara qaban birotti fayyadamuu irraa of qusachuun barbaachisaa dha.

“Gogaa jiidhaatti maru” jedhu mitiiree, akkuma kana dhibee kana irraa dursanii of eeguun fala filannoo biraahin qabnee dha. Kun ammo, ofiifis namoota biroo tiifis jiraachuun ittigaaf-atamummaa lammummaa boonsaa ba`uu dha. Egaa haaluma kanaan namooti haala garaagaraa fi beekumsaa fi hubannoo dhabuudhaan dhibee kanaaf saaxilaman qaama hawaasaa waan ta`aniif kunuunsii fi gorsi barbaachisaa ta`e kennamuufii

qaba. Yeroo ammaa kana namootni dhibee kanaan qabaman yoo jiraatan iyyuu ogummaa fi dandeettii qabaniin misooma biyyattii keessatti gahee isaanii bahaa jiru waan ta`eef qaama hawaasaa kanaaf deeggersa haamilee fi meeshaalee kenuun gargaaruun lammilee hunduma irraa eegama.

### **Gilgaala 6**

#### ***Gaaffilee armaan gadii irratti mari`adhaa.***

1. Beektonnii fi ogeessonni dhibee kanaan du`un isaanii rakkoo inni fiduu danda`u maali?
2. Dargaggooni dhibee kana irraa of eeguuf maal gochuu qabu.

## Gudunfaa Boqonnaa

Miirri ittigaafatamummaa amala, gochaa fi gahee namoota lammummaan itti dhaga `amuuti. Ittigaafatamummaa bahuun ilaalcha gaarii fi amanamummaa dhaan hojii dhuunfaa ofiis ta`e kan garee raawwachuuudhaan gochaa qabatamaan mul`atu dha. Sadarkaaleen barumsaa fi ogummaan garaa garaa akkuma jiran gosoonnii fi sadarkaaleen ittigaafatamummaa garaa garaa ni jiru. Haata`u iyyuu malee namoonni sadarkaa ittigaftatamummaa garaa garaa irra jiran ittigaafatamummaa isaanii haala ga`umsaa fi bu`aa qabeessa ta`een yoo keessa bahan faayidaan inni hawaasaaf qabu olaanaa dha.

Ofii fi hawaasaaf waadaa galuun gocha tokko raawwachuuuf yookiin raawwachuu dhiisuuf kutannoon ibsuudha. Waadaan kakuu jecha afaanii yeroo ta`u bu`aan isaa hojii qabatamaadha. Kanaafuu, namni kam iyyuu akkuma ogummaa fi dandeetti isaatti jijiirama hawaasummaa fiduuf waadaa galuu fi waadaa gale kanas hojiin dhugoomsuu qaba.

Karaa biraatiinis lammii tokko qabeenyaa fi seenaa biyya isaa sirriitti beekuuf barumsa gahaa qabaachuu qaba. Kanaafuu, turtee mana barumsaa keessatti qabeenyaa fi seenaa

biyya ofii haalaan beekuun qabeenyi uumamaa fi hambaawwan seenaa qisaassa`uu fi baduu irraa oolchuuf namni hundinuu gahee ofii bahuu qaba. Qabeenyi umamaa bu`uura jiruu fi jireenyaa yoommuu ta'an dab- areewwan seenaa ammo ibsitoota sona enyummaa ti. Kanaafuu, qabeenyaa biyyaa beekuun "kan kooti" miira jedhuun eeguu fi kunuunsuun ilaalcha namoota birootis jijiiruu dhaan badii irraa akka of qusatan gochuun gahee fi dirqama lammumaati.

Kanaa alitti ammo wantti of eegganno fi eegumsa cimaa barbaachisu nageenyaa lammilee amansiisaa gochuudha. Namoonni qabeenyaa umamaa misoomsuu fi jijiiruudhaan seenaa hojjechuu kan danda`an ejennoo fayyalessaa fi haamilee gaarii yoo qabaatan dha. Yeroo ammaa ilmaan namaatti qorumsa ta`ee kan mul`ate dhibeen HIV/EEDSii babal`achaa fi miidhaa fidaa jiraachuu isaati. Kanaafuu, dhibee kanaaf akka hin saaxilamne of eegganno cima gochuun barbaachisaa dha.

### Jechoota Ijoo

- **Mirri ittigaafatamummaa:** Fedha dirqama lammummaa, dirqama gummaa, dirqama hawaassummaa fi kkf akka bahan nama kakaasu.
- **Ittigaafatamummaa bahuu:** Ittigaafatamummaa lammummaa, ogummaa, hawaasummaa kkf hojii bu`a qabeessa agarsiisuu.
- **Yaadannoo:** Waan darbe, seenaa kkf --- yaadachuu.
- **Dirqama lammummaa:** Dhalataan biyya tokkoo guddinaa fi nageenya biyya isaaf dirqamaan ykn fedhiidhaan hojii bu`aa qabeessa raawwatamu.
- **Qisaasummaa:** Badii

## Gaaffilee keessa deebii

**I. Himoota Armaan Gadii Dubbisuudhaan Sirrii Yoo Ta`e “Dhugaa” Dogoggora Yoo Ta`e “Soba” Jechuun Deebisaa.**

1. Namni miira ittigaafatamummaa qabu tokko hojii isaa seeraan raawwata.
2. Ittigaafatamummaan akaakuu fi sadarkaa hin qabu.
3. Namni waadaa galu tokko dursee humnaa fi dandeettii isaa beekuu qaba.
4. Qabeenya uumamaa fi hambaawan seenaa akka hin qisaassofneef eeguu kan qabumootummaa qofa.
5. Dhibee HIV/EEDSii irraa of eeguun ittigaafatamummaa bahuu wajjin walitti dhufeenya hin qabu.

**II. Himoota Roga “A” Jalatti Tarreeffamaniif Himoota Roga “B” Jala Jiran Keessaa Filachuun Walitti Firoomsaa**

**A**

1. Dhibee HIV/EEDSiin fidu
2. Ittigaafatamummaa bahuu
3. Amanamummaa
4. Qabeenya umamaa
5. Gantuu
6. Gosootaa fi sadarkaalee
7. Ittigaafatamummaa waliinii

**B**

- A. faayidaa waliif waliin hojjechuu
- B. dubbatee kan diigu
- C. Warqee, boba`aa, Bishaan
- D. Fayyaa, Ioltummaa, qonna,Waardiyyummaa
- E. Wanta bu`aa qabu
- F. Tajaajila gaarii kennuu ykn bu`aa Ittigaafatamummaa gaarii argamsiisuu
- G. Badiinsa qabeenya

**III. Gaaffilee Armaan Gadiitiif Iddoo Duwwaa Kenname IrrattiJechota ykn Gaaleewwan Sirrii Ta`aniin Guutaa.**

1. Ittigaafatamummaa bahuun \_\_\_\_\_ kabajuu dha.
2. Dhibee HIV/EEDSii irraa of eeguun \_\_\_\_\_ bahuudha.
3. Qabeenyi ibsituu enyummaa fi dhalootaa gara dhalootaatti darbu \_\_\_\_\_ jedhamee beekama.

**IV. Gaaffilee Armaan Gadiitiif Deebii Sirrii Ta`e Filachuun Deebisi.**

1. Ittigaafatamummaa waliinii bahuun
  - a) Hojii duubatti harkisa
  - b) Namoota bay'eef faayidaa kenna.
  - c) Bu`aa gaarii hin qabu
  - d) Yeroo qisaassessa
2. Lammilee hundi ittigaafatamummaa qabaatan iyyuu
  - a) Ittigaafatamummaa isaanii akkuma beekumsaa fi dandeettiitti garaagara
  - b) Ittigaafatamummaan hundinuu walqixa
  - c) Ittigaafatamummaan umuriidhaan murtaa`a
  - d) Lammileen dhimmichi hin ilaallannee jiru
3. Naanno manneen barnootaatti waadaa kabajuun
  - a) Deggersa mana barumsaatiif imaanaa galu
  - b) Barachuun ala hirmaanna gochuu dhiisu
  - c) Barumsaan firii gaarii galmeessisuu fi hojii gumiiwwanii keessatti hirmaachuu
  - d) Ofitti amanamummaa cimsu
4. Hambaawan seenaa
  - a) Mallattoo eenyummaati
  - b) Bashannanaaf hin oolan
  - c) Ragummaa baraa hin qaban
  - d) Madda galii hin ta`an
5. Sababiin qisaassa`uu qabeenya uumamaa fi dabareewan seenaa.
  - a) Hubannoo fi miirri ittigaafatamummaa xiqlaachuu
  - b) Tuuriizimiin baballachuu
  - c) Ogummaa eegumsa irratti leenjiin dhibuu
  - d) Paarkii fi muuziyeemiin xiqlaachuu.

**V. Gaaffilee Armaan Gadiitiif Deebii Gabaabaa Kennaa.**

1. Faayidaan ittigaafatamummaa bahuu maali?
2. Qabeenya uumamaa misoomsuu fi dabareewan seenaa eeguun gahee eenyuuti? Attamitti?
3. Sababiawan qisaassa`uu qabeenya uumamaa fi dabareewan seenaa kan jennu maal maal fa`i?

# BOQONNAA TORBA

## AADAA HOJII CIMAA

**Kaayyolee Boqonnichaa:** Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Hojin kamyuu tuffatamuu akka hin qabne ni hubatta.
- Kabajaa hojii fi yeroo ni qalbeeffatta.
- Amaloota ogummaan ittiin ibsamu keessaa tokko dandeettii ogummaa cimsachuun misoomaa fi guddinaaf hundee ta`uu isaa ni hubatta.
- Ibsamoota naamusa ogummaa keessaa tokko kan ta'e dandeettii ogummaa gabbifachuun omishtummaa fi guddinaaf bu'uura ta'uu isaa ni hubatta.

### 7.1 Aadaa Hojii Cimsachuu

#### 7.1.1 Gosti Hojii Tokko Gosa Hojii Birootii Gadi Akka hin Taane Hubachuu

- *Gosti hojii tokko gosa hojii biraatii gadi akka hin ta`in fakkeenyaa fudhachuun ibsaa,*
- *Hojii hundaa wal-qixa kabajuu qabna yeroo jennu maal jechuu keenya?*

#### Ogummaa Hojii Mukaa

Ujuluu fi Asmaamaawu naannoo Gaambeellaa magaalaa Gaambeellaa keessa kan jiraatan barattoota kutaa

torbaa ti. Hiriyyootni kun manni jirenya isaanii walitti dhihoo waan ta`eef waliin barumsa isaanii qayyabatu. Yeroo boqonnaa isaanii waliin murteeffachuu dhaan ni taphatu, waa`ee fedha isaanii kan fuula duraas ni mari`atu. Ujuluun gara fuula duraatti ogeessa hojii harkaa, Asmaamaawu ammo ogeessa qorannoo biqilootaa ta`uu fedha qabu. Asmaamaawu yeroo hundumaa qayyabannoof gara mana Ujuluu yeroo deemu wantoota qalbii isaa hawwatan keessaa tokko abbaa fi haati Ujuluu ofeeggannoo fi ogummaa cimaadhaan waliin ta`uudhaan muka irraa boca isaan hojjetan ture. Abbaan Ujuluu muka soofuudhaan bareechanii yeroo dhiyessan haati isaa ammo meeshaa fayyadamuudhaan akkaataa barbaadametti sirreessuudhaan boca meeshaalee baasu turan .

Asmaamaawu yeroo boqonnaa isaa waa`ee ogummaa harkaa haadhaa fi abbaa hiriyyaa isaa dinqisiifachuu-dhaan kanneen isaaniin hojjetamanii mana bocni adda addaa itti gurguramanii fi mana shomboqqoo keessatti

bocoota tarreeffaman irra adeemee daawwata ture. Yeroo daawwannoo isaa meeshaalee aadaa qalbii isaa hawwatan keessaa meeshaalee muuziqaa kan akka kiraaraa, maseenqoo, baganaa fi kkf yoo ta`an dabareewwan seenaa keessaa ammo masaraa Gondor Faasiladas, siidaa Aksumii fi kan biroos ni jiru. Asmaamaawu barnoota saayinsii hawaasaa keessatti waa`ee dabareewwan seenaa yeroo baratu gara fuula duraatti ogummaa kana baruuf fedha godhate. Ogummaa kana baruufis ammo abbaan Ujuluu akka barsiisu waan gaafateef Ujuluu fi hiriyyoota isaa biroos dabalatee leenjsuuf qophaa`e. Asmaamawu ogummaa hojii harkaa kana hojii gadi aanaadha jedhee osoo hin tuffatin leenjiidhaaf of kakaasuun isaa abbaan Ujuluu cimina keessa isaa kana akka dinqisiifatan godhe.

Yeroo ammaa kana Asmaamaawuu fi hiriyyonni isaa kan biroos leenjii kana xumuruudhaan maatii Ujuluu wajjin ta`uudhaan induustirii hojii ogummaa mukaa naannoo isaaniitti babal`isuuf karoora baafatanii sochii bu`a qabeessa godhaa jiru. Egaa Asmaamaawu faa hojii salphaa kana irraa ka`uu-dhaan waggoota muraasa booda jiraattota naannoo isaanii ogummaa hojii mukaa bifaa ammayyaa`aa ta`een leenjisuu jalqaban. Induustiriin ogummaa hojii mukaas naannoo Gaambeellaatti babal`achuu danda`ee jira.

**Gilgaala 1*****Akkaataa dubbisa kanaatiin gaaffiilee armaan gadiitiif deebii kennaa.***

1. Asmaamaawu gara ogummaa hojii mukaatti akkamitti seenuu danda`e?
2. Sababni abbaan Ujuluu Asmaawuun galateeffataniif maali?
3. Namoonni hojii xiqqa, guddaa, olaanaa fi gadanaa jechuun filachuu hin qaban kan jedhamu maaliif?
4. Seenaa kana keessatti hojiin dubartiis ta`e dhiiraan hojjetamuu akka danda`amu himni nama hubachiisu kami? Qabsiisa keessan irratti barreessuun daree keessatti barsiisa keessaniif dubbisaa.

Gosi hojii tokko gosa hojii birootiin gadi akka hin taane amanuu yeroo jennu kaayyoo fi galmi hojii kamiiyyuu of danda`uu irra darbuun misooma biyyaa ariifachiisuuf gahee kan qabu ta`uu isaa hubachiisuufiidha. Namni tokko fedha ofii qabuunis haa ta'u leenjiidhaan dandeettii ogummaa argateen gosa hojii tokko irratti bobba`uu ni mala. Akkaat aa kanaan hojjetoonni hunduu hojii isaanii kabajanii hojjennaan mataa isaanii irraa darbuun biyyaa fi lammii isaanii walqixxummaadhaan waan fayyadu hojjetan jiru jechuudha. Kanaaf iyyuu lammii hundinuu hojii gadi aanaa yookii oli`aanaa osoo hin jedhin hojii kabajuu fi yerootti sirnaan fayyadamuu gahee biyyii fi lammii irraa eegu gumaachuu qaba.

**Gilgaala 2****Gaaffiilee armaan gadii dubbisuun deebii gabaabaa kennaa.**

1. Hojiin olaanaa fi gadi`aanaa hin qabu kan jedhamuuf maaliif isinitti fakkaata?
2. Gosi hojii kamyuu misooma biyyatiif gahee qabaachuun isaa maal maaliin ibsama?
3. "Hojjin xiqaaf fi guddaa hin qabu" yommuu jedhamu "Garagarummaan hojj hin jiru" jechuu miti. Yaada kana irratti garee gareedhaan mari'adha.

**Ganda Daagetaammaa**

Gandi Daagetaammaa jedhamtu naanno Matakkal daangaa magaalaa Chaa-giniitti kan argamtu ganda baadiyyaa magarituu fi tulluun baay'atu dha. Naannoon kun bosonaan uwatifamee waan tureef uummata naanno kanaa rakkinni gogiinsaa isaan mudatee hin beeku. Magariisummaan kun garuu akka jirutti itti fufuu hin dandeenye. Baay`een jiraattota naanno kanaa magariisummaa naanno isaanii akka jirutti tursiisuuf tattaaffii yoo godhan iyyuu waa`ee nageenya naanno isaaniitiif namootni hin dhiphanne muraasni yeroo adda addaatti mukeen ciruudhaan bosonni naanno sanaa badaa waan adeemeef magariisummaan ture hir`atee biyyoon gabbataanis lolaadhaan dhiqamaa deeme. Namni waggoota soddoma dura waa`ee gabbina biyyee fi bosona naanno ganda Daagataamaa beeku har`a garuu deebi`ee naanno kana yoo argu abiddi lafa keessaa waan itti dhohee gube

hanga itti fakkaatutti bosonni badee bareedinni naannoo surraan irraa ka`ee arguu bay`ee isa gaddisiisuu danda`a. Haalli kun akka kanatti akka itti hin fufne gochuudhaaf tarkaanfiin barbaachisaa ta`ee dafee fudhatamuu akka qabu itti amanuudhaan jiraattonni naannoo sanaa mootummaatti iyyatan. Haala kanaan, ganda daaget-aammaa deebisanii uwvisuuf naanno mijataa ta`etti biqiltuun biqilchamee qophaa`e.

Uummanni ganda kanaas gareedhaan gurmaa'uudhaan yeroo itti hojjechuu danda`an baafatanii galma ga`iinsa karoora kanaatiif of qopheessuudhaan mootummaa wajjin ta`uudhaan ogees-sota qonnaatiin gargaaramuudhaan sagantaan biqiltuu dhaabuu adeemsif-amee jira. Magariisummaa Ganda Daageta ammaa deebisanii arguudhaaf uummati fedhaa fi kutannoo cimaad-haan socho`ee yeroon roobaa osoo hin darbin jallii fi gubbaan tullichaa hundi biqiltuu mukeeniitiin uffifamee jira.

Biqilootni dhaabaman kunis sirriitti lafa hanga qabatanitti hundi namaa dabaree dabareedhaan fayyadamuu-dhaan eegumsaa fi kunuunsa irraa barbaachisu godhaa jira. Yeroo ammaa magariisummaan ganda Daagetaammaa fagootti argamuu danda`a. Gara jala fi bantii tullichaa irratti mukeeni fi hoosoon biqilan, tulicha jala burqit-uun yaa`u fi dirree diriiraa irratti biqilootni biqilan namaafis ta`e bineensotaaf mijaa`aa ta`uu jalqabanii jiru.

**Gilgaala 3**

**Akkaataa ajaja isaaniitiin  
gaaffiilee armaan gadiitiif deebii  
kenni.**

1. Seenaa armaan olitti dhiyaate irratti walitti dhufeenya yeroo, hojii fi misoomaa akkamiin ibsame? Gareen mari`adhaa.
2. Rakkoon jiraattota ganda Daagetaammaa akkamitti hiikkate?

Magariisummaan naannoo akka hinbannetti eeganii tursiisuuf of eeggannoo godhamuu qabu yeroo wajjin walqabsiisuun ibsaa.

**7.1.2. Walitti Dhufeenya Yeroo, Hojii fi Misoomaa**



Fakkii 7. 1 Lafa duwwaatti hafee bosona gochuuf namoota hojetan.

- Fakkii kana irraa maal hubattan? Waan hubattan dabaree abareedhaan barsiisaa keessanitti himaa.
- Ammaan dura biqiltuu dhaabuu irratti hirmaattan yoo ta`e akkaataa isaa hiriyyoota keessanitti himaa.

- Mukeen dhaabuu irraa faayidaalee gurguddoo argamuu danda`an ibsaa.

Walitti dhufeenyi yeroo, hojii fi misoomaa karoora fi kaayyoodhaan yoo geggeeffame bu`aa gaarii argamisiisa. Yeroon qabeenya maallaqnii itti hin kaffalamne, dhala namaaf uumamaan bilisaan kan kennamee, loogii tokko malee ilma namaa hunda iyyuu wal qixxummaan kan tajaajiluu fi bara jireenyaa hunda kan jiraatuu dha. Eenyu iyyuu dhorkaa tokko malee kan irratti ajajuu danda`u qabeenya bilisaa keessa tokko yoo ta`u hunduu akkaataa barbaadetti itti fayyadamuu kan danda`u qabeenya harka ofi jiruudha. Namni akka naannoo if haala keessa jiraatutti qoqqooduu dhaan yeroo hojii, yeroo boqonnaa, yeroo irribaa jedhuun itti fayyadama. “Guddinni biyya tokkoo kan murtaa`u ilaalchaa fi itti fayyadama uummanni yeroo dhaaf qabuun dha” kan jedhamu jechi beektotaa ni jira. Kun dhugaattuu namoota hundaa kan amansiisuudha. Hawaasi faayidaa yeroo hubate yerootti fayyadamee mataa isaa jijiiree biyya isaas misoomsuuf humna guddaa qabaata.

**Gilgaala 4****Gaaffiilee armaan gadii deebisi.**

1. Barataan tokko karoora yeroo baafachuu qaba kan jedhamu maaliif?
2. Hariiroon yeroo fi misooma biyya akkamitti ibsama?
3. Lammuin tokko yerootti sirnaan fayyadamu dhiisuudhaan misooma biyyaa attamiin miidha?

**7.1.3. Hojii Dhuunfaas Ta'e Kan  
Waliini Yeroo fi Qulqullinaan  
Raawwachuu**



Fakkii 7 .2. Waliin hojjechuun bu`aa qabeessa nama taasisa.

- Fakkii kana irratti namoonni argaman maal hojjechaa jiru?
- Qulqullinni hojii nama dhuunfaa tokkoo bu`aa waliini irratti gumaachi inni qabu maal?

### **Hojii fi Yeroo**

Aadde Ambasseen qindeessituu mana barumsaa giddugaleessa saddarkaa lammaffaa Idigata Bahibirat yoo ta`an hojii bulchiinsaa fi itti fayyadama yeroo irratti beekamtuu dha. Qindeessituun kun hojii dhuunfaa fi gareetti waan

amantuuf barsiisota, hojjetootaa fi kan biroo waliin ta`uu dhaan mana barumsichaa keessatti jijiirama fiduudhaaf ciminaan hojjechaa jirti. Itti fayyadama yerootiif iddo guddaa waan laatteef hojii tokko yeroo fi sagantaa isaa dursuu dhaan xumuruun aadaa fi mallattoo mana barumsichaa erga ta`ee tureera. Yeroon kabaja ayyaana barnoota semiisteera tokkoffaa waan gaheef akkaataa sagantaa baheetti namni hundi garee hojii garaagaraa irratti ramadamuudhaan socho`uu jalqabanii jiru. Ispoortii, do`ii, hog barruu agarsiisa adda addaa, gumii shamarranii, muuziqaa, badhaasaa fi kkf hundunuu bakka jiranitti akkuma gahee hojii isaaniitti ayyaanicha ho`isuuf ciminaan qophaa`uun guyyaa ayyaanaa eegaa jiru.

Guyyaa kanatti manneetii barnootaa ollaa, namoota beekamoo naannoo, wal-daalee dargaggo fi dubartoota irraa keessummoonti akka argaman ni eegamu. Aadde Ambasseen hojiwwan waliin raawwatamanii fi kan hafan madaaluu dhaaf walgahaii yeroo walitti qabdutti kan isheen mirkanoeffatte akka armaan gadii ta`a. Kunis ittigaafatamummaa dhuunfaa bahuu jechuun hojii garee yeroodhaan raawwachuuuf bu`uura ta`uu isaati. Yeroo ammaa barsiisotaa fi barattootni mana barumsaa Idigat Bahibirat akkaataa sagantaa baheetiin haala gaarii ta`een keessa bahuuf qophii isaanii isa dhumaan irra jiru.

**Gilgaala 5****Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Hojiin dhuunfaas hojii garee irratti dhiibbaa inni qabu maali?
2. Hojii dhuunfaas ta`e kan garee yeroo fi qulqullinaan raawwachuun faayidaa maalii qaba?
3. Hojiawan barattoot gareedhaan hojjechuu danda'an maal maal fa`i? Fakkeenya lama kennaa.

Hojii dhunfaas ta`e kan garee bakka hundatti yeroo fi qulqulina isaa eeguun raawwachuun jechuun ittigaafatamum-maa bahuu jechuu dha. Bu`aan hojii kami iyyuu kan ittiin madaalamu qulqullina duwwaadhaan osoo hin taane yeroo ramadameef keessatti xumuramuu isaa ti. Adeemsa hojii keessatti hojiin dhuunfaas bu`aa hojii garee irratti gahee guddaa kan qabu yoo ta`u hojii dhuunfaas ta`e kan garee yeroo fi qulqullinaan raawwachuun misooma biyyatiif gahee guddaa qaba. Hojiin dhuunfaadhaanis ta`e gareed-haan yeroo fi qulqullina isaa eeggatee yoo hojjetame jirenyi ogeessa sanaa fi kan uummata hundaa ni fooyya`a.

Yerootti sirnaan fayyadamuun hojii yeroo fi qulqullinaan raawwachuun misooma biyyaa fi guddina diinagdeefis gahee guddaa qaba. Hojiin hirmaanna gahee nama hundaa kan barbaadu sochii hawaasummaa waan ta`eef hojii dhuunfaas ta`e kan garee bakka kamitti iyyuu yeroo jedhametti raaww-

achuun bu`aa qulqullina qabuuf nama geessisa.

Bu`aa fi qulqullinni hojii tokkoo kan itti madalamu, hojii raawwatamee fi hoji-cha raawwachuuf yeroo fudhatamee-nidha. Hojii tokko yeroo saganteffameef dura raawwachuun jechuun hojii dabalataa kan birootiif of qopheessu jechuu waan ta`eef bu`a qabeessumaa guddisuu dha. Akkuma dura ibsametti dhuunfaadhaanis ta`e garee dhaan hojiin bu`a qabeessa ta`e hojjetameera jechuudhaaf yeroo fi qulqullinaan omishinni omishame jiraachuu qaba. Kun ammoo hojii irra akka ooluf hojjetaan tokkoon tokkoon isaa yeroo, qulqullina, fi bu`aa isaatiif xiyyeffan-noo barbaachisu kennuutu irra jira. Kunis guddinaa fi misooma biyyattiif bu`uura ta`a.

**Gilgaala 6****Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Hojiin tokko bu`a qabeessa kan jedhamu sababa maaliin?
2. Madaalliiin bu`aa qabeessummaa hojii yeroo xiqqaan hojii qulqullina qabu hojjechuudhaa kan jedhamu maaliif sitti fakkaata?

## 7.2. Osoo hin Hojjetin Jiraachuu

### 7.2.1. Osoo hin Hojjetin Jiraachuun

**Gufuu Misoomaa, Diinagdee fi  
Guddinaa Ta'uu**

**Waa'ee misoomaa keenyaa utuma  
dubbannuu, Jirakaa gufuunu,  
qaaniin qaanii caalu  
osoo hin hojjetiin taa'anii  
nyaachuu.**

- *Osoo hin hojjetin nyaachuun qaanessaadha kan jedhame sabani maalii dha?*
- *Haala walaloo kanaan gufuu misoomaati kan jedhame maali dha?*

### Mucayyoo Dhibooftuu

Qatsalaan hojii kan jedhamu waan hin jaallanneef osoo hin hojjetin jiraachuu kan barbaaddu mucaa dhibooftuu dha. Mana keessattis ta`e mana barumsaatti amalli dhibaa'ummaa ishee kun daran itti cimaa waan deemeef mana barumsaa fi maatii ishee baay`ee yaachise. Namni hin hoijenne hawaasa keessattis kan balaaleffatamee fi namoota biroo irrattis hirkachuu dhaan misoomaa fi guddina biyyaatti gufuu akka ta`etti waan lakkaawamuuf amala gadhee kana keessaa akka baatuuf keessumaa iyyuu abbaan ishee yaalii guddaa taasisan. Hojii jibuu ishee irraa kan ka`e araada gadhee fi wantoota ishee miidhuu danda`an adda addaatiif akka isheen hin saaxilamneef hiika ta`a waan jedhan hundumaa yaaduutti ka`an.

Yeroo dhihoo asitti qe`ee isaanii keessatti horsiisa lukkuu jalqabame keessatti Qatsalaan suuta suuta harkisuudhaaf carraqqiin isaan godhan ni milkaa`eef.

Guyyaa sambataa ganama tokko Qatsalaan buphaa akka lakkooftuu fi walitti akka qabduuf dirqamni kennamef. Isheen xiqqoo erga mamtee booda waan jedhamte hojette. Guyyaa lammaffaa Qatsalaan hojii ajajamte miira fooyya`aa dhaan raawwatte. Qatsalaan kaleessaa fi har`a hojiin isheen hojette miira gaarii akka uumeef hubatte guyyaa sadafkaatti namni osoo hin yaadachiisin ofii isheen kaatee buphaa lukkuuwanii erga walitti qabdee booda iddoa isaan bulan qulqulleessite. kana boodas abbaa ishee waamtee yeroo qayyabbanno fi bashannanaa akka sagantaa baasaniif gaafatte. Sagantaa hojii ishee keessatti keessumaa iyyuu lukkuulee dhaaf nyaataa fi bishaan kennuu, buphaa isaanii adurreen akka jalaan hin nyaanne walitti qabuu, lukkuu dhaltuu hammachiisuu, wucii yaasisuudhaan kunuunsuu akkasumas buphaa dalaaltotaaf lakkooftee kennuu fi herrega hojjetee abbaa isheetti beeksisuu akka bashannana tokkootti lakkoofte.

Abbaa fi haati ishee jjijiiramu hintala isaaniitti baay`ee gammadan. Qatsalaan hojiin hammam bilisummaa sammuu fi ofitti amanamummaa uumuu

akka danda`u qabatamaatti mirkanee-ffachaa dhufte. Suuta suutaan amala hojii jibbisiisu keessaa of baasuudhaan barattuu cimtuu fi hojjettuu qaxalee ta`uu dandeesse. Yeroo gabaabaa keessatti jijiirama amalaa fiddee maatii ishee duwwaa osoo hin ta`in hiriyyoonni daree ishee fi barsiisonni ishee baay` ee dinqisiifatan.

### Gilgaala 7

#### *Dubbisa kana irratti hundaa`uun gaaffiilee armaan gadii deebisi.*

1. Qatsalaan miira ofitti amanamummaa gabbifachuu kan dandeesse akkamitti ture?
2. Qatsalaan amala hojii jibuu sana irraa akka fooyyaftu wantoota gargaaran tarreessi.
3. "Osoo hin hojjetin jiraachuun gufuu misoomaa fi guddinaa ti" yaada maree kana fudhachuudhaan ogeessa afeeruun maree taasisaa.

Osoo hin hojjetin jiraachuun gufuu dinagdee, misoomaa fi guddinaa ta`uu isaa ibsuuf namoota hedduun "kan hin hojenne hin nyaatin" yommuu jedhan ni dhaga'ama. Kun jecha dhugaa fi sirrii dha. Namni hin hojenne nyaachuu hin qabu. Hojiin nama ta`uuf, jirenya fooyya`aa jiraachuuf wabii ta`uu irraa darbee ilmi namaa sammuudhaanis ta`e qaamaan guddachuu kan danda`u hojii yoo hojjete dha. Namni hojii hojjetu jirenya ofiis ta`e kan namoota biroo jijiiruuf humna argata. Osoo hin hojjetin jiraachuun miidhaan inni qabu nama dhuunfaa

irra darbee kan maatii, uummataa fi biyyaa ta`a. Osoo hin hojjetin nyaachuu akka leeyyoo guddaa ta`e lammiin hundi baree jirenya keenya hojiidhaan jijiiruuf cimnee yoo hojenne jirenyi uummataa ni fooyya`a. Uummanni hojiidhaan guddate jechuun ammoo guddinni biyyaa fi misoomni amansiisaan ni jiraataa jechuudha.

### Gilgaala 8

#### *Gaaffiilee armaan gadii deebisi.*

1. Ciminaan hojii hojjechuun guddina nama dhuunfaa misoomaa ummataa fi biyyaa akkamittiin wal-qabachuu akka danda`u ibsaa.
2. Barsiisaa keessan waliin ta`uu dhaan hojii osoo hin hojjetin jiraachuun qaanessa ta`uu isaa mana barumsaa keessan keessatti waltajjii qopheessuudhaan barattootaa fi barsiisota mariisaa.

#### **7.2.2. Kaayyolee Misoomaa Dinagdee**

##### **Heera M.F.D.R.I tiin Tumaman**

- *Heericha keessatti kaayyolee dinagdee kaa`uun maaliif barbaachise?*

##### **Horsiistee Bultuu Cimtuu**

Aadde Hawwaa Abdallaa mootummaa naannoo Afaar keessa kan jiraatan yoo ta`u ciminaan hojjechuun isaaniitiin badhaasa medaaliyaa warqee horsiisee bultoota badhaafaman keessaa isaan tokkodha. Waggoota sadan har`aa dura horii horsiisuun qofa jiraataa kan

turan horsiistee bultuun kun waa`ee qonnaa irratti barnoota karaa hojjettoota misoomaa baadiyyatiin hubannoo gahaa waan argataniif horii horsiisuu cinatti lafa qonnaa hektaara tokko fudhachuu dhaan qotanii oomisha gaarii galmeessisuu danda'anii jiru. Lafa kennameef irratti kuduraa fi fuduraa adda addaa oomishanii akka sumas marga nyaata horii isaaniif ta`u argachuu danda'anii jiru. Haaluma kanaanis madda galii gaarii uumatanii jiru. Hojii kana cinatti dabalataan daldala jalqabuuf kaayyoo waan qabaniif mana daldalaa kutaa lama qabu magaalaa Asaayitaa keessatti ijaarsisaa jiru.

**(Madda: Addis zemen, Gurandhala 8 Bara 2000)**

### Gilgaala 9

#### Dubbisa kana irratti hundaa`uun gaaffiilee armaan gadii deebisaa.

1. Aadde Hawwaan jirenyaa fooyya`aa amma irra jiran kanaan kan isaan gahe maal?
2. Akka Aadde Hawwaatti hojjettoota ciccimoo badhaasuun faayidaa maalii qaba?

Kaayyoleen dhimmoota diinagdee heerri Mootummaa Federaalawaa Dimokiraatawaa Ripaabiliika Itoophiyaa keessatti tumaman dhimmoota xiyyeef-fannoona isaa inni guddaan wantoota bu`uura jirenya uummataa ta`an guutuu fi guddinaa fi badhaadhina biyyattii mirkaneessuudha. Waan kana

ta`eef kaayyoon dhimma misoomaa fi dinagdee biyya keenyaa ummatooti sadarkaa sadarkaadhaan isaatti itti fayyadamtoota kan ta`an, kadhaa keessaa kan ittiin bahan guddina dinagdee ariifachiisaa mirkaneessuudhaan biyya keenya keessatti sirna dinagdee gabaa bilisaa ijaaruu dha.

Sirna dinagdee gabaa bilisaa jechuun lammileen sochii dinagdee biyya isaanii keessatti goса hojii barbaadan akka hojjetan, fedha hawaasaaf oomisha dhihaatu irratti hundaa`uu dhaan sirna gabaa dhaabbatedha. Heera M.F.D.R.I akka ifaan lafa kaa`utti kaayyoon sochii misoomaa inni guddaan guddina lammileef wantoota bu`uura jirenyaa ta`an guutuu ta`a. Kaayyoon bu`uuraa kun dhimmoota armaan gadii of keessatti hammata.

Isaanis:

- Lammii Itoophiyaa kan ta`an kam iyyuu biyyattii keessatti sochii dinagdee mara keessatti hirmaachuu dhaan mirga hojii jirenya isaaf ta`u hojjetee jiraachuu.
- Lammileen Itoophiyaa hundinuu waan ittiin jiraatu, hojii fi ogummaa barbaade mirga filachuu.
- Mootummaan hojii dhabeeyyi fi rakkatootaaf imaammata hojii umuu danda'u hordofa, carraa hojii umuufis sagantaalee hojii baasa.

- Mootummaan lammiileen hojii akka argataniif carraa hojii babal'isuuf torkaanfii barbaachisaa fudhata.
- Kaayyoolee bu`uura misoomaa fi dinagdee kanaas dhugoomsuuf soc-hii misoomaa qonna gidduu galeessa godhate kan jiru yoo ta`u toora hojiwwan kan birotiinis hirmaannaan ho`aan taasifamaa jira. Kaay-yowwan misoomaa fi dinagdee arm-aan olitti xuqaman ifatti kaa`uu-dhaan bu`a qabeessummaa isaat-iifis gargaarsa gochuu irra darbee jireenyi qotee bultootaa fi horsiisee bultoota baadiyaa akka jijiiramuuf hanga ammaatti tarkaanfiwwan fudhataman akka salphaatti kan ilaalaman miti. Qotee bultoota, horsiisee bultoota fi inveestaroota jajabeessuuf badhaasni adda addaa kennameefii jira. Badhaasni kun ammo qotee bultoota, horsiisee bultootaa fi investeroota kan birootiif kakaasuudhaan bu`aa caaluuf akka hojjetaniif iddo guddaa qaba.

### Gilgaala 10

#### **Gaaffiilee armaan gadii irratti mari`adhaa.**

- Biyya keenya keessatti guddinni safisaan dhufuu kan danda`u akkamitti?
- Hojii dhabdoonni carraa hojii akka argataniif tarkaanfii mootummaan fudhachuu qabu maali?

### **7.3 Dandeettii Ogummaa fi Naamusa Ogummaa**

#### **7.3.1 Walitti Dhufeenyaa Dandeettii Ogummaa, Naamusa Ogummaa Fi Oomishtummaa**

- Ogummaan maali? Naamusni hojii hoo?

#### **Warshaa Saamunaa Indoodii**

Bakki Yaadaniin hojjettu warshaa saamunaa Indoodii magaalaa Adaamaa keessatti argamu yoo ta`u warshaan kun magaalaa sanatti warshaalee tajaajila hawaasummaa kennan keessaa isa duraa ti. Yaadaniin warshaa kana keessatti erga qacaramtee wagga 16 kan dabarsite yoo ta`u cimtuu fi hojii kan jaallattu ta`uu ishee hojjettoota wajjin hojjettu irra darbee uummatni naannoo illee ni beeka. Hojjettootni warshaa oomisha isaanii guddisuuf galii warshichaa dacha dhaan olkaasuuf yeroo murteessanitti yaada kana warra degeran keessaa Yaadaniin ishee tokko turte.

Itti gaafatamtuu kutaa gurgurtaa oomishaa kan Yaadaniin naamusa gaarii ta`een itti fayyadama yeroo, maammil-toota keessummeessuu fi hunda wajjin waliigaltee hojjechuudhaan hojjetuu galateeffatamtuu dha. Warshaa kana keessatti hojii ishee kan jalqabde qulqulleessituu waajjiraa ta`uu dhaan yoo ta`u sadarkaa barnoota ishee fooyyeffachuu dhaaf carraaqqii gooteenis kolleejjii "Nigd sira" kan Finfinneetti argamu irraa ogum-maa hoggansa hojii daldalaatiin dippil-

oomaa erga argattee kaastee sadarkaa sadarkaadhaan ga`umsa ogummaa fi ittigaafatamummaa iddo kanaaf ga`uu dandeesse. Dadhabpii fi nuffii kan hin beekne Yaadaniin dandeettii fi ogummaa mana barnootaatti argatte muuxannoodhaan gabbisuudhaan warshaan kun sochii daldalaa keessattis ta`e kan bakkeetiin haala gaarii irra akka ga`uu fi oomishtummaan isaa akka dabalu gahee guddaa taphattee jirti. Warshicha keessatti miseensa hojii raawwachiiistuu waldaa ogummaa warshichaa taatee akka hojjettuuf hojjettootni sagalee guutuudhaan erga filatanii boodas hojii raawwachiiftun warshaa fi hojjettootni naamusni ogummaa eguun uummata tajaajilamaa gaarummaa fi amanamummaa dhaan akka tajaajilan barsiisaa jirti.

### Gilgaala 11

#### **Gaaffiilee armaan gadii deebisaa.**

1. Sababni dabaluu oomisha warshaa Indoodii maali?
2. Naamusni ogummaa Yaadaniidhaan ittigaafatamummaa guddaa kanaaf gahe tarreessa.
3. Ogeessa uummata tajaajilu tokko naamusni ogummaa kan isa barbaachisu maaliif?

Dandeettii ogummaa fi naamusni ogummaa guddisuun bu`uura oomishtummaa gaariiti. Akkuma beekamu ogummaan hojii tokko raawachuuf muuxanno yeroo dheeraatiin yookiin leenjiidhaan dandeettii argamu yoo ta`u naamusni ogummaa ammoo ilaalcha

amala ogummaan kun ogees- sicha irraa barbaadu dha. Namoonni akkuma fedhaa fi dandeettii isaaniitti ogummaa garaagaraa irratti bobba`u. Ogeessonni kun kallattii irratti boba`aniin naamusni ogummaa isaan gaafatu ni jira.

Naamusni ogummaa jechuun ogeessi tokkoon tokkoon isaa tajaajilamaa tajaajiluuf dursee beekuu kan qabu akkaataa amala tajaajila sanaati. Fakk-eenyaaaf barsiisaa irraa kan eegamu naamusni ogummaa barsiisummaa ni jira, ogeessa fayyaa irraas naamusni ogummaa irraa eegamu ni jira. Haata`u malee gaarummaan, amanamummaan, qaxalummaan yeroo fi beellama eeguun ogummaa kam keessa iyyuu jiraachuu kan qaban ibsituu amala gaarii yoo ta`an, ogummaa fi naamusni ogummaa kan addaan hin bane dandeettii ogummaa kan ibsaniidha jechuun ni danda`ama. Hojiin tokko dandeettii ogummaa fi naamusni ogummaa wal simsii-su dhaan yoo hin hojjetmne bu`a qabeessa ta`uu hin danda`u.

### Gilgaala 12

#### **Gaaffiilee armaan gadii deebisi.**

1. Ibsitoota naamusni ogummaa gaarii ogeessa hunda bira jiraachuu qaban tarreessa.
2. Hojii tokko haala bu`a qabeessa ta`een raawwachuuf dandeettiin ogummaa qofaa isaa gahaa miti kan jedhame maaliif?

### Xumura Boqonnaa

Aadaan hojii cimaan dagaaguu kan danda`u uummannii fi hojjetootni ciminaan hojjechuu qajeelfama jireeny aa godhatan yoo jiraatanii dha. Aadaa hojii cimaa jechuun tokkoon tokkoon lammilee ittigaafatamummaa dhuunfaadhaa nis ta`e gareedhaan itti kenname qulqullinaa fi akka goса isaatti guddisuuf yeroо hojii isaa haalaan itti fayyadamee ciminaan hojjechuu jechudha. Bu`urri kaayyoolee dinagdee heera M.D.R.I keessatti tumame fayyadamummaa lammilee hundaa mirkaneessuu dha. Guddinni fi misoomni biyyattii yoo dhugoome lammileen hundinuu jirenya fooyya`aa jiraachuu danda`u. guddinaa fi misooma biyyattii

mirkaneessuuuf lammileen hundinuu aadaa hojii cimaa qabaachuu qabu.

Oomishaa fi oomishtummaan osoo hin guddatin guddinni hin dhufa jedhanii yaaduun sirrii miti. Hojjetootni hojii kam keessatti iyuu hirmaatan naamusa hojii eeguudhaan aadaa hojii yoo cimsan misoomni biyyatti ni mirkan-a`a. Haaluma kanaan lammileen hundinuu hojii osoo hin tuffatin, osoo hin hojjetin jiraachuu qaaneffachuu dhaan hojiin tokko isa hojii biraan gadi akka hin taane hubachuu dhaan yoo itti duulan biyya isaanii gara sadarkaa fooyya`aatti akka guddisuu danda`an shakkiin hin jiru.

### Jechoota ijoo

- **Gufuu:** kan danqu, goomattuu, mormituu
- **Hubamaa:** miidhamaa.
- **Milkaa`an:** Galma ga`ina, fiixaan bahiinsa.
- **Mamii:** shakkii.

## Gaaffiilee keessa deebii

**I. Gaaffiilee armaan gadii dubbisuudhaan sirrii kan ta`e ‘Dhugaa’ sirrii kan hin taane ammo ‘Soba’ jechuudhaan deebisi.**

1. Tajaajila gahumsa qabu kenuuf dandeettiin ogummaa qofti gahaa dha.
2. Misooma biyyaa dhimma namoota muraasaa fi hooggantootaa duwwaa godhanii fudhachuun dogoggora dha.
3. Ibsitoota naamusni ogummaa keessa tokko yerootti haalaan fayyadamuudha .
4. Naamusni ogummaa hundinuu walfakkaataa dha.
5. Bu`aan hojii dhuunfaa hojii misoomaa waliinii irratti dhiibbaa qaba.

**II. Himoota “A” jalatti tarreffamaniitiif deebii kan ta`uu danda’an “B”jalaa filachuudhaan walitti firoomsi.**

**A**

1. Osoo hin hojjetin nyaachuu
2. Naamusa hojii itti hirmaatan.
3. Karoora hojii kaayyoolee Misoomadiinaged M.F.D.I
4. Kaayyoolee Misooma diingdee M.F.D.R.I
5. Hojii tuffachuu dhiisuu

**B**

- A. Lammilee hundinuu misooma keessatti kallattii fayyadamtota taasisu
- B. Yeroo haalaan qoqgoodanii itti fayyadamuuf nama gargaara
- C. Waan qanessaa fi amala hirkattummaati
- D. Wal-qixxummaa hojiitti amanuu
- E. Amala tokkoo tokkoon hojjetaa qabaachuu qabu
- F. Hojii waliinii

**III. Gaaffiilee armaan gadiitiif jecha YKN gaalee sirrii ta`e bakka duwwaa kenname irratti guuti.**

1. \_\_\_\_\_ lammilee biyyattii hunda fayyadamaa misoomaa gochuu dha.
2. ogeessi hundumtuu hojii irratti qabaachuu qabu \_\_\_\_\_ jedhama.
3. Boqonnaa kana keessatti akka barattanitti gocha jibbisiisaa fi rakkoo hawaasummaa keessa tokko kan jedhame\_\_\_\_\_ dha.
4. Biyyi misoomuu kan dandeessu lammileen hundumti iyyuu \_\_\_\_\_ yoo qabaatan dha.
5. Hojjetaan tokko bu`a qabeessa jedhamuu kan danda`u \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ walitti qindeessee lammii isaa yoo tajaajilee dha.

**IV. Gaaffilee armaan gadii dubbisuudhaan deebii sirrii ta`e filadhaa.**

1. Himoota armaan gadii keessaa ogeessa tokkoof bay`ee barbaachisaa kan ta`e.
  - a. Ogunmaa fi aangoo isaatiin of fayyaduu
  - b. Ogunmaa itti leenji`e duwwaadhaan hojjechuu
  - c. Ogunmaa fi naamusa ogummaa qabaachuu
  - d. Hojii filachuu
2. Wantoota misoomaa fi dinagdee biyyaatiif gufuu ta`an keessaa tokko:
  - a. osoo hin hojjetin yaachuu
  - b. kadhaa akka madda galiitti lakkaa`uu
  - c. Haalaan yerootti fayyadamuu dhiisuu
  - d. Hunduu deebpii dha.
3. Himoota armaan gadii keessaa waa`ee kaayyolee dhimma dinagdee M.F.D.R.I ilaachisee sirrii kan hin taane kami?
  - a. Lammileen sochii dinagdee hunda keessatti hirmaachuu akka danda`aniif haala mijeessuu
  - b. Hojii dhabdootaa fi rakkoo warra qabaniif imaammata hojii uumuu isaan dandeessisuu baasuu
  - c. Lammii Itoophiyaa hunda mirga ogummaa fi hojii filachuu gonfachiisuu
  - d. Lammileen hojii mootummaa duwwaa irratti akka xiyyeefatan gochuu
4. Aadaa hojii cimaa dagaagisuu qabxiin hin ilaallanne isa kami?
  - a. Ossoo hin namoota biroo irratti hirkachuu
  - b. Gahee hojii keenya bahuu fi aadaa waliin hojjechuu cimsachuu
  - c. Warra tajaajila barbaadan haalaan simatanii keessummeessuutti ga`umsa qabaachuu
  - d. Dubartootni hojii qonnaattis ta`e horsiisee buluutti walqixa akka hirmaatan taasisuu
5. Himoota armaan gadii keessaa waa`ee aadaa hojii cimaa ilaachisee sirrii kan ta`e isa kami?
  - a. Hojii yeroo karoorfameen dura raawwachuu
  - b. Hojii gadaanaa fi olaanaa jedhanii tuffachuu dhiisuu.
  - c. Kadhaa fi osoo hin hojjetin nyaachuu balaaleffachuun jabinaan hojjechuu
  - d. Hundumtuu sirrii dha

**V. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kennaa.**

1. Aadaa hojii cimaa akkamitti gabbisuun danda`ama?
2. Yerootti haalaan fayyadamuu dhabuun misooma biyyaa irratti rakkoo inni fidu maali?
3. Omishtummaa guddisuun kandanda`amu akkamitti?

# BOQONNAA SADDEET

## OF-DANDA'UU

**Kaayyoo Boqonnaa:** Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Rakkoo hirkattummaan fiduu danda`u ni hubatta.
- Dandeettii ofii beekuu ni hubatta.
- Bu` aa hojji olaanaa ta`eef kabaja kennuu fi namoota biroo irraa barachuun ofitti amanamummaa dhaaf faayidaa inni qabu ni hubatta.



Fakkii 8.2 Gocha of danda`uu

### 8.1 Aadaa Of-danda`uu

#### Gabbifachuu

##### 8.1.1 Hirkattummaa Dhabamsiisuu

- *Fakkiiwan lamman kana keessaa tattaaffiin of danda`uu kan keessatti mul`ate kam keessatti?*
- *Hirkattummaan akkamiin dhabamuu danda`a?*



Fakkii 8: 1 Gochaa hirkattummaa

#### Gogaa Jiidhaatti Maru

Aadde Hawwaa fi Obbo Suleeyimaan taa`anii shaayee dhugaa oduu dhagge-effatu turan. Namni obbo Suleeyimaan beekan tokko akka tasaa Televiiziyona keessatti mul`atan. “Hawwa namni kun Fallaqaan jedhama. Waliin guddanne” jedhan. Battaluma sana oduu dubbist-uun “Obbo Fallaqaan karaa seeraan alaa iddo man a jireenyaa itti ijaarratan argachuuf matta`aa osoo kennanii harkaa fi harkatti qabamanii jiru. Sababii kanaan kan ka`e dhaddacha har`a ooleen adabbiin hidhaa fi maallaqaa itti murtaa`ee jira; jechuu-dhaan ifatti dubbatte. Obbo Suleeyimaan oduu dhaga`anitti ni rifatan. “Ayii, mana barumsaa osoo jiruu akka qormaata hachisiifnuuf paastii (busk-

uta), karameellaa, qabsiisaa fi qubees-saa nuuf fida ture” jedhan. “Ayii gogaa osoo hin gogin jiidhaatti kan jedhamu kanaaf” jedhan aadde Hawwaan. “Inni ilee dhugaa dha. Haata`u malee nutis hriyyoota isaa yoo taane iyyuu hamma hachisiifnu dhiisi of danda`i hirkattum-maan kun sitti haa hafu jechuun nu irraa ture” jedhan bay`ee gaddanii.

Yeroo kana aadde Hawwaan akka aaruu ta`anii “Isinis yoo taatan seera mana barumsaa cabsitan miti kan paastii, karameellaa, qubeessaa fi dab-tara irraa fudhachaa hachisiisaa tur-tan. Maarree isinis taanaan karaa see-raan alaa faayidaa argattanii jirtu. Kanaafis isinis hirkattoota dha” jedh-aniiin.

### Gilgaala 1

#### **Seenaa armaan olitti dhiyaate sirriitti dubbisaatii gaaffiilee armaan gadii hojjedhaa**

1. Aadde Hawwaan “osoo hin gogin jiidhaatti” mammaaksa isaan jedhan akkaataa dubbisa irraa hubattaniin ibsaa.
2. Obbo Suleeyimaanii fi obbo Fallaqaan ijoollummaa isaaniitiin dogoggora gadhee isaan mana barumsaa keessatti raawwatan har`a ammo osoo isin quunnamee akkam gootu?

**Hojii Garee** Baratoota garee sadii um-uudhaan gochaalee itti aansee isiniif kennamu qabudha. Itti aansuudhaan barsiisaa keessan waliin waajjira dhimma hawaasummaa naannoo keessan

jiru deemaati. Achittis ogeessota waliin gaaffii fi deebbii taasisaa. Yaada arga-ttanis daree keessatti dhiyeessuun irratti mari`adhaa.

**Garee tokkoffaa:** Ibsitoota hirkattum-maanii fi hawaasummaa diinagdee kar-aalee inni itti ibsamu tokko tokko barreessaa dhiyeessaa.

**Garee lammaffaa:** Namoonni amala gadhee qaban kun rakkoolee isaan hawaasa irraan gahan tartiibaan barr-eessanii haa dhiyeessan.

**Garee sadaffaa:** Rakkoolee fi miidhaa namoota amala gadhee qaban kana irraa gahu tartiibaan barreessanii haa dhiyeessan.

Hirkattummaa jechuun sadarkaa um-urii kam irrayyuu namni jiru tokko waantota bu`uraa isa barbaachisaan humnaa fi dandeettii qabuun raaww-atachuu dadhabuu jechuu dha. Jecha biraatiindhimmoota bu`uraa kanniin namni biraan akka raawwatuuf eeguu jechuudha. Keessumaa iyyuu eenyumaan egeree keenyaa kan bocamu yeroo daa`imummaa keenyatti kaasee waan ta`eef dandeettii keenya mana fi mana barnootaa keenyatti yeroo daba-rsinu of eeggannooodhaan itti fayyad-amuutunu irraa eegama. Ijoollummaa-dhaan dandeettii qabnuun waan hojj-echuu qabnu osoo hin hojjetin yoo hafne yeroo guddannus amala kanatu

nu waliin guddatee kufaatii gadheef nu geessisa.

Kanaafuu, hirkattummaan ofitti amantaadhaan ofii keenya ofitti amannee akka of hin gaggeessine gufuu waan nutti ta`uuf dandeettii fi humna keenyaan hojjechuu waan dandeenyu hojjechuu yaaluudhaan dhabamsiisuu qabna.

### Gilgaalaz

#### **Gaaffiilee armaan gadii hojjedhaa.**

Manaa jirenyaa fi mana barnootaatti akka dandeettii keenyaatti hojiwwan nuti raawwachuu dandeenyu maal fa'i? Hojiwwan kana hojjechuu dhiisuun hirkattummaan akkamitti ibsama?



Fakkii 8.3 Matta'an gochaa jibbisiisaa yoommuu ta'u daldalooinni kontiroobaandiis seera jalaa hin ba'an.

#### **8.1.2. Hirkattummaa fi Daldaala Kontiroobaandii**

- Waa`ee kontiroobaandii fakkii kana irraa waan hubattan ibsaa.

### Bu`aa Dhabiinsa

Maammoon daldalaa kontiroobaandii ta`uu isaa jiraattonni naannoo isaa hunduu ni beeku. Meeshaaleen inni gurguru hundinuu dambii fi seeraan ala waan biyya seenaniif ashuraa fi taaksiin itti hin kaffalamu. Eeyyama baafatee seeraan waan hin daldalleef gibira hin kaffalu. Kanaan alattis ammo meeshaaleen inni gurguru biyya keessaa yeroo galan qulqulinni isaanii karaa waajjira abbaa taayitaa to`annoo qulqullinaa waan hin sakatta`amneef qulqulinni isaanii gadi bu`aa dha. Haa ta`u malee namoonni naannoo sanaa waa`ee miidhaa kontiroobaandii hubannoonaan isaan qaban xiqaadaan bituuf gara mana daldalaa Maammoor deemu.

Maammoon akkaataa kanaan waliindahuudhaan osoo jiraatuu namni olla isaa Biyaalfew jedhamu tokko isa hordofaa ture. Biyaalfew nama hiyyumaa fi duubatti hafummaan biyyaa keenyaa isa yaachisu ture. Kanaafuu hojii seeraan alaa hunda ni jibba; ni saaxila. Maammoor saaxilee seera duratti dhiyeessuuf waan yaadeef yeroo baay`ee nama meeshaa bitu fakkaatee gara mana daldalaa kana dhaquudhaan hordofa.

Guyyaa tokko meeshaaleen kontiroobaandii konkolaataa fe`umsaattii fe`ame gara biyya keessatti seenaa jiraachuu isaanii utuu Maammoon bilbilaan ha-

sa`uu dhaga`e. Yeroodhuma sana poolisiidhaaf odeeaffannoo kenne. Meeshaaleen kunis hordoffii poolisiitiin qabaman. Manni isaa yeroo sakatta`amus meeshaaleen kontirobaandii qarshii bay`ee baasu waan argameef ni fudhataaman. Qarshii waggoota dheeraaf walitti qabates yeroo tokkotti dhabe. Kana malees adabbiin hidhaa wagga torbaa itti waan murtaa`eef mana amala siresa seene.

Obbo Biyaalfew kontirobaandii dhabamsiisuuf tattaaffii godheen akkaataa seera tumamee jiruun dirgoon yakka eruu kaffalameefii qarshii hedduu argachuu danda`e.

### Gilgaala 3

#### *Akkaataa dubbisichaan gaaffii armaan gadii deebisaa.*

1. Seena Maammoo irraa maal barattan?
2. Daldalli kontirobaandii faayidaa hin qabu maaliif jedhame?
3. Seena armaan olitti ibsame irratti hundaa`uu dhaan daree keessatti do`ii qoheessuun agarsiisaa. Dhuma irrattis waliin mari`adhaa.

Kontirobaandiin yakka guddinaa fi tasgabbii biyyaa irratti raawwatamu dha. Yakki kun humna dinagdee mootummaa biyyattii dadhabsiisuudhaan misooma gufachiisa. Meeshaalee dhoksaadhaan daangaa ceesisuun baasuu fi galchuun biyyi keenya meeshaalee

bahanii fi galan irraa galii argachuu qabdu dhabsiisa. Daldaalli kontirobaandii gabaa tasgabbii dhorkuudhaan daldaaltota seeraa kufaatiif saaxila.

Daldaala kontirobaandiitiin meeshaaleen waraanaa karaa seeraan alaa daangaa ce`un biyya keessa galu. Meeshaaleen kunis seeraan ala harka namoota dhuunfaa galuudhaan gochalee gooltummaatii fi saamichaaf oolu. Gochi gooltummaa kunis uummanni tasgabbaa`ee hojjete akka hin jiraanne godha. Jireenyi ummataa dhiphina, soda fi balaadhaaf saaxilama. Kanaan alattis gooltummaan fayyaa fi jirenya hawaasummaa irratti rakkoolee baay`ee geessisa.

### Gilgaala 4

#### *Gaaffiilee armaan gadii deebisaa.*

1. Kontroobaandiin nageenya biyyaa, jirenya hawaasummaa fi fayyaa miidha kan jedhamu maaliifi?
2. Isin namoota daldaala kontoobaandii irratti bobba'an osoo argitan maal gootu?

#### **8.2. Bu'aa Hojii Ol'aanaaf Kabaja Kenuu**

- *Warra fakkii irra jiraniin alatti ogummaa garaa garaatiin namoota bdhaafamuu isaanii beektan maqaa dhahuudhaan ibsa.*



Fakkii 8.4 Bu'aa hojji olaanaaf kabaja kennuu

### Gaaffii fi Deebii Aadde Boonaa Bolantaa Waliin Taasifame

Aadde Boonaa Bolantaa mootummaa naannoo Saboota, Sablammoottaa fi Ummattoota Kibbaa aanaa Hamar keessa kan jiraatan yoo ta'an haadha ijoollee lamaa ti. Adde Boonaan sadarkaa ganda isaaniitti waldaa ijaa-ran keessatti dura teessuu dha. Badha-aasa bu`aa hojji olaanaas argatanii jiru.

**Gaaffii:** Badhaasaaf kan geessan maal waan gootaniif?

**Aadde Boonaa:** kanaan dura dubartootni Hamar horsiistee bultoota ta`an daboodhaan yoo ta`e malee waldaa dhaan ijaaramanii hojji omishuudhaan bu`aa haalli itti argatanii fi ittifay-yadaman hin turre. Baay`een isaanii hirkattota abbaa warraa isaanii ti. Wa-

nti guddaan badhaasa kanaaf nagee-sise humna dinagdee dubartoota kanaa cimsuu fi ofitti amanammummaa akka horatan waldaadhaan ijaaruu kooti.

**Gaaffii:** Waldaa kana ijaaruudhaaf maaltu isin kakaase?

**Aadde Boonaa:** Ani waldaa kana ijaaruu koon dura ofii kootii sochii gaariin qaban ture. Ogeessoti misoomaa barumsa baay`ee naaf kennaniiru. Waa`ee oomisha fuduraa fi kuduraa, akkaataa horsiisa lukkuu fi akkaataa paakeejii misoomaa qonaa isaan irraa baay`ee baradheen jira. Garuu naanno koo dubartootni jiran waa`ee kana hin beekan. Kanaafuu isaaniin gurmeessee osoo waliin sochoonee bu`aa gaarii argachuu akka dandeenyu nan hubadhe. Yaadni kun sammuu koo keessa osoo jiruu yeroo tokko carraa naannoo Affaar dhaquun argadhe. Kana booda naannoo Affaar keessa kan jiru waldaa misoomaa horsiisee bul-toota Itoophiyaa kan jedhamu dhaabni miti mootummaa tokko dubartoota waldaan ijaaree beelada akka kennuf nan mirkanoeffadhe. Kana booda dubartoota miseensota waldaa haasof-siiseen raada 10 fi dibicha 4 naaf ken-nan. Raadota kanaa fi dibichoota kana fidee dhufeen dubartootaaf hire.

**Gaaffii:** Waldaa kana gurmeessuutti rakkoo maal maaltu isin quunname? Akkamittis keessa dabartan?

**Aadde Boonaa:** Hojicha hojii jalqabuuf rakkoo baay`een na quunnamee ture. Isheen dubartoota keenya bakkee baaftee nu duraa baalageessiti jedhamee natti qoosamee jira. Abbaa warraa kiyyas itti tolee hin turre. Dubartootni ani gurmeessuuf maqaa isaanii galmeesse illee abbootiin warraa keenya nutti dheekkamu jechuudhaan ana waliin hojjechuu dhaaf qophaa`oo hin turre. Gara boodaa garuu dibichoottaa fi raadota Waldaan Misooma Horsiisee Bultoota Itiyophiyaa naaf kenne yeroon hiruuf kaayyoon koo misooma waliin ta`uu yommuu hubatan ilaalchi gadheen isaan naaf qaban jijiirame. Kanaanis waldaan gurmaa`-uun faayidaa akka qabu hubatan. (madda.)

### Gilgaala 5

#### *Gaaffiilee armaan gadii akkaataa dubbisa olitiin deebisaa.*

1. Hojileen Aadde Boonaa Bolaantaa badhaasaaf geessisan maal maali?
2. Hojii bu`aa olaanaa qabu hojjechuudhaaf barumsi faayidaa olaanaa qabaachuu isaa Aadde Boonaan akkamitti ibsan?
3. Haamilee Aadde Boonaa cimsuun kanneen birootiifis fakkeenya akka ta`anuuf mootummaan maal godhe?
4. Aade Boonaa osoo taatanii badhaasni kun miira akkamii isin keessatti uuma ture?

Bu`uurri bu`aa hojii olaanaa gosa hojii irratti bobbaane irratti tattaaffii nuti

goonu dha. Hojii hojjennu maaliif akka hojjennu yoo beekne, akkamitti yoo hojenne bu`aa olaanaa akka itti argannu yoo itti xiinxalle namoota birroo irraa muuxannoo yoo fudhanne, akkasumas barachuun beekumsa keenya yoo gabbifanne bu`aan hojii keenya olaanaa ta`a.

Karaa birootiin ammo yaada bu`aa hojii olaanaa keessa miirri wal-dorgommii ni jira. Namoota biroo irra fooyya`anii argamuu fi bu`aa hojitiin mataa ofii, maatii ofii fi biyya ofii gargaaruu danda`uu kan hammatuu dha. Fakkeenyaaaf seenaa Aadde Boonaa yoo ilaalle barumsaa fi dandeetti isaanii fooyeffachuun, muuxannoo kanneen biroo fudhachuu fi cimanii hojjechuu dhaan jirenya isaanii fooyeffatanii jiru. Kana irra darbees dubartoota naannoo isaanii waldaadhaan gurmeessuun jirenyi isaanii akka fooyya`u taasisanii jiru. Akkasumas hojii bu`aa olaanaaf kabaja laachuu, bu`aa gaarii gochaalee namoota birootiif beekamtummaa kennuu, kabajuu fi dinqisiifachuu agarciisa. Hojii namootaatiif kabaja kennuu mallattoo qaroominaa duwwaa osoo hin taane, namoonni hojii isaa-niitti bu`aa qabeessa ta'an akka jajja-baatani fi caalaatti akka hojjetan isaan taasisa. Namoonni caalmaatti jabinaan yoo hojjetan guddinni biyyaa ni saffisa.

**Gilgaala 6****Gaaffiilee armaan gadii deebisi.**

1. Bu'aa hojii olaanaa ta'e argachuuf maal gochuu qabdu?
2. Yaadriimeen bu'aa hojii olaanaa miirra waldorgommii of keessaa qaba yoommuu jennu maal jechuudha? Ibsaa.

**8.3. Ofitti Amanamummaa****8.3.1. Gahee Ofitti Amanamummaan****Bu'aa Hojii Olaanaa Irra****Gahuuf Qabu**

- Ofitti amanamummaan bu`aa hojii olaanaaf akkanmitti nama geessisa?

**Warra Mul`ata Qabu**

Obbo Mulu`alam Biraanee Goojjamitti dhalatan. Hanga kutaa 12tti barnoota idilee hordofanii jiru. Obbo Mulu`alam bara 1967 A.L.H.tti duula hojii Idigat Bahibirat ye Iwuqetinna Yesira Zama-chacha jedhamu keessattis hirmaac-huun duulanii turan. Qormaata biyyool-essaa kutaa 12ffaa fudhatanii qabxii hin arganne.

Rakkoo yeroo kana isan mudateen osoo hin rifatin beekumsaa fi humna qarshii qabaniin wantoota hojjetamuun danda`an addaan baasanii madaalan. Yeroo sana maatii isaanii irraa kan baratan beekumsa ogummaa qonaa qabu. Beekumsa qaban kanas barumsa ammayyaa irra argataniin gabbifatanii yoo hojjetan bu`aa gaarii argachuu akka danda`an hubatan. Lammii isaanii baadiyyaa jiraatanis yaada

duubatti hafaa garaa garaa keessaa baasuu fi sirna nyaataa isaaniis jijiirsisuu akka danda`n hubatan.

Yeroo sanatti namoonni murtoo isaanii beekan namni barate magaalaa galee hojii waajjiraa hojjeta malee akkamitti qotee bulaa ta`a jedhanii hamatan. Obbo Mulu`alam garuu ejjennoo isaaniitiin hojii qonaa itti fufan. Takka turaniis kutaa 12 xumuranii baadiyyaatti warra isaanii biratti gal-anii hojii qonaa hojjechaa kan turan Aadde Wubaalem Mangistuu waliin gaa`ela uummatan.

Obbo Mulaalamii fi Aadde Wubaalam jalqabuma kallattii adeemsa isaanii ilaalanii madaaluu hojjechuu waan danda`an irratti waliigalanii ofitti amantaa dhaan waan jalqabaniif hojiin isaanii bu`a qabeessa ta`e. Ofii isaaniif, maatii fi naannoo isaanii darbees ammo biyya isaaniitiif hojii bay`ee bu`a qabeessa raawwachuu isaaniitiin badhaasa garaagaraa argachaa jiru. Kees-sumaa bara 1997 badhaasa "duula misooma magariisaa" irratti sadarkaa biyyolessaatti sadaffaa waan bahaniif harka pirezidaantii M.F.D.R.I irraa badhaasa fudhataniiru.. Amma illee humna isaanii yerooodhaa gara yerootti cimsachuudhaan caalaatti hojjechaa jiru.

**Gilgaala 7**

**Akkaataa dubbisa armaan oliin gaaffiilee armaan gadii deebisaa.**

1. Obbo Mulu'aalamii fi Aadde Wubaalam ofitti akka amanan kan taasise maali?
2. Obbo Mulu'aalamii fi Aadde Wubaalam murtoon isaan baadiyyatti galuuf murteessan sirriitti kan itti yaadame turee? Akkamitti? Sababa isaa wajjin ibsa.

Amalli ofitti amanamumma yeroo dhalannu uumamaan kan nu wajjin dhalatu miti. Erga dhalannee booda sababiwwan adda addaatiin dagaagifanna. Namni kam iyyuu taanaan yeroo dhalate irraa jalqabee maatii isaa, namoota naannoo isaa, yookaan mana barumsaa keessatti barumsa idilee baratu irraa beekumsa argata. Beekumsa isatiini wantootni hojjechuu danda`uu fi hojjechuu hin dandeenye ni jiraatu. Jabinni qaamaas akkuma kana adeemsa jireenyaa keessatti jijjiaramaa kan deemu mallattoo dandeettii keenyaa keessaa tokkoo dha. Kanaafuu miirri ofitti amanamummaa nama tokkoo beekumsaa fi dandeettiwwan kana addaan baasanii beekuu irraa kan madduu dha. Cimina ofii jabeessaa hanqina ofii fooyyessaa miira ofitti amantaa guddisuun ni danda`ama.

**Gilgaala 8**

**Gaaffiilee armaan gadii irratti mari`adhaa.**

1. Amalli ofitti amanamummaa akkamitti gabbata?
2. Namni ofitti amanu amaloota akkamii qabaata?

**8.3.2. Yaadaa fi Ilaalcha Namoota**

**Biroo Iftoomaa fi Haala Sirriin  
Keessummeessaa Amantaa fi  
Ilaalcha Ofii Kutannoona  
Geggeessuu**

- *Ilaalcha ofii kutannooodhaan geggeessuu jechuun maal jechuu dha?*

Yaadaa fi ilaalcha namoota biroo iftoominaa fi karaa sirrii ta`een keessummeessaa yaadaa fi ilaalcha mataa ofii kutannooodhaan geggeessuun miira ofitti amanamummaa irraa madaa. Dhimmi bu'uuraa adeemsa mataa ofii beekuu kun milkaa`ina jirenyaa keessatti iddo guddaa qaba. Maaliif yoo jenne rakkoon namoota baay`ee dandeettii qaban addaan baasanii beekuu dhabuu irraa kan madde dha. Namni kam iyyuu barumsa idileetiin, namoota biroo wajjin walitti dhufeenyaa qabuun, yookaan muuxannoo dhaan dandeettii kuufate kan mataa isaa qaba. Kana sakatta`ee baruu yoo danda`e dandeettii ofitti amanamummaa ni qabaata. Namni ofitti amanu hanqinaa fi dadhabina isaa addaan baasee waan beekuuf hanqina ofii kana fooyyeffachuuf ni hojjeta. Miira ofitti amanamummaa isaa irraa kan ka`e

miirri gadi aantummaa waan itti hin dhaga`amneef dandeettii iftoomumaas kan gonfate ta`a.

Karaa biraatiin bu`aan waliigalaa dandeettiawan kanaa bilchina sammuu uuma. Waa madaalanii ilaaluun offitti amanamummaatti aanee kan dhufu mallatto walitti dhufeenyaa gaarii fi waldhageeffachuuti. Ofitti amanamummaa yoo horanne namoota biroo dhaggeeffachuuf gufuu guddaa kan nutti ta`u gadii aantummaa fi miira olaantummaa, akkasumas miira komiiawan sodaachuu dhabamsiisuu dandeenya.

Sababni isaa ilaalcha nama biraa kabajuu fi ilaalcha ofii keenyaa illee gabbifachuu kan dandeenyu ofitti amanamummaa yoo qabaanne dha. Ilaalcha ofii cimsuu fi jabinaan raawwachuufis ta`e ilaacha namoota biroos dhaggeeffachuu fi madaalanii fudhachuu fi fudhachuu dhiisuuf of irratti amantaa qabaachuun barbaachisa dha. Miira ofitti amanamummaa gab-bifa chuuf barnootni meeshaa furtuu dha. Barnoonni beekumsa argamsiisa, ilaalcha namaa fooyyessa, of beekuu nama dandeessisa. Yoo of beekne ofitti amantaa qabaan, ofitti amantaa yoo qabaanne waa xiinxallee madaalla, sammuu madaalawaa yoo qabaanne ammo kanneen biroo dhaggeeffachuu fi dhaggeeffanees fayyadamuu dandeenya. Yaadaa fi ilaalcha namoota biroo

akka gaariitti dhaggeefachuu fi madaaluun faayida qabeessa ta`ee yoo argame kabaja barbaachisaa ta`e kennuu fi hojii irra oolchuun barbaachisaa dha. Karaa biraatiin yaadnii fi ilaalchi namoota biroo sirrii ta`ee yoo hin argamne suuta jechuudhaan dogoggora ta`uu isaa ibsuufiidhaan ejjennoo ofii isa sirrii ta`e sana kutannoo dhaan namoota birootiif ibsuun yaadaa fi gocha qaroominaati.

### Gilgaala 9

#### *Gaaffiilee armaan gadii deebisaa.*

1. Hariiroo namoota waliin qabnu madaalawaa akka ta`u kan nu dandeessisu maali?
2. Namni tokko ofitti amanamummaa qabaachuudhaaf dandeettii isaa beekuu qaba kan jedhamu maaliifi? Irratti mari`adha.

### Xumura Boqonnichaa

Aadaa of danda`uu cimsachuu dhaan hirkattummaa jalaa bahuu fi dandeetti ofitti amanamummaa keenyaa gabbifachuu ni dandeenya. Hirkattummaan eenyummaa keenyatti akka hin boonne, yaada keenya sodaa tokko malee akka hin ibsanne gufuu ta`uu dhaan humna ofitti amanamummaa keenyaa kan maseensu dha.

Daldaalli kontirobaandii yaada hirkattummaa irraa madduu fi yakka biyyaa fi uummata miidhu dha. Kanaafuu, tattaaffii walta`iinsa mootummaa fi uummataan dhabamsiifamuu qaba.

Miidhaa hirkattumman qabu hubannee kutannoo dhaan yoo ittisnee fi miira ofitti amanamummaa yoo gabbifanne bu`aa olaanaaf geenya. Namni ofitti amanu bu`aa hojii gaarii namoota birootiif kabaja kenuudhaan caalaatti akka hojjetan jajjabeessa. Karaa biro-otiin ammo yaadaa fi ilaalcha namoota biroo iftoominaa fi sirnaan keessummeessuudhaan ilaalchaa fi amantaa keenya kutannoon tarkaanfachiisuun yaada ammayyaa`aa akkasumas gocha namni ofitti amanu raawwatu dha.

### Jechoota Ijoo

- **Raafamuu:** achii fi as jechuu; tasgabbii dhabuu
- **Harkaa fi harkatti:** yakkamaan tokko yakka raawwachaa osoo jiruu haala itti qabamu.
- **Dhaddacha:** Wal-falmiin murtee bakka itti geggeeffamu.
- **Murtoo:** Adaba seeraa.

## Gaaffiilee keessa deebii

**I. Gaaffilee armaan gadii dubbisuudhaan sirrii kan ta`e “dhugaa’ sirrii kan hin taane ammo “soba” jechuudhaan deebisaa.**

1. Bu'aan hojii olaanaa sanyiidhaan dhaalama.
2. Aadaan of danda`uu bu`aa tattaaffii yeroo dheeraati.
3. Namni cimaan kan tattaafatu hanga badhaasa argatu duwwaatti ta`uu qaba.
4. Bu`aa hojii olaanaa fiduuf gaheen barumsaa xiqqaadha.
5. Yaada namoota biroo keessummeessuun hirkattummaa dha.

**II. Kanneen roga “B” jala jiran keessaa roga “A” jala kanneen jiran waliin firoomsaa.**

**A**

1. Hirkattummaa balleessuu
2. Yaada Hirkattummaa
3. Lammilee biyya fayyadan
4. Badhaasa

**B**

- A. Bu`aa hojii olaanaaf kan tattaafatan
- B. Jajjabina bu`aa hojitiif kennamu.
- C. Ofitti amanamummaa Cimsa
- D. Ciminaan hojjechuu
- E. Bu`aa gaariif hojjechuu
- F. Humna ofiitiin hojjechuun waan danda`amu nama biraan irraa eeguu.

**III. Gaaffilee armaan gadii dubbisuudhaan bakka duuwaa irratti jechoota yookiin Gaalee sirrii ta`een guutaa.**

1. Wantoota mataa ofiif barbaachisan dandeettii ofiitiin hojjechuun \_\_\_\_\_ jedhama.
2. Namoota bu`aa hojii olaanaa fidaniif jajjabinni taasifamu\_\_\_\_\_ jedhama.

**IV. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta`e filadhaa.**

1. Of danda`uu.
  - a. Ispoortiidhaan qaama cimsachuudha.
  - b. Namoota biroo ajajuu dha
  - c. Hanga dandeettii ofii ofiin Hojjechuu dha.
  - d. Hunduu deebii dhaa
2. Bu'aa gaarii,
  - a. hojii tokko namoonni biroon kan hojjetan caalchisanii hojjechuu dha.
  - b. qulqullina fi bu`aa hojitiin mataa ofii fi lammii ofii gargaaruu dha.
  - c. Kadhaas ta`e hanna yookiin hojjetanii sooreessa ta'uu dha.
  - d. A fi B n deebii dha

3. Ilaalchi hirkattummaa.
  - a. Nu waliin kan dhalatee fi hanga duunutti nu waliin kan jiraatu dha.
  - b. Wayita of dandandeenyu ni dagaaga.
  - c. Biyyaa fi lammii yoo miidhe iyuu namoota dhuunfaa ni fayyada.
  - d. Nama dhuunfaas ta'e biyya ni miidha.
4. Namni namoota biroo irraa barachuuf qophii qabu,
  - a. Hirkataa dha
  - b. Nama ofitti amanu dha
  - c. Firii hojii olaanaa bira gahuuf gargaar carraa argata.
  - d. 'B 'fi 'C' n deebii dha
5. Meeshaaleen kontiroobaandiidaan yammuu biyya seenan,
  - a. Mootummaan bu`uraalee misoomaa hojjechuuf akka danda`uf ashuraa fi qaraxa funaanamu waan dhabsiisuuf gufuu misoomaa ta`a.
  - b. Gatii meeshaalee waan gadi buusuuf bu`a qabeessa.
  - c. Meeshaalee waraanaa fi wantoota sammuu namaa hadoochan dhoksaan akka galu waan godhuuf fayyaa fi nageenyi uummataa akka jeeqamuuf sababa ta`a.
  - d. "B" irraa kan hafe hundi deebii dha.

# BOQONNAA SAGAL

## AADAA QUSANNAA

**Kaayyoo Boqonnaa:** Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Tooftaan qusannoo adda addaa jiraachuu isaa ni beekta.
- Ofii fi maatii ofii akka humna ofiitti bulchuu barbaachisummaa isaa ni hubatta.
- Barbaachisummaa karooraan jiraachuu fi aadaa qusannoo gabbifachuu

### 9.1. Gosoota Qusanna

- *Qusannoonaan maaliif barbaachisa?*

Jireenyi nagaa fi tasgabbaa`aan aadaa qusannoo gabbataa irratti hundaa'a. Waan kana ta`eef yeroo kam iyyuu taa-naan namoonni waa`ee qusannoo hub-anoo gaarii qabaachuu qabu. Qusannoonaan jechuun yeroo, dandeettii fi beekum-sa ofiitti gargaaramanii cimanii hojje-chuudhaan galii argamu seeraan itti fayyadamaa qabeenya fuulduraaf ta`u keewwachuu jechudha. Kanaafuu, shaakalli itti waa qusannuu fi haalli itti fayyadama baasii keenyaa of-eegg anno fi xiyyeffannoo walfakkaatu argachuu qaba. Galii argamu irraa dhi-mmoota barbaachisaa ta'an qofaaf olchuun, kan hafe ammo kaa'achuuf yaaduun namoota tokko tokkotti sass-

attummaa fakkaata. Yaadi kun garuu dogoggora.

Gama biraan ammo namootni dondhummaa fi qusannaan tokko itti fakkaatu jiru. Dondhummaa jechuun qars-hiis ta'e qabeenya qabnu yeroo barbaachiisa ta'e tokkotti dhimma itti bahuu fedha dhabuu agarsiisa. Qusannoonaan garuu dhimma yookaan rakkoo tokkoof akka itti fayyadamuu dandeenyuuf galii argamu irraa hir`isuun olkaa`uu, isas sababa malee balleessuu dhiisuuf ejja- nnoo qabaachuu jechuu dha. Namni sassataan kan isaa ol kaawwatee kan namoota biroo qoddachuu barbaada. Kanaafuu, dondhummaan amala namootaa gaarii hin taanee dha. Namni aadaa qusannoo gaarii qabu garuu ofii isaa, maatii isaa fi akkuma haalasaatti namoota biroo rakkatan illee barsiisuu danda`a. Wantoota bu`uura jirenyaa guyyaa guyyaa ta`an utuu hin hir`isin, utuus hin rakkatin, osoo hin qisaasse- ssinis ni jiraata.

Namoonni baay`een yeroo waa`een qusannoo dubbatamu kan qusatamu maallaqa qofaa itti fakkaata. Yaadni kun garuu sirrii miti. Kan qusatamu

maallaqa qofa osoo ta`eera ta`ee, waa`ee qusannoo haasa`un kan dand-a`amu dureeyyotaa fi daldaaltota waliin qofa ta`a ture. Haata'u malee, bu`urri yaada qusannoo kana irra kan bal`atee dha. Gosoota qusannoo sadiitu jira. Qusannoo gosaan taasifamu, qusannoo maallaqaa fi qusannoo yeroo ti.

### Gilgaala 1

#### *Gaaffiilee armaan gadii deebisaa.*

1. Dondhummaa fi qusannoontokko moo miti? Maaliif?
2. Qabeenya fuula dura itti fayyadaman attamiin qusachuun danda'ama?

#### **9.1.1. Qusanna Gosaan Ta`u**

- *Qusannoontosaantau kan akkamitti?*

#### **Siidaa Yaadannoo**

Aadde Maaniyahilishaal ijoolleen isaanii sadan qaxalee fi hubatoo waan ta`aniif namoota naannoo isaanii biratti ni jajamu. Waan isaan waggaan kana raawwatan keessaa fakkeenya gaarii tokkotu jira. Kunis kutaa qayyabanna isaanii ta`u mooraa mana isaanii keessatti baasii tokko malee ijaaruuf danda`anii jiru.

Kutaa kanas kan ijaaran waggoottan afur dura du'a abbaa isaanii sababeeffachuun baargamoo dallaa isaanii keessa yaaddannoof dhaabanii turan maranii walakkaa isaa gurguruun ture. "Uummatni magaalaa owwaalcha irratti siidaa dhagaa yeroo ijaarsisu dhage-

nya. Nuti maaliif abbaa keenyaaf biqiltuu yaadannoo hin dhaaabnu." yaada jedhuun ture baargamoo kana kan dhaaban. Biqiltuuwan baargamoo akka dhaaban ammo kan gorsanii haadha isaanii ti.

### Gilgaala 2

#### *Dubbisa armaan olitti dhiyaate bu`uureffachuun gaaffiilee armaan gadii deebisi*

1. Naannoo keessanitti akka ijoolle maaniyahilishaal qabeenya dhaabbataa akkamii dhaabbachuu dandeessu? Akkamitti?

Qusannoontosaan godhamu maallaqaan osoo hin ta`in qabeenya dhaabbataa ta`een kan ibsamuu dha. Fakkeenyaaf qusannoontosaan taasifamu meeshaalee gatii guddaa baasan horii horsiisuu fi biqiloota dhaabbatoo guddisuun ibsama. Horii gaafaa fi horii maalaa horsiisuu, mana ijaaruu yeroo dheeraaf bu`aa kan kennu bunaa fi biqilootni akka qoccoo qusannoo gosaan godhamuuf fakkeenyota.

Qusannoontosaan godhamu namni sadarkaa jirenyaa kam irra jiraatu iyyuu kan hordofuu qabu dha. Fakkeenyaaf baadiyyaa bakka tokko tokkotti maatiin ijoolle isaanii qusanna fi akkaataa itti fayyadama qabeenya akka shaakalan kan godhan umurii ijoollummaa isaanitii eegalee ti. Jabbootaa fi wicoolee bifaa kennaatiin ijoolleef kennuu dhaan ijoolleen isaan kunuunsuu fi eeguudhaan qabeenya

mataa isaanii tursiifatu. Beeladootni wal-horanii bay`achaa, ijooleen isumurii dabalaan akka deemanii miirri gammachuu fi abbaa qabeenyummaa isaantti dhaga`amaa dhufa.

Haaluma kanaan dhaala maatii isaanii irraa argatan eeguudhaan umurii dargaggummaa irra yeroo gahan haala maatii isaanii irraa barataniin tooftaa qusannoo mataa isaanii gabbifatu. Namoonni naannoo magaalaa jiraatan qabeenya isaanii akkamittiin gosaan akka qusatan yoo ilaalle fakkeenyawwan baay`ee tuquun ni danda`ama. Mana ijaarrachuu, konkolaataa bitach-uun fakkeenyota muraasa.

### Gilgaala 3

#### *Gaaffiilee armaan gadii deebisa.*

1. Akka dubbisa armaan olitti dhiyatetti bu'uuraaleen qusannoo gosaan taasifamuu maal fa'i?
2. Naannoo keessanitti maallaqaan ala namoonni yeroo isaan barbaachisetti akka madda galiitti qabeenyii itti fayyadaman maal maal akka ta`an namoota irra gaafachuunis ta`e daawwannoofii keessaniin barreeffamaan barsiisaa keessaniif dhiyeessa.

#### **9.1.2. Qusanna Maallaqaa**

##### **Qabaatan Goftaa Ta'u Hundan nama Dhungata, Yoo Dhaban Budaa ta'u Hundan Nama Tuffata.**

- Mammaaksa dhiyaate xiinxaluun ergaa isaan dabarsan ibsaa

### Kamaal fi Yooseef

Yooseef fi Kamaal magaalaa Dasee irraa barnoota olaanaatiif gara Finfinnee kan dhufan waggoota lamaan dura ture. Kamaaliif maatiin isaa qarshii murtaa`e ji'a ji'aan ni erguuf. Qarshii kanas meeshaalee barnootaaf barbaachisan bituuf, firoottan isaa Finfinnee jiran bira yemmuu deemu geejjibaa fi kennaa xixiqqoo bituuf oolcha. Kanas ta`ee qarshii maatiin isaa erganiif hunda itti hin fayyadamu. Lakkoofsa herrega baankii banachuun kuufata.

Maatiin Yooseef ammo hamma maatii Kamaal qabeenyaan cimoo miti. Kana waan ta`eef waggeratti yeroo tokko uffata barbaachisan fi meeshaalee barnootaa bituufii irraa kan hafe ji`aan qarshii erganiif hin jiru. Yooseef garuu haalli itti qarshiin isa barbaachisu akka jiru beekee jira. Kanaafis yaada gaarii tokko burqisiise.

Yeroo barnoota isaa osoo hin xuqin madda galii uummachuuf yeroo yaadu hojiwwan tokko tokko argate. Baratt-oota qu`achisuu, gaazexootaa fi barrulee dhaaf barreeffamoota dargaggoota barsiisan tokko tokko barreessee gurgurachuun madda galii uummate. Haa ta`u malee hojiilee kana kan inni hojjetu ulfaatinni barnootaa yeroo hin jirree fi yeroo bal`aa yemuu argatutti waan ta`eef galii ji`aa yookaan torbanii dhaabbataa ta`e hin qabu. Yeroo tokko hojjetee galii walitti qabate yeroo kaan qusatee itti fayyadama.

Kana irra kan ka`e Yooseefis akka Kamaal yeroo yerootti haalota isa mudataniif kan baasu qarshii mataa isaa qabaachuu danda`eera. Hiriyyootni lamman kun ofii isaanii irra darbanii hiriyyoota isaanii hanqina qarshii qaban gargaaru.

Yooseefii fi Kamaal dhuma waggeratti barnoota isaanii xumuranii gara maatii isaanii yemmuu deeman gargaarsa qarshii tokko illee hin barbaadan. Sababni isaa lamman isaanii galiiwwan isaanii irraa qarshii murtaa`e walitti qabatanii jiru.

#### Gilgaala 4

#### *Dubbisa armaan olitti dhiyaate bu`uureffachuun gaaffiilee armaan gadii deebisaa.*

1. Yooseefii fi Kamaal barnoota irra osoo jiranii qarshiin kan isaan barbaachiseef maaliif?
2. Yooseef qarshii argachuuf jecha hojiwwan inni hojjetu barnoota isaa irratti dhiibbaa itti uuma moo hin uumu?  
**Maaliif?**

Yeroo ammaa tajilaa fi meeshaalee argachuun kan danda`amu qarshii dhaan. Qarshiin jirenya guyyaa guyaa keessatti faayidaa guddaa qaba. Faayidaa kanaaf qarshiin oolu haalawwan adda addaan argama. Jabaatanii hojjechuun, kennaa, liqii fi kaffaltii durgoo sooromaa akka madda maallaqaatti fudhachuun ni danda`ama. Haata`u malee maddawwan qarshii kana irraa qarshii argamu karoora fi qusannoonaan.

itti fayyadamuun barbaachisaadha. Wantootni bu`uuraa jirenya keenyaaf barbaachisan baay`ee waan ta`aniif qarshii argame waliin geessisanii itti fayyadamuun qusannoofis yaaduun gaarii ta`a.

Qarshii qusachuuf ittifayyadama qarshii beekuun qofti gahaa miti. Qarshiin qusatamus adda bahee bakki taa`umsi isaa iddo amansiisaa ta`uutu irra jira. Sababni isaa qarshiin bakka amansii-saa hin taa`in hatamuu, karoora malee qisaassa`uu ni danda`a. Haala qusanna maallaqaas kan jajjabeessu mijaa`-ina bakka maallaqni kaa`amuu ti. Bakki qusanna amansiisaan kana keessaa tokko mana bankii ti.

Faayidaan mana baankii maallaqa kaa-wachuuuf amansiisummaa inni qabu qofa miti. Dabalataanis qarshii iccitidhaan kaawwachuuuf nama dandeesisa. Abbaan qarshichaa yoo dhiyaate malee namni biraan qarshii kaawwame fudhachuu yookaan beekuu hin danda`u. Qarshii kaawwattootni yeroo barbaadanitti kaawwachuu fi yeroo barbaadanitti baafachuu danda`uun isaanii faayidaa isaa biraadha.

#### Adaanach

Adaanach magaalaa Finfinnee kutaa buchhiinsa Boolee keessa kan jiraattu shamarree wagga 20 ti. Waggoota lama fuuldura madda galii kan ishee ta`e hin qabdu turte. Obboleettiin ishee hangafaa fi obboleessi ishee leenjii ogummaa tokko

akka isheen hordoftuuf ji`oota jahaaf baasii isaa gargaaranii jiru. Kana gidduutti raadiyoo fi Televiishinii waan hordoftuuf hojjetanii of danda`uu dargaggoota barbaadaniif dhaabbatni liqii fi qusannoo Addis akka inni maallaqa liqeessu dhageesse. Kana irraa ka`uu dhaan karoora tokko baafatte. Karoorri kunis liqii liqeefattee hojjetee maallaqa mataa ishee uummachuuf dha.

Gara dhaabbatichaa adeemuun maallaqa liqii fudhatte. Maallaqa fudhatte yeroo murtawaa keessatti hojjetee akka deebistu waadaa galtee mallatteessite. Maallaqa fudhatteenis mana rifeensa dhiiraa ammayyaa ittiin bantee ogeessa gargaaru tokko qacaruun mana kireeffattee hojii eegalte.



Fakkii 9.1 Hojjetanii of danda`uu

Galiin argattus meeshaalee ittiin rifeensa sirreessan bituuf, gargaaraa isheef miindaa kaffaluuf, maallaqa liqeefattee yeroo yerootti kaffaluuf ofii isheef baasiwwan ishee barbaachisan guuttachuuuf ramadde. Waggaan tokko booda kaffaltii liqii ishee baastee xumuruuf

karoorfattee hojjechaa jirti. Guyyaan guyyaan maallaqa argattu walitti qab-un torban torbaniin gara mana baankii deemtee kuusti.

### Hojii Garee

1. “Hojiin bu`uura qarshii ti” kan jedhuu fi “qarshiin bu`uura hojii ti” matadureewwan jedhan irratti gareetti qoodamuun falmii godhaa.
2. Dhaabbata qusannoo naannoo keessanitti argamu deemuu dhaan dhaabbatni kun tajaajilamtoota isaaf tajaajila yookiin faayidaa akkamii akka kenu gaafattanii ragaa argattan barreeffamaan barsiisaa keessaniif dhiheessaa.

#### 9.1.3. Qusanna Yeroo

- A. “Yeroo fi sareen dhaabbattee nama hin eegdu”
- B. Beellama Habashaa.
- Jechoota armaan olii gidduu gal-eessa godhachuudhaan ilaalcha yeroo irratti qabdan ibsaa.

Jireenya namootaa guyyaan guyyaan keessatti yeroon gahee guddaa qaba. Namni itti fayyadama yeroo hin beeknee fi hin hubanne dursee hiyyummaaf harka kenneera jedhuun ni danda`ama. Jireenyi isaa fuulduraas mul`ata abdii kenu hin qabaatu. Akka fakeenyaatti mana barnootaa guyyaafattanii yeroo dabarsitanii sababa dhaqxiif qormaatni otoo isin darbe, kana irra kan ka`e barnoota keessanitti kuf-

uu fi barnoota keessan addaan kutuu dandeessu. Barnoota keessan addaan kutuun jirenya keessan gara fuulad-huraa irrattis dhiibbaa qabaachuu danda`a.

Qusannoonaan yeroo gabaabaa keessatti hojiwwan hedduu sa'a muraasa keessatti raawwachuu yookiin ammo hojiin tokko yeroo sirrii inni fudhatutti hojje-chuu jechuu qofa miti. Hojii tokko yeroon isaa osoo hin darbin raawwachuunis ittifayyadama yeroo bu`a qabeessa ta`e dha. Fakkeenyaaaf mana barnoo-taatti yeroon galmee barattootaa beekamaa fi dhaabbataadha. Barataan tokko yeroon galmee erga darbee booda nan galmaa`a jedhee yoo dhufe /yoo dhufte/ gaaffichi yeroo isaa kan hin eegne waan ta`eef galmaa`uu hin danda`an. Yeroo qonnaa, yeroo midhaan sassaabbii k.k.fn adeemsa yeroo uumamaa irratti kan hundaa`anii dha. Yeroo bonaa roobni waan hin jireef sanyii facaasuun hin danda`amu. Akkasuma yeroo gannaa midhaan dheedhii haamuun kan yaadamu miti. Kana waan ta`eef yeroo quachuuuf yeroo murtaawaa ta`e tokko keessatti hojii hojjetamu yeroo ramadameef keessatti qulqullinaan hojjechuun barbaa-chisaa dha. Hojiin qulqulinaan hin hojjetamin irra deebi`uun hojjechuu fiduu waan danda`uuf yeroo seeraan ala qisaasessa jechuudha.

## Gilgaala 5

### *Gaaffii armaan gadii irratti mari`adhaa.*

1. *Hojii tokko yeroo isaatti hojjechuu dhiisuun miidhaa maalii fida?*

Itti fayyadamni gabatee yeroo qusan-naa yeroofis ta`e hojicha yeroo barbaadametti raawwachuuf baay`ee faayidaa qaba. Namni kam iyyuu hojii isaa guyyaa fi yeroo jedhame keessatti raawwachuuf gabatee yeroo mataa isaa qabaachuu qaba. Gabateen yeroo akka naannoo isaa fi gosa hojii isaatti adda addummaa qaba. Fakkeenyaaaf baratt-oonti naannoo baadiyaa jiraatan yeroo boqonnaa isaanitti loon tiksuu, maatii isaanii waliin bakka qonnaa deemuun kuduraa fi fuduraa kunuunsuu, jallisii baasuu yookaan bishaan daakuu dan-da`u. Kanaafuu, gabatee yeroo mataa isaanii qabaachuu danda`u.

### **Hojii garee**

Barattootni kutaa 8ffaa qormaata biyy-oolessaa akka gaariitti akka darbaniiif barsiisaan isaanii akkaataa qo'anna fi itti fayyadama yeroo hubannoo gaarii kennaniif. Tokkoon tokkoon barataas gabatee itti fayyadama yeroo ji'a tokkoo qopheessanii akka dhiyeessan ajajan. Kanneen dhihaatan keessa isa itti aanee jiru fudhachuun gaaffiilee gabatic-hatti aananii jiran deebisa.

Lakk	Gochaalee raawwataman	Yeroo ramadame	
		Barataa “A”	Barataa “B”
1	Qo`annaaf	1:00-2:00	2:00-3:00
2	Turtii mana barnootaa	6:00-7:00	6:00-7:00
3	Irribaaf	10:00	8:00
4	Tapha/boqonnaaf	2:00	-
5	Hojii mana keessaa/maatii gargaaruuf	1:00	1:00
6	Kitaabilee dubbisuuf	1:00	1:00
7	Gaazexaa, Raadiyoo fi Televiiziyona hordofuuf	-	2:00

- A. *Guca kana irraa akka argitanitti gabatee itti fayyadama yeroo baratoota lamaanii keessaa kamtu fooyyee qabaa? Maaliif?*
- B. *Barataa kamtu yeroo dheeraa qo`annaaf oolcha.*
- C. *Barataa kamtu mana barnootaan alatti hojiin itti bay`ata?*
- D. *Akkaataa fakkeenyaa kana irraa ka'uudhaan gabatee yeroo mataa keessanii qopheeffachuuun dareetti mareef dhiyeessaa*

## 9.2. Aadaa Qusannaa

<<Arfaasaa qotan malee,  
Birraa maal aramatu  
Joollummaan horan malee,  
Niitii fuudhan  
Maal nyaatu>>

- *Qabiyyee fi ergaa walaloo kanaa irraa maal hubatta?*

## Jiraatti kan Dhibe Awwalaaf

Namtichi haati isaa yeroo du`an raa-wwii sirna awwaalcha isaaniif qarshii dhaba. Yeroo lubbuun jiranis jireeny lamaan isaanii harkaa gara afaanii

ture. Yeroo kana namoonni naannoo isaanii akka godhan haa godhan reeffi cina isaanii taa`e callisanii hin taa`an jedhee dhokata. Guyyaa lama booda deebi`ee yemmuu reeffi haadha isaa akka isa eegaa jiru itti himamu. Yeroo kana itti gaafatatumummaan akka isa irraa hin buune hubata. Rakkoo qarshii nu mudate namni biraan akka nuuf guutu eeguun gowwummaa gad-hee dha. Gara manaatti deebi`ee nam-oota qarshii qaban irraa araaxa liqeef-fatee owwaalcha raawwachiise. Osoo lubbuun jiranii bullukoo haaraa uffatanii kan hin beekne sirna awwaalcha isaaniif bitee reeffi isaanii uffate. Yeroo kana kan armaan gadii jedhee boo`e.

Bullukkoo uffattee hin beekne uffattee Deebi`ii jennaan eessaa deebite Bashannani haadhako bashannani Anaan liqidhaaf na kennii.

*(madda, gaazexaa addis adimaas, 1992)*

## Gilgaala 6

### Gaaffiilee armaan gadii deebisaa.

1. *Namtichi haati irraa duute rakkoo isaa manatti dhiisee baduun, kanaan booda namoota biroon rakkoo kanaaf furmaata barbaaduu dhiisuun maal agarsiisa?*
2. *Araaxaan qarshii liqeef-fatee baasuuf yaalii gochaa jirenyaa isaa gara fuuladuraa sirnaan jiraachuu ni danda'a jettuu? Maaliif?*

Jireenyi uummatoota Itoophiyaa baay-een kan hundaa`u maatiin wal-utubuu irratti. Lammileen akka keenya Awur-ooppaanotaa yeroo dullooman kan ittiin gargaaraman wabii hawaasumaa

hin qaban. Waan kana ta`eef maanguddootni qabeenya dhaabbataa yookaan maallaqa kuufatan waan hin qabneef deggersa ijoollee isaanii haalli itti barbaadan baay`ee dha. Kanaafuu, namoonni harka qalleeyyii ta`an umuriin isaanii yeroo dheerachaa adeemu ijoollee isaanii irratti hirkatoo ta`u. Rakkoo kana caalmaatti kan hammeeessu ammoo sirni aadaa yeroo gaddaa fi gammachuu raawwataman baasii guddaa kan gaafatan ta`uu isaanii ti. Sirnaalee aadaa kabajuufis ta`e rakkina mo`achuuf aadaa qusanno gabbi-fachuun barbaachisaa dha. Kana yeroo jennu maallaqa yookaan qabeenya qusatame mudannoo yeroo tokko qofaaf balleessuun barbaachisaa akka hin taane beekamuu qaba.

### Hojii Garee

Naanno keessanitti sirna gaddaa fi sirna owwaalchaa baratame gaafattanii hubachuun:

- A. Raawwii sirnichaaf gochaalee barbaachisan
- B. Gochawan kanaafis qophiiwwanii fi baasiwwan barbaachisan tokko tokkoon agarsiisaa.

Qabxiwwan ibsaman hangam qusanno waliin akka walmorman yookaan akka wal-siman mul`isaa.

Beektonni dinagdee akka jedhanitti namooni kan qusataniif sababoota bu`uuraa lamaan armaan gadiitiif. Isaanis :

### A. Mudaannoowwaan/rakkoolee/beekamoo fi akka tasaa dhufaniif olchuuf,

Rakkoowwan beekamoona haalawwan jirenyaa hawaasummaa namootaa bu`uura godhatanii kan umaniidha. Sooratii fi bakki jirenyaa guyyaa guyyaatti nama barbaachisu. Ayyanota adda addaa kan akka guyyaa Dhalootaa, Masqalaa, Faasigaa, Arafaa fi Moolidaafis baasiin barbaachisa. Galmeen mana barnootaa, kiraan manaa fi kanneen fakkaatanis baasii barbaachisa. Namoonni dursanii baasiwwan kanaaf waan of qopheessaniif baasiwwan kun baasii eegamanii dha. Baasiwwan utuu hin eegamin mudatan ammo balaa, dhibee, du`aa fi kanneen fakkaatanii dha.

### B. Qabeenya dhaabbataa horachuuf:

Namoonni haala jirenyaa tasgabbaa`aa keessa yoo jiraatan qabeenya yeroo dheeraaf itti fayyadaman horachuu irraa darbanii dhaloota itti aanuuf qabeenya darbuu danda`u horatu. Mana ijaarrachuu, bunaa fi qoccoo dhaabuu, bosona misoomsuu beeladoota horsiisuu, dhaabbilee adda addaa hundeessuu, konkolaataa bituu fi kanneen kana fakkaatan akka fakkeneyaatti kanneen maqaa dhamanii dha.

**Gilgaala 7****Gaaffiilee armaan gadii hojjedhaa.**

Akkaataa gabatee armaan gadii keessatti agarsiifametti baasii eegamuu fi baasii hin eegamne ta`uu isaanii sababaan deggeruun agarsiisaa.

**Hubachiisa:** Lamman isaanii keessatti kan hammataman isin quunnamuu ni danda`a.

Lakk	Raawwannoo	Kan eegaman	Kan hin eegamne
1	Cidha		
2	Du`a		
3	Taskaara		
4	Maabara		
5	Keessummaa		
6	Bakkeewwan aadaa fi seena qabeessa daawwachuu		
7	Guyyaa dhalootaa		
8	Dhibee		
9	Bashannana		
10	Gargaarsa (namootaaf kan kennamu)		
11	Araada adda addaa		

**9.3. Karooraan Jiraachuu**

- *Waa`ee karoora fi raawwii isaa waan beektan yoo jiraate hiriyyoota daree keessaniif ibsa.*

Karoorri hojii tokko hojjechuuf, yookaan bu`aa argamsiisuuf toftaa hojii wixineeffachuu jechuu dha. Toftaa hojii yemmuu wixineeffannu hojii kana raawwachuuuf ammo toftaaleen hojii irra olmaa nu barbaachisu. Galma ga`iinsa karooraatiif haallawan sadii guutamuu qabu. Isaan kunis hojii galmaan gahuuf barbaannu, bu`aa

sana argachuuf tooftaawwan nuti garagaaramnuu fi meeshaalee hojichaaf nu barbaachisan dha. Fakkeenyaaaf karoorri nama tokkoo wagga lama booda konkolaataa bituu dha haajennu. Haalawan konkolaataa bituuf barbaachisan ammo maallaqaa fi dandeettii konkolaataa oofuu ta`a. Maallaqa argachuuf qusachuun barbaachisaa dha. Konkolaataa ofuuf ammoo leenjii fudhachuu fi hayyama konkolaachisuu qabaachuu dirqama ta`a. Fakkeenyaa biraas ilaaluun ni danda`ama.

**Karoora:** Waggoota sadan itti aananitti barnoota dippiloomaa argamsiisu barachuu **Haalota barbaachisan:**

- Baasii barnootaa
- Baasii geejibaa
- Meeshaalee barnootaa bituuf maallaqa qopheessuu.
- Otoo hojjetuu baratta yoo ta`e hojechaa barachuuf of qopheessuu. Qayyabannaafis yeroon ni barbaachisa.

Karoora armaan olitti dhiyaate raawwachiisuuf tooftaaleen dandeessisan ni barbaachisu. Fakkeenyaaaf maallaqa ilaalchisee iqquuibii seenuu, yoo ta`uu baate ammo wagga jalqabaa galii galu irraa qusachuun kaa`uun yaadaan of qopheessaa dabarsu. Yeroo ilaalchisee ammo yeroo mana barnootaa adeema-mutti hojiwwan kan biroon barataman yoo jiraatan isaaniin dhiisuutu barbaachisa. Fakkeenyaaaf namoonni tokko

tokko yeroo hojii booda gareen ta`un bakkeewwan bashannanaatti walgahu-un yeroo isaanii dabarsuu ba ay`isu. Namni miseensa gartuu kanaa ta`e yeroo isaa barnootaaf oolchuu yoo barbaade bashannana isaa dhaabuu qaba. Yeroo isaanii namoonni mana keessatti dabarsanis hojiwwan isaanii mana keessaa yeroo itti raawwatan yeroo biraamaduuun sirreessuu qabaatu. Guyyaa yeroo qo`annaan yoo hin qabaanne ammo yeroo irribaa isaanii irraa hir`isuun fayyadamuun dirqii ta`a.

### Gilgaala 8

#### Gaaffiilee armaan gadii deebisaa.

1. Karoora hojii irra oolchuun kan danda`amu tooftaa akkamitiini?
2. Gaaffiilee lamman armaan gadiitti dhiyaatan keessaa tokko filachuun deebisi.
  - A. Namni tokko mana jireenyaa ijaarrachuu yoo barbaade dursa maal maal raawwachuu qaba?
  - B. Wagga tokko booda maal ta`uu barbaaddu? Karoora kana galmaan ga`uuf wantoota isin barbaachisanii fi wantoota kana karaa ittiin argattan ibsaa.

#### 9.3.1. Akka Humna Ofiitti Buluu Dhiisuun Rakkoo inni Fiduu Danda`u

- *Humna ofii beekuu fi beekuu dhabuu gidduu garaa garummaa jiru fakkeenyaa ibsaa.*

#### Humna Ofii Wallaaluu

Jiraataa ganda tokkoo kan ta`an obbo Girmaan madda galii lama qabu ture. Mana baaburaa fi durgoo sooromaa. Namtichi ganda sana keessatti wagga keessatti afeerrii adda addaa qophees-suun namoota walitti qabanii nyaachisuudhaan beekamu. Fakkeenyaaaf ayya-naa guyyaa dhaloota mucaaf kan olloonni isaanii baasii salphaan qoph-eessan Obbo Girmaan garuu tumaa-messa tokko qalanii, farsoo naqsiisanii, daabboo tolchisiisanii, kara deemaa illee osoo hin hafiin nyaachisu. Maallaqa qophichaa dursanii qopheessu.

Gandicha keessa iqqubii adda addaatu jira. Obbo Girmaanis miseensa iqqubii lamaati. Tibbana kana motorri baabura isaanii cabee hojii dhaabee jira. Karaa ganda isaanii keessatti hojjetamuufis buusii gaafatamanii jiru. Isaan garuu kanaaf dursa kan kennan hin fakk-aatan. Iisaan bira teessee kolleejii barachaa kan turte mucaan obboleettii isaanii waxabajjii gara dhumaan ni eeb-bifamti. Isheenis qophii eebbaa akka isaan qopheessaniif abdi qabdi. Maatii ishee baadiyyaa jiran irraa qarshii homaa iyuu argachuu akka hin daneeye beekti. Obbo Girmaan garuu gammachuun mucaa obboleettii isaanii bareechuuf qarshiin iqqubii waan isaan hin geenyef ganda isaanii keessaa nama araaxa liqeessu irraa qarshii araaxan liqeeffachuuf balbala namaa dhaabbachuu jalqabanii jiru.

Gara fuula duraatti yeroo hojii jalqabde akka kaffaltuuf itti himuu dhaan ishenis gammachuun battalaaf jecha yaadicha irratti waliigalte. Qarshii hin jirre abjoochuun baasii guddaa gammachuu yeroo xiqqootiif baasuuf olii fi gadi fiigaa jiru.

### Gilgaala 9

#### Gaaffiilee armaan gadii deebisi.

1. Obbo Girmaan tooftaa qusanna hordofan qabuu? Yoo qabaatan tooftaa kana seeraan itti fayyadaman moo hin fayyadamne? Akkamitti?
2. Obbo Girmaan akka humna isaaniitti jiraachuu dhabuun rakkoo inni fidee fi fiduu danda`u tarreessa.

Namoонни abshaalonni jirenya culullee jiraachuu danda`u. Cululleen ganna guutuu mana isaanii keessa jiraatu. Yeroo kanatti wanti isaan nyaatan kan bona adamsanii qabatan irraa guyyaa guyyaatti hambifachuu dhaan kan ka`atanii dha.

Namoонни baay`een yeroo qabeenya qabanitti qabeenya yeroo rakkinaaf isaanii ta`u akka malee balleessuun yeroon dargaggummaa darbee barri dullumaa yoo dhufu ni rakkatu. Kun karooraan jiraachuu dhabuun rakkoo inni fidu keessaa isa duraati. Karooraan geggeeffamanii qusanno fayyadamuun bu`aa kennu ni qaba.

Bu`aa qusanno jechuun namni tokko galii argatu irraa qustatee kaa`ee adee-

msa yeroo gabaabaa fi yeroo dheeraa booda bu`aa argatu kan agarsiisu dha. Faayidaa qusanno lamatu jiru.

**Yeroo gabaabaa keessatti bu`aa qusanno mul`atu:** Jijiirama jirenya namootaa guyyaa guyyaa keessatti mul`atu ilaala. Fakkeenyaaaf namoonni wantootni bu`uura jirenyaa jalaahir`atani turan tattaaffii mataa ofiitiin wantoota dabalataa adda addaa bitachuu yoo danda`an jechuu dha. Uccuu jijiirratan warri hin qabne yoo kana guuttatan, sababa hiyyummaa tiin barnoota isaanii fooyeffachuu kanneen dadhaban maallaqa qusataniin barachuu yoo danda`an, tooftaa qusannootiin yeroo gabaabaa keessatti fayyadamoo ta`an jechuun ni danda`ama.

Walumaagalatti bu`aan qusanno yeroo gabaabaa keessatti argamu wantoota bu`uuraa jirenyaatiif barbaachisoo ta`an guutuu jechuunis beela`uu fi hiyyoomuu balleessuu dha.

**Bu`aa qusanno yeroo dheeraa keessatti mul`atu:** Faayidaan qusanno inni lammafaan bu`aan yeroo dheeraa booda mul`atu dha. Kun ammo namoonni fedhii bu`uura jirenyaa isaanii guuttachuu irra darbanii qabeenya dhaabbataa horachuu danda`uu isaanii agarsiisa. Fakkeenyaaaf warri mana hin qabne suuta suutaan qusataniin mana ijaarrachuu yoo danda`an, qotiyoo tokkoo fi ameessa tokko qofa warri qaban warra saawwan

baay`ee ta`uu yoo danda`an barbaac-hisummaa aadaa qusannoo hubachuu isaanii mul`isa. Daa`imman seeraan guddisunis aadaa qusannoo keessaa isa tokko waan ta`eef qabeenya gara fuula duraa sammuu ijoollee keessatti akka waan kuusuutti lakkaa`ama. Ijolleen baratanii fi sadarkaa olaanaa irra gahan of dand- a`uu irra darbanii maatii isaanii fi biyya isaanii gargaaru.

### Gilgaala 10

#### Gaaffiilee armaan gadii irratti walfalmii geggeessaa.

1. Humna nama baratee fi qabeenya uumamaa keessaa isa kamtu guddina biyyaa tiif faayidaa caalmaa qaba isa jedhu bifa wal-falmiitiin itti qophaa`a irratti dubbadha.
2. Wal-falmicha irratti hundaa`uudhaan maatiawan ijoollee isaanii barsiisanii fi hin barsiifne keessaa isaan kamtu adeemsa hiyyummaa balleessuu keessatti gumaacha akka godhan yaada itti kenna.

#### 9.3.2. Karooraan Jiraachuu Dhabuun Rakkoo inni Fidu

- *Karoora jechuun maal jechuu dha? Tooftaaleen raawwii karoora hoo?*

#### Warri Qusate Fayyadame

Naannoo tokko kan jiraatan olla lamatu jiru. Lammanuu hojjettoota warshaa tokkoo turan. Isaan keessaa tokko Obbo Zallalawu ijoollee ja'a qabu. Obbo Zallalawu jirenyaa gammachiisaa hin jiraatan. Waan machaa`aniif maatii isaanii gidduu nagaan hin jiru. Mana bashannanaa seenanii karambullaa tapha jedhamu qarshiin taphatu. Yeroo bay`ee maallaqa isaanii sababa kanaan qisaassessuu. Sababa liqiin araaxaa irra jiruuf bisikiliittiin maatii isaanii illee qabamee jira. Kanaaf, ijoollee isaanii illee haalan barsiisuu nama dadhabani dha. Haati warraa isaanii da`umsa wal-walirrattiin dadhaboo ta`-anii jiru.

Isaan tokko ammo Obbo Kaffaalo jedhamu. Haati warraa isaanii barnoota galgalaa hordofu. Ijoollee afur qabu. Waajjira isaaniitti miseensa waldaa qusannoo ta`uun miindaa isaanii irraa ji`atti dhibbeentaa sadii olkaawwatu. Waldaan isaanii kun jalqaba wagga waggaatti ijoollee isaaniitiif baasii mana barnootaa waan haguuguuf tattaaffii isaaniis dabalatee ijolleen isaanii hundinu ni baratu.

**Gilgaala 11**

**Dubbisa armaan olii irratti hundaauu  
dhaan gaaffiilee armaan gadii  
deebisaa.**

1. Obbo Kaffaalo fi Obbo Zallalawu gidduu garaagarummaan jiru maal? Lamaan isaanii keessaa eenyutu qusataa dha?
2. Baasiin barnootaa fi ijolleef godhamu gara fuula duraaf yaaduu dha moo miti?  
**Akkamitti?**

Karooraan jiraachuu dhiisuun jirenya nama dhuunfaas ta`e kan hawaasaa irratti rakkoo fida. Karoorri maallaqa, yeroo fi humna wantoota barbaachisoo ta`anii fi wantoota ta`uu qaban irra oolchuuf of eeggannoona socho`uu dha. Kana gochuu dhiisuun hojiin haala

gaariin akka hin hoijetamine, wantoota bu`aa qaban caalaa wantoota bu`aa hin qabne irratti maallaqni akka qisaassa`u taasisa. Kana waan ta`eef fooyya`ina jirenya dhuunfaa irratti fi maatii keessatti nagaa fi tasgabbiin akka hin jiraanne godha.

## Xumura Boqonnaa

Namoonni har`a irra dhaabbatanii  
waa`ee borii yaaduu kan danda`an uu-  
maa addaati. Galii argatanis wantoota  
jirenyaaaf isaan barbaachisu qofa irra  
oolchuun raawwii karoora isaanii isa  
fuula duraatiif qusachuutu irra jira .

Namoonni jirenya isaanii boriif wabii qabaachuu kan danda`an itti fayyadama yeroo, maallaqaa fi qabeenyaahala sirna qabeessan yoo hordofan qofa dha. Fakkeenyaaaf hojii yeroo fisaa`aa murtaa`eef keessatti raawwachuu fi karooraan geggeeffamuun guddinaaf wantoota murteessoo dha. Qusannoona haala kanaan ta`u bu`aa guddaa qaba. Fakkeenyaaaf yeroo gabaabaa keessatti jirenya fooyyeffachuun ni danda`ama. Kana irra darbee qabeenya dhaloota dhufutti darbu horachuun ni danda`-ama .

Qusannoona guddina nama dhuunfaa irraa eegalee hanga biyyaatti bu`aa guddaa qaba. Jireenyi namoota dhuunfaa fooyya`uun jireeny hawaasaa akka tasgabbaa`u taasisa. Sadarkaa biyyaattis aadaa qusannoo cimsuun barbaachisaadha. Balaa namtolchee fi uumamaan mudatuun uummanni yeroo jirenyi isaa irraa buqqa`u mootummaan dafee kan qaqqabu qabeenya kuusaa keessaa qabutti fayyadamuu dhaan. Biyyoonni hiyyeyyi baay`een biyyoota sooroman irraa liqii fi garg-

aarsi yoo hin godhamuuf ta`e uummata  
isaanii nyaachisanii jiraachisuu yeroo  
dadhaban mul`ata. Kanaaf sababa kan  
ta`e aadaan qusannoo gaariin hawaasa  
keessatti dagaaguu dhiisuudha. Jiree-  
nyi hawaasaa yoo tasgabbaa`e guddi-  
nni dinagdee biyyattii amansiisaa ta`a.

Dhaloota boriif yaaduu fi wabii jireen-  
yaa qabaachuun walumaagalatti itti  
gaafatamummaa nama irraa eegamu-  
dha. Waan kana ta`eef dhuunfaa irraa  
eegalee hanga biyyaatti jirenyaa gaarii  
jiraachuun kan danda'amu qusatani  
karooraan jiraachuu yoo jiraate qofa  
dha. Gosoota qusannoo sadii tu jiru.  
Isaanis qusannoo gosaanii , qusannoo  
maallaqaa fi qusannoo yeroo ti.

Itoophiyaa keessatti namoota baay`ee hiyyummaaf kan saaxilan barmaatilee booddeetti hafoo baay`eetu jiru. Karoora malee jiraachuun, afeerriin garageeraa baay`achuu, qabeenyaa harka jiru seeraan ala faayidaa yerootiif oolchuuun xumuruun fakkeenya qisaassa'uun qabeenyaa ittiin ibsaman keessaa isaan muraasadha. Kanaafuu, namoonni yeroo dargaggummaa isaanii irraa eegalee galii argatan haalaan itti fayyadamuun jirenyaa isaanii gara fuula duraatiif yaaduu qabu.

### Jechoota Ijoo

- **Araaxa:** maallaqa yookaan qabeenya bu'aa dhala waliin galuuf liqeffanu.
- **Dondhummaa:** osoo jiruu hin jiru jechuu; sassattummaa.
- **Albuudawwan:** mi`aa kan ta`nii fi salphaatti kan hin argamne akka daayimandii (meetii) fi Albuudota addaa kan fakkaatanii dha.
- **Baasii:** nyaataaf, uffataaf kan kana fakkaataniif hojii irra kan oolu.
- **Qabeenya:** Maallaqa
- **Qabeenya Diinagdee:** bifa maallaqaan yookaan qabeenya uumamaan kan ibsamu.
- **Meeshaalee dheedhii:** wantoota tokko tokko hojjechuuf kan fayyadu yookaan barbaachisu.
- **Maanguddoota:** kanneen umuriin ragan, baradheeraa jiraatan, sooroma kan bahan
- **Harkaa gara afaanii:** sadarkaa jireenya gadi aanaa, wanta argame nyaata guyyaa qofaaf oolchuu, galiin sana irraa hafu jiraachuu dhabuu.

## Gaaffiilee Keessa Deebii

**I. Himoota armaan gadii dubbisuudhaan sirri kan ta`e “Dhugaa” sirrii kan hin taane “Soba” jechuudhaan deebisaa.**

- \_\_\_\_\_ 1. Qusannoo jechuun waan amma nu barbaachisu irraa hir`isuun olkaa`uu jechuu dha.
- \_\_\_\_\_ 2. Qabeenya uummataa fi mootummaa seeraan fayyadamuun qaama qusannoo ti.
- \_\_\_\_\_ 3. Dondhummaa fi qusannoona wal irraa adda hin bahan.
- \_\_\_\_\_ 4. Qusannoona yeroo gabaabaa qusannoo yeroo dheeraatiif bu`uura.
- \_\_\_\_\_ 5. Qabeenyi uumamaa jiraannaan hiyyummaan hin jiru.

**II. Kanneen “B” jala jiran kan “A” jala jiranitti firoomsi.**

**A**

- \_\_\_\_\_ 1. Adeemsa keessa kan mul`atu.
- \_\_\_\_\_ 2. Baasii fi galii tilmaamuu
- \_\_\_\_\_ 3. Gabatee yeroo
- \_\_\_\_\_ 4. Midhaan gumbii
- \_\_\_\_\_ 5. Mana baankii

**B**

- A. Mana baaburaa
- B. Qusannoo gosaan ta`u.
- C. Qajeelfama hojii
- D. Fayyadama maallaqaa beekuu
- E. Bakka qusannoo qarshii
- F. Karoora yeroo dheeraa
- G. Madda galii

**III. Bakka duwwaa armaan gadii jecha /gaalee/ sirrii ta`een guutaa.**

1. Jireenya keessatti waan hojjetamu tartiibaan kaa`anii raawwachuun \_\_\_\_\_ jedhama.
2. sababni bu`uuraa namoonni qusataniif lamman \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ dha.

**IV. Gaaffiilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta`e filadhaa.**

1. Kanneen gadii keessaa qusannoo goosa kan hin ta`in kami?
 

a. konkolaataa	c. Qoccoo
b. Inqubii	d. beekumsa
2. Yeroon warqee dha jechuun maal jechuu dha?
 

a. yeroo akka warqee qarshiitti jijiirama jechuu dha
b. Yeroon namoota biroo irraa liqeeffachuu kan dandeenyuu dha
c. Yeroon calaqqisaa dha jechuu dha
d. Deebiin hin kennamne

- \_\_\_\_\_ 3. Dondhummaan qusannoo irraa kan adda ta`u.
- of-miidhuu irratti waan hundaa`uuf
  - of-jaallachuu humnaan olii waan ibsuuf
  - Ciminaan hojjechuu waan hin jajjabeessineef
  - Hunduu deebii dha.
- \_\_\_\_\_ 4. Qarshii of harka kaa`uu caalaa tooftaan filatamaan
- mana baankii kaa`uu
  - inshuraansii bitachuu
  - qabeenyaa dhaabbataatti jijiiruu
  - hunduu deebii dha.

**V. Gaaffiilee armaan gadiif deebii gabaabaa kennaa.**

- Qarshii kaa`uu caalaa hojii irra oolchuun bu`aa qabeessummaa fi qusannoo akkaataa ittiin mul`isu ibsaa.
- Akaakuuwwan qusannoo fakkeenyaan agarsiisaa tarreessa.

# BOQONNAA KUDHAN

## DAMMAQINAAN HIRMAANNAA UMMATAA

**Kaayyoo Boqonnaa:** Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Dhimmoota naannoo fi biyyaa irratti hirmaanna gochuun hammam murteessaa akka ta`e ni hubatta.
- Gahee waldaalee siiviikii ni qalbeeffatta.
- Waldaalee siiviikii keessatti hirmaachuu faayidaa inni kennu ni baratta.

### 10.1. Dhimmoota Naannoo Irratti Dammaqinaan Hirmaachuu

#### 10.1.1. Duula Misoomaa Naannoo keessatti Dammaqinaan Hirmaachuu

- *Fakkiin kun maal akka agarsiisu gabaabsii ibsaa.*
- *Namoonni fakkii irratti mul`atan hojicha haala akkamiin akka adeemsisan ibsaa.*



Fakkii. 10.1 Naannoo keenya waliin haa misoomsinu.

#### Uummanni Aanichaa Hojiwwan Misoomaa Hojjete

Ummatii aanaa keenyaa hojiwwan misoomaa miliyoona sadii olitti tilmaamamu hojjeteera. Rakkoo hanqina daree barnootaa ture salphisuuf kutaleen barnootaa 28 ijaaramanii jiru. Maallaqa uummatni walitti buuseen meeshaaleen keessaa guutamaniifii jiru. Hojjettootni mootummaa mindaa isaanii ji`aa kutanii kennuu irra darbee ogummaa fi yaadaa godhanii jiru. Qonnaan bultooti waldaalee qonnaan bultootaa 39 keessatti gareen gurmaa'uun daandii konkolaatan 284 K.m hojjech-hudhaan gandoota isaanii magaalaa naannootti argamu waliin wal qunnamsiisuun hojii jalqabsiisaniiru. Boolli bishaan itti cemmifamu 1415 qophaa`ee jira. Biqiltuuwwan mukaa miliyoona lamaa ol ta`anis dhaabamanii kunuunfamaa jiru. Dubartootni, dargaggoonni, barattootni, ga`eessonni, maang udsoonni, waldaalee fi afooshaaleen adda addaas gumacha godhanii jiru. Mootummaanis baasii waliigalaa keessaa dhibeentaa soddoma haguugee jira.

Aanaa keenya keessatti sagantaan barnootaa guyyaatti dabaree lamaan geggeeffamaa ture bara kana gara guyyaa guutuutti jijiiramee jira. Daa`imman 1200 ol ta`an yeroo jalqabaatiif carraa barnootaa argatanii jiru. Oomishini duraan gabaa dhabee qisaassa`aa ture amma karaan waan hojjetameef magaalotatti namoota bitaniif dhiyeessuun kan danda`ame yoo ta`u jiraattonnis jireenyi isaanii fooyya`ee jira.

Dargaggooni carraa barnoota fooyya`aaf, maanguddoonnii fi ga`essonni ammoo dhimmoota adda addaaf gara magaalota naannoo isaanii jiran deem-uudhaaf tajaajila geejjibaa ammayyaa`aa argachuu danda`anii jiru. Qonnaan bultoonni jallisiitti gargaaramuu dhaan bonas oomishuu isaaniitiin sirni nyaataa jiraattotaa fooyya`eera. Rakkoo hanqina midhaan nyaataa irraa kan ka`e dhibeewan turanis hir`atanii jiru. Haala kanaan galiin qonnaan bultootaa dabaluu danda`ee jira. Haalli qilleensa naannoo jijiiramee tures amma fooyya`ee jira. Walumaagalatti aanaa keenya keessatti jijiirama guddaatu mul`achaa jira.

(Addis Zaman Fulbaana 12 bara 1997 fuula 5 irratti  
kan bahe "Uummanni aanaa Shaashamannee  
hojiiwwan misoomaa hojjete" jedhu bu`uureffachuun  
fooyya`ee kan qophaa`e)

### Gilgaala 1

*Dubbisa armaan olii ka`umsa  
godhachuun gaaffiilee armaan  
gadii deebisaa.*

1. Hojiiwwan misoomaa raawwataman maal maal fa`i?
2. Hojiiwwan misoomaa kanneen keessatti qooda fudhachaa kan turan eenyu fa`i?  
Gaheen isaanis maal ture?
3. Hojii misoomaa kana keessatti hirmaannaan uummataa dammaqina qabu jira ture? Yoo jiraate maal fa`i?

Duula misooma naannoo keessatti dammaqinaan hirmaachuun lammileen qooda isaan irraa egamu karaa ittiin raawwatan dha. Kunis kaka`umsa keessa ofii fi fedha guutuun kan rawwatamu dha. Faayidaa waliini i, naannoo fi biyyaaf gumaachi lammileen godhan bu`uura hirmaanna ho`aa uummataati. Hirmaannaan uummataa maallaqaan, humnaan, beekumsaan yaadaanii fi karaa biraatiin gumaacha gochuun ibsama. Hirmaanna uummataa ho`aa kan nama jechisiisu wantootni gurguddoon namoonni wantoota bu`a qabeesa hojjechuu isaanii qofa miti. Kana cinatti hojiiwwan garee irratti yeroo bobba`amu yeroo fi seera eeganii raawwachuun, addaan qoodamuun osoo hin ta`in bifaa qindoomina qabuun socho'uun akkasumas sochiin kun itti fufinsa qabaachuusaa dabalata.

**Gilgaala 2****Gaaffiilee armaan gadii deebisaa.**

1. Hirmaannaan ummataa dammaqina qabu maal fa'iin ibsama?
2. Hojji misoomaa kam keessatti iyyuu hirmaannaan uummataa dammaqina qabu mirkanaa'eera kan nama jechiisiisan gochaalee afur tarreessa.

**10.1.2. Sirna Dimookiraatawaa****Cimsuu**

Fakkii 10.2 Filannoo dimookiraatawaa



Fakkii 10.3 Wal gahii koree misoomaa

- *Fakkiiwwan armaan olii irraa waan hubattan ibsa.*
- *Filannoon karaa dimokiraatawaa gaggeeffamuu fi gaggeeffamuu dhiisuun maaliin beekama?*

**Magaala Muccilee**

Muccileen magaalaa umurii dheeraa qabduu fi ummati hedduun kan keessa jiraatu dha. Haa ta'u malee, magaalaaan kun rakkoo bishaan dhugaatii amma ta'e qabdi. Yeroo gabaabaa asitti rakkoon bishaanii kun furmaata argachuu fi jedhamee abdatamee ture. Kunis filannoo waggoota sadiin dura gaggeeffameen ittigaafatatummaa kan fudhate koreen misooma magaalaa rakkinichaaf xiyyeefannoo addaa kennee hojjechaa waan tureef dha. Keesumattuu dura taa`aa koree kanaa Obbo Waachisoon tattaaffii dhuunfaa isaaniitiin dhaabbata tokko irraa garagaarsa maallaqaa guddaa fi sanada pirojeektii waa`ee qorannoo bishaan magaalichaa godhamee ture tokko argachuu isaaniitiin ture. Pirojeektichi waggoota dheeraa dura qabeenyi guddaan itti dhangala`ee kan hojjetame yeroo ta'u sababii garaagaraatiin hojji irra osoo hin oolin irraanfatamee kan turee dha. Dura taa'aan kun wanta argatan qabatanii murteedhaaf koree kanatti yommuu dhiyeessan miseensa tokko irraa mormii cimaan isaan mudate. Sababni mormii isaas bakki bishaan itti argamu sun jiraattotni naannoo sanaa dur irraa eegalee bakka itti waaqeffatanii fi maatiwwan hafura amantaa kanaa qabaniif bakka owwaalchaa waan ta`eef bakki kun qotamuu kan jedhu ture. Obbo Waachisoon garuu kun amantaa alagaa

ta`uu isaa irra iyyuu yaada boodeetti hafaa waan ta`eef akkasumas har`a hawaasni kan hin fudhane ta`uu isaa ibsuun sanada qorannoo argamee fi maallaqa guddaa argame fayyadamuu qabna jechuudhaan koree warra kaan amansiisanii sagalee caalmaanis murt-eessan. Kana booda pirojektichi dhaabbata caalbaasii mo`ateef kennamee ijaarsi isaa waggoota lamaan darbaniif geggeeffamaa ture.

Yeroo ammaa hojichi xumuramaa yoo jiraate iyyuu mormiin uummata magaalaa biratti babal`achaa dhufee hojicha danquu fi obbo Waachisoos wal-gahii uummataa ir ratti hanga gaafachiisutti geessise. Ittumaa iyyuu sagalee caalmaadhaan itti gaafatamummaa isaanii irraa akka ka`an taa-sise. Pirojeektichis maallaqi baayy een yoo itti dhangala`e iyyuu gara xumuraa irra osoo jiruu akka dhaabbatu, ittumaa iyyuu boolli isaa akka duudu ta`e. Rakkoon bishaan dhugaatii magaalaa Mucilees waggo ota itti aananiif bakka jirutti itti fufuun isaa dirqama ta`e.

### Gilgaala 3

**Dubbisa armaan olii irratti hundaa`uun gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Badii qabeenyaa fi maallaqaa kanaaf itti gaafatamummaa kan fudhatu eenyu?
2. Obbo Waachisoon hojji misoomaa olaanaa yaadan galmaan gahuu kan

dadhaban hirmaannaa uummataa ho`aa mirkaneessuu waan hin dandeenyef yoo jedhame irratti waliigaltuu maaliif?

3. Adeemsa ijaarsa sirna dimookiraataawaa keessatti waa`ee murteessummaa hirmaannaa uummataa maal barattan?

### 10.1.3. Itoophiyaa Keessatti Saffisa


**Guddina Misoomaa**

**Mirkaneessuuf Tattaaffii**

**Godhamu Hirmaannaa**

**Uummataan Deeggaruu**

- Yaada fakkiiwan kun ibsan gabaabinaan ibsaa.
- Lammanuu keessa guddinni yoo jiraate iyyuu guddinichi sadarkaa baay`ee adda adda ta`e qabaachuun isaanii ifaa dha. Addaa addummaa sadarkichaa ibsa.



Fakkii 10.4 Maraammartoo rakko geejibaa

Fakkii 10.5 Maraammartoo rakko keessa firaachuun geejjibqq keessa bahuu

### Maatii Awwal faa

Awwal barnootaaf gara magaalaa turee yeroo ammaa kana boqonnaaf deebi`ee maatii isaa waliin jira. Galgallii kun miseensonni maatii hundinuu yerootti walghanidha. Ifa dungoo keessan

walilaalaa dhimma tokko iratti haasaa ho'aa qabatanii jiru. Isa abbaan isaanii jedhan Awwal sirrii miti jechaa, yoo falme iyyuu fooyya`iini maatii isaanii akka jiru garuu hin haalle. Ta`u iyyuu fooyya`iinsi kun jirenya isaanii irratti jijiirama mul`atu hin fidne jedha. Isaan kaan ammoo abbaa isaanii deeg-geruun falmu. Akka ilaalcha isaaniitti abbaan isaanii midhaan gahaa galchuun maatiin isaanii wagga guutuu quufanii nyaachuun isaanii, maatii irraa hafee kan gurguramuun maatii hundumaaf uffanni waan bitamuuf akka durii uffata dhabuun rakkoon ashaboo fi saamunaa dhabamuu, har-ka namaa ilaaluu dhiisuun isaanii, ijoolleen dhiiraa hundi mana barnootaa galuu danda`uun isaanii jijiiramoota gurguddoo dha. Kana irratti ammo gara fula duraatti Awwal baratee yeroo xumuru akka warra magaalaatti akka isaan jirachisu abdii godhatu. Jijiirama kanaaf Awwalis ilaalcha gaarii qabaachuu akka qabu falmu .

Awwal amma illee falmii isaatti akka ittifufetti jira. Akka jecha isaatti dhuguma iyyuu haala jirenyaa isaanii duraa waliin yoo ilaalambe karaa baay`ee wanti fooyya'e jira. Haata'u malee, har'as taanaan maraammartoo hiyyummaa cimaa keessaa hin baane jedhee falma. Jijiirama bu`uuraa fiduu isaaniitti maraammartoo hiyyummaa hamma keessa cabsanii bahaa jiru. Kanan jechaa jiru jijiirama bu`uuraa akkasii fiduu-dhaan maraammartoo jirenyaa hamaa keessa turre keessaa haala amansiisaa dhaan cabsinee bahuu qabna. Kunis

keenya kenna. Fakkeenyaaaf maatii Anjiloo waliin baratuu dhiyeessa. Maatiin kun akkuma isaanii hiyyummaa hamaa keessa qonnaan jiraac-haa kan turani dha. Amma garuu oomisha fooyya`aa oomishuu qofa osoo hin taane maallaqa guddaa kan argamsii-suu fi oomisha gabaa irratti barbaadamu adda baasuun oomishu. Oomisha kana gatii guddaan gurguruun midhaan nyaataas ta`e wantoota isaan barbaachisan kan biroo bitatu. Akka durii waggaatti yeroo tokko qofa otoo hin taane ji'a oomishu. Naannoo keenya bishaan yaa`u, laga Daakotaa, jallisiif fayyadamu. Kana malees kanniisa horsisuun damma gabaa baasanii gurguru. Maallaqa kana irraa argameen har`a magaalaat galanii mana ijaarrachuu, ijollee dhiiraas ta`e durbaa barsiisuu danda`anii jiru. Hintala isaanii barumsi milkaa`uufii dide tokko achumatti akka daldaaltu godhanii jiru. Hangafa Anjiloof illee konkolaataa fe`umsaa bitanii sektera geejjibaa irratti akka hojjetu taasisan. Egaa inveestara ta`anii mucaa isaaniif carraa hojii hin bannee? Jijiiramni jirenya isaanii maal akka inni fakkaatu ilaalaa. Jijiirama bu`uuraa fiduu isaaniitti maraammartoo hiyyummaa hamma keessa cabsanii bahaa jiru. Kanan jechaa jiru jijiirama bu`uuraa akkasii fiduu-dhaan maraammartoo jirenyaa hamaa keessa turre keessaa haala amansiisaa dhaan cabsinee bahuu qabna. Kunis

shakkisiisu hin qabu. Hundumtuu bil-china Awwal ni dinqisiifatan. Abdii godhatanis. Yeroodhaaf falmichi as irratti gudunfamee gara bakka ciisicha isaanii deeman.

#### Gilgaala 4

**Dubbisa armaan olii irratti hundaa`uudhaan gaaffiilee armaan gadii deebisaa.**

1. Haalli jirenyaa maatii Awwal maraammartoo jirenyaa gosa kamiitiin ibsama? Maaliif? Maatiin Anjilloo hoo?
2. Garaagarummaa guddinaa maatii kana lamaan giddutti argine garaagarummaa biyyoota lama gidduu osoo ta`ee akkamitti ibsamuu danda`a?
3. Maraammartoon hiyyummaa cabuu kan danda`u misoomaa saffisaa fiduudhaan yoo jedhame irratti walii galtuu? Maaliif?

Biyyi keenya sadarkaa baay`ee gad aanaa fi boodeetti hafummaa keessatti argamti. Uummanni hundi kutannoo dhaan ka`ee cimee yoo hojjete haalli kun sababni hin jijiiramneef hin jiraatu. Haa ta`u malee sadarkaan hiyyummaa keessatti argamnu jibbisisa ta`uu irraa kan ka`e jijiiramaa fi gud-dina suutaa galmeessisuun qofti biyyattii gadadoo fi boodatti hafummaa amma keessatti argamtu keessaa haala amansiisa ta`een baasudhaan guddachaa akka adeemtu gochuun hin danda`mu. Kanaafuu, akka biyyoota biroo jijiirama liqaatiin biyyi keenya Itoophiyaan socho`uu hin dandeessu. Waan kana ta`eef, jijiiramni dhufuu qabu

saffisaa ta`uun dirqama dha. Jijiirama baay`ee saffisaa ta`e fiduun maraamartoo hiyyummaa fi boodeetti hafummaa cabsanii bahuun barbaachisaa dha. Jirenya hawaasaa guyyaa guyyaa irratti jijiirama bu`uraa fi qabatamaa ta`e yeroo gabaabaa keessatti fiduun waan filannoo hin qabne dha. Kun akka dhugoomu yoo barbaadame ammo ummanni mamii tokko malee sochii misoomaa keessatti ciminaa fi dammaqinaan hirmaachuu qaba. Misoomaa saffisaa mirkanessuuf, hawaasichi jirenya mijawaa akka jiraatu gochuuf, akkasumas boodeetti hafummaa keessaa biyyi keenyi akka baatu gochuuf hirmaannaan hawaasaa meeshaa guddaa dha.

#### Gilgaala 5

**Gaaffiilee armaan gadii irratti mari`adhaa.**

1. Itoophiyaan haala hiyyummaa fi boodeetti hafummaa jibbisisa ta`e keessatti argamti yaada jedhu irratti mari`adhaa.
2. Biyyattiin haala yaachisaa kana keessaa bahuu kan dandeessu misoomni saffisaan hirmaannaan ummataan deggarame yoo mirkana'e qofa akka ta`e ni ibsama. Yaada kanatti walii galtuu?

## 10.2. Hojiwwan Waldaalee Siivikii

### 10.2.1. Hirmaanna Uummataa Cimsuu

#### Keesatti Gahee Waldaalee Siivikii

- *Fannoo diimaa fi addeessi diimaan maal maal raawwatu?*
- *Fannoo diimaan hirmaannaa uummataa fayyadamuun hojii hojjechuu danda`u ibsaa.*



Fakkii 10.6 Guyyaayaanaa Fannoo Diimaa fi Addeessa Diimaa.

#### Qorannoo HIV/EEDSii Fedhii Irratti Hundaa`e

Godina keenyatti barnoonni ittisa EEDSii cimaa dhufeera. Kanaafuu namoonni fedhiidhaan dhiiga isaanii qorachiisan lakkofsi isaanii dabalaan dhufee jira. Dhaabbatni ittisa HIV/EEDSii fi dameen tajaajila hawaasummaa bara darbe qorannoo dhiigaa tolaan kennuuf naannoo keenyatti laboraatoori qorannoo dhiigaa hundeessee jira. Yeroo sana ji`oota jahan duraa keessatti namoota 300 qofatu qorannoo dhiigaa taasise. Booddee garuu waa`ee dhibee kanaa ilaachisee barnoonni namoota addaa addaa fi bak-

ka adda addaatti haala cimina qabuun akka kennamu ta`ee jira. Kana waan ta`eef ji`oota jahan lammaffaa keessatti namoonni baay`een qoratamanii lakkofsa isaanii gara 1700 tti ol kaa`ee jira. Kanaafis sababni guddaan dhaabbatichi hubannoo hawaasni qabu guddachaa akka deemu waan godheef dha

Bakkeewwan amantaa godinichaa keessatti yeroo dheeraa barnooti waa`ee ittisa HIV/EEDSii amantoota hedduuf kennameera. Waldaalee dargaggoota waliin waltumsuun wiirtuuwwan maree hiriyyootaa dhaabbatanii jiru. Karaa kanaas namoota vaayirasii HIV waliin jiraataniif kunuunsii fi deggersi godhamuu jalqabee jira.

Barnoota waa`ee hubannoo ittisa HIV/AIDS cimsuuf dhaabbatichi maanneetii barnootaa keessatti gumiileen miinii miidiyaa akka dhaabbatan taasisseera. Karaa gumiilee kanaa barattootni waa`ee dhibichaa hubannoo akka argatan godhameera. Wiirtuuwwan manneetii barnootaan alatti gurmaa`aniif deggersi meeshaalee adda addaa godhameefii jira. Dabalataanis barattoota itti gaafatamtoota gumiilee miinii miidiyaa 565f haala mijeesitoota wiirtuuleef, barsiisotaa fi jaarsolii biyyaaf waa`ee ittisa HIV/EEDSII irratti leenjiwwan gaggabaaboona kennamanii jiru. Namoota 25 vaayirasicha waliin jiraataniif fi deggersa kanneen hin qabne ji`a Muddee irraa eegalee

ji`aan gargaarsi qarshii 150 kennamaafii jira.

Taattaaffiin kun bu`aan inni argamsiise guddaa dha. Barattootni hedduun gu-miwwan jalatti gurmaa`uu irra darbee miinii miidiyaadhaanis fayyadamuu jalqabanii jiru. Naannoolee mana jireenyattaatis dargaggoonni wiirtuulee adda addaa keessatti waldaan gurmaa`uu dhaan dhukkubsattoota kunuunsuu jalqabanii jiru. Walumaa galatti ilaalchi hawaasaa waan fooyya`eef mataa ofiif of eeggannoo gochuun, loogii fi walqooddaan ture fooyya`ee jira. Dhukkubsattoonis haala kanaan waan jajjabeeffamaniif fedhiin hojjetanii buluu fi abdiin jiraachuu dabaleera.

*(Gaazexaa Addis Zaman caamsaa 7/95 mata duree “lakkoofsi namoota fedhiin qoratamanii dabalaa jira” jedhu ka`umsa godhachuun kan qophaa`e) bu`uureffachuun fooyya`ee kan qophaa`e)*

## Gilgaala 6

**Ragaa dubbisaa armaan olitti  
dhiyaate ka`umsa godhachuudhaan  
gaaffiilee armaan gadii deebisaa.**

1. Dubbisicha keessatti maqaa waldaa siiviikii sochii godhaa turanii tarreessi .Tokko tokkoon isaanii gumaacha maal maal godhaniiru?
2. Dubbisicha keessatti waldaaleen siiviikii hawaasni hirmaanna ho`aa gochuu akka danda`an haali akka mijaa`u taasisuu isaa fakkeenya dhiyeessa.
3. Waldaalee siivikii dubbisa kana keessatti dhiyaatan keessaa isa kam keessatti hirmaachuun barbaaddu? Hirmaanna akkamiis gochuu dandeessuu?

## Hojii Garee

Kannatti aansee gareewwan miseensa jaha, jaha qaban ijaartu. Bakka lamatti walqooduun mata duree yaada falmii kenname irratti falmii geggeessa. Falmii kana booda bu`aa argattan dareef ibsa .

**Mata duree falmii** Waldaaleen siiviikii hawaasa ammo miseensa isaanii fayyadu? Wldaalee siiviikii keessatti hirmaachuun ni barbaachisa moo hin barbaachisu?

Waldaaleen siiviikii hawaasni naannoo tokko keessa jiraatan waliin ta`uu dhaan fedha isaaniitiin waldaa dhaab-batanii dha. Miseensonni waldaalee kanaa humna, qarshii, beekumsa fi yeroo isaanii aarsaa gochuudhaan waldaalee kana hundeffatu dha. Kana booda qaama biroo irraa deggersa argachuu danda`u. Tajaajilli isaan hawaasaaf kennanis bu`aa irratti kan xiyyeffate osoo hin ta`in dhimmoota hawwaasummaa, diinagdee fi siyaasaa keessatti hirmaachuun deggersa adda addaa qaama ummataaf kenu dha. Waldaaleen siiviikii dhiibbaa amantaa fi siyaasaa kam iyyuu irraa bilisa ta`uu qaba. Waldaaleen kun waldaalee seeraa fi heera biyyatti kabajanii seeraan galmaa`uun beekamanii waldaalee bilisaan hojjetanii dha.

Waldaaleen siivikii hirmaannaa hawaasaa cimsuuf gahee guddaa qabu. Waldaaleen siiviikii cimoon fedha hawaasaa gidduu galeeffatanii waan socho'aniif, hawaasichaas sochii isaanii keessatti kallattiidhaan waan hirmaachisaniif hirmaannaa uummataa ni cimsu. Kun ijaarsa sirna dimokiraasii fi bulchiinsa gaariif bu`aa guddaa qaba.

### Gilgaala 7

#### *Gaaffiilee armaan gadii deebisaa.*

1. Waldaaleen siivikii hawaasa tajaajilan waliin hariiroo akkamii qabu?
2. Waldaaleen siivikii hirmaannaa uummataa cimaa uumuu fi guddisuu keessatti gaheen isaan qaban maal fakkaata?

### Xumura Boqonnaa

Hirmaannaan uummataa si'aayina qabuun namoonni dhuunfaa fedhaa fi kaka'umsa mataa isaaniitiin waliin ta`uu dhaan faayidaa naannoo fi biyy aatiif gummaacha gochuuf sochii isaan godhanii dha. Sochiin kun bu`a qabeessa akka ta`uuf gamtaadhaan ta`uun barbaachisaa dha. Kaka'umsa dhuunfaatiin qaamni gurmaa'u, dhiibbaa amantii fi siyaasa kam irraayyuu bilisa kan ta'e, bu'aaf otoo hin taane ummata tajaajiluuf kan dhaabbatu kun ammo waldaalee siivikii jedhama. Waldaaleen siivikii gama isaaniitiin hawaasni faayidaa mataa isaatiif akka socho`u taasisa.

Fedha hawaasichaa bu'ueffachuun hawaasa keessa socho'uun ummata kakaasu. Bifa kana dagaagina hirmaanna hawaasaa ho`aatiif gumaacha godha.

Hirmaannaan ummataa si'aayina qabu biyya keenya karaa amansiisaa ta'een hiyyummaa fi duubatti hafummaa keessaa baasuu fi sirna dimookiraasi dagaagsuuf meeshaa murteessaa dha. Kana waan ta`eef nutis waldaan siiviikii sochii seera qabeessaa inni rawwatu keessatti yoo qooda fudhanne biyya keenyaa fi uummata keenyaaf bu'aa buusuu ni dandeenya. Kanaanis hawaasa keenya biratti dimokiraasi babal`ataa jiru dagaagisuu fi guddinaafis gumaacha gochuu ni dandeenya.

### Jechoota Ijoo

- **Misooma naannoo:** bu`aa sochiiwwan haala hawaasummaa fi dinagdee naannoo, gandaa fooyessan irraa dhufu.
- **Karoora:** Gocha tokko bu`aa olaanaa dhaan raawwachuuf namoonni qarshii meeshaalee, humna namaa, yeroo fi qabeenya odeeffannoo qaban haalaan qindeessuun gara raawwiitti wixinee ittiin geessanii dha.
- **Madaallii:** Gochi karooraan raawwatame tokko bu`aa yaadame tokko sadarkaa barbaadameen bu`aa argamsiisuu isaa madaaluu fi karoora gara fuuladuraafi isa darbe irraa adeemsa barumsi itti fudhatamuu dha.

## Gaaffiilee keessa deebi

**I. Himoota armaan gadii dubbisuu dhaan sirrii yoo ta`e “Dhugaa” sirrii yoo hin taane “Soba” jechuun deebisaa.**

1. Misoomni naannnoo faayidaa hawaasummaa cimaa akka argamsiisuuf hirmaanna uummataan deggeramuu qaba.
2. Biyya tokko keessatti hojjiwwan misooma naannoo sadarkaa garaa garaatti hojjetamuuf abbaan dhimmaa mootummaa uummata bakka bu`ee jiru qofa dha.
3. Misooma naannoo keessatti hirmaattotni yeroo barbaadamanitti yoo argamuu baatan hirmaannaan dammaqina qabu ni gufata.
4. Waldaaleen siiviikii dhiibbaa mootummaa irraa bilisa waan ta`aniif dhaabbataa mootummaa kam keessatti iyyuu galmaa`uu fi beekamuun isaan hin barbaachisu.
5. Hirmaannaan uummataa misooma naannoof malee guddina dimokiraasiif bu`aa hin qabu.

**II. Kanneen “A” jala jiran “B” jala kan jiran waliin walitti firoomsi.**

**A**

1. Waldaa daldaalaa
2. Waldaa dargaggoo
3. Gurmaa`uu
4. Misooma naannoo
5. Ibsituu hirmaanna ummataa

**B**

- A. Kaayyoo walfakkaatuuf waldaan ijaaramuu
- B. Hojii hawwaasummaa fi diinagdee naannoo keessatti raawwatamu
- C. Gahee beekumsaa
- D. Ogummaa walfakkaatuun kan waliin gurmaa`an
- E. Dhaabbata waldaa siiviikii hin taane
- F. Fakkeenya waldaa siiviikii tokkoo
- G. Namoonni walitti ijaaramanii waliin murteessuun kan raawwatan

**III. Gaaffiilee armaan gadii dubbisuudhaan deebii sirrii ta`e filadhaa.**

1. Waldaaleen siiviikii ilaachisee kamtu sirriidha?
  - a. Heera biyyichaan dirqama buluuf hin qaban
  - b. Haala seera qabeessaan galmaa`uu fi eeyyama argachuu qabu.
  - c. Misooma waliin sochii siyaasaa fi amantii ni geggeessu.
  - d. Deebiin hin kennamne.

2. Hojiin misooma naannoo mootummaaf qofaa dhiifamuu kan hin qabnee:
- Hawaasni misoomaa fi b u`aa misooma irra argamu keessatti abbummaan akka itti dhaga`amu taasisuf.
  - Hawaasa biratti miirri maxxantummaa akka guddatu taasisuuf.
  - Ittifufiisni misooma naannoo kan mirkanaa`u mootummaan duwwaan yoo raawwatee dha
  - Hundinuu sirriidha.
3. Hirmaannaan ummataa si'aayina qabu yoo jiraate kanneen armaan gadii keessaa tokkoon ibsamuu danda`a.
- Sochii misooma naannoo keessatti qaamaan argamuu
  - Yeroo hojii misoomaa humnaan deggeruu
  - Yeroo hojii misoomaa argamuun jajjabeessuu
  - Hundinuu sirrii dha.
4. Sochii misooma hawaasawaa tokko keessatti hirmaannaan miseensota hawaasichaad sadarkaa kamitti mul`achuu qaba?
- aroora baasuu keessatti
  - Raawwii karoora keessatti
  - Madaallii raawwii karoora
  - Hundinuu sirrii dha.
5. Sochiin misooma naannoo tokkoo hirmaanna hawaasaa cimaa qaba kan jechisiisuu danda`an keessaa tokko \_\_\_\_\_ dha.
- Ijaaramanii osoo hin taane dhuunfaadhaan yoo raawwatan.
  - Baay'achuu hirmaatotaa
  - Hojii raawwatamu qofaan osoo hin taane bu`aa qabeessa ta`uu
  - Hundinuu sirrii dha.

#### **IV. Bakka duwwaa armaan gadii jecha yookaan galee sirriin guutaa.**

- Hawaasa keessatti sochii hawaasummaa kan cimsuu fi dhiibbaa mootummaa irraa bilisa kan ta`e \_\_\_\_\_ jedhamuun waamana.
- Itti fufiinsa misooma naannoo mirkaneessuuf hirmaannaan uummataa ho`aan jiraachuu waan qabuuf hojiin isaa \_\_\_\_\_ qofaaf dhiifamuu hin qabu.

#### **V. Gaaffiilee armaan gadiif deebii gabaabaa kennaa.**

- Sochii misooma naannoo keessatti hirmaanna hawaasaa dhugaatti mirkanaa`ee jira kan nama jechisiisu wantoota sadii barreessi.
- Miseensi hawaasa tokkoo sochii misooma naannoo keessatti hirmaanna ho`aa gochuu isaa mirkaneeffachuuf gochaalee raawwachuu qabu keessaa afur barreessi.

# BOQONNAA KUDHAN TOKKO

## BEEKUMSA FEDHUU

**Kaayyoo Boqonnaa:** Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- Beekumsi misoomaaf, qoranno fi waa uumuuf bu' fedha qabdu ni guddifatta
- Faayidaa fi barbaachisummaa odeeffannoo fi raga ni hubatta
- Maddoota odeeffannoo, tooftaalee qabannaaa fi itti fayyadama ragaalee ni beekta

### 11.1 Faayidaa Beekumsa Saayinsaawaa

- *Fakkiuwwan kana irraa maal hubattu?*
- *Fakkiin nama mana yaalii keessa jiru waa'ee ilaalcha saayinsaawaa maal isin hubachiisa?*



Fakkii.11.1 Qoranno laaboraatoori kessatti



Fakkii.11.2 Qorqnnoo Arkiyoolojojjii



Fakkii 11.3 Barsiistuu kutaa keessatti

### Simbira Halkanii

Bara durii keessa bakka sinbirri halkanii jiraachaa turte beelli hamaan gale simbirroonni fi bineeldonni biroonis kan naannicha jiraatan baay`ee beel-aan rukutaman. Beelicha irraa hafuuq kanneen hin qabne warra qaban irraa

liqeefatanii nyaachuu jalqaban. Kan-neen liqeefatan keessaa tokko simbira halkanii yammuu ta'u sinbiroota biroo irraa baay`ee liqeefattee turte. Barri beelaa erga darbee booda garuu simbirroonni baay`een liqii isaan irra ture deebisanii jiru. Simbirri halkanii garuu waan liqeefattee deebisuu hin dand-eeny.



Fakkii 11.4. Simbira halkanii

Dhuma irratti warri liqii liqeessaniif hunduu baay`ee ishee barbaaduutti ka`an. Isheen garuu dhokattee halkaa bahuu filatte. Kana irraa kan ka`e akka simbirroota biroo guyyaa balal-i`uu dhiiftee nyaata ishee argachuuf halkan barrisuun dirqama itti ta`e; kanaafis sinbira halkanii jedhamte.

*(seenaa afaaniffaa irraa kan fudhatame)*

### Gilgaala 1

**Gaaffiilee armaan gadii dubbisicha irratti hundaa`uun deebisaa.**

1. Barreeffamni "simbira halkanii" jedhu kun ragaa qabatamaa irratti hundaa`ee kan dhiyaatee dha? Maaliif?

2. Deebii lakkofsa tokkof faa irratti deebiftan irraa ka`uudhaan waa`ee ilaalcha saayinsaawaa maal hubatu?

### Gaala

Gaalli farada irra ni caala. Beelladoota kan biroo irras qaamaan dheeraadha. Yemmuu fe`amus ta`e yemmuu hiikamu ni jilbeefata. Dhaabbachuu yommuu barbaadus dursee miila lamaan boodaa ol kaasa. Namni yaabbatee yoo jiraates yeroo inni ka`u namtichi yaabbate jabeessee yoo qabachuu baate karaa mataa isaa darbatamee kufuu danda`a. Gaalli cimaa waan ta`eef meeshaalee ulfaatu baachuu danda`a.



Fakkii 11.5 Gaala

Miilli Gaalaa gurguddaa, bal`aa fi gogaa furdaa fi lallaafaa ta`een kan ufifame dha. Haalli ijaarama qaama isaa kun gammoojii cirracha ho`aa irra salphaatti deemuuf gargaara. Gaalli yemmuu tarkaanfatu suuta jedhee waan ta`eef cina keenya yemmuu darbu hin dhageenyu. Funyaan gaalaa qaawwa dhiphaa waan qabuuf salphaatti ban-

amuu fi cufamuu kan danda`uu dha. Cirrachi qilleensaan yemmuu buubb-ifamu gaalli funyaan isaa cufee ciisuun mataa isaa ciracha keessa owwaala. Funyaan isaa fageenya irraa foolii bishaanii dhaga`uufis ni gargaara. Yeroo tokko tokko daandii irraa maqee karaa dhiyoo ta`een lafa bishaan jiru gaha. Haala kanaan kara deemtonni haala salphaan lafa bishaan jiru akka gahan isaan gargaara.

*(Kabbadee Mikaa`el; fooyya`ee kan fudhatame)*

## Gilgaala 2

### **Gaaffiilee armaan gadii irratti mari`adha.**

1. Dhugummaa yaada barreffama kanaa mirkanoeffachuu ni dandessuu?  
Akkamitti?
2. Hanga ammaatti waan hubattan irraa ka`uun waa`ee yaada saayinsaawaa maaltu isiniif gale? Gareen ta`uun mari`adha. Waan irra geessan dareef gabaasa.

Beekumsa fedhuun amala uumamaa dhala namaa ta`uun ni beekama. Beekumsi yeroo barbaadamu sirna yaada saayinsaawaa irratti hundaa`uu qaba. Ilaalchi saayinsaawaan waa`ee mataa keenyaa, waa`ee naannoo fi addunyaa beekumsaa fi hubannoo qabatamaa nuti itti argannuu dha. Ilaalchi kun bal`innaa fi dhiphina akkasumas ulfatinaa fi salphina ragaalee kallattii adda addaan argannuun murtaa'a.

Kana yeroo jennu ilaalchi kun umurii, muuxannoo fi sadarkaa barnoota keenyaan ragaalee argannu irratti hundaa`uu kan guddatu qabeenya sammuutti jechuu dha. Karaa biraatiin ammo ciminni ilaalcha saayinsaawaa keenyaa ragaalee dhugaa fi hojii irra oolmaa isaatiin kan madaalamu dha jechuu dandeenyaa.

Beekumsa ga`umsa qabu argachuu keenya murtee sirrii murteessuuuf dandeetti kalaquu keenyaa gabbisuuf, misooma saffisiisuu fi of danda`uuf faayidaa guddaa qaba. Namni tokko wanta tokko irratti hubannoo gadi fageenya qabu yoo argate wanta sana irratti murtoo kennuun isa hin rakkisu. Fakkeenyaaf, fakkiwwan arm-aan olitti dhiyeessine irratti akka argamutti qorattuun mana yaalii keessatti arginu kemiikaalota garaa garaa karaa saayinsaawaa ta`een erga saaqixee yookaan bantee booda kemii-kaaloni kun qorichummaaf yookiin oomisha saamunaaf ooluu danda`uu fi ooluu dhiisuu isaanii bifaa salphaa ta`een murteessuu ni dandeessi.

Beekumsaan bilchaachuun ogummaa guddisuu irra drbee hojiiwwan garaagaraaf kaka`umsa waan umuuf namonni kan warri biroo hojjetaniitti fayyadamuu irra darbanii wantoota haaraa uumuuf daandii banaaf. Fakkeenyaaf namni ogummaa mahaandisummaan beekumsa olaanaa qabu tokko pilaanii manaa namoonni biroon hojjetanitti fayyadamuu irra pilaanii manaa

haaraa kan mataa isaanii uumuu ni danda`u.

Biyyi misoomuu kan dandeessu hawa-asni ishee haalaan yoo baratan dha. Lammileen sadarkaa beekumsaa saayinsaawaa olaanaatti darban jechuun argannoowwan haaraan argaman, muuxannoowwan jirenya namaa jijiiran babal'atan akkasumas lammileen bal`inaan gara hojiitti bobba`an jechuu dha. Yeroo kana tekinoolojiin ni guddata; tekinoolojiin yeroo guddatu ammoo sirni oomishaa ni saffisa, yeroo kana oomishni shakkii malee ni gud/data. Oomishinni yoommuu saffisu ammo biyyi misoomte; lammileen badhaadhan jechuun ni danda`ama.

### **Gilgaala 3**

*Mata dureewwan armaan gadii  
keessaa saayinsaawummaa isaatiin  
fudhachuun kandanda`amu kami?  
Maaliif saayinsaawaan yookaan  
miti saayinsaawaa akka jettan  
tokkoo tokkoo mata dureewwaniif  
sababoota dhiyeessa.*

1. Addeessi qaama ifa mataa ishee hin qabnee dha.
2. Lafti geengoo osoo hin taane pilaanetii boca diriira qabduu dha.
3. Dhiveewan sababa lubbuu qabeenyyii maxxantootaan dhufan ittisuuf faayidaan bishaan danfisanii dhuguu gadi aanaa dha.
4. Dhukkuba saree ittisuuf saroota yeroo yerootti talaalchisuun barbaachisaa dha.
5. Bakkakaan rasaasa waaqayyoo seexana aijeesuuf dhukaasuu dha.

## **11.2. Maddawwan Odeeaffannoo fi Ittifayyadama Isaanii**

### **11.2.1. Odeeaffannoон Eessaa Argama?**



Fakkii 11.6 Odeeffaannoон bilbilaan argarma



Fakkii 11.7 Odeeffaannoон gaazixaa irraa argama



Fakkii 11.8 odeeaffannoон kitaaba irraa argama

- *Fakkiiwan armaan olii irraa waa`ee odeeffannoo maal hubattu?*
- *Maddawwan odeeffannoo fakkiiwan olii irraa argattan akkaataa faayidaa irraa argannuun yoo kaa`uu barbaanne isa kamtu dura dhufa? Kan itti aanuu fi xumura irratti dhufu kami? Maaliif sadarkaa akkasii akka laattan sababa kennuu dandeessu?*

Duraan dursinee wanti qalbeeffachuu qabnu ni jira. Odeeffannoo yeroo jennu dhiphifnee ilaaluu hin qabnu. Barnoota keenyaaf barreeffamoota yookaan kitaabilee wabii gahaa ta`an barbaanna. Odeeffannoona nu barbaachise jechuu dha. Manni barnootaa yoom akka banamu, gosa barnoota tokko tokkoo isaa eenu akka nu barsiisu qormaatni yoom akka ta`e beekuuf odeeffannoona nu barbaachisa. Haala qilleensaa naannoo keenya, waa`ee sochii siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa godinaa, naannoo fi biyya keenyaodeeffannoogaahaa fi dhuga qabeessa ta`e argachuu qabna. Kanaafis kan akka bilbilaa, gaazexaa, raadiyoo fi tooftaalee biroofayyadama. Ragaa barnootaa bal`aa fi gadi fagoo yoo barbaanne garuu irraa caalaa kan nu gargaaran kitaabilee waan ta`aniif gara mana kitaabaa dha-quu qabna.

Odeeffannoona qabnu muuxannoo mataa keenya mana barnootaa dubbisa

adda addaa, raadiyoo fi televiiziyoona, akkasumas namoota irraa kan argamu ta`a. Gabaabaadhumatti ilaalchi sayinsaawaan kan ofii keenya qaamota miiraa shananiin bira geenyuu akkasumas namoonni biroon daawwachuudhaan ykn qorannoodhaan bira gahanii kan nu beeksisan irraa kan argamu ibsituu addunyaa qabatamaati jechuun ni danda`ama.

Ragaan muuxannoo mataa keenyaan argannu yeroo baay`ee raga alidilee ti. Kana yeroo jennu mana barnootaa osoo hin seenin yookiin odeeffannoo argachuuf socho`uuf osoo hin dirqamin namoota naannoo keenya jiran, haala qilleensaa, bineeldota yookaan biqiloota daawwachuun, qaqqabuun, fuunfachuun, dhandhamuun fi kkf raga argannu kan mul`isuu dha. Ragaa akkasii kana barbaannes barbaaduu baanes gosa raga dirqama argachuudandeenyuu dha. Sababni isaa hanga lubbuun jiraannee fi hanga sochoonetti namootaa fi wantootni waliin walquunamti wal irraa hin citne hanga qabaannetti ragaa argannuu dha. Ragaa sabquunnamtii irraa argamu yeroo bashannannu yookiin oduu yemmuu hordofnu yookaan gaazexaa fi barrulee dubbisuu dhaan ragaa argannuu dha. Ragaa sab-quunnamtii irra argannu kan adda taasisu yeroo baay`ee haaraa ta`uu isaa fi dhugaa addunyaa guutuu waliin kan nu qunnamsiisu ta`uu isaa ti.

Irra caalaa baay`ee qabatamaa fi baay`ee bu`a qabeessa kan ta`e garuu raga mana barnootaatii argannu dha. Kunis sababa lamaaf. Karaa tokko barsiisonni hojii barnootaa irratti bobba`an ogummaa isaaniin ga`umsaan kan leenji`an ta`uun isaanii ragaa argame qabatamaa taasisa. Karaa biraatiin barumsi dhiyaatu umurii, beekumsaa fi haala jirenyaa baratoataa bu`uura godhatee kan qophaa`u waan ta`eef ragaa qabatamaa fi dand-eettiin wal-sime taasisa. Kana irrattis ragaa barbaadame sanaaf kitaabileen bu`uura ta`an qophaa`uun dhiyaachuun isaanii waan hin hafnee dha. Kanaafuu, ragaa mana barnootaaf xiyyeefanno laachuun barbaachisaa dha.

### **11.2.2. Odeeffannoon Akkamitti Hojii**

#### **Irra Oola?**

- *Odeeffanno guyyaa guyyaan argattu bifa kamin qabatta?*
- *Haala garaagaraatti ragaa yaadannooitti qabattan akkamitti itti fayyadamtu?*

Jecha ammayyaatiin “odeeffannoon jirenyaa” jechamni jedhu jira. Sobaba malee hin jedhamne. Odeeffannoon nama ammayyaatiif gahee guddaa waan qabuuf dha. Sababni isaa yeroo ammaa kana namoonni bakka walirraa fagoo garaa garaa jiraatan fi haala adda addaa keessa jiran jirenyi isaanii kan walitti hidhatee dha. Fakkeenyaaaf Itoophiyaa fi Chaayinaan biyyoota wal

irraa fagoo jiranii dha. Garuu karaa daldalaa, siyaasaa, dinagdee fi hawa-asummaa waliin hojjechuu qabu, hojjechaas jiru. Kanaafuu, odeeffanno guyyaa guyyaan waljijiiruu barbaadu. Gabaabaadhumatti jirenya fooyya`aa jiraachuuf, walumaagala eenyummaa keenyaa guutuu taasisuu fi biyya keenyaaf lammilee fayyadan ta`uu dhaaf odeeffanno gahaa argachuun barbaachisaa dha.

Haata`u malee odeeffanno argachuun qofti gahaa miti. Odeeffanno argannu ilaachisee of eegganno waliigalaa sadii gochuu qabna. Inni tokko odeeffanno kamiin iyyuu sanadaan tursiisuuf carraaquu qabna. Fakkeenyaaaf isin barattoota mana barnootaa keessan keessa jiran saalaan, umurii fi sadarkaa barnootaatiin galmeessitanii qabattaniittu? Haala qilleensa naannoo keessanii hoo hordoftanii ni galmeessitu? Haala fayyummaa keessanii fi maatii keessanii hoo yeroo yerootti yaadannoo ni qabattu? Isaan kun hundi raga baay`ee barbaachisoo ta`uu isaanii hin irraanfatina.

Inni lammaffaan odeeffanno yeroo fudhannu madda isaa sirrii irraa argachuun keenya hubannoo qabaachuu qabna. Fakkeenyaaaf qilleensi naannoo keenyaa kan bara kanaa maal akka fakkaachuu danda`u baruu yeroo barbaannu ogeessa meetiriyoooloijii irraa ta`uu akka qabu hubachuu qabna.

Namoonni tokko tokko tilmaamumaan “arfaasaan roobuu danda`a” yoo nuun jedhan dhugaa dha jennee fudhachuu hin qabnu. Waa`ee barnoota keenya kitaabileetti yeroo fayyadamnu beektoota beekumsa gahaa qabaniin barreeffamuu isaanii mirkanoeffachuun bay`ee barbaachisaa ta`a. sababni isaa namo-onni tokko tokko kitaaba kan maxxansan daldaalaaf jedhanii waan ta`eef barreeffamootni isaan maxxansiisan beekumsa gahaa waan nuuf hin laatneefii dha.

Inni sadaffaan odeeffanno argaman seeraan qabachuu fi hojii irra oolchuu ilaallata. Carraaqqii mataa keenyaatiin odeeffannoowwan maddoota adda addaa irraa walitti qabannus ta`e namoonni biroon odeeffannoowan nuuf dhiyeessan haala seera qabuun qabachuu fi itti fayyadamuu qabna. Ragaawan kun iccitiidhaan qabamuu kan qaban yoo ta`e iccitii eeguu dhaaf amanamoo ta`uu qabna. Ragaaleen biroon hatamuu, baduu yookiin qisaassa`uu waan danda`aniif haala teessuma isaanii ilaachisee itti yaaduun barbaachisaa dha. Kanaafis ragaalee barreffamaan arganu yaadannoo adda addaa irratti madda isaanii ibsaa kaa`uun barbaachisaa dha. Haala gaaffannootiin kan argame yoo ta`e wanta sagaleen itti waraabamun yookaan viidiyoo kaaseettiin waraabnee kaa`uun barbaachisaa dha. Kanaafuu, barataa cimaan tokko odeeffanno argachuufis

ta`e odeeffannoowwan argatee haala qabannaa isaaniitiif xiyyeffannoo inni kennu baay`ee olaanaa dha.

### **Gilgaala 4**

#### **Gaaffiilee armaan gadiitiif deebiiwwan sirrii ta`an kennaa.**

1. Maddootii odeeffanno irraa argachuu dandeenyu kam fa'i? lirra caalaa bakki odeeffanoo argachuuf nu dandeessisu eessa?
2. Odeeffanno argachuu cinatti of eggannoon nuti gochuu qabnu maal?
3. Jirenya ammayyaawaa keessatti Odeeffanno murteessaa kan ta`u maaliif?

### **11.3. Ilaalchawwan Boeddetti Hafoo fi Jechoota of Tuulummaa**

#### **11.3.1. Ilaalchawwan Booddeetti Hafoo fi Jechoota Oftuulummaa Naannootti Dubbataman**

- *Nama tokkoon ilaalcha boeddetti hafaa qaba yeroo jennu maal jechuu keenya isinitti fakkaata?*
- *Naanno keessanitti namoonni ilaalcha boeddetti hafaa qaban jiruu? Ilaalchawwan booddeetti hafoodha inni isin jettan kun haala kam kamiin kan calaqqisanii dha?*

## Fitawuraarii Mashashaa fi Adde

### Xiruu`ayinat

Fitawuraarii Mashashaa fi haati warraa isaanii Aadde Xiruu`ayinat namni sanyii dhaan nugita isaan hin jenne tokko hintala isaanii fuudhaaf yeroo gaafatu gaafatamuu isaanii akka qaaniitti ilaaluudhaan gaddu turan.

“Safuu gurri hin dhaga`u hin jedhu kaa” jedhu Fitawuraarii Mashashaan.

“Har`a a mmo maal dhageessan gooftaako”

Jedhanii gaafatu haati warraa isaanii.

“Qanyaazmaacha ebalu mucaa isaaf Sablewangeeliin na kadhate”

“Qanyaazmaach ebalu mucaa eenyuuti?”

Jechuudhaan haati warraa isaanii gaafatu.

“Abbaan isaa ana dhiisii inni iyyuu hin beeku”

“Qaanii guddaa dha!” jechuun dheekkamu aadde Xiruu`ayinat.

Mudannoo biraanis jira; “Giraazimaach ebalu hintala kee naaf kenni naan jedhe Xuru.” Jedhu jedhan Fitaawuraariin.

“ Mucaa eenyuuti gooftaa?”

“Abbaan isaa nama miti, gabareedha!”

“Utuun kana hin dhaga`in utuun du`ee maal ta`a!”

Jechuudhaan Xiruu`ayinat balaaleffatu.



Fakkii 11.9 Fitawuraarii Mashashaa fi haadha warraa isaanii

“Baalaambaraas ebalu hintala kee naaf kenni jedhee jaarsa natti ergeem! Haa, haa. Haa, Ayi yeroo!”

“Ilma eenyuti?” jechuun Xiruu`ayinat gaafatu

“Abbaan isaa saawwan baay’ee kan qabu kashalabbee nama baadiyaa ture. Inni saawwan isaa hunda dhaalchisee dhu`e. Dhama dhugee garaan isaa dhiitofnaan waan namaan walqixxaate itti fakkaatee kunoo mucaa keenya kadhachuutti ka`e.”

“Nuun haajedhu, nuun haajedhu, Nutti xiqlaata, Nutti xiqlaata akka waan biyya kanatti hidhamee biyya kana gadilakkisuu dadhabnee nama baadiyyaaf waan xabaa taane.” Jedhu aadaa Xiruu`ayinat.

“Egaa isaan kanaaf mucaakoo kennuu?” Hintala Ileenii, hintala Galaawudiyoos qoteebulaaf daldaalaaf kennuu? Isaan yoo arguu fi dhaga`uu baatan lafeen isaanii nan ceepha`uu?” jedhu Fitaawuraariin. “Isin illee nan kenna ossoo jettanii biyyoon utuu na

hin nyaatin hintalli koo namaa gadiitti hin heerumtu. Gita ishee malee heerumtee sanyii balleessuu irra kan ishee gitu, kan ishee fakkaatu dhabdee osoo hin heerumin hafte yoo jedhame olfina ishee dabala.”

“Dhugaa keeti.” jedhu Fitaawuraariin.

*(Fiqir Iskamaqabir, fuula 86-87 hanga tokko fooyya`ee kan fudhatame)*

### Gilgaala 5

#### *Dubbisa armaan olii irratti hundaa`uun gaaffiilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta`e kennaa.*

1. Haasaawwaa taatotaa keessaa ilaalcha booddeetti hafaa kan calaqsiisan ibsawan isaan kamii dha? Akkamitis booddeetti hafoo jedhamu?
2. Yaada Fiitaawuraarii fi Aadde Xiruu`ayinat keessa mirga shamarranii kan dhiibban yaadni oftuulummaa ni mul`atu? Akkamitti?
3. Akka Fitaawuraariin jedhanitti, dhala namaa keessa sanyiin wal-caalmaan jira jechuun ni danda`ama?

Yaadonni booddeetti hafoon yeroo baay`ee aadaa fi amantaa duraan turan irraa jechaa fi gochaan waldhaalaa darbu. Kana jechuun akaakayyuuwwan yookaan isaan dura dhalootni jiraachaa turan baroota isaanii keessa falaasamni jirenyaa isaan amananii fi ittiin qajeelfaman turan dhaloota isaan itti anuttis akka darbu jechaa fi gochaan dhaalchisu. Ilaalchawwan yeroo sana namoota baay`ee biratti fudhatama argatan fakkaatan sun dhaloota

itti aanu biratti garuu hojjechuu dhiisuu danda`u. Fakkeenya falaasmni jirenyaa Fitaawuraarii fi haadha warraa isaanii armaan olitti ilaallee yeroo durii uummata irratti fe`amee yeroo sanatti dhugaa fakkaatee mul`atare. Garuu hubannoona namootaa dabala fi ilaalchi isaa jijiiramaa yeroo dhufu, ilaalchi durii kun booddeetti hafaa fi oftuulummaa cimaan kan guutame ta`a. Bara amma jiru kana keessatti hintalli durbaa fedha maati isheetiin qofa heerumsiifamuu hin qabdu jenna. Barnoota ishee dhiibbaa malee barachu fi barnoota ishee yeroo xumurtus dhiibbaa tokko malee carraa ishee murteeffachuu ni dandeessi. Bara keenya filannoona sanyii eessa iyyuu nama hin geessisu. Lammuin Itiyophiyaa kam iyyuu fuula seeraa durattis walqixa. Ogummaan isaas kabjamaa dha.

Naannoo keenya ilaalchi booddeetti hafaa baay`een jiraachuu isaa dursinee hubachuu qabna. Kunis of eeggannoo akka goonu darbees akka sirreessinu carraa nuuf bal`isa. Ilaalchi booddeetti hafaan naannoo keenya keessa jiran kun ilaalcha keessa sammuu yoo ta`an iyyuu karaalee itti calaqqisan adda addaatu jira. Keessumaa kan calaqqisan mammaaksaan, jechoota qoosaa fakkaataniin, baacoo fi dogoggora afaaniin akkasumas amantii keessaan. Jechooti sanyii sanyii caalchisan akka “Sanyii nama guddaa”, “maatii warra

mootii” fi kanneen kana fakkaatan har`as taanaan ni mul`atu. Jechooti kun garaagarummaa sanyii gidduu jiru kan ibsan ta`uu isaanii hubachuu nu barbaachisa.

Namoonni tokko tokko bifti, qabeenyii fi carraan namoota keessaa sanyii mur-aasaaf qofaa bilisaan akka kennamanitti har`a illee ni amanu. Hojii irrattis taanaan ilaachota boodaatti hafoo hedduutu jira. Sanyii namootaa murtaa`an qofti qonnaan bulaa yookaan daldaalaa ta`uu akka qaban, sanyii nama guddaatiif garuu ogummaawwan kun akka hin gitne namoonni dubatan, mammaakanii fi yookaan qoosan ni mul`atu. Ilaalchi oftuulummaa kun hundumti iyyuu bu`uura saayinsaawaa ta`e kan hin qabnee dha. Kun gara dhaloota itti aanuutti akka hin darbinetti sir`achuu fi dhabamuu qaba. Sababni isaa ilaalchi akkasii kun jaalalaan fi waldanda`uu hawaasa gidduu jiru miidha. Ilaalcha haqa qabeessa ta`es ni miidha. Adeemsa keessa nageenya biyyattii wantootni jeeqanii fi tokkummaa ummataa kan laaffisan uumamuu ni danda`u. Kana waan ta`eef dursinee irratti qabsaa`uu fi dhabamsiisuu qabna.

## Gilgaala 6

### **Gaaffiilee armaan gadii irratti mari`adha.**

1. Ilaalchawwan booddeetti hafoon nageenya uummataa irratti miidhaa akkamii fiduu danda`u?
2. Namoonni ilaalcha booddetti hafaatiin kan qabaman sababa maaliif?
3. Ilaalchi saayinsaawwan cimuun ilaalcha booddetti hafaa keessaa akkamitti nama baasuu danda`a?

### **11.4. KitaabileeAdda Addaa**

#### **Dubbisuu**

##### **11.4.1. Muuxannoo Dubbisuu**

#### **Gabbifachuu**

- *Dubbisuun maal jettu? Dubbisuu jechuun waal jettanii yaaddu?*

Dubbisuun meeshaa beekumsi itti argamu dha. Barsiisotni kan nutti himan qofa osoo hin taanee, nutis gama keenyaan kitaabilee dubbisuu beekumsa keenya gabbifachuu qabna. Waan kana ta`eef muuxannoo dubisuu bal`aa ta`e qabaachuu qabna.

Dubbisuun saayinsii mataa isaa qaba. Waanti dubbisuu barnoota barannu qofa osoo hin taane kitaabilee wabii adda addaas dabalachuu qaba. Fakkeneyaaf barsiisaan keenya faayidaa saawwaa nu barsiisee jira yoo ta`e daree dhaa yoo bane barreeffama waa`ee saawwaa kitaabilee biroo barbaannee dubbisuu qabna; yoos beekumsi keenya hundee godhata. Gaazexaa fi barruulee adda addaas dub-

bisuu qabna. Dubbisuuf yeroo fi bakka filachuun barbaachisaa yoo ta`e iyyuu wantoota kana sababeeffachuu dhaan dubbisuu dagachuun hin barbaachisu. Muuxannoo dubbisuu qabna taanaan eessatti iyyuu dubbisuu ni dandeenya. Fakkeenyaaaf muka jalatti, taaksii fi konkolaataa keessatti gorduubaa fi mana ciisichaa keessatti fi iddo bir-oottis dubbisuu ni dandeenya. Namoonni addunyaa kanaa fi biyya keenyaa gurguddoo jedhaman beekamtummaa kanaaf kan gahan baay`ee dubbisuu fi wantoota gadi fageenyaan qorachuu dhaani. Isinis maqaa biyya keessanii waamsisuu dhaaf muuxannoo dubisuu gabbifachuu qabdu.

### Gilgaala 7

#### **Gaaffiilee armaan gadii irratti mari`adha.**

1. Dubbisuun meeshaa beekumsaati yeroo jedhamu maal jechuudha?
2. Muuxannoo dubbisuu gabbifachuu maal gochuu qabna?

#### **11.4.2. Tooftaa Qayyabbanna**

##### **Barumsaa Karoorsuu**

- *Isin qayyabbanaa kan geggeeffattan akkamitti?*
- *Seenaa armaan gadii ka`umsa godhachuun gaaffiilee armaan gadii irratti mari`adha.*

#### **Tooftaa qayyabbanna Girmaay**

Barataan Girmaay jedhamu yeroo hundaa sa`aa dheeraaf ni qayyabbata. Haa ta`u malee “akkas osoon qu`adhuu maaliif firii gaarii hin galmeeffadhu?” jedhee dhiphata. Kaayyoon isaa tokkoffaa ba`ee hiriyyoota isaa kutaa isaatii isa caalan hinaafsiisuuf ture; Garuu hin taaneef.

Booda garuu Girmaay tooftaa qayyabbanna isaa jijiiruuf yaade. Akka duraanii sa`aa dheeraadhaaf gosa barnootaa tokko qofa dubbisuu dhiise sagantaa qu`annaa baafachuu dhaan barnoota tokko tokkoo isaa yeroo yerootti yeroo murtaa`eef qu`achuutti ka`e. Akkaataa karoora qayyabbanna kanaatti gosoota barnoota xiqqoo isatti ulfaatan akka Herregaa fi Saayinsiitiif yeroo fooyya`aa ta`e ramadeef. Kana irras darbee gosawwan barnootaa kanaaf guyyaa hundumaa yeroo murtaa`eef dirqama qu`achuu akka qabu ejjennoo qabaate. Keessumattuu barnoota Herregaaakkuma mana barnootaatii deebi`een yookaan dareetii akka baheen keessa deebi`uu akka qabu murteesse. Girmaay akka kanatti qayyabachuu isaatiin waan yaade galmaan gahe. Barnoota semiisteera tokkoffaa tokkoffaa ba`uu isaatti baay`ee gammade.

**Gilgaala 8**

**Dubbisa armaan olii irratti  
hundaa`uun gaaffiilee armaan  
gadiitiif deebii ta`u kenna.**

1. Adeemsa qu`annaa Girmaay irraa maal barattu?
2. Gosa barnootaa tokko qofa adda baasuun qu`achuun yookaan guyyaa tokkotti yeroo dheeraaf qu`achuun bu`a qabeessa nama taasisa jettu? Maaliif?
3. Karoora qayyabbanna baafachuun faayidaa qaba jettuu? Akkamitti?

Waa`ee qayyabbanna yemmuu dubbanu dursinee kaasuu kan qabnu faayidaa isaa ti. Faayidaan qayyabbanna inni guddaan beekumsa olaanaa ta`e nama gonfachiisuu isaati. Beekumsa olaanaa namni qabus barnoota isaatiin sadarkaa olaanaa gaha. Yeroo kana ofii isaaas ta`e biyya isaa akka gaariitti ni gargaara. Ofii isaa fayyada yemmuu jennu barnoota isaatiin bu`a qabeessa ta`a, hojii galii guddaa argamsiisu qabachuu danda`a jechuu keenya. Karaa biroo ammo biyya isaa kan fayyadu ogeessa fayyaa cimaa yookaan barsiisaa beekamaa, yookaan geggeessaa siyaasaa uummata isaa jaallatu ta`uu danda`a.

Egaan beekumsa qabaachuuf wanti guddaan cimanii qayyabbachuu dha. Qayyabbannaanisi akkuma tasaa kan geggeeffamu oso hin taane karoora irratti hundaa`uun dirqama dha. Beekumsa waliigala fi raga argachuuf dubbisi dubbisnu fi dubbisni qayyab-

banna addaddummaa muraasa qabu. Beekumsa waliigalaaf yookaan odeeffannoo fudhannee adeemuuf yemuu dubbisnu karoora adda ta`e baasuun dirqama miti. Qayyabbanna dubbisuuf garuu karoora qayyabbanna qopheessuu qabna. Karoorichas hojii irra oolchuu barbaachisa. Walumaagalatti waa`ee qayyabbanna yeroo yaadnu wantoota kallattii adda addaan xiinxallu nu barbaachisa. Wantoota xiinxallu ittifufnee haa ilaallu.

**1. Faayidaa yeroo beekuu-** Akka beektonni gorsanitti waa`ee qayyabbano keenyaa yeroo yaadnu yeroo nuuf mijatu filachuun barbaachisaa ta`a. Fakkeenyaaf yeroo hirribni yookaan dadhabiin nutti dhaga`amu qayyabbachuu akka hin qabne, yeroo idilee hiribaa keenyaa addaan baasnee beekuu fi yeroo isaatti rafuun barbaachisaa dha. Qayyabbannaan sammuu haarawwan ta`uu qaba. Kana waliin wanti ilaalamuu qabu dheerina yeroo qayyabbanna ti. Yeroo dheeraaf waan qayyabbanneef qofa barnootni nuuf galuu hin danda`u.

**2. Namoota waliin hojjechuu sha-akaluu:** Nama lama yookaan gareedhaan ta`uun mari`achuu fi walfalmaa qayyabbachuu baay`ee barbaachisaa akka ta`e beektonni xiinsammuu ni gorsu. Nuti

hiriyyoota keenyaaf yemmuu ibsinu yookaan hiriyyoonni keenyaa yemmuu nuuf ibsa beekumsi irra caalaa qabatamaa fi ifa ta`a.

### **3. Bakka qayyabannaa mijataa filachuu:**

**Dhuunfaadhaan qayyabbanna** yoo ta`e bakka tasgabbaa`aatu filatama. Kunis kan ta`uuf wantootni tokko tokko qalbii keenya akka hin hatneef. Haata`u iyyuu haala kam iyyuu keessatti yeroo qu`annu bakka fakkiwwan jiran yookaan fooliin cimaa nutti dhaga`amu taa`uu hin qabu. Wantootni akka kanaa kan hin filatamneef miira waan faffacaasaniif. Bakka ifni gahaan jiruu fi qilleensi qulqulluun qilleensa`u ta`uu qaba. Haala uffata keenyaas taanaan qorraaf yookaan ho`a guddaaf kan nu hin saaxille gochuu qabna. Teessumni irra teenyuu gogaa fi ol qajeellee taa`uu akka dandeenyu kan nu dandeessisu ta`uu qaba.

### **4. Karoora baafachuu:**

karoorri qayyabbanna hojii qayyabban-naatiif murteessaa dha. Kunis qayyabbanna keenya wantoota gufachiisuu danda`an to`achuuf nu gargaara. Barnoota kamiif yeroo bal`aa kennuufii akka qabnu karaa nu agarsiisa. Barnoota hundumaafuu yeroo walqixa laatneefii qu`achuu hin dandee-nyuu, barnootawwan nutti ulfaa-

taniif hanga tokko yeroo bal`aa ramaduufi qabna. Kana gochuuf karoora keenyatnu gargaara. ‘

### **5. Yeroo qayyabannaa adeemsawan jiran hubachuu:**

#### **5.1 Dubbisa irra keessaa:**

Qayyabbanna yeroo jalqabnu dursa qabiyyee waliig-alaa barnootichaa irra keessa dubbisuu dhaan ilalla. Haalli akkasii kun qayyabbanna kana keessatti meeshaaleen akkamii akka nu barbaachisu fi wantoota dabalataa maal maal guutuu akka nu barbachisu kallattii kan nutti agarsii-suudha.

#### **5.2 Gaaffii kaasuu: Qabiyyee barnootichaa irra keessa osoo**

hin dubbisin, qayyabbanna kana keessatti gaaffii kennamaniif deebii argachuun qaba jennee ka`umsa qabaachuu qabna. Gaaffii sanaaf deebii hanga argannutti qayyabbannoo keenya itti fufna.

#### **5.3. Gara dubbisaatti seenuu:**

Yeroon kun yeroo itti hojii qayyabbanna keenyaa keessa seennuu dha. Sadarkaan kun yeroo itti wantoota qayyabbatamu tokko tokko hubachaa itti deemnuu dha. Kanaafuu suuta jennee qabxiilee ijoo ta`an hubchuuf yaalla.

**5.4. Kallattii hojii irraa ool-maa isaa ilaaluu:** yaada rime barnootichaa hubannu kana jireenyya keenya keessatti akkamitti hojii irra oolchuun itti fayyadamuu akka qabnu yaaduun gaarii dha.

Fakkeenyaaf kan nutti qayyabbataa jirru waa`ee fuduraa fi kuduraa yoo ta`e nutis mooraa keenya keessatti karaa saayinsaawaa ta`een akkamitti biqiloota biqilchuu akka dandeenyu yaaduun gadi fageenyaan hubannoo barnootichaa akka argannu nu gargaara. Kana irratti dabalataan sadarkaa kanatti barnootichi hammam akka nuuf gale of madaaluun qayyabbanna keenya hojii qab-

atamaa wajjin walsimsii-suу ni yaalla.

### Gilgaala 9

#### **Gaaffiilee armaan gadii deebisa.**

1. Adeemsa jabaatanii barachuу keessatti gahee dubbisun qabu maal jettu?
2. Dubbisuu dhaaf bakka filachuun dirqama barbaachisaa dha? Akkamiti?
3. Qayyabbachuu keessatti faayidaa yeroo beekuu jechuun maal jechuu dha?
4. Hanga har`aatti barreffamoota dhimma barnoota keessaniin ala ta`an dubbifftanii ni beektuu? Isaanakkasii dubbisuu keessaniin bu`aa maalii argattan?
5. Yeroo qayyabbattan sadarkaalee armaan gadii irratti maal gochuu qabdu?
  - a. Dubbisa irra keessa.
  - b. Gaaffii kaasuu.
  - c. Kallattii hojii irraa oolmaa isaa ilaaluu irratti.

## Xumura Boqonnaa

Yaadni saayinsaawaan kessumaa mana barnootaatti, dubbisa irraa, daawwanoo, madda qo`annoo fi qorannoo irraa kan argamuudha. Ilaalchi saayinsaawaan ofii keenyaa fi naannoo keenya jijiiruuuf kan nu dandeessisu meeshaa guddaa dha.

Tilmaama fi barnoota qabatamaa hin taanee geggeeffamuun ilaalcha booddetti hafaaf bitamoo, akka taanu nu taasisu. Sanyii, qoqqooddii gitaa yookaan ogummaa ka`umsaa godhannee hunda namaa akka caallutti yookaan namaa gadi akka taanetti yaaduunis barbaachisaa miti. Ilaalcha akkasii yoo qabaanne of jijiiruu fi biyya keenya

misoomsuuf carraaqqii goonu akka gufachiisuu danda`u shakkiin hin jiru. Qayyabbannaan adeemsa beekumsa barbaachisaa ta`e yeroo barbaachisaa ta`etti nama gonfachiisuu danda`uu dha. Bu`a qabeessummaa qayyabbannatiifis karooraan fi galmi ni barbaachisa. Wantoota qayyabbannoof nu barbaachisanis ni gaafata. Qayyabbannaan yeroo jalqabnuu haal dureewan barbaachisoo ta`an guutuun ni barbaachisa. Qayyabbannoof keenya yeroo xumuruu ammo bifa adda addaatiin ejjennoo mataa keenyaa waliigalaa fi faayidaa barnoota dubbisnee madaaluu qabna. Akkas yoo goone barnooticha gara gocha qabatamaatti ceesisuu fi ittis fayyadamuu dandeenyaa.

### Jechoota Ijoo

**Saayinsii:** ragaa qabatamaa irratti hundaa`e karaa itti sakattaamuu dha.

**Ragaa al-idile:** Mana barnootaa osoo hin galin, sirna barnoota osoo hin qabaatin akka carraa maddawwan garaagaraa irraa raga argannuudha.

**Of tuulummaa:** sanyiidhaan yookaan gitaan kanneen biroo hunda irraa nan caala, kan na waliin gitu hin jiru jedhanii yaada xiin-sammuun ol of kaasuu.

**Xiinxala:** wantoota, raga, beekumsa kkf keessa deddeebi`uun sakatta`uu fi dhugummaa isaa mirkaneessuu.

**Qayyabbannoo:** yaad rimee gadifageenyaan hubachuuf madda ragaa adda addaa sakatta`aa qorachuun adeemsa beekumsi itti gabbifatamu dha.

**Dubbisa irra keessaa:** Barnoota qayyabbatamu wajjin dubbis wal baruuti.

## Gaaffiilee keessa deebii

### **I. Himoota armaan gadii dubbisuudhaan sirrii yoo ta`e “Dhugaa” sirrii yoo hinta`in ammo “Soba” jechuudhaan deebisaa.**

1. Ilaalchawwan booddeetti hafuu keessaa tokko of tuulummaa dha.
2. Saayinsii fi beekumsi yeroo babal`atu ilaalchi of tuulummaas hundee isaa gadifageeffachaa deema.
3. Jirenya ofii karaa fooyya`aa ta`een geggeessuuf beekumsi saayinsaawaa ta`ee barbaachisaa dha.
4. Dubbisni dandeettii eenyummaa keenyaa walakkaa ta`u kan ijaaruu dha jechuun ni danda`ama.
5. Gosa barnootaa tokko qofa sa`atii dheeraa qayyabbachuun yeroo qisasssuun barbaachisaa miti.

### **II. Kanneen “B” jala jiran kan “A” jala jiranitti firoomsi.**

**A**

1. Ilaakha booddeetti hafaa
2. Faayidaa dubbisa irra keessaa
3. Sagantaa qayyabbannaan
4. Qo`annoo
5. Madda beekumsaa

**B**

- A. Shamarran barsiisuun faayidaan xiqqaadha
- B. Amala barnootichaa wajjin wal baruu.
- C. Adeemsa amala barnootichaan gadi fageenyaan xiinxaaluuti
- D. Yeroo qayyabbannaan seeraan itti fayyadamuuf
- E. Adeemsa barnoota xiyyeffannoo baraadu
- F. Karoora yeroo dheeraa
- G. Mana barumsaa

### **III. Gaaffiilee armaan gadii dubbisuun deebii sirrii ta`e filadhaa.**

1. Ilaalchi of tuulummaa kan jijiiramu yoomi?

- a. Yeroo dhaloonti ilaalcha saayinsaawaan guutamu
- b. Saayinsii fi tekinoolojiin yeroo dagaagu
- c. Manneen barnootaa yeroo babal`atan
- d. Hunduu deebii dha.

2. Waa`ee karoora qayyabbannoo ilaalchisee sirrii kan ta`e kami?

- a. karoora qayyabbannaan qopheeffachuun kan nu barbaachisu mana barnootaatti qayyabbachuu qofaf
- b. Qophaa`uu kan qabu yeroo qormataan qofaaf dha.
- c. Barnoota keenya jala jalaa akka qo`annu kan nu taasisu ta`uu qaba.
- d. Muuxannoo hiriyyaa waliin qayyabbachuu hammachuu hin qabu.

3. Kanneen gadii keessaa madda raga qayyabbannoo bal` aa ta`uu kan danda`u isa kami?

- a. Televiizyoona
- b. Mana kitaabaa
- c. Raadiyoona
- d. Gaazexaa

4. Yeroo qayyabbannoo bu`aan yaadannoo qabaachuu maali?

- a. wantoota nuuf hin galin mareef dhiyeessuuf
- b. dandeettii barreessuu fooyeffachuuf
- c. barnooticha hangam akka hubanne madaaluuf.
- d. A fi C dha.

5. Kanneen armaan gadii keessaa ilaalchi of tuulummaa kan keessatti mul`atu isa kami?

- a. kan qabu irraa dhalachuu yookan kan qabutti hirkachuu.
- b. Dubartiin beekaa deessi malee beektuu hin qabdu.
- c. Shamarran barsiisuun hawaasa barsiisuu dha.
- d. A fi B dha.

#### ***IV. Gaaffiilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kennaa.***

1. Bu`aawan bu`uuraa beekumsa saayinsaawwaa maal fa`i?
2. Ilaalchiwwan booddeetti hafoon nageenya biyyattiif balaa ta`uu kan danda`an akkamitti?
3. Adeemsa qayyabbanna keessatti gaaffiilee kaasuun bu`aa maalii qaba?
4. Ilaalcha booddetti hafaa dhabamsiisuu keessatti dargaggooti gaheen isaan taphachuu qaban maal?

#### ***V. Karoora qayyabbanna tokko qopheessuudhaan barsiisaa keessanitti agarsiisa.***

**Alaabaa Mootummaa Naannoolee Miseensota Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa  
Rippiubilikii Itoophiyaa.**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Tigraay**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Affaar**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Amaaraa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Sumaalee**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Beeneshangul-Gumuz**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Ummatoota Kibbaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Gambeelaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Hararii**

Miseensonni mootummaa naannoolee armaan olii kun akkaataa heera Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippiubilikii Itoophiyaa (*Keeyyata 47, fuula 102 - 103*) kan kaa'amedha.